

**XIINXALA ASOOSAMoota HAWWIIFI YOOMI
LAATAA?:IJA YAAXXINA'MAARKIISIIZIMIIFI
FEEMIINIIZIMIITIIN'**

ABDIISAA SHINOO GUUTAMAA

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII**

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**XIINXALA ASOOSAMoota HAWWIIFI YOOMI
LAATAA?:IJA YAAXXINA'MAARKIISIIZIMIIFI
FEEMIINIIZIMIITIIN'**

ABDIISAA SHINOO GUUTAMAA

GORSAAN: DR. XILAHUUN TALIILAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII**

Yuuniversitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Abdiisaa Shinoo Guutamaa Mata Duree: *“Xiinxala Asoosamoota Hawwiifi Yoomi Laataa Ija Yaaxxina 'Maarkiisiizimiifi Feemiinizimiitiin'* jedhuun Qophaa'ee Sadarkaa Yuuniver-sitichi Kaa'e Guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Qoraa keessaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Itti Gaafatamaa Muummee Yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

Axereera

Asoosamooti Afaan Oromootiin barreeffamanii gabaaf dhiyaachaa jiran kan abdi namaa kennan yoo ta'anillee, gama yaaxxinallee ogbarruu giddugaleessa godhatanii barreeffa muu fi qoratamuun hedduu hinbaratamne. Kanaaf, qorannoon kun asoosamoota Isaayaas Hordofaan barreeffaman keessaa asoosamoota matadureensaanii "Hawwiifi Yoomi Laataa?" jedhan Ija Yaaxxina Maarkiisiizimiifi Feemiiniizimiitiin xiinxaluun hanga tokko hubannoo akka uumuuf daandii qopheessuutu fuuleffatame. Kaayyoo ijoon waraqaa kanaas kanuma. Barreessaan hagam qajeeltoowwan yaaxxinaalee kanaa gargaaramee dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa akka ibse; namfakkiilee gareewwan hawaasaa dinagdee bu'uureffatanii uumaman agarsiisuusaafi dhimmoota koorniyaan walqabatan haala kamiin akka agarsiisetu gadi fageenyaan xiinxalame. Kaayyosaa kana galmaan gahuufis qorataan mala sakatta'a barruu gargaaramuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan funaanera. Odeeffannoowwan funaanaman kunneenis qajeeltoowwan yaaxxinaalee lamaanii yookaan kaayyowwan qorannichaa bu'uura godhachuun xiinxalli bal'aan taassifameera. Xiinxala kanaanis dhimmoonni hawaasummaa uummata Oromoo (hariiroo hawaasaa, amantaa, afaan, duudhaa, falaasama Oromoo...), dhimmi dinagdee (faayidaa dinagdeen garee hawaasaa tokkoof qabu, miidhaa dinagdee dhabuun garee hawaasaa tokkorratti qabu, saamicha lafa Oromoorratti raawwatamaa ture,..)fi dhimma siyaasaa (dhiibbaa siyaasaa gama qorqalbiin, barnootaan, uummata Oromoo walirratti duulchisuu, Oromoon lafumasaarratti biliisummaa akka bitatu taassisuu, maqaa namaafi lafa Oromoo jijjiiruu,...) faan barruuwwan kanneen keessatti bal'inaan calaqqisaniiru. Gama biraatiin, gareewwan hawaasaa dinagdee bu'uura godhatanii uumaman (abbootii qabeenyaafi dafqaan bultoota) sirnoota Dargiin dura turan keessatti mul'achaa akka turaniifi sirna Dargii keessatti gareen hawaasaa dinagdee bu'uura godhatee uumamu ifatti yoo hinmul'annellee aangoo siyaasaa dawoo godhatanii namoonni dhuunfaan qabeenya uummata Oromoo saamaa akka turan barruuwwan kunneen ni ifoomsu. Kana malees, dhimmoonni koorniyaan walqabatan (loogii koorniyaa, walqixxummaa koorniyaa, rakkoo dinagdee dubartootaa, miidhaa qorqalbii dubartootarra gahu, miidhaa gama aadaan dubartootarratti raawwatamu, dubartoota ilaalchisee yaadota dhugaa hintaane garuu akka dhugaatti fudhataman, fayyadama afaanii koorniyaan walqabatu,...), haalli fayyadama afaan barreessaa bakka tokko tokkotti rakkoo yo qabaatellee akka waliigalaatti hafuurri barruuwwan kanneenii irra jireessaan dubartoota tumsuufi rakkoo qaamoleen hawaasaa garaagaraa dubartootarraan gahan saaxiluurratti kan fuuleffatameefi fi gahee dubartoonni dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa keessatti qaban barruuwwan kanneen keessatti xiyyeeffannoon kan argarsiifameedha. Argannoowwan kanneenirratti hundaa' uunis yaboon qorannoo kanaa: barreessitoonni gosa ogbarruu tokko barreessanii gabaaf dhiyeessuu fuula dura yaaxxinaalee inni ittiin dhiyaachuu danda'u dursanii adda baasanii qajeeltoo yaaxxina filatame sanaa osoo hordofanii gaarii ta'uu; barreessitoonni ogbarruu yammuu barreessan bifaafi qabiyeesaa walsimsiisanii akkaataa itti dhiyeessuu danda'an irratti osoo xiyyeeffatanii, barreessitoonni barreeffamnisaanii loogii koorniyarraa bilisa ta'ee akkaataa namoota hunda keessummeessuu danda'utti osoo dhiyaatee, akkasumas ogbarruu keessatti gahee dubartoonni guddina hawaasasaanii keessatti qaban guddisnee osoo mul'isuu xiyyeeffannee gaarii ta'a. Barreessitoonni ogbarruu Oromoo osoo hojii ogbarruu tokko gabaaf hindhiyeessin ogeessota ogbarruu hojiilee ogbarruu keessatti bilchina qaban utuu gulaalchisanii hojii gaarii hojjechuu malu. Kana malees, barreessitoonni waan jiruufi jireenya hawaasasaanii mul'isuu danda'urratti xiyyeeffatanii utuu hojjetanii gama ogbarruu Oromoo guddisuutiin gaheesaanii caalaatti bahuu danda'u.

Galata

Hunda dura isa fayyaafi nagaan naakennee hojii kana na xumursiise Rabbiif galanni haata'u. Itti aansuun nuffii tokko malee, yeroo xiqqoo qaban keessaa naaf hiruun gorsa barbaachisaa naaf kennanii kallattii hojii kanaa toora naa qabsiisan gorsaakoo Doctor Xilahuun Taliilaa garaakorraa utuun hingalateeffatin darbuu hindanda'u. Ulfaadhaa, galata argadhaan jedhaan.

Gama biraatiin, nan dadhabe osoo hinjedhin waan isheef danda'ame hundaan na cina dhaabatee yeroon dadhabu jechootashee mi'aawaa sanaan hamileekoo tumsaa kan turte haadha warraakoo Caaltuu Hambisaa osoon hingalateeffatin darbuun anaaf oolmaa dagachuudha.

Xumurarratti, hiriyootakoo yaada naaf hiruudhaan hojii kana keessatti na bira dhaabatani deggersa naaf gochuun hojiin kun firii akka godhatu godhan hunda osoon hingaleeffatin darbuu hinbarbaadu.

Hiika Jechootaa

Afaan Oromoo	Afaan Ingilizii
Afkalaa	Bourgeoisie
Hayyuduree	Protagonist
Iddoommii	Representation
Illanyaa	Ideology
Kaatee	Origin
Koorniyaa	Gender
Qeeqa	Criticism
Qorqalbii	Psychology
Saala	Sex
Sududa	Direct
Warra Dhidhimaa	Western Countries
Yaaxxina	Theory

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereera.....	ii
Galata	ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Ariirrata.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo	6
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	7
1.5. Daangaa Qorannichaa	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	8
2.1. Kaatee Jecha Ogbarruufi Maalummaasaa.....	8
2.2. Faayidaa Ogbarruu.....	10
2.3. Gosoota Ogbarruu	12
2.4. Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Ogbarruu.....	13
2.4.1. Seenduubee Yaaxxina Yookaan Qeeqa Ogbarruu	13
2.4.2. Maalummaa Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Ogbarruu	16
2.4.3. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu.....	19
2.4.4. Hiriiroo Yaaxxinalee Qeeqoo Ogbarruu Gidduu Jiru.....	21
2.5. Qeeqoo Maarkistii	22
2.5.1. Seenduubee Qeeqoo Maarkistii.....	22
2.5.2. Maalummaa Qeeqoo Maarkistii	24
2.5.3. Maarkiisiizimiifi Ogbarruu.....	27

2.5.4. Dhimmoota Xiyyeeffannoo Yaaxxina Maarkistii	31
2.5.4.1. Dhimmota Siyaasaa, Hawaasummaafi Dinagdee.....	31
2.5.4.2. Haala Seenaafi Qabeenyaa	32
2.5.4.3. Diyaaleektiksii, Mateeriyaaaliizimiifi Diyaaleektikaal Mateeriyaaaliizimii.....	32
2.5.4.4. Waldiddaa Garee Hawaasaa	37
2.5.4.5. Ilaalcha Garee Hawaasaatti Amanu	42
2.5.4.6. Waan Qabatamaa Ta'e Qofarratti Xiyyeeffachuu	43
2.6. Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Feemiiniizimii	45
2.6.1. Seenduubee Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Feemiinistii	45
2.6.2. Maalummaa Yaaxxina Feemiinistii.....	48
2.6.3. Gahee Koorniyaa Aadaa Hawaasaa Keessatti Beekamu.....	53
2.6.4. Qeeqoo Ogbarruu Feemiinistii Keessatti Qabxiilee Xiyyeeffannoo	58
2.7. Hariiroo Yaaxxina Maarkiisizimiifi Feemiiniizimii.....	59
2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii	62
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA	64
3.1. Iddattoofi Iddatteessuu.....	64
3.2. Madda Ragaa	64
3.3. Mala Funaansa Ragaa	64
3.4. Qindoomina Qorannichaa	65
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALAA.....	66
4.1. Sabseenaa Asoosama Hawwii	66
4.2. Xiinxala Asoosama Hawwii Ija Yaaxxina Maarkiisiizimiitiin	71
4.2.1. Dhimmoota Hawaasummaa, Dinagdeefi Siyaasaa.....	71
4.2.1.1. Dhimmoota Hawaasummaa	71
4.2.1.1.1. Hariiroo Hawaasaa.....	71
4.2.1.1.2. Dhimmoota Aadaa, Amantaafi Duudhaa Hawaasa Oromoo	74
4.2.1.1.3. Dhimma Afaan Oromoo.....	79

4.2.1.2. Dhimma Dinagdee.....	80
4.2.1.3. Dhimma Siyaasaa	91
4.2.1.3.1. Gama Qorqalpii Yookaan Xiinsammuutiin.....	92
4.2.1.3.2. Gama Barnootaatiin.....	94
4.2.1.3.3. Uummata Oromoo Walirratti Duulchisuu	97
4.2.1.3.4. Oromoon Lafumasaarratti Biliisummaa Akka Bitatu Taassisuu	99
4.2.1.3.5. Maqaa Namaafi Lafa Oromoo Jijjiiruu	99
4.2.2. Garee Hawaasaa Namfakkiileen Bakka Bu'an	102
4.2.2.1. Namfakkiilee Garee Hawaasaa Gadaanaa Bakka Bu'an.....	102
4.2.2.2. Namfakkiilee Garee Hawaasaa Giddugaleessa Bakka Bu'an	103
4.2.2.3. Namfakkiilee Garee Hawaasaa Olaanaa Bakka Bu'an.	104
4.3. Xiinxala Asoosama Hawwii Ija Yaaxxina Feemiiniizimiitiin.....	104
4.3.1. Dhimmoota Koorniyaan Walqabatan	104
4.3.1.1. Loogii Koorniyaa Jiruufi Jireenya Hawaasaa Keessatti Mul'atu	104
4.3.1.2. Walqixxummaa Koorniyaa.....	109
4.3.1.3. Rakkoo Dinagdee Dubartootaa	110
4.3.1.4. Miidhaa Gama Aadaa Yookaan Barmatiilee Hawaasaatiin Dubartootarra Gahu	112
4.3.1.5. Miidhaa Qorqalpii Dubartootaarratti Raawwatamu	114
4.3.1.6. Miidhaa Qabatamaan Qaamolee Hawaasaa Garaagaraan Dubartootarra Gahu	117
4.3.1.7. Dubartoota Ilaalchisee Yaadota Dhugaa Hintane, Garuu Akka Dhugaatti Fudhataman	122
4.3.2. Barruun Kun Illanyaa Dubartoota Jajjabeessuumoo Hacuucurratti Xiyyeeffate?	123
4.3.3. Gahee Dubartoonni Guddina Hawaasa Tokkoo Keessatti Qaban.....	128
4.3.3.1. Gama Hawaasummaatiin.....	129
4.3.3.2. Gama Dinagdeetiin.....	132

4.3.3.3. Gama Siyaasaa	134
4.4. Sabseenaa Asoosama Yoomi Laataa?	135
4.5. Xiinxala Asoosama Yoomi Laataa? Ija Yaaxxina Maarkiisiizimiitiin	146
4.5.1. Dhimmoota Hawaasummaa, Dinagdeefi Siyaasaa.....	146
4.5.1.1. Dhimmoota Hawaasummaa	146
4.5.1.1.1. Hariiroo Hawaasaa.....	146
4.5.1.1.2. Aadaafi Duudhaa Oromoo	148
4.5.1.1.3. Dhimma Afaan Oromoo.....	152
4.5.1.1.4. Falaasama Oromoo	153
4.5.1.1.5. Sabboonummaa Oromummaa	155
4.5.1.2. Dhimma Dinagdee.....	159
4.5.1.2.1. Saamicha Lafa Oromoorratti Raawwatame.....	159
4.5.1.2.2. Faayidaa Dinagdee.....	161
4.5.1.2.3. Dhiibbaa Dinagdee Dhabuun Fidu	167
4.5.1.3. Dhimma Siyaasaa	172
4.5.2. Garee Hawaasaa Namfakkiileen Bakka Bu'an	177
4.5.2.1. Garee Abbootii Qabeenyaa/Afkalaa.....	178
4.5.2.2. Garee Dafqaan Bultootaa	180
4.6. Bu'aa tokkummaa Qabaachuun Dafqaan Bultootaaf Qabu.....	181
4.7. Xiinxala Asoosama Yoomi Laataa? Ija Yaaxxina Feemiiniizimiitiin.....	182
4.7.1. Dhimmoota Koorniyaan Walqabatani Asoosamicha Keessatti Ka'an.....	182
4.7.1.1. Loogii Koorniyaa Aadaa Hawaasaa Keessatti Mul'atu	182
4.7.1.2. Walqixxummaa Koorniyaa.....	184
4.7.1.3. Naamusa Dubartoota Oromoo.....	186
4.7.1.4. . Miidhaa Miseensonni Hawaasaa Tokko Tokko Dubartootarraan Gahan.....	187

4.7.1.5. Miidhaa Sirnoonni Siyaasaa Darban Dubartoota Oromoorraan Gahaa Turan.....	188
4.7.1.5.1. Gama Qorqalbiitiin/ Xiinsammuutiin	188
4.7.1.5.2. Miidhama Qaamaa.....	192
4.8. Asoosami Yoomi Laataa? Yaada Dubartoota Hacuucumoo Jajjabeessurratti Fuuleffate?.....	193
4.9. Gahee Dubartoonni Guddina Hawaasa Tokkoo Keessatti Qaban	194
4.9.1. Gama Siyaasaatiin	194
4.9.2. Gama Hawaasummaatiin	197
4.9.3. Gama Dinagdeetiin.....	198
4.10. Hariiroo Asoosamoota Qorannoo Kanaaf Filataman Lamaanii	198
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO QORANNICHAA.....	200
5.1. Cuunfaa.....	200
5.2. Argannoo	202
5.3. Yaboo.....	205

Wabii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqaman keessaa ija yaaxxina ‘Maarkiisistiifi Feemiinistii’ fayyadamuun asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Xiinxaluudha. Haaluma kanaan boqonnaan kun boqonnaawwan ittaananiif bu’uura kanneen ta’an: *ariirrata, ka’umsa, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaa* qindeessee dhiyeesse.

1.1. Ariirrata

Akka Bwalya (2006:3)fi Birhanu (2013:8) ibsanitti maddi yaadrimee ‘literature’ yookaan ogbarruu jecha Laatiinii “Littera” jedhu yoo ta’u hiikaansaa barreessuu yookaan harfii qubee jechuudha. Hiikaan kunis ilaalcha warra Lixaa yookaan Dhidhimaa giddugaleessa godhatee kan kennameedha. Akkasaaniitti ogummi tokko ogbarruu jedhamuuf barreeffamaan jiraachuun dirqama. Wanti barreeffamaan hinjirre isaaniif ogbarruu ta’uu hindanda’u. Sababnisaas, isaan qaroomina ija barreeffama qabaachuutiin waan laalaniif. Isaaniif hawaasni barreeffama hinqabne qaroomina hinqabu. Ija kan ofiitiin kan hawaasa biraas laalu jechuudha. Gara Oromooti yoo dhufnu garuu wanti jiru faallaa kanaati. Oromoon uummata afoolawaadha. Jaarraa hedduuf yookaan hanga gaafa qubee mataasaa uummatuutti afaaniin ergaa barbaachisu dhalootaaf dabarsaa ture. Kanaafuu, Oromoon haala kansaanii sanaan ogbarruuf hiika laachuu hindanda’u. Akka Oromooti, waa’ee ogbarruu Oromoo yammuu yaadnu dursa waa’ee afoolasaa yaaduu feessisa. Kunis ogbarruu Oromoo afoolasaatiin ala yaaduun rakkiisaa akka ta’e nutti agarsiisa.

Dhalli namaa barreeffami osoo hinuumamin fuula dura afoolatti dhimma bahee ofiisaa, yaadasaafi naannoosaa ibsachaa waan tureef umuriin ogbarruufi afaanii walirra ooluu akka danda’u hayyoonni nitilmaamu. Umurii dheeraa kana keessattis hayyoota ogbarruu cinatti hayyoonni seenaa, falaasamaa, siyaasaa, seeraafi kanneen biroollee gama ogummaasaaniitiin laalani hiika ofiisaanii waanitti kennaniif yaadrimeen ogbarruu bal’aa, umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffannoosaa jiruufi jireenya uummataa ta’uunsaa ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taassisuusaa hayyoonni irratti waliigalu (Asafaa, 2009:23-25).

Haata’u malee, hiikni yeroo ammaa ogbarruuf kennameefi fudhatama argatee jiru isa hayyuu Isaak (2008:3)n ibsame, “*Literature is thus summed up as permanent expressions in words (written or spoken), specially arranged in pleasing accepted patterns or forms,*

”isa jedhuudha. Akka yaada kanaatti ogbarruun hojii kalaqaa bifa nama gammachiisuu danda’uun qindaa’ee afaaniin yookaan barreeffamaan dhiyaachuu danda’uudha. Ilaalchi kun hiika ogbarruurratti ilaalcha baay’ee fooyya’aadha. Sababnisaa, afoola qaama ogbarruu godhee waan dhiyeesseef, akkasumas gammachiisuuf kalaqummaafi miidhagummaan dhiyaachuu akka qabutti waan amananuuf. Egaa hiika kanarratti hundoofnee akka Oromootti afoola keenya keessaa ogbarruu barreeffamaa hedduu qorannoon gabbifachuu dandeenya.

Fedhesaan (2017:13) gabaabinaan hiika ogbarruu yoo kaa’u, “*Ogbarruun kalaqa sammuu namaa ta’ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta’e barreeffamaan mi’eessee miidheksee kan dabarsuudha. Kanaafuu, ogbarruun kalaqa barreeffamus kan afaaniin himamus nidabalata. Ogbarruu Oromoo ija kanaan yoo ilaalle afoolaafi barreeffama haammachuurratti waliigaluun nidanda’ama,*” jedha.

Walumaagatti, Tyson (2006:5) faayidaasaarratti hundaa’ee ogbarruuf hiika yammuu kennu, “*Literature conceived as a laboratory of human life,*” jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruun akka mana yaalii jireenya ilmoo namaatti laalama.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame akka Oromootti seenaa ogbarruu umurii dheeraa afoolaan malee barreeffamaan hinqabnu. Haata’u malee, bara 1991 as gosoonni ogbarruu barreeffamaa baay’innisaanii hintuffatamne barreessitoota garaagaraatiin dhiyaataniiru. Isaan keessaa kitaabilee asoosamaa muraasa yoo fudhanne: *Kuusaa Gadoo* (Gaaddisaa Birruutiin, 1983), *Godaannisa* (Dhaabaa Wayyeessaatiin, 1992), *Suuraa Abdii* (Kumsaa Buraayyuutiin, 1993), *Booree Booranaa* (Abarraa Hambisaatiin, 1993), *Hawwii* (Isaayyaas Hordofaatiin, 1995), *Gurraacha Abbayyaa* (Dhaabaa Wayyeessaatiin, 1996), *Dirmammuu* (Takilee Qinaaxxiitiin, 1995), *Dhaamsa Abbaa* (Gaaddisaa Birruutiin, 2002), *Danaa* (Asafaa Tafarraatiin, 2000), *Seenaafi Seexaa* (Tafarii Nuguseetiin, 2008), *Imimmaan Haadhaa* (Toleeraa Fiqiruutiin, 2008), *Yoomi Laataa?* (Isaayyaas Hordofaatiin, 2002), *Burreen Bifa Tokko Miti* (Gaaddisaa Birruutiin, 2007)faan kanneen muraasa. Asoosamoonni Afaan Oromoo kunneen baay’innisaanii yeroodhaa yerootti dabalaa haadhufan malee qorannoon yookaan qeeqni yaaxxinaalee ogbarruu garaagaraa bu’uureffatee asoosamoota kanneenirratti geggeeffamuun ilaalchota isaan keessatti calaqqisan balballoomsaniifi qulqullinasaanii mirkaneessan hagas mara hinmul’atan.

Yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqamanis: yaaxxina walfakkii, hamiileessaa, caasessaa, femiiniizimii, bifiiyyee, maarkiisiizimii, yaaxxina deebii dubbisaa, yaaxxina

seenawaa, dhugumaa, qeeqoo kolonii boodaafaan warreen muraasa. Yaaxxinaalee kanneen keessaa qorannoon kun yaaxxinaalee ‘Maarkiistiifi Feemiinistii’ fayyadamee qabiyyee asoosamoota matadureensaani: *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Jedhan qeequurratti xiyyeeffata. Barreessaan asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Isaayyaas Hordofaa yoo ta’u, Hawwiin bara 1995, Yoomi Laataan? Bara 2002 barreeffaman.

Yaaxxinni Maarkistii bara 1930 keessa hayyuu falaasamaa, hawaasummaa, seenaa, dinagdeefi siyaasaa kan ta’e Marx Karl-n akka jalqabame Bowens, etal (1974:1) nibsu. Ija yaaxxina kanaatiin akaakuu ogbarruu tokko yammuu qeeqnuufi xiinxallu wanni xiyyeeffannoo argachuu qabu garaagarummaa hawaasdinagdee garee hawaasaa tokko gidduu jiruudha. Kana jechuun akka yaaxxina kanaatti dhimmoonni hawaasummaafi siyaasaa kanneen akka barnootaa, falaasamaa, amantaa, mootummaa, aartii, saayinsii, teekinolojii, sabaa himaaleefi kanneen biroon humna dinagdee hawaasa sanaarratii hundaa’u. Jabinaafi laafina hawaasa sanaa duuba dhiibbaa dinagdeetu jira jechuudha. Haala kanaan hawaasa keessatti gareen cunqursus, cunqurfamus bu’uuraan dhiibbaa dinagdee duubasaatii qaba jechuudha. Maarkistoonni humni dinagdee yeroo mara humna siyaasaafi hawaasummaa akka ofjalatti bulchutti amanu. Kanarraa kan ka’es dinagdeerratti hundaa’anii garee hawaasaa tokko yammuu qoratan dinagdee qofa osoo hintaane jireenya hawaasummaas waan xiyyeeffataniif hawaasdinagdeen qabxii xiyyeeffannoo qorannoosaaniiti (Tyson,2006:53-54).

Kanaafuu, caasaa olaanaan yookaan gadaanaan hawaasummaa yookaan siyaasaa yookaan ilaalchaa bu’uuraan dhugaa kanarraa madda jechuudha. Bu’uuruma ilaalcha kanaatiin asoosamoota filataman kanneen keessatti giddugaleessummaa yaaxxina kanaatiin hawaas dinagdeen hawaasa Oromoo hagam akka calaqqisetu xiinxalame.

Gama biraatiin, ija yaaxxina ‘Feemiinistii’ bu’uura godhannee akaakuu ogbarruu tokko yammuu qeeqnuufi xiinxallu karaa hojiin ogbarruu sun dinagdee, siyaasa, hawaasummaafi qorqalbii dubartootaa itti jajjabeessu ykn laaffisulaalla. Yaaduma kana Tyso (2006:82) yoo ibsu, “*Feminist criticism is concerned with the ways in which literature reinforce or undermine the economic, political, social, and psychological oppression of women. It strives to expose the explicit and implicit misogyny in male writing about women,*” jedha. Ibsa kanarraa dabalataan kan hubatamu qeeqoon feemiinistii tuffii yookaan jibbiinsa warri dhiirotaa dubartootaaf qaban bifa kallattiinis ta’e alkallattiin barreeffamicha keessatti calaqqisan ifa baasuurratti kan xiyyeeffatuudha.

Eгаа wanti kanarraa barannu kaayyoo guddaan yaaxxina feemiinistii walqixxummaa koorniyaa mirkaneessuu waan ta'eef, qeeqni ogbarruu yaaxxina kana ka'umsa godhatee geggeeffamu kamillee dhimmoota kanneeniifi kan kana fakkaatan ilaalcha olaanaa keessa galchuu qaba. Dimshaashumatti, qorannoon kun yaaxxinaalee armaan olitti eeraman bu'uura godhatee qabiyyee asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa*?xiinxale.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Sadarkaa bilchinni, gahumsiifi guddinni ogbarruu hawaasa tokkorra gahe beekuuf xiinxalliifi qeeqni yaaxxinaalee ogbarruu sadarkaa addunyaatti jiran bu'uura godhatee geggeeffamuun hedduu barbaachisa akka ta'eefi ogbarruun gulantaa olaanaan yookaan giddugaleessaan ulaagaa barbaadame sana guutee bifaanis ta'e qabiyyeen jiruufi jireenya hawaasa sanaa hinmul'isne maqaadhaan malee qabatamaan sadarkaa guddina ogbarruu hawaasni sunirra gahe kallattiin agarsiisuu akka hindandeenye hayyoonni ogbarruu garaagaraa ni'ibsu.

Akkuma beekamu, qorannoowwan garaagaraa Afaan Oromootiin sadarkaa digirii tokkoffaafi lammaffaatti gama xiinqooqaan, fooklooriifi ogbarruutiin hojjetamaa turaniiru; hojjetamaas jiru. Haata'u malee, qorannoowwan yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatanii qeeqamaniifi xiinxalaman bal'inaan hinmul'atan. Ka'umsi rakkoo kanaas xiqqaachuu hubannoo qorattoonniifi barreessitoonni Oromoo dhimma ogbarruufi yaaxxina gama kanaan jirurratti qabanirraa kan ka'e ta'uu mala. Barreessitoonni ogbarruu Oromoo hedduunsaanii fedhiifi kaka'umsa guddina ogbarruu Oromoof qabanirraa kan ka'e osoo beekumsaafi hubannoo gahaa dhimma ogbarruurratti hinqabaatin waan barreessaniif barreeffamnisaanii baay'inaan yaaxxinaalee ogbarruu giddugaleessa godhatee akka hinbarreeffamne ogbarruuwwan qabatamaan lafarratti mul'atan ni'agarsiisu. Qorattoonni ogbarruu Oromoos hubannoosaan ogbarruufi yaaxxinasaarratti qaban gadaanaa ta'uusaatti dabalee, ogbarruuwwan qabatamaan barreeffamanii lafarra jiranis haala kanaan qorachuuf mijatoo waan hintaaneef hedduu rakkatu. Kunimmoo sadarkaa guddina ogbarruu hawaasichaa agarsiisuurrattis ta'e, jiruufi jireenya hawaasichaa ibsuurratti hanqina cimaa agarsiisa.

Dhugummaa yaada kanaa mirkaneeffachuufis qorataan mataduree qorannoosaa kana osoo hinfilatin dura kitaabilee asoosama Afaan Oromoo hedduu dubbiseera; barruulee qorannoo sadarkaa adda addaatti Afaan Oromootiin qophaa'anis laaluu yaaleera. Sakatatta'a taassise kana keessattis kitaabileen kunneen gama yaaxxina

bu'uureffachuutiin bilchina akka hinqabneefi qorannoon yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatee dalagames bal'inaan akka hinjirre hubatee jira. Akka Tyson (2006) ibsutti akkuma addunyaattuu gosoonni ogbarruu yaaxxina bu'uureffatanii geggeeffaman hedduu muraasa. Qorannoowwan hanga ammaatti gama ogbarruun sadarkaa adda addaatti Afaan Oromootiin hojjetaman hedduunsanii caacculeefi unka asoosamootaarratti xiyyeeffatu malee, gama yaaxxinaatiin qorannoowwan ogbarruu hojjetaman hedduu xiqqoo ta'uunsanii walqabsiisee yaadni Tyson dhugaa ogbarruu Oromomoo keessatti mul'atuun mirkanaa'aadha. Warri hojjetaman jedhamanis irrajireessaan yaaxxinaalee ogbarruu keessaa bifiiyeetti heddummatu; hanga tokkommoo dhugummaas nidabalatu.

Barruulee qorannoo akkasii keessaa akka fakkeenyaatti qorannoon digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf qorattuu Mastaawoot Tasfaayeeitiin bara 2007 mata duree, "Qaaccessa asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin" jedhuun hojjetame, qorataa Mokonniiin Gabbisaatiin bara 2006 mata duree, "Qaaccessa Asoosamoota *Suuraa Abdiifi Miilla Hinsokoksinee* Ija Yaaxxina Dhugummaatiin" kanneen jedhan kaasuun nidanda'ama. Mata duree qorannoo qorataan amma filate kanaan walqabatee garuu kan Siifan Angechaa mata duree, "Xiinxala Qabiyyeefi Bifiyyee Asoosamoota *Aarsaafi Miilla Hinsokoksinee* Ija yaaxxina Maarkiisistiifi Bifiyyeetiin dalagdeen alatti garuu barruun hanga ammaatti yaaxxina kana bu'uureffatee mata duree biraan qoratame hinargine. Qorannoo isheen yaaxxina Maarkistiin walqabsiiftee dhiyeessites qajeeltoowwan yaaxxina kanaa akka barbaadamutti hordofee xiinxalamee waan dhiyaate hinfakkaatu. Keessumaa qorannoo asoosamootaa ija yaaxxina Maarkiistiifi Feemiinistiin laaluun dhimmoota jiruufi jireenya hawaasa Oromoo achi keessatti calaqqise ifa baasuurratti hedduu hafa jechuurra hinjiru yoo jenne filatamaadha. Kunimmoo guddina hawaasichaas ta'e ogbarruusaa kan gara fuulduraarratti dhiibbaa guddaa qaba.

Ogbarruun hawaasa tokkoo ija ittiin laalamuu qabuun laalamee ulaagaa barbaachisu hinguutu taanaan sadarkaa maqaafi baay'inaarra darbee hawaasichaaf bu'aa barbaadamu hinfidus, ofiis hinguddatu. Kanararraa kan ka'e qorataan yaaxxinaalee ogbarruun sadarkaa addunyaatti ittiin qeeqamuufi xiinxalamu keessaa ija yaaxxina Maarkiistiifi Feemiinistiitiin kitaabilee asoosamoota Afaan Oromoo muraasa xiinxalalee qaawwaa gama kanaan jiru hanga tokko hir'isuuf kaka'umsa godhate.

Dabalata kanaatiin mata dureen kun akka qoratamuuf wanti qorataa kakaase kallattiinis ta'e alkallattiin qabiyyeerratti hundaa'ee hagam asoosamoonni filataman kunneen

sadarkaa hawaasdinagdee Oromoo, akkasumas hariiroo hawaasichi waliin qabu keessatti dhimmonni koorniyaan walqabatani ka'an gama eyyentaanis haa ta'u, hi'entaan akkamiin asoosamoota kanneen keessatti akka calaqqisan xiinxaluuf, akkasumas qeequuf yaaxxinoonni Maarkiisistiifi Feemiinistii filatamaniiru. Akkasumas, barreessitoonni asoosama tokko osoo hinbarreessin ijanni ittiin laalamuu danda'uufi dhimmoota jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa isa kam akka xiyyeeffatanii barreessan dursanii adda baasuu akka qaban kallattii agarsiisuudha. Kanumarratti hundaa'uun gaaffileen bu'uura qorannichaa kanneen armaan gadiiti:

- Asoosamoota kanneen keessatti dhimmoonni hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa nicalaqqisuu?
- Namfakkiileen asoosamoota kanneen keessaa garee hawaasaa kam bakka bu'an?
- Dhimmoonni koorniyaan walqabatani barruuwwan kanneen keessatti ibsaman maal fa'a?
- Barruuwwan kunneen dubartoota nijajjabeessanmoo nihacuucan?.
- Gahee dubartoonni gama dinagdeen, siyaasaafi hawaasummaan qaban asoosamoota kanneeniin ibsameeraa?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosamoota: *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Ija yaaxxina Maarkiisizimiifi Feemiiniizimiitiin xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- ❖ Asoosamoota kanneen keessatti dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa calaqqisan agarsiisuu
- ❖ Namfakkiileen asoosamoota kanneen keessaa garee hawaasaa kam akka bakka bu'an adda baasuu
- ❖ Dhimmoota koorniyaan walqabatani barruuwwan kanneen keessatti mul'atan tarreessuu
- ❖ Barruuwwan kunneen dubartoota kan jajjabeessan yookaanimmoo kan hacuucan ta'uusaanii adda baasuun ibsuu
- ❖ Gahee dubartoonni gama dinagdeen, siyaasaafi hawaasummaan qaban kanneen asoosamoota kanneen keessatti mul'atan ifoomsuu

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qaamoleen qorannoo kanarraa nifayyadamu jedhamanii eegaman kanneen armaan gaditti tarreeffamaniidha.

- ✓ Qorattoonni yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatanii ogbarruu qoratan akka maddaatti gargaaramuu danda'u.
- ✓ Barattoota afaaniifi ogbarruutiif gumaacha guddaa nitaassisa.
- ✓ Barreessitoonni gosoota ogbarruu garaagaraa osoo hinbarreessin fuula dura kallatti ii barreeffamasaanii akka murteessaniif yaada nikennaaf.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman hedduu ta'uu baatanis hintuffataman. Isaan kana hunda walitti qabaniid dubbisaniid osoo xiinxalaniid bu'aan irraa argamu guddaadha. Kana gochuunimmoo yeroofi baajata hedduu gaafata. Kanaaf, qorannoon kun asoosamaata Afaan Oromoo keessaa: *Hawwiifi Yoomi Laata* qofa ija yaaxxina Maarkiisiizimiifi Feemiinizimiitiin xiinxaluu qofarratti kan daangeffameedha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti yaada hayyoota garaagaraa kanneen mataduree qorannichaa wajjin hidhata qabantu qindoominaan dhiyaata. Haaluma kanaan kaatee jecha ogbarruufi maalummaasaa, faayidaa ogbarruu, gosoota ogbarruu, seenduubee yaaxxina yookaan qeeqoo ogbarruu akka waliigalaatti, akkasumas yaaxxina Maarkistiifi Feemiinistii gadi fageenyaan addatti ibsuutu fuuleffatame.

2.1. Kaatee Jecha Ogbarruufi Maalummaasaa

Hayyuun Bwalya (2006:3) dhuftee jecha ogbarruu yammuu ibsu, "*Literature is a Latin word 'Litra' which means writing,*" jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruun jecha Laatiiniirraa kan dhufe ta'ee hiikaansaa *barreessuu* jechuudha. Bu'uuraan yaada kanarraa kan hinfagaanne madda jecha kanaa Birhaanuun (2013:8) yammuu kennu, "*The word literature is derived from the Latin word 'littera' which means letter of the alphabet denotes the letters used in writing a language. This shows that the derivation of the word literature implies writing,*" jedha. Ibsi kunis jecha '*litra*' jedhu *harfii qubee (letter of the alphabet)* jedhee hiikuun alatti yaadrimeen sun ammas barreeffama qofaan kan walqabatu ta'uusaa namatti agarsiisa. Akka yaada kanaatti wanti tokko ogbarruu jedhamuuf barreeffamaan jiraachuu qaba. Dhuftee jecha kanaatiif balballoomsii kenname kun ijuma kan ofiitiin kan ormaas laaluu addunyaa Dhidhimaarraa kan maddeedha.

Akkasaanitti maddi beekumsa ilmoo namaa kamuu Laatiinii ykn warra Giiriikiiti (Asafaa,2009:41). Egaa, haala kanaan isaaniif wanti barreeffamaan hinjirre tasuma ogbarruu ta'uu hindanda'u. Sababnisaas, isaan qaroomina gama barreeffamaan jiruun waanhedduu dursaniif ilaalcha animoosaanii keessaa bahanii hiika sanarra darbu kennuun itti ulfaate.

Gara Oromootti yoo dhufnu garuu wanti jiru faallaa kanaati. Oromoon uummata afoolawaadha. Jarraa hedduuf yookaan hanga gaafa qubee mataasaa uummatuutti afaaniin ergaa barbaachisu dhalootaaf dabarsaa ture. Kanaafuu, Oromoon haala kansaanii sanaan ogbarruuf hiika laachuu hindanda'u. Waa'ee ogbarruu Oromoo yammuu yaadnu dursa waa'ee afoolasaa duuka yaaduu feessisa. Kunis ogbarruu Oromoof hiika kennuuf afoolasaattii adda bahanii deemuun ulfaataa akka ta'e hubachiisa.

Gara laalchota gama hiikasaatiin jiraniitti yoo dhufnu, dhalli namaa barreeffami osoo hinuumamin fuula dura afoolatti dhimma bahee ofiisaa, yaadasaafi naannoosaa ibsachaa

waan tureef umuriin ogbarruufi afaanii walirra ooluu akka danda’u hayyoonni nitilmaamu. Umurii dheeraa kana keessattis waa’ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu daawwitii jiruufi jireenya ilma namaa ibsu waan ta’eefis hayyoota ogbarruu cinatti hayyoota seenaa, falaasamaa, siyaasaa, seeraafi kanneen biroollee gama ogummaasaaniitiin laalanii hiika ofiisaanii waanitti kennaniif yaadrimeen ogbarruu bal’aa, umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffannoonsaas jiruufi jireenya uummataa ta’uunsaa ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taassisuusaa hayyoonni irratti waliigalu. Ka’umsa yaada kanaatiin laalchota hiika ogabarruurratti jiran keessaa lama kan Asafaan (2009: 23-25) kitaabasaa keessatti ibse akka maddaatti fudhannee haalaallu.

Inni duraa, “*Ogbarruun waan barreeffame hunda*” isa jedhuudha. Ilaalchi kun hanqina gurguddoo sadii agarsiisa. *Inni duraa*, ogbarruun hojii kalaqaa ta’uusaa dagachuu, *inni lammataa*, waan barreeffame hunda ogbarruu taassisuu, *inni dhumaa*, afoola ogbarruun ala gochuusaati. Hiikni kun kalaqummaafi miidhagummaa ogbarruuf bakka kan hinqabneefi ogbarruu waan barreeffamaan jiru qofatti daangessuun afoola ogbarruun ala waan taassiseef qeeqni hedduunirratti dhiyaatee fudhatama quubsaa isa dhabsiise.

Ilaalchi lammataa, “*Ogbarruun hojii kalaqaa bifa miidhagina qabuun barreeffamuudha*” isa jedhuudha. Ilaalchi kunis ogbarruun hojii kalaqaa ta’uusaa amanee, afoolli ogbarruu ta’uusaammoo waan dagateef akka hiika gartokkeetti laalame.

Fedhesaan (2017:9-11) hiika ogbarruurratti ilaalchota jiran keessaa isa sadaffaa cuunfee kaninni dhiyeesse, “*Ogbarruun hojii kalaqaa gurguddoo namoonni uummata keessatti beekamoo ta’an barreessan ta’ee, kitaabilee galmee addunyaa (genius book) irratti galmaa’ee taa’uu qabuudha*” kan jedhuudha. Namoonni hawaasa keessatti beekamoo ta’an kunneenis: luboota, bulchitoota, maatii moototaafi gootota fa’a. Akka yaada kanaatti ogbarruun dadammaqiinsaafi holola siyaasaa qofaaf kanooluudha. Ogbarruu dhimma kana qofaaf oolchuunimmoo, umuriisaa gabaabsuu danda’a. Sababnisaa, ogbarruun haala kanaan barreeffamu yeroo cehee hinqaari’u; akkuma dhimmi siyaasaa sunirra darbuun dhidhimee hafa. Kanaafuu, yaaxxinni kun mirga namni kamillee kalaqaaf qabu mulqee, namoonni beekamoon qofti mirgaafi dandeettii ogbarruu akka qabanitti waan dhaadhesseef fudhatama dhabe.

Ilaalcha afraffaa hiika ogbarruurratti jiru Isaak (2008:3) yoo ibsu, “*Literature is thus summed up as permanent expressions in words (written or spoken), specially arranged in pleasing accepted patterns or forms,*” jedha. Akka yaada kanaattimmoo ogbarruun hojii

kalaqaa bifa nama gammachiisuu danda'uun qindaa'ee afaaniin yookaan barreeffamaan dhiyaachuu danda'uudha. Ilaalchi kun ilaalchota sadan armaan olii caalaa hedduu fooyya'aadha. Sababnisaa, afoola qaama ogbarruu godhee waan dhiyeesseef, akkasumas gammachiisuuf kalaqummaafi miidhagummaan dhiyaachuu akka qabutti waan amananuuf. Egaa hiika kanarratti hundoofnee akka Oromootti afoola keenya keessaa ogbarruu barreeffamaa hedduu qorannoon gabbifachuu dandeenya.

2.2. Faayidaa Ogbarruu

Tyson (2006:5) faayidaa ogbarruu yoo ibsu, "*Literature conceived as a laboratory of human life*," jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruun akka mana yaalii jiruufi jireenya ilmoo namaatti fudhatama. Yaada kanarraa wanti hubatamu akkuma daawaa dukkubattii fayyisu elementoota inni irraa argame adda baasuun danda'amu ilmoon namaas eenyummaasaa isa dhugaa kan keessatti argatu ogbarruu keessaati. Sababnisaas, ogbarruun kamiyyuu jireenya guyyuu hawaasichi jiraaturraa kan dhufu malee, calluma jedhamee waan hinjirreefi hawaasa ogbarruun sun qophaa'eef biratti waan hinbeekamne miti. Kanaaf, hawaasni tokko ogbarruusaa yoo dubbisu eenyummaasaa isa dhugaa keessatti argata jechuudha.

Fedhesaan (2017:29-30) Okpewho (1992:106) wabeeffachuun gamasaatiin faayidaa ogbarruu yammuu ibsu, "*Barbaachisummaan ogbarruu inni guddaan gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuudha. Keessuma yeroo dhiphinaafi yaaddoon nama qabu yaadaafi sammuu namaa walaboomsa*," jedha.

Ogbarruun waa'ee uummata tokkoo uummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya ilma namaa ibsu akka ta'eefi hariiroo cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaa Asafaan (2009) nibsa. Ogbarruun hawaasa tokkoof daawwitiidha yammuu jennus kan hawaasichi ofiisaa, akkasumas dhimmoota jiruufi jireenyasaa laallatan keessatti argatee of jajjabeessu ykn of ceepha'u jechuudha. Ogbarruun hariiroo cimsa yammuu jennus, hariiroo hawaasichi waliin, uumaafi uumamaa wajjin qabu ta'uu mala. Hariiroon kunis kan hawaasicha biratti fudhatamu ykn balfamu ta'uu danda'a. Hariiroo kana fakkaatu ogbarruun agarsiifnee miseensi garee hawaasichaa akka ittiin of beeku, of hubatu, ofilaluu, waan hariiroo cimsuufi laaffisu adda baafatuufi sansaka qajeelaa akka qabaatu taassisuu keessatti ogbarruun bu'aa guddaa qabaachuusaa yaada kanarraa hubanna.

Culler (1975:118) barbaachisummaa ogbarruu qabxii biraa yammuu ibsu, “*Reading Literature is important to develop literary competence. Literary competence is a set of conventions for reading literary texts. Literary competence means the familiarity with a particular mode of reading, analyzing and interpreting literary works,*” jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruu dubbisuun gahumsa nuti gama ogbarruurratti qabaachuu qabnu matumasaatiin kan gabbisuufi gahumsi ogbarruu nama dhuunfaa tokkoo gosa ogbarruu filatame sana dubbisee hubachuu, qaaccessuufi hiikuu danda’uusaatiin madaalamuusaa agarsiisa. Namni gahumsa ogbarruu hinqabneefi ogbarruu waliin hariiroo hinqaqbne gosa ogbarruu tokko jalqabaa hanga xumuraatti dubbisee ergaasaa hubachuun itti ulfaachuu mala. Sababnisaa, jechoonni nuti ogbarruu keessatti dhimma itti baanu jechoota guyyuurraa adda waan ta’aniif. Kanaafuu, ogbarruu qorachuun gahumsa gama ogbarruutiin jiru akka horannuuf nu gargaara jechuudha.

Bu’aan ogbarruu inni biraan gahumsa gama afaaniitiin jiru cimsuudha. Gahumsi kunis ogummaawwan afaanii gurguddoo (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu), akkasumas ogummaawwan xixiqqoo (fayyadama jechootaafi caasluga) gabbifachuu ofkeessatti haammata. Namni gahumsa afaan ogbarruun sun ittiin barreeffamee hinqabne gosa ogbarruu kamiinuu sirrummaan dubbisee hubachuuf nirakkata; dubbisees dinqisiifachuu hindanda’u. Gahumsa afaaniifi ogbarruu walitti hidhuun kan barbaachisuufis guddina gama lamaaniifuu bu’a qabeessa waan ta’eef. Yaaduma kana Birhaanuun (2013:5) yoo ibsu:

Literature helps us to develop linguistic competence. The term linguistic competence embraces the four major abilities or skills involved in the process of language learning: listening, speaking, reading and writing. It also involves the two subskills in language development namely vocabulary and grammar. Students cannot appreciate literature without understanding the language in which it is written, jedha.

Akka Rivers (1983) ibsutti namoonni guddina dhuunfaasaanii gama ogbarruutiin akka qabaatan dandeessisa. Guddinni kunis eenyummaa ofii hubachuufi ilaalcha jireenyaaf qabanuu akka bal’ifatan gochuusaatiin mul’ata. Kunis ogbarruun yeroofi aadaa hawaasa tokkoo waliin hariiroo kallattii waan qabuuf. Namoonni gama ogbarruutiin waan darbe, isa amma jiruufi waan gara fuulduraatti ta’u raaguuf waan dandeessisuuf.

Walumaagalatti, ogbarruun kalaqa sammuu ilmoo namaa ta’ee ogumaafi dandeettii, aadaa ,duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa akkasumas dhageettii keessoo ofii kanneen

akka gaddaafi gammachuu ittiin ibsachuuf, sammuu gabbisuu, ija banachiisuu, bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal'isanii akka yaadan gochuu, onnachiisuu, aadaafi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii as fiduun jiruu har'aa qajeelchuufi kanneen kana fakkaataniif gargaaruu danda'a. Dhimma hawaasaatiinis waan walqabatuuf dhaggeeffachuu yookaan dubbisuuf garmaleessa qalbii namaa haawwata. Kanarraa kan ka'e hayyoonni hedduun, ogbarruun hojii hawaasaan hawaasa keessatti kalaqamee hawaasichuma deebisee calaqqisiisuusaarratti waliigalu.

2.3. Gosoota Ogbarruu

Akka waliigalaatti ogbarruu akka hojii kalaqaatti yoo fudhanne bakka gurguddaa lamatti qoodnee laaluu dandeenya. Yaada kanas Birhaanuun (2013:12) akka kanaa gadiitti ibsa.

Gennerally speaking, creative literature exists in two major forms. These are oral literature (verbal art) and written literature. Each of this is further divided into genres and subgenres. According to various scholars in the field of literature, a genre is a term used in literary criticism to designate the distinct types or categories in which literary works are grouped according to form or technique or some times, subject matter.

Akkuma yaada hayyuu kanaatiin ibsame ogbarruun kalaqaa afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamee bakka lamatti qoodama. Isaan kunneen lamaanis akaakuu ogbarruu gurguddaafi xixiqqaa garaagaraatti qoqqoodamuu danda'u. Akka hayyoonni ogbarruu hedduun ibsanitti akaakuun ogbarruu jecha qeeqoo ogbarruun walqabatu ta'ee, gosoota ogbarruu unkaafi akkaataa dhiyaannaasaaniirratti hundoofnee amala walfakkaataa kanneen qaban akaakuu tokko jalatti fiduudha. Yaaduma kana kan fakkaatu Fedhesaanis (2017:31) yoo kennu:

Bifa ittiin dhiyaaturratti hundaa'uun ogbarruu bakka gurguddoo lamatti qooduu dandeenya. Isaanis ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaati. Afoolli bifa himiinsaan yeroo dhiyaatu, ogbarruun barreeffamaammoo waraqaarratti barruun dhiyaata. Afoolli sammuu keessatti yaadamee kalaqamuun afaaniin himama. Kan barreeffamaa garuu waan yaadametuu waraqaarra kaa'amuu dubbistootaaf dhiyaata. Afoolli oduu durii, sheekoo, hibboo, mammaaksaafi wantoota kana fakkaatan offjalatti haammata. Ogbarruun barreeffamaammoo asoosama, walaloofi diraamaatti hirama.

Gosoota ogbarruu kana keessaas qorannoon kun ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosamoota filataman ija yaaxxina 'Maarkistiifi Feemiinistiin' qeequu waan ta'eef hanga tokko hiika asoosamaa haalaallu. Maalummaa asoosamaa ilaalchisee

Smith (1997:4), "...the word fiction refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact. In the specific sense, the word fiction is commonly used to refer to the short story, the novella and novel, "jedha. Akkuma yaada hayyuu kanaatiin ibsame asoosamni argaa yaadaa barreessaan kalaqamee dhiyaatu ta'ee, asoosama gabaabaa, giddugaleessaafi dheeraa jedhamee kan beekamuudha. Kana jechuunis barreessaatu uumee dhiyeessa malee seenaa qabatamaan barbaannee dhugaadhaan lafarratti argachuu dandeenyu miti jechuudha. Seenaan sun garuu, jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti raawwatamuu kan danda'uudha. Mudannoofi mufannoo hawaasni tokko haala jiruufi jireenyasaa keessatti muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul'ata. Dubbistoonni haala sanarraa muuxannoosaanii yaadatu. Kanaafuu, asoosamni jiruufi jireenya namaa calaqqisiisa. Sanatus dubbisaa onnachiisa.

2.4. Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Ogbarruu

2.4.1. Seenduubee Yaaxxina Yookaan Qeeqa Ogbarruu

Seenaan ogbarruu akka "*Diachronic Approach to Literature*"tti bara, sochii, kallattii waliigalaa, qajeeltoowwaniifi hojii barreeffamaa hunda of keessatti haammata. Seenaan ogbarruu kun matumasaatiin dhimmoota kanneenirratti hundaa'ee guddina qorannoo ogbarruu addunyaa yookaan biyya tokkoo agarsiisa. Yaada kana Golban and Ciobanu (2008:4) yoo ibsan, "*Literary history as the diachronic approach to literature (including literary periods, movements, trends, doctrines, and writing practice). It embarks on a diachronic perspective in literary studies and investigates the development of a national and world literature,* "jedhu. Egaa, seenaa ogbarruu yaaxxina yookaan qeeqa ogbarruu wajjin yammuu walqabsiifnee kaasnu yaaxinniifi qeeqni ogbarruu erga eegalee yoo xiqqaate waggoota 250 fuula dura hayyootaafi barreessitoota gurguddoo warra Dhihaa kanneen akka *Plato* fi *Aristotle* irraa jalqabee isaaniin boodas *Augustine* and *St Thomas Aquinas*, *Johnson*, *Pope* fi hayyoota Roomaa gurguddoo kanneen ogbarruu ammayyaa keessatti beekaman *Locke*, *Hume*, *Kant*, *Hegel*, *Freud*, *W.B. Yeats* and *Sartre* faan kanneen muraasa. Waggoota 200 fuula dura xiinxaltoonni, qeeqxoxinniifi ogeessonni ogbarruu gurguddoon barruu akkamiitu akka ogbarruutti dubbifama kan jedhu utuu hinhubatin turaniiru. Sababnisaa ogbarruun hariiroo cimaa falaasama, amantaa, siyaasaafi safuu, akkasumas dhimmoota jiruufi jireenya hawaasaa wajjin waan qabuuf (Habib, 2011).

Seenaa ogbarruu warra Dhidhimaa Dh.K.D. bara 800 keessa hayyoota yookaan waloowwan Giriikii durii kanneen akka *Homer, Hesiod*-fi *Sappho* jedhamaniin jalqabame. Keessumaa waloowwan kanneen keessaa *Homer* walaloowwan matadureensaani *'Epics, Iliad fi Odyssey'* jedhamaniin hedduu beekama. Qeeqoon ogbarruu bara kanaa kunis Dh. K. D. naannoo bara 500tti diraamaawwan gaddisiisoo *Euripides, Aeschylus fi Sophocles* akkasumas diraamaawwan gammachiisoo *'Aristophanes'* jedhaman waliin beekama. Bu'uurri falaasama warroota Dhihaa kunis naannoo dhuma bara kanaatti hayyoota Giriikii *Socrates, Plato* fi *Aristotle* jedhamaniin yayyabame. Falaasamni kunis mataduree *"Rhetoric Discipline and Political System of Democracy"* jedhamuun akka qaroominaatti magaalaa Giriikii durii Athensitti jalqabame. Barri kunis Dh.K.D. bara 323tti du'a Alexander Guddichaan walqabatee xumura akka argatetu amanama.

Kana boodas *"Hellenistic Period"* kan aadaan warra Giriikii durii naannoo Meditiraaniyaafi Baha Giddugaleessaatti hooggantoota waraanaafi mootota du'a Alexander booda ka'aniin babal'ataa turetu itti fufe. Babal'inni aadaa kun bulchiinsa Alexander keessa kan ture yoo ta'es du'asaa boodas caalaatti cimee itti fufee ture. Magaalli guddittiin warra Misiraa Alexanderia jedhamtu, Dh.K.D. bara 331tti Alexander n abuuramtee giddugala hayyootaa, qarooma barreeffamaa, mana kitaabaafi godanbaa ogeessota walaloo, qorattoota seera afaanii kanneen akka *Callimachus* fi *Zenodotus* taate. Dh.K.D. bara 31tti Alexander's Empire (Egypt) humnaan lola dirree waraanaa *"Actium"* jedhamurratti Ripaabilika Roomaatti makamuu irraa kan ka'e, *"Hellenistic Period"* xumura argate. Lola kana booda guutummaan Impaayera Roomaa bulchiinsa durbii *Julius Caesar* kan *Octovian* jedhamu jala galte.

Egaa baroota raawwii kanneen keessattiidha kan hayyoonni falaasamaa, ogbarruu, caaslugaafi kan kana fakkaatan yaadrimee qeeqa ogbarruu jaarraa keenyaa kanaaf bu'uura kaa'an. Kunis yaadrimee *"Mimesis or imitation* fi miidhagina hojii ogbarruu of keessatti haammata. Kana malees, yeroo kanaa eegalee dhimmoonni hawaasummaa, siyaasaa, safuu hawaasaafi wantoonni kana fakkaatan ogbarruu waliin walqabatani xiyyeeffannoo argachuu danda'aniiru. Hariiroon ogbarruufi falaasamaa, amalaafi sadarkaan guddina afaanii bu'aa hurruubummaan miidhagina ogbarruu keessatti qabu, malleen dubbii garaagaraa ogbarruu keessatti fayyadamuu, akkasumas akaakuwwan ogbarruu hedduun kanneen akka walaloo dheeraa (epic), diraamaawwan gammachiisoo fi gaddisiisoo, sirbiifi weedduuwwan garaagaraa xiyyeeffannoo argataniiru.

Kanaafis fakkeenya kan ta'an feestivaala Ateensi durii kan bifa diraamaan dhiyaatu, diraamaa *Aristophanes play, "The Frogs"* jedhamu kan Dh.K.D. bara 4005 keessa hojjetame fudhachuun nidanda'ama. Waltajjiin diraamaa kunis waldorgommii maanguddootaafi dargaggoota gidduutti raawwatamu of keessatti haammata. Waloowwan yeroo sanaa keessaas *Aeschylus-fi Euripides* dorgommicha keessatti hedduu beekamoodha. *Aeschylus* naamusoota gaarii dhaloota darbanii, gahumsa waraanaa isaan qaban, gootummaasaanii, akkaataasaan sadarkaa umuriisaaniitiin walkabajaa turan bifa haawwataa, fudhatamaafi akkaataa dubbii dinqisiisaa ta'een yoo dhiyeessu, *Euripides* immoo sagalee isaa ammayeessee, diimokiraatawaafi haala dubbii miidhagaa ta'een dhiyeessaa ture. Haata'u malee, ogbarruun baroota kanneenii ogbarruu uumee qofarratti xiyyeeffatu. Yaaduma kana caalaatti jabeessuuf, Dulton (1984:45), "...any criticism written before approximately 1800 may be understand criticism of creative literature in general," jedha.

Walumaagalatti, Golban and Ciobanu (2008:13) baroota seenaa qeeqa ogbarruu bakka gurguddaa sadiitti qoodanii akka armaan gadiitti agarsiisan.

All the way throughout its history, literary criticism reveals a three fold perspective of development: first, for the periods before twentieth century, literary criticism is dependent on some dominant in those period (trends and movements of creative literature, forinstance classical or neoclassical criticism, romantic criticism and others); second, especially in nineteenth and twentieth centuries, emerge trends in criticism which are also related to new developments in science, philosophy and society (for instance, historical criticism, psychoanalytical criticism, realism criticism, Marxist criticism, feminist criticism and others); third in twentieth century some trends in literary criticism were developed from within the critical practice itself (for instance, narrotology, in structuralist approach or deconstruction in the post structuralist approach to literature).

Akka yaada hayyoota kanaatti guutummaan seenaa qeeqa ogbarruu baroota gurguddoo sadiitti qoodamee laalamuu danda'a. Inni jalqabaa jaarraa diddamaffaa dura. Jaarraan kun sochii fi kallattii waliigalaa qeeqa ogbarruu uumee fakkeenyaaf qeeqoo ogbarruu duriifi haaromsaa, qeeqoo ogbarruu jaalala bu'uureffatee qophaa'aa tureefi kanneen biroo. Inni lammataa jaarraa kudha saglaffaafi digdamaffaa keessa. Guddinni qeeqa ogbarruu jaarraa kanaa guddina saayinsii, falaasamaafi hawaasa waliin walqabatani kanneen dhiyaatan fakkeenyaaf, qeeqoo seenessaa, dhugummaa, Maarkistii, xiinxala xiinsammuu, feemiinistiifi kanneen biroo. Inni sadaffaa, jaarraa digdamaffaa keessa. Jaarraan kun seenaa qeeqa ogbarruu keessatti baroota qeeqoo seeneffamaa, dhiyeenya

caasaa, akkasumas hariiroo barruu ogbarruufi hiika barruu sanaa xiyyeefatee geggeeffamu kan of keessatti haammateedha.

2.4.2. Maalummaa Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Ogbarruu

Maalummaa yaaxxina yookaan qeeqoo ogbarruu laalchisee hayyoonni ogbarruu yeroo garaagaraatti hiika dhuunfaasaanii kennaa turaniiru. Hiika kennaa turaniinis yaadrimeewwan ‘yaaxxinaafi qeeqoo’ jedhan adda baasanii ibsuuf hedduu rakkachaa turan. Sababnisaas, garaagarummaafi walfakkeenyaasaanii haala salphaan akka lafa hinkeenyeef gaaffilee gurguddoo lamaan gufachaa waan turaniif. Gaaffilee kanneen keessaa inni duraa, yaadrimeewwan kunneen bu’uuraan tokkomoo garaagara? Inni lammataa, yoo tokko ta’an akkamiin; yoo garaagara ta’anis garaagarummaan kun kallattii kamiin mul’ata? gaaffilee jedhaniidha. Gaaffilee kanneen deebisuufis hayyoonni ogbarruu hedduun xiinxala mataasaanii taassisaniiru. Xiinxala taassisaniinis, hiikasaan akka dhuunfaatti qaban, garaagarummaafi hariiroosaan gidduurratti xiyyeefatan. Xiyyeeffannoosaanii kanaanis hiika dhuunfaatti yaadrimmeewwan kunneen qabanirratti hundaa’anii addaddummaasaanii bal’isuu caalaa walitti dhufeenyaaniirratti cichuun hiika waliigalaa kennuurratti waliigalu. Egaa mee armaan gaditti hiika yeroo adda addaatti hayyoota ogbarruutiin yaaxxina yookaan qeeqoo ogbarruuf kennamaa turan muraasa fudhannee haalaallu.

Eagleton (1996:1) hiika waliigalaa yaadrimeewwan kanneeniif yammuu kennu, “*If there is such a thing as literary theory or criticism then it would be seem obvious that there is something called literature which is the theory or criticism of,*” jedhu. Akka yaada hayyoota kanaatti erga wanti ‘yaaxxina yookaan qeeqa ogbarruu’ jedhu tokko jiraatee,, wanti ‘ogbarruu’ jedhamu tokkos akka jiru nibeekama. Dhimma kana yammuu laallu yaadrimeewwan lamaan bu’uuraan ogbarruurratti ijaarumuusaanii hubanna. Bu’uuruma yaada kanaatiin Golban and Ciobanu (2008:4) waa’ee yaadrimeewwan kanneenii yoo ibsan:

Literary criticism is the study or analysis or investigation or approach to particular literary texts on both thematic and structural levels. It is concerned synchronic. While literary theory develops and offer general methodologies and principles of research of the literary phenomena. It is referred to as universal. In matters of subjectivism and objectivism literary theory is designated as sciences, requiring normative and methodological objectivism whereas literary criticism allows subjectivism to intermingle with objective reasoning, art with science, fusing in one discourse the

personal responses to literature and the scientific research, but what the critical discourse requires most is the accurate balance between the subjective and objective component, jedhu.

Akka ibsa armaan oliitti yaadriwwan lamaan hiikaanis haata'an gochaan walirratti hundaa'u. Xiyyeeffannoon qeeqoo ogbarruu, barruu ogbarruu tokko qorachuu yookaan xiinxaluu yookaan ergaa yookaan sadarkaa caasaasaa agarsiisuu ta'ee hojii ogbarruu tokko yaaxxina filatame tokkoon walunachiisanii dhiyeessuudha. Yaaxxinni ogbarruummoo malleeniifi qajeeltoowwan qorannoo ogbarruu waliigalaa kan barruun ogbarruu tokko irra dhaabbatamee xiinxalamu yookaan qaaceffamuudha. Kunis qeeqni ogbarruu, yaaxxina ogbarruu bu'uura godhatee geggeeffamuusaa nutti agarsiisa. Kanarraa ka'uun yaaxxinni ogbarruu saayinsii sadarkaafi malleen qorannoo ogbarruu qabatamoo fayyadamuu kan laallatu yoo ta'u, qeeqni ogbarruummoo, yaaxxina ogbarruu filatame tokkorraa ka'anii qeeqa dhuunfaa ofii barruu ogbarruu tokkoratti kennuudha. Haata'u malee, qeeqni yammuu geggeeffamu madaallii sirriin ilaalcha dhuunfaa nama hojii ogbarruu sanaa qeequufi dhugaa saayinsiin mirkanaa'e gidduu jiraachuun dirqama.

Kana malees, Tyson (2006:6) hariiroo yaaxxina ogbarruufi qeeqa ogbarruu gidduu jiru yammuu balballoomsu:

Critical theory/literary theory tries to explain the assumptions and values up on which various forms of literary criticism rest. When we interpret a literary text, we are doing literary criticism, when we examine the criteria up on which our interpretation rests, we are doing critical theory. Simply put, literary criticism is the application of critical theory to a literary text, jedha.

Akka hayyuun kun jedhuttis yaaxxinni ogbarruu yaadoleefi sonaawwan qeeqni ogbarruu tokkorra dhaabbatee geggeeffamuudha. Barruu ogbarruu tokkoof hiika yammuu laannu qeeqa ogbarruu hojiirra oolchaa jirra. Ulaagaan nutirratti hundoofnee hojii ogbarruu sanaa hiiknummoo yaaxxina ogbarruuti. Salphaadhummatti, qeeqoon ogbarruu hojii ogbarruu tokko yaaxxinaalee garaagaraatiin laaluudha. Dabalataanis, ragaan toora marsariitii [https://en.m.wikipedia.org/wiki/Litera](https://en.m.wikipedia.org/wiki/Literary_criticism) irraa argame walitti dhufeenya yaaxxinaafi qeeqa ogbarruu akka armaan gadiitti ibsa:

Literary criticism is the study, evaluation, and interpretation of literature. Modern literary criticism is often influenced by literary theory which is the philosophical discussion of literature's goals and methods. Criticism draws no distinction between literary theory and literary criticism, and almost always the terms together to describe the same concept. Some critics

consider literary criticism a practical application of literary theory, because criticism always literary theory deals directly or abstract.

Yaadni armaan oliis qeeqni ogbarruu hojii ogbarruu tokko qorachuu, madaaluufihiikuu akka ta'etti hiika. Qeeqni ogbarruu ammayyaawaan yaaxxina ogbarruu galmootafi malleen hojiirra oolmaa ogbarruu bu'uura godhatee adeemsifama. Akka hiika kanaatti yaaxxinaafi hiika ogbarruu gargar baasanii laaluun hindanda'amu. Akka yaadrimee tokkoottis laalamu. Kanarraa ka'anii qeeqoxni tokko tokko qeeqni ogbarruu hojiirra oolmaa yaaxxina ogbarruu akka ta'etti ibsu. Sababnisaas qeeqni ogbarruu kallattiidhaan hojii ogbarruu murtaawaa tokkoon kan walqabatu yoo ta'u, yaaxxinni ogbarruummoo sanarra bal'aafi kan waliigalaati.

Dabalataanis, yaaxxinniifi qeeqni ogbarruu walitti dhufeenya kan qabaniifi kan wal utuban ta'anii dirreen qorannoosaanii inni guddaafi dhaabbataan hojii ogbarruurratti qofa kan daangeffameedha. Hariiroofi walutubbiin gidduusaanii jiru kunis akka sochii marsaa geengootti laalama. Sochiin marsaa geengoo kunis qeeqa ogbarruurraa gara yaaxxina ogbarruutti; yaaxxina ogbarruurraas gara qeeqa ogbarruuttikan raawwatamaa deemuudha. Yaaduma kana Golban and Ciobanu (2008:5) akka armaan gadiitti ibsu.

Literary theory and literary criticism are interrelated and interdependent, and coexist in the field of literary studies as bound by their major and common object of study, which is the literary work. Their interrelationship and interdependence form a permanent circular movement from literary criticism to literary theory and from literary theory to literary criticism.

Walumaagatti, ibsa hayyoota armaan oliirraa wanti hubatamu qorannoo hojii ogbarruu tokko keessatti yaaxxinniifi qeeqni ogbarruu dhimmoota baay'ee barbaachisoo ta'anii hojiirra ooluufis walittii gargar bahuu kan hindandeenye tahuusaaniiti. Egaa matadureen qorannoo kanaa qajeeltoowwan yaaxxinaalee gurguddoo lamarratti hundaa'ee qeeqa raawwatamu waan ta'eef mee armaan gaditti gabaabsinee maalummaa qeeqa ogbarruu ilaalchisee hiika hayyoota garaagaraatiin kenname muraasa fudhannee haalaallu.

Kaatee jecha “qeeqa” jedhuu ilaalchisee Habib (2011:10) ibsa yammuu kennu, “The word ‘criticism’ comes from the ancient Greek noun ‘krites’ meaning, ‘judge’ jedha. Akkuma ibsa kanarraa hubatamu jechi “qeeqa” jedhu jecha Giriikii “kiraayitii” jedhurraa kan dhufe ta'ee, hiikaansaas “murteessuu” jechuudha. Yaaduma kana jabeessuun Lodge (1988:63) qabxiilee qeeqni ogbarruu tokko ofkeessaa qabu yoo ibsu:

Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind and a scientific function which consists of a positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc, jedha.

Akka yaada kanaatti qeeqni ogbarruu ilaalcha beekumsa hawaasa tokkoo cimsuu danda’u irratti hundaa’ee, hojii ogbarruu tokko kan murteessuufi dinqisiifatu, akkasumas tajaajila saayinsawaa qorannoo bu’uureffatee, beekumsa ogbarruu kan barbaadu, madda, qorqalbi, dhuftee hawaasa tokkoofi wantoota kana fakkaataniif xiyyeeffannoo kennee kan raawwatamuudha.

Morio (2005:100) qeeqa ogbarruu yoo ibsu *”Literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, “Literary critique” is some times used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews,”* jedha. Akkuma ibsa kanarratti mul’atu, qeeqni ogbarruu, barruu ogbarruu tokko hiikuufi qeequu fuuleffata. Ogbarruu hiikuun addummaa barruu ogbarruu tokko laaluu yoo ta’u, madaaluunimmoo badhaasa hojii ogbarruu tokkoon walqabatuudha.

Baldick (2001:43) qeeqa ogbarruu, *“Criticism is analysis of its structure and style, judgement of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and establishment of general principles by which literary works/ individually in categories or as a whole can be evaluated and understood,”* jechuun hiika.

Akka balballoomsa armaan oliitti qeeqni ogbarruu caasaafi akkaataa dhiyaannaa ogbarruu tokkoo xiinxaluu, hojii ogbarruu tokko kanneen biroo waliin walbira qabani bu’aasaa murteessuu, dhiibbaanni gama kamiinuu dubbistootarratti fidu tilmaamuufi qajeeltoowwan waliigalaa ogbarruu akka dhuunfaatti yookaan akka gareetti yookaan akka waliigalaatti irra dhaabbatamee hiikamu yookaan madaalamu kan of keessatti haammatuudha. Dimshaashumatti, qeeqni ogbarruu qajeeltoowwan yaaxxina ogbarruu murtaawaa filachuun hojii ogbarruu tokko hiikuu yookaan madaaluu akka ta’e ibsa hayyoota armaan oliirraa salphaatti hubachuun nama hindhibu.

2.4.3. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu

Kaayyoon qeeqa ogbarruu, barruun ogbarruu tokko dubbistoota akka gammachiisu taassisuun dubbistooti barruu sana akka dinqisiifataniif jajjabeessuun, barruu ogbarruu

filatame sana gadifageenyaan xiinxaluun wanta dubbisaan barruu sana keessatti akka salphaatti laalee bira darbe sirriitti akka hubatamu taassisani agarsiisuudha. Yaada kana Ellis (1974: 54) yammuu ibsu, “*The purpose of criticism to render the text more enjoyable to the reader to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might otherwise have missed,*” jedha. Kaayyoo kana bu’uura godhatee jaarraa hedduu dura qeeqni ogbarruu qorannoo ogbarruu keessatti bu’aa guddaa buusuu kan jalqabe. Qeeqni ogbarruu irratti godhamaa tureefi godhamaa jiru kunis qajeeltoowwan qeeqa ogbarruu tokkoof barbaachisan irratti hundaa’ee raawwataa waan tureefi raawwachaa waan jiruuf. Tyson (2006:4) faayidaa qeeqa ogbarruu gamasaatiin yammuu balballoomsu:

Critical theory increases rather than decreases your appreciation of literature. The more experience in life, the more we are capable of experiencing on literature. So, as you grow in your capacity to understand theory to think more broadly and more deeply about human experience and the world of ideas, the more you will be capable of appreciating the rich density, the varied texture and shades of meaning, available in literary works, jedha.

Akka ibsa hayyuu kanaatti yaaxxinni yookaan qeeqni ogbarruu humna dinqisiifannaa ogbarruu keenyaa nidabala malee hinhir’isu. Hammi muuxannoo ogbarruu keenyaa hamma muuxannoo nuti jreenya keessatti horannuu waliin madaalama. Hanguma nuti yaaxxinaalee ogbarruu hubachaa, muuxannoo ilmoo namaa ilaalchisnee addunyaa yaadaa keenya bal’ifachaa deemneen hammi dinqisiifannaafi ergaawwan gadi fagoo hojii ogbarruu tokko keessa jiran hubachuun dabalamaa deema. Hayyuudhumti kun gama biraatiin barbaachisummaa qeeqa ogbarruu yammuu ibsu karaa bu’a qabeessa ta’een ofii keenyaafi naannoo keenya akka ilaalluuf kan nu gargaaru ta’uusaa lafa kaa’a. Kunis karaa nuti barachuu yookaan barsiisuu dandeenyu, akkaataa sabaa himaalee garaagaraarraa odeeffannoo fudhannee itti fayyadamuu, akkamitti namoota gama hawaasummaan, amantiin, siyaasaafi waan kana fakkaataniin faallaa keenya dhaabbataniif deebii akka laannu, kaka’umsa, sodaafi fedhii keenya akka beeknu kanneen nu gargaaraniidha. Kanumatti dabalees, dandeettii yaaduu, kalaqaafi hubachuu keenyaa akka cimsannu kan nu dandeessisu ta’uusaa hayyuun kun ibseera. Khairi (2017:1) barbaachisummaa yaaxxina yookaan qeeqa ogbarruu yoo ibsu:

Criticism can be used to analyze and see thing beyond the text, how the work relate to daily life, social community, and the relationship within the community. Of course, critic as basic word of criticism is totally different with review or report about literary work. Critics not only talk about good or bad about literary work. That is why the criticism is important in literaliterary studies, jedha.

Hayyuun kunimmoo tajaajila qeeqa ogbarruu waanuma barruu sana keesatti ibsame xiinx aluufi gadi fageenyaan ilaalamu caalaatti akkamiin jireenya guyyuu waliin akka walitti hidhamuufi hariiroo hawaasasummaa akka ibsuu danda’u, laaluudha. Akkuma maqaa isaanirraa hubatamu qeeqni ogbarruu guutumaan guutuutti salphisanii sakatta’uu yookaan gabaasuurraa adda. Qeeqni ogbarruu dadhabina yookaan gadhummaa hojii ogbarruu tokkoo agarsiisuu qofa osoo hintaane, gaarummaa yookaan cimina ogbarruu tokkos ni’agarsiisa.

2.4.4. HiriirooYaaxxinalee Qeeqoo Ogbarruu Gidduu Jiru

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame, qeeqni ogbarruu yaaxxinaalee ogbarruurratti hundaa’ee adeemsifama. Yaaxxinni tokkos qajeeltoowwan akka utubaatti laalaman kan mataasaa qaba. Qajeeltoowwan kanneenirratti hundoofnee ogbarruu kamiinuu qeequ dandeenya. Kana jechuun garuu dhuunfaasaaniitti malee waliisaaniitiin hariiroo hinqaban jechuu miti. Yaaxxinni ogbarruu tokko itti yaadamees haa ta’u, osoo itti hinyaadamin hariiroo uummachuu yookaan uummachuu dhabuu nidanda’a. Hariiroo itti yaadamee qindaa’een yaaxxinaalee ogbarruu lama walitti hiinee hojii ogbarruu tokko hiikuu yookaan madaaluu yookaan xiinxaluu dandeenya. Hariiroon akkasii itti yaadamee waan fudhatameef bu’aa barbaadame argamsiisuu danda’a. Faallaa kanaatiin hariiroon yaaxxinaalee ogbarruu lamaafi isaa olii osoo itti hin yaadamin qorannoo hojii ogbarruu tokko adeemsisuuf rakkoo fiduurra darbanii bu’aa barbaadame argamsiisuu dhiisuu malu. Yaada kanas Tyson (2006:5-6) yoo ibsu:

Every literary work can be interpreted using every critical framework, most works lend themselves more readily to some frameworks than to others and the attempt to read a text using an incompatible framework can be a relatively fruitless endeavor that risks distorting elements of the text. Therefore critical theories are not isolated entities, completely different from one another. Forexample, while Marxicism focuses on the socioeconomic considerations that underlie human behavior, it does not exclude the psychological domain of human experience: rather, when it addresses human psychology it does so in order to demonstrate how psychological experience is produced by socio-economic factors rather than by causes usually posited by psychoanalytic and Marxist concepts, it

uses them to illustrate feminist concerns, forexample to examine the ways in which women are psychologically and socioeconomically oppressed, jedha.

Akkuma ibsa armaan oliirraa hubatamutti hariiroo yaaxxinaalee kanneen gidduu jiru ibsuuf yaaxxinaalee gurguddoo sadii: Maarkiisiizimii, yaaxxina xiinxala xiinsammuufi yaaxxina feemiinistiitu akka fakkeenyaatti fudhatame. Yaaxxinni Maarkiisiizimii dhimma hawaasdinagdee hawaasa tokkoorratti hundaa'ee amala ilmoo namaa xiinxala. Amalli ilmoo namaa kunis qorqalbii/ xiinsammuusaattii adda bahee laalamuu hindanda'u. xiinxalli amala ilmoo namaa yaaxxina kanaan taassifamu kun garuu dhimma hawaasdinagdee hawaasa sanaa bu'uura kan godhatuudha malee kan yaaxxina xiinxala xiinsammuurraa maddu miti. Dabalataanis, fakkeenya kenname keessaa tokko hariiroo yaaxxinni feemiinistii yaaxxinaalee Maarkiisiizimiifi xiinxala xiinsammuu waliin qabuudha. Yaaxxinni feemiinistii hacuuccaa gama qorqalbiifi hawaasdinagdeetiin dubartootarra gahuu danda'u xiinxaluurratti xiyyeeffachuusaatiin yaaxxinaalee xiinxala xiinsammuufi Maarkiisiizimii waliin hariiroo qabaachuu mala. Haata'u malee, yaaxxinaaleen sadanuu qajeeltoowwan ittiin hoogganaman kan mataasaanii qabu.

2.5. Qeeqoo Maarkistii

2.5.1. Seenduubee Qeeqoo Maarkistii

Bowensand et al (2013:VII) waa'ee hayyuu yaaxxinicha bu'uuressee yeroo ibsan gabaabaatti akka armaan gadiitti lafa kaa'u.

Karl Marx was a German philosopher, sociologist before sociology even existed, historian, economist and a political scientist from 1818-1843. Marx examined society from different angles. He studied the world, nature and history, and began to discover the laws that govern societal and economic evolution. Just as Charles Darwin discovered the way nature adapts and changes over time, Marx discovered and extensively documented how societies adapt and change overtime, and the laws that govern that change.

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti Karl Marx bara 1818 hanga 1843tti falaasifaa, hayyuu xiinhawaasaa/ osoo saayinsiin xiinhawaasaa hinjalqabinuu, hayyuu seenaa, hayyuu dinagdeefi saayinsistii siyaasaa biyya Jarmanii ture. Hayyuun kun hawaasa tokko kallattii garaagaraatiin, akkasumas addunyaa, uumamaafi seenaa kan qorataa tureefi seerota jijjiiramni hawaasummaafi dinagdee ittiin to'ataman argachuuf nama yaalaa tureedha. Akkuma Charles Darwin karaa addunyaan kunitti madaquufi yeroodhaa yerootti jijjiiramaa deemurra qoratee gahuuf yaalaa ture, innis akkamitti

hawaasni yeroodhaa yerootti addunyaa dhugaatti madaqaafi jijjiiramaa akka deemu kan argateefi bal'inaan galmeessee kan ol kaa'aa tureedha. Egaa, yaaliinsaa kun jalqabbii yaaxxina hawaasummaaf bu'uura ta'uurra darbee qorannoowwan hedduuf balbala seensaa ta'eera. Waggoota hedduu dura inniifi hayyoonni barasaatii dhimmoota kanneen akka gamtaa dafqaan bultoota addunyaaleessaa hundeessuu, biyyoonni hedduun waliin jiraachuu, garee dafqaan bultootaa jajjabeessuu, farra jibba sanyummaa, farra loogii koorniyaa, farra sadoommiifi wantoota kana fakkaataniif qajeeltoowwan yeroo jalqabaatiif kan kaa'aman hayyuu kanaafi hayyoota hedduu jaarraasaa keessa turan akka ta'an Bowens and et al (2013:VIII) yoo ibsan, "*Workers world Party, a multinational, working class, antiracist, antisexist and anti homophobic was founded on the principles and ideas first laid out by Marx many years ago, as well as many other great revolutionaries since his time,*" jedhu.

Dabalataanis, Jordan (1967:159) bu'a qabeessummaa hojii hayyuu kanaa yoo balballoomsu, "*Marx...began serious studies of political economy and of capitalists crisis before they met in the period following the massive crisis of 1841-1842, which has been described as 'the most catastrophic economic slump in the nineteenth century' and which neither of them were in any way prepared to understand or interpret,*" jedha. Yaada kanarraa kan arginu kufaatiin siyaasdinagdeefi kaappitaalistii osoo hinqaqqabin baroota gaaga'amni dinagdee hamaan tasa osoo hinyaadamin jaarraa 19^{ffaa} yookaan 1841-1842 keessa qaqqabuuf ture qorannoo gadi fagoo hayyuun kun dhimmicharratti adeemsiseen hafuu danda'eera. Xiinxalasaa kanaanis falaasamoota "*Economic Determinism, Dialectical materialism and Class Struggle*" jedhaman addunyaaf gumaachuu danda'eera. Kana malees, kitaabilee "*Communist Manifesto and Dascapital*" jedhamaniin hedduu beekama. Kanarraa kan ka'e hayyoonni jaarraa keenyaa Marx-n yoo ibsan inni hayyuu barnootaa qofa osoo hintaane rogeessa siyaasaatis jedhanii lafa kaa'u.

Bu'uura yaada kanaatiin akeekni guddaan yaaxxina Maarkiistii warraaqsa hawaasaa jabeessee, hawaasa hawaasdinagdeerratti hundaa'ee gareetti hinqoodamne ijaaruun mala oomishaa to'achuufi abbaa itti ta'uudha. Hawaasa akkasii keessatti malli oomishaa harka caasaa olaanaa qofa osoo hintaane, harka miseensa hawaasa sanaa hunda harka jira. Yaada kanas Eagleton (2011) yoo ibsu, "*Marxism aims to revolutionize the concept of work through creating a classless society built on control and ownership of the means of production are possessed in common by all people rather than being owned by an elite*

ruling class,” jedha. Akka sirna kanaatti maddi oomishaafi meeshaaleen yookaan wantoonni gabaaf oolan dafqaan bulootaan to’atamu. Hawaasichas kan to’atu hawaasichuma mataasaati malee namoota dhuunfaa dinagdeedhaan sadarkaa olaanaarra jiran miti. Egaa jaarraa kudha salgaffaafi digdammaffaa keessa falaasifoonni hedduun karaa garaagaraatiin yaalii taassisaa turaniiru. Yaaxxinni qeeqoo Maarkistii falaasama Karl Marx irraa kan dhufe ta’ee gamasaatiin qabxiilee xiyyeeffannoo qopheeffachuun akka falaasama tokkootti waa’ee addunyaa kanaa gadi fageenyaan yaaduu, hubachuufi hiikuu jalqabe.

2.5.2. Maalummaa Qeeqoo Maarkistii

Qeeqoon Maarkistii qeeqa ogbarruu walqixxummaa hawaasaafi yaaxxina diyaaleektiksii bu’uura godhatuudha. Qeeqoon Maarkistii hojiilee ogbarruu akka calaqqee jaarmiyaalee hawaasaatti laala. Ilaalcha kanaan caasaa hawaasaa yammuu xiinxallu barruuleen ogbarruu caasaa olaanaa hawaasa tokkoo kan dinagdeedhaan murtaa’e galmeessanii kaa’u. Kanaafuu, barruuleen ogbarruu jaarmiyaalee hawaasaa yookaan hariiroo hawaasummaa ilmoo namaa caalaa dinagdee hawaasichaa fuuleffatu. Hariiroon yookaan dhimmoonni hawaasaa martinuu sadarkaa dinagdee hawaasichaatiin murtaa’a jechuudha. Seenaa duubaafi illanyaa barreessaarratti hundaa’ee ogbarruun matumasaatiin jaarmiyaa hawaasaa tajaajila murtaawaa tokko ibsuudha. Yaada kanas Eagleton (1976) akka kanaa gadiitti ibsa.

Marxist literary criticism is a literary criticism based on socialist and dialectical theories. It views literary works as reflections of the social institutions from which they originate. ...In this thinking of the structure of societies, literary texts are a reflections of the economic base rather than the social institutions from which they originate for all social institutions or more precisely human social relationships are in the final analysis determined by the economic base. According to Marxists, even literature itself is a social institution and has a specific ideological function based on the background and ideology of the author.

Qeeqoon Maarkistii kallattii siyaasaa hawaasni tokko irra jiruufi kan gara fuula duraa hojii ogbarruu tokkoon agarsiifame madaaluus nilaallata. Qeeqoon Maarkistii akkaataa gareen hawaasaa tokko ittiin ijaarame kan hojii ogbarruu tokkoon agarsiifame xiinxala. Kana malees, seenaa waldhabdee garee hawaasaa barruu ogbarruu tokkoon dhiyaate qorata.

Barruun sun illanyaa garee biyya bulchuu deggeramoo illanyaa sana dadhabsiisuu xiyyeef fata yookaan illanyaa lamaan keessaa kamtu mo’ataa akka ta’e agarsiisa.

The simplest goals of Marxist literary criticism can include an assessment of the 'political tendency' of a literary work determining whether its social content or its literary form are progressive. It also includes analyzing the class contracts demonstrated in the literature. Further, another of the ends of Marxist criticism is to analyze the narrative of class struggle in a given text. Does the text serve to perpetuate the ruling class ideology; to subvert that ideology or to signify both a perpetuation and subversion of the dominant ideology (Ibid).

Qorannoon Marx karl yaaxxina sooshaalistiif bu'uurra. Galmi Maarkiizimii warraaqsa hojii karaa hawaasa dinagdeerratti hundaa'ee hinqoodamne abbummaafi bulchiinsa mala oomishaa to'achuun geggeessuudha. Hawaasa akkasii keessatti qabeenyummaan mala oomishaa kan miseensa hawaasa hundaati malee kan namoota murtaawoo yookaan garee biyya bulchuu miti. Dhimma kana Bowens and et al (2013:viii) yaada kanaa gadiitiin ibsu.

Karl Marx's studies have provided a basis for much in socialist theory. Marxism aims to revolutionize the concept of work through creating built on control and ownership of the means of production. In such a society the means of production are possessed in common by all people rather than being owned by an elite ruling class.

Ija yaaxxina Maarkistiitiin hojii ogbarruu tokko yammuu qeequufi xiinxallu garaagarummaa garee hawaasaa tokko gidduu jiruufi hawaasdinagdee isaaniirratti xiyyeeffaana. Kana jechuun akka yaaxxina kanaatti dhimmoonni hawaasummaafi siyaasaa kanneen akka barnootaa, falaasamaa, amantaa, mootummaa, aartii, saayinsii, teekinoolojii, sabaa himaaleefi kanneen kana fakkaatan humna dinagdee hawaasa sanaarratti hundaa'u. Jabinaafi laafina hawaasa sanaa duuba dhiibbaa dinagdeetu jira jechuudha. Haala kanaan hawaasa keessatti gareen cunqursus, kan cunqurfamus bu'uuran dhiibbaa dinagdee duubasaatii qaba jechuudha. Yaada kanas Tyson (2006:53) yoo ibsu, "For Marxism, getting and keeping economic power is the motive behind all social and political activities including education, philosophy, religion, government, the arts, science, technology, the media and so on, " jedha. Kanaafuu, caasaa olaanaan hawaasummaa yookaa siyaasaa yookaan ilaalchaa bu'uuraan dhugaa kanarraa madda jechuudha.

Yaaxxinni Maarkistii yeroo duraatiif illanyaa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa addunyaa kanajijjiiru jedhamee hordoftootasaatiin kan bu'uureffame malee ogbarruu ittiin hiikuuf, akkasumas qeequuf kan hundeeffame miti. Haata'u malee, gaaffii dubbistoonniifi qeeqoxni hedduun jaarraa sanaa kaasaa turanirraa kan ka'e akka yaaxxina ogbarruun

ittiin qeeqamuu danda’u keessaa tokkootti fudhatame. Dhimma kanas Edward (1989:91) yoo ibsu:

.....it does point to the lasting viability of Marxist literary criticism which continuous to appeal to many readers and critics. It is interesting to note, however, the principles of Marxism were not designed to serve as the theory about how to interpret text. Instead, they were meant to be a set of social, economic and political ideas that would according to their followers, change the world. Marxism established it self as part of the American literature scene with the economic depression of the 1930s. Writers and critics alike begin to use Marxist interpretations and evaluations of society in their work, jedha.

Akkuma yaada kanarraa hubatamutti yaaxxinni Maarkistii hojii ogbarruutiin walqabachuu kan jalqabe 1930moota keessa bara kufaatiin dinagdee mudachuu jalqabeedha. Yaaxxina Maarxistiin fayyadamanii ogbarruu hiikuufi madaaluun jiruufi jireenya hawaasaa agarsiisuu jalqaban. Kanarraa ka’uun qeeqoon Maarkistii yaaxxina walqixxummaa hawaasaa falmii dhugaa bu’uureffate irratti hundaa’ee xiinxalaafi qeeqa gadi fageenya qabu kana deemsisuudha. Akka qeeqoo Maarkisitti hojiileen ogbarruu kamiyyuu calaqqee jaarmiyaalee hawaasa tokkooti. Kana jechuunis ogbarruun waan hawaasni sun keessa jiraatuufi itti jiraatuun alatti illanyaa biroo hawaasicha biratti hinbeekamnerratti kan qophaa’u miti jechuudha. Galmoonni qeeqa ogbarruu kanneen biroon kallattii siyaasaa hojii ogbarruu sanaan agarsiifame madaaluu, akkaataa ijaarsa garee hawaasaa barruu ogbarruu sana keessatti mul’atu xiinxaluu, xiinxala seeneffama madda waldiddaa garee hawaasa sanaa agarsiisuudha Yaaduma kana Habib (2011:232) yoo ibsu, “*The goals of Marxist literary criticism can include an assessment of the political tendency of a literary work, analyzing the class constructs demonstrated in the literature, analyzing the narrative of class struggle in a given text,*” jedha.

Akka Tyson (2006:53) barreeffamasaa keessatti ibsuuf yaaletti qorattoonni qeeqoo ogbarruutti hinmadaqne hedduunsaanii, “*Erga gareen koomuunistii warra Awurooppaa kufee yaaxxina Maarkiisiizimiirratti xiyyeeffachuun maalif barbaachise?*” gaaffii jedhu kaasu. Sababnisaa, yaaxxinni Maarkiizimii bu’uuraan dinagdee giddugaleessa godhatee sirna siyaasa koomuuniizimiirratti waan ijaarameef. Gaaffiin kun garuu dhugaa gurguddoo lama hubachuu dhabuurra madda. Isaanis: (1) barootuma sirni koomuunistii tureyyuu, hawaasni Maarkistii dhugaan addunyaa kanarra hinturre. Sirnuma walqixxummaan garee hawaasaa keessatti eegamuu qabu kana keessattuu gareen hooggantootaa muraasni qabeenyaafi afaan qawwee fayyadamanii miidhaa

qaamaa hedduu hawaasasaaniirratti raawwachuun imaammata ofii kaa'atan galmaan ga'achaa turan; (2) barootuma koomuunistii sana utuu hawaasni Maarkistii dhugaadhaan lafarra ture ta'eeyyuu rakkoo dinagdee jaarraa kana keessa hawaasa addunyaa mudachaa jiru ittiin hubachuuf bu'aa guddaa buusa. Dhugaa kanarraa kan ka'e ogeessoni ogbarruu qeeqa-nis yaaxxina Maarkistiif xiyyeeffannoo kan kennaniif.

2.5.3. Maarkiisiizimiifi Ogbarruu

Yaaxxinni Maarkiisiizimii dinagdeerratti hundaa'ee hariiroo hawaasummaa gadi fageenyaan qorachuurratti akka fuuleffatu armaan olitti ilaaluuf yaalleerra. Ogbarruunis bu'aa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka ta'eefi wanti achi keessaa calaqqisus waan hawaasa sana keessatti bifa kallattiinis ta'e alkallattiin jiru malee waan addaa kan hawaasa sanaaf keessummaa ta'e kan nuuf dhiyeessu miti. Ka'umsuma yaada kanaatiin hayyuu Doble (2002:86), hidhata yaaxxinni Maarkiisiizimii ogbarruu waliin qabu yoo ifoomsu, *"Literary texts are a reflection of the economic base rather than the social institutions from which they originate or more precisely human social relationships are in the final analysis determined by the economic base,"* jedha. Akkuma ibsa hayyuu kanaarraa hubachuun danda'amutti barruuleen ogbarruu jaarmiyaa hawaasichaa caalaatti bu'uura dinagdee hawaasichaa calaqqisiisu. Hariiroon hawaasummaa ilmoo namaas bu'uurumaan dinagdee hawaasichaatiin murtaawa.

Akka hayyoota Maarkistiitti ogbarruudhumti mataasaatiin akka jaarmiyaa hawaasa tokkootti kan laalamu, akkasumas, seenduubeefi laalcha barreessituu yookaan barreessaarratti hundaa'ee tajaajila ilaalcha murtaawaa tokkoof dhaabata. Yaada kanas Slaughter and Cliff (1980: 121) yoo ibsan, *"According to the Marxist even literature itself is a social institution and as a specific ideological function, based on the background and ideology of the author,"* jedhu.

Akka ilaalcha qeeqoo Maarkisitti hojiileen ogbarruu bu'aa seenaa kan haala hawaasummaafi dinagdee hawaasa tokkoorraa argamu ta'uusaa Siegal (2011) yoo ibsu, *"The thought behind Marxist criticism is that works of literature are more products of history that can be analyzed by looking at the social and material conditions in which they were constructed,"* yaada jedhu lafa kaa'a.

Ogbarruun waan bashannansiisu fakkaatee illanyaa hawaasa miidhu dubbistoonni akka hinhubanne gochuuf meeshaa humna guddaa qabuudha. Gama kanaan ogbarruun sirna

hawaasdinagdee miidhaa qabu akka fudhataniif dhiibbaa taassisuun sadarkaadhuma irra jiranirra akka turan taassisuuf gahee taphachuu danda'a. Kana gochuusaatiinis fedhii dinagdee warra aangoorra jiranii tajaajiluu mala. Kunis yaaxxina Maarkistiif dirree qorannooti. Yaada kanas Williams and Rymond (1977:205) yoo ibsu:

Literature is a particularly powerful tool for mainta'ining the social statusquo because, it operates under the guise of being entertainment, making it possible to influence an audience even when its members are unaware of beings swayed. It can lead people to accept unfavorable socioeconomic system and to affirm their place in it as the proper one. By doing so, it serves economic interests of those who are in power,jedhu.

Haata'u malee, akka yaaxxina Maarkisitti ogbarruu miidhaginasaa qofarratti hundaa'anii dubbisanii yookaan qoratani kan darban miti. Barruu sana keessatti aadaa, hawaasummaafi dinagdee hawaasichaa gadi fageenyaan xiinxaluu feessisa. Ilaalcha yeroo ta'e tokko keessa tureefi bakka barreeffamni sun itti barreeffamee ture agarsiisa. Dhimmoonni kunneenis barreessaadhaan itti yaadamanii yookaan osoo itti hinyaadamin hojii ogbarruu sana keessatti mul'achuu danda'u.Sababnisaa, ilmoon namaa mataasaatiin bu'aa hawaasdinagdeefi ilaalcha naannoosaa waan ta'eef. Yaada kanas Tyson (2006:66) akka armaan gadiitti ibsa.

For Marxism, literature does not exist in timeless, aesthetic realm as an object to be passively contemplated. Rather, like all cultural manifestions, it is a product of the socioeconomic and hence ideological conditions of the time and place in which it was written, whether or not the author intended it so. Because human beings are themselves products of their socioeconomic and ideological environment.

Qeeqaa gaariin yaaxxina Maarkiisitti fayyadamee hojii ogbarruu tokko qeequ bifaafi ogummaa hojiin ogbarruu tokko ittiin dhiyaatu xiyyeeffachuu caalaa dhugaa hawaasaa barruu sana keessatti calaqqisu fuuleffata. Dhimmuma kanarratti Klages (2006:29), "The goodMarxist critic is careful to avoid the kind of approach that concern it self with form and craft at the expense of examining social realities," jedha. Haata'u malee, qeeqoon Maarkistii dhimmoota xiyyeeffannoosaa ta'an kana bifa, akkaataafi ergaa barruu sanaatti adda bahee fiixaan baafachuu hindanda'u. Sababnisaa, xiinxalli qaamolee kanneenirratti taassifamu galma guddaa qeeqa Maarkistiin bira gahuuf kaa'ame biraan nama gaha waan ta'eef. Ta'ullee, bifa, akkaataafi ergaa barruu sanaa hubachuunuu kan danda'amu seenaa

murtaawaa duraan hawaasicha keessa jiru tokkorraa kaa'ameeti. Yaaduma kana Eagleton (1976:35) akka armaan gadiitti ibsa.

Marxist criticism is not merely a "Sociology of literature", concerned with how novels get published and whether they mention the working class. Its aims is to explain the literary work morefully; and this means a sensitive attention to its forms, styles and meanings. But, it also means grasping those forms, styles and meanings as the product of a particular history, jedha.

Egaa, akkuma yaada hayyuu kanaarraa hubatamutti illanyaan barruu sanaa qabiyyeefi bifiyyee barruun sun ttiin dhiyaate keessatti argamuu danda'a. Haala kanaan barruun sun akka ogbarruutti dhiyaatee gama biraatiin illanyaa barbaadame sana dabarsuu yookaan rakkoo seenaa keessatti hawaasicha mudachaa jiru qeequ danda'a. Akka hayyoota Maarkisitti qabiyyeen bifiyyee caalaa hedduu xiyyeeffatama. Sababnisaa, Maarkiisiizimiin haala qabatamaa lafarra jirutti waan amanuuf. Illanyaa hawaasni sun ittiin fayyadamaa yookaan miidhamaa jiru sana beekuuf dhimmoota qabatamoo illanyaa sana calaqqisiisan hojii ogbarruu sana keessatti yeroofi bakka qabatamaan walqabsiisee waan dhiyeessuuf. Tarii barruun sun ilaalcha yeroo sana jiru deggeruu yookaan hanqina kufaatiisaa agarsiisuu mala.

Dubbistoonnis namfakkiilee, taatewwaniifi yaada gulaaltotaa hojii ogbarruu sana keessatti mul'aturraa ciminaafi dadhabina illanyaa yeroo anaa hubachuu danda'u. Hojiin ogbarruu sun illanyaa jiru sana kan deggerree dhiyeessu yoo ta'e hariiroo hawaasummaa keessatti seeronni, duudhaaleenii fi sonaawwan hawaasaa kana nimirkanessu. Gama biraatiin kan qeequ yoo ta'emmoo illanyaan sun akka kufuuf humna amansiisuu danda'u qaba. Ogbarruun haqamaleessummaafi cunqursaa hawaasdinagdee keessatti mul'atu ibsuun gareewwan aangoorra jiranitti agarsiisuu danda'a. Hawaasichimmoo akka bilisa hintaane, akka warra aangoofi qabeenya qabaniin cunqurfamaa jiran itti agarsiisa. Ogbarruun karaa ittiin sirna caasaa olaanaafi gadaanaa mootummaa haqamaleessa akka jijjiiramuuf hojjetuudha.

Qeeqoo Maarkistii keessatti ogbarruun waan qabatamaafi haala seenaa qabatamaa yeroo tokkoo agarsiisuuf yookiin achi keessaa kan argame waan ta'eef, hojiin ogbarruu tokko dhimmoota gurguddoo lama agarsiisuu danda'a. Isaanis: (1) dubbistoonni ilaalcha keessatti calaqqise akka kunuunsan yookiin jajjabeessan taassisa; (2) illanyaa ogbarruu sanaan calaqqise adda baafachuuf. Barruuwwan ogbarruu hedduu keessatti dhimmoonni

kunneen lamaan nimul'atu. Kunis qabiyyee hojii ogbarruu sana qofarraa osoo hintaane, gochaafi yaada ijoo isaarraa, akkasumas akkaataa hojiin ogbarruu sun ittiin dhiyaaterraa illanyaa ogbaarruu sanaan calaqqise hubachuun nidanda'ama. Qabiyyeen waan ogbarruu sana keessatti dhiyaate kan laallatu yoo ta'u, akkaataanimmoo, haala ogbarruun sun ittiin dhiyaateen walqabata. Yaaduma kana Tyson (2006:66) yoo ibsu,

The fact that literature growth out of and reflects real material (historical conditions) create atleast two possibilities of interest to Marxist critics: (1) the literary work might tend to reinforce in the reader the ideology it embodies; or (2) it might invite the reader to criticize the ideology it represents. Many texts do both. And it is not merely the content but, the form as well or, as most Marxists would argue, the form primary. If content is the "what" of literature, then form is the, "how", jedha.

Qeeqoxni Maarkistii yeroo hundumaa hojii ogbarruu tokko haala walfakkaataan dubbisuu yookaan qeequurratti waliif hingalan. Akkaataa hojii ogbarruu tokkoof hiikni itti kennamu dogoggora ta'uu dhiisuu mala. Sababnisaa karaan tokkichi qeeqoon Maarkistii hojii ogbarruu tokkorratti ittiin hojiirra ooluu qabu hinjiru, yoodhuma qajeeltoowwan Maarkistii walfakkaataa fayyadamneyyuu jechuudha. Kanumarraa ka'uun hayyuun Doble (2002:96), dhimma kana yammuu ifoomsu, "*Marxist critics do not always agree with each other's reading of a given text. If your interpretation differs from others, it is not necessarily wrong, because no single Marxist reading of a work results even when the same principle are applied*, jedha. Walumaagalatti, barreessitoonni ogbarruu osoo mata dureerratti barreessan hinfilatin kaayyoowwan gurguddoo afran armaan gadiif xiyyeeffannoo kennuu akka qaban yaaxxinni Maarkistii kallattii kenna. Isaanis: (1) illanyaa filatame sanarratti hubannoo qabaachuu mirkaneeffachuu, (2) dhimmoonni barruu ogbarruu sana keessatti ka'an illanyaa filatame sana bakka bu'uusaanii adda baafachuu, (3) akkaataa dubbistoota itti amansiisan murteessuufi (4) seerota Maarkistii deggeruu yookaan faallessuusaa madaaluudha. Yaaduma kana dabalataan, "*Regardless of which topics you ultimately decide to develop, the four most important goals of your prewriting are: (1) to clarify your understanding of the ideology of work, (2) to identify the elements of the text that present the ideology, (3) to determine how they promote it- that is convince the reader to accept it and (4) to assess how symphatic or opposed it is to Marxist principles*"(Ibid) jechuun ibsa.

2.5.4. Dhimoota Xiyyeeffannoo Yaaxxina Maarkistii

2.5.4.1. Dhimota Siyaasaa, Hawaasummaafi Dinagdee

Yaaxxinni dhugaa dinagdee hawaasa tokkoo bu'ura hingodhanne aadaa hawaasa sanaas akka malee hubata. Akka yaaxxina Maarkisitti dhimmoota ilmoo namaa laalan kanneen akka hariiroo hawaasummaa, siyaasaa, falaasamaa, amantaa, bulchiinsaa, ogummaa, saayinsii, teekinoolojii, sabaa himaaleefi dhimmoota kana fakkaatan duuba dhiibbaa dinagdeetu jira. Akka yaaxxina kanaatti dhimmoonni ilmoo namaa laallatan hundi dhiibbaa dinagdeetiin masakamu. Gareen hawaasaa cunqursus, kan cunqurfamus garaagarummaa dinagdee gidduusaanii jiru irratti hundaa'eeti. Kanaafuu, humni dinagdee hawaasummaafi aangoo siyaasaa to'ata. Kanarraa ka'aniitu hayyoonni yaaxxina Maarkistii yeroo ammaa garee hawaasaa tokko yammuu qoratan garee dinagdee caalaa garee hawaasdinagdee irratti kan xiyyeeffataniif. Kana ilaalchisuun Tyson (2006:54) yaada armaan gadii lafa kaa'a.

If a theory does not foreground the economic realities of human culture, then it misunderstands human culture. For Marxism, getting and keeping economic power is the motive behind all social and political activities, including education, philosophy, religion, government, the arts, science, technology, the media and so on. Thus, economics is the base on which the superstructure of social/political/ideological realities is built. Economic power therefore always includes social and political power as well, which is why many Marxists to day refer to socioeconomic class, rather than economic class, when talking about the class structure, jedha.

Akka yaaxxina kanaatti taatewwaniifi argannoowwan ilmoo namaa qabeenya yookaan dinagdeettii adda bahanii laalamuu hindanda'an. Kanaaf, taatewwaniifi argannoowwan ilmoo namaa kanas hariiroo hawaasdinagdee gareedhuma hawaasaa walfakkaataa gidduu jiruufi garee hawaasaa tokkoofi garee hawaasaa biroo gidduu jiru xiinxaluun kaayyoo guddaa yaaxxina Maarkistiiti. Taatewwan ilmoo namaa hundas ija facaatiifi jijjiirama humna dinagdeetiin mul'atuun laala.

Akka yaaxxina kanaatti garaagarummaan hawaasdinagdee garee hawaasaa gidduutti uumamu garaagarummaa gama amantaan, sanyummaan, qomoon yookaan koorniyaan uumamu caalaa dhiibbaa qaba. Dirreen waraanaa guddaan warra qabeenya qabaniifi hinqabne gidduutti uumama. Fakkeenyaaf, garaagarummaa dinagdee sirna kaappitaaliizimii keessatti garee afkalaafi dafqaan bultoota gidduutti uumamu fudhachuun nidanda'ama. Warreen afkalaa qabeenya addunyaa kanaa harka caalaa harkatti galfatanii

jiru. Gareen dafqaan bultootaa baay'ina uummata addunyaa kanaa harka caalu kan qabatu ta'ee, hojii humnaa kanneen akka albuuda baasuu, hojii warshaa, daandiifi kanneen kana fakkaatan hojjechaa garuummoo ofii jireenya gadaanaa utuu jiraatuu korojoo warra afkalaa guutuuf garee dhamahaa ooluudha. Wanti nama gaddisiisu garuu gareen kun miidhama keessa jiru hubatee qaama isa miidhaa jirurratti qabsaa'uu caalaa sababoota xixiqqoo hagas mara jijjiirama hawaasaarratti dhiibbaa fiduu hindandeenye kanneen akka amantaa, qomoo, sanyummaa, koorniyaafi wantoota kana fakkaatanirratti hundaa'ee waliisaa gidduutti garaagarummaa uumaa ooluusaati (Tyson,2006:54-55).

2.5.4.2. Haala Seenaa fi Qabeenyaa

Akka yaaxxina Maarkisitti illanyaana haala dinagdee yookaan qabeenyarratti hundaa'ee uumamu *haala seenaa* kan jedhamu yoo ta'u, haalli dinagdee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo murteessummoo *haala qabeenyaati*. Namni tokko taatewwan hawaasummaa hawaasa tokkoo hubachuuf haala qabeenyaafi seenaa taatewwan sunniin keessatti argamanii dursee hubachuu qaba. Sababnisaa taatewwan ilmoo namaafi argannoowwan yookaan wanti inni oomishu kamiyyuu dinagdeesaattii adda bahee laalamuu waan hindandeenyeef. Yaaduma kana Marx and Engles (2013:61), "*Historical situation is the ideological atmosphere generated by material circumstances. But, material circumstance is the economic conditions underlying the society. To understand social events, one must have a grasp of the material circumstances and the historical situation in which they occur,*" jechuun ibsa.

2.5.4.3. Diyaaleektiksii, Mateeriyaaaliizimiifi Diyaaleektikaal Mateeriyaaaliizimii

Diyaaleektiksiin mala saayinsawaa hayyoonni Maarkistii addunyaa naannoosaanii ittiin xiinxaluuf fayyadamaniidha. Saayinsiin kun mala xiinxala hariiroo uumamaa, jijjiiramoota walfaallessaniifi itti fufiinsa qabaatanii uumama keessatti argaman ilaalcha keessa kan galchuudha. Akkasumas, adeemsa jijjiiramni mul'ataan jijjiirama hinmul'anne ittiin hoogganuudha. Akka saayinsii kanaatti wantoonni hundinuu jijjiirama keessa jiraatu. Jijjiiramni itti fufiinsa qabu kunis waldiddaa hariiroo garee hawaasaa gidduutti uumamurraa madda. Adeemsa jijjiiramaa kana keessattis jijjiiramoonni xixiqqoo hedduun dabalamaa deemu. Kunis hanga jijjiirama barbaadame sanarra gahanitti itti fufa. *Mateeriyaaaliizimiin* wanta qabatamaa yaaxxina Maarkistii bu'uura godhatee xiinxalaaf dhiyaatuudha. Kana jechuunis mateeriyaaaliizimiin waan qabatamaan addunyaa dhugaa

keessatti argamu malee waan Waaqaan yookaan humna hafuuraatiin yookaan yaadaan jiruun walqabatu miti jechuudha. Waan qabatamaa [qabeenya] of danda'ee ilmoo namaatiin hubatamuufi hawaasa birattis dursa argachuu kan qabuudha. Dhimmoota kanneen ilaalchisee Bowens and et al (2013:16) yammuu ibsan yaada armaan gadii lafa kaa'u.

Dialectics describes the scientific method Marxists use to analyze the world around them. Dialectics, as method of analysis, takes into account the interconnectedness of nature, the contradictions and state of continuous change inherent in it, and the process by which natural quantitative change leads to qualitative change. Simply put, dialectics holds that all things are in a constant state of change that this continual change is a result of interactions and conflicts, and that many small hidden changes add up until thing in question has been qualitatively transformed into something different. Material represents Marxists' conception of the reality dialectics is intended to analyze. It is the conception of nature as it exists without any supernatural or mystical dimension. Materialism holds that objective reality exists independent of human consciousness and that matter is primary.

Diyaaleektikaal mateeriyaaaliizimiin yaadota, amalootaafi gochaalee namootaa kan haalotaafi wantoota addunyaa naannoosaaniitiin bocamu falaasama agarsiisuudha. Hayyoonni yammuu ija falaasama kanaatiin addunyaa laalan, ilaalchaafi yaadota, gochaaleefi taatewwan guddina amansiisaa akkasumas, seenaa ilmoo namaa akka waliigalaatti laaluu danda'u. Yaaduma kana Bowens and et al (2013:15) yoo ibsan,

Dialectical materialism shows that people's thoughts characters and actions are shaped by the condions in the world around them, the material world. When people look at the world though the lens of dialectical materialism they can see the logical development of beliefs and thought, actions and events, and even human history as a whole, jedha.

Akka karl Marxtti dinagdee dhugaafi jiruun hawaasaa sirna illanyaa hawaasa sanaamurteessu. Diyaaleektiizimiin haala salphaan kan hubatamu yoo akka falaasama saayinsawaafi seerota waliigalaa uumamaa, yaadotaafi guddina hawaasaatti laalameedha. Hayyuun kun addunyaafi hawaasa akka qaamota gargar hinbaaneefi kan wanti hundinuu of danda'ee keessa jiraatuutti laala. Walitti qabama wantoota walitti qabamanii argamanii miti. Waldhabdeen keessaa ka'u sababa gargar fagaachuu waan hundumaati. Kanatus sababa jijjiiramaa, guddinaafi sochii addunyaa kanaa ta'a. Kanaaf, xiinxalli Maarkistii caasaa hawaasaa tokko hubachuuf saayinsii diyaaleektikaal mateeriyaaaliizimii bu'uura godhata. Hayyoonni Maarkistiis icciitii adeemsa hawaasaafi guddina gara fuula duraa

argamsiisuuf akka meeshaa barbaachisaa tokkootti itti fayyadamu. Seenaan wantoota qabatamooratti xiyyeeffatee hawaasaafi seenaasaa qoratu qajeeltoowwan ‘diyaaleektikaal mateeriyaaliizimii’ fayyadama. Seenaan wantoota qabatamoo bu’uureffatee ijaaramu seenaafi hawaasaaf beekamtii kan kennu haala dinagdeerratti hundaa’eeti. Kanaafuu, guddinni kamiyyuu (kan yaadaafi jaarmiyaalee) waldhabdeefi hariiroo wantoota qabatamoon addunyaa kanarratti mul’atani irratti hundaa’u. Dhimma kana hayyuun kun dabalee yoo ibsu:

Historical materialism extends the principles of dialectical materialism to the study of society and its history. Historical materialism recognizes that history and society developed based on material, economic conditions. Therefore all development, that of ideas and that of institutions, is based on conflicts and interactions in the material world,”(ibid)jedha.

Akka Tyson (2006:56) ibsutti Maarkiisiizimiif, illanyaan sirna amantaati. Sirnoonni amantaa martinuu bu’aa aadaa hawaasa tokkootti. Fakkeenyaaf, kaappitaalizimiin, koomuunizimiin, Maarkiizimiin, paatiriyootiizimiin, sirnoonni naamusaa, humaanizimiin invaaromentalizimiifi kanneen kana fakkaatan hundinuu illanyaadha, haata’u malee, illanyaan hundinuu bu’a qabeessa miti. Kanas yoo ibsu, “*An ideology can be positive leading to a better world for the people, not it can be negative, serving the interests of a repressive system (Ibid),*” jedha. Yaadni kunis kan ibsu illenyaan yaada eyyentaa of keessaa qabu hawaasa addunyaa kanaa gara waan gaariitti kan geessu yoo ta’u, kanneen yaada hi’entaa hordofanimmo fedhii sirnoota nama cunqursanii tajaajiluu danda’u.

Illanyaawwan fudhatama hinqabne kanneen hacuuccaa siyaasaaf warreen karaa bananiidha. Lammiilee biratti fudhatama argachuuf garuu eenyummaasaanii dhoksanii seera uumamaa fayyadamuu yaalu. Fakkeenyaaf, illanyaan olaantummaa dhiiraa deggeru (sexist ideology) akka illanyaa uumamaan Waaqa biraa kennameetti malee akka waan aadaa hawaasa tokkorraa argameetti of hinilaalu. Akka illanyaa kanaatti dhiirri uumamaan akka waan qaamaafi sammuun cimaatti, akkasumas, akka waan naamusa hooggansaa waliin dhalatee mirgi geggeessummaa dubartoota caalaa dhiiraaf ayyamameetti nama amansiisuuf yaala.

Kana malees, illanyaa kaappitaaliizimii keessatti maatiin hundinuu lafa ofiisaarratti mana mataasaa qabaachuu akka qabu tumsa. Hordoftoonnisaas fedhiin kun akka waan uumamaan kennameetti laalu. Lammiileen Ameerikaa hundinuu qabeenya dhuunfaasaanii

qabaachuu barbaadu. Fedhii kanas akka waan uumaan kenneetti amanu malee, akka waan inni sirnicharraa dhufeetti hinfudhatan.

Faallaa kanaatiin gareen lafa akka dhuunfaatti qabaachuun akka waan qilleensa akka dhuunfaatti qabaachuu yaaluutti ilaalus jiraachuu isaa Tyson (2006:56) ni bsa. Illanyaawwan hacuuccaa raawwatan kunneenis seera uumamaatiin akka addunyaa laallu nu taassisuun haala dinagdeefi seenaa qabatamaan keessa jirru akka hinhubanne nu taassisu. Dhimma kana laalchisee fakkeenya Tyson barreeffamasaa keessatti fudhate tokko haalaallu.

Amerikaa keessatti gareen hawaasaa dinagdeedhaan giddugaleessa (middle class) jedhamu gareewwan hawaasaa isaanii gadi jiran (underclass and lower class) hedduu komatu. Sababnisaas mootummaan akka waan qaraxa isaanirraa sassaabuun garee kana tajaajiluutti waan yaadaniif. Haata'u malee, gareen kun dhugaa hawaasdinagdee lama gateera: (1) hanga kaffaltii qaraxa sanaa kan murteessan namoota dinagdeefi aangoo harkasaaniirraa qabaniifi rakkoo gareen sun qabu kanneen hubachuu hindandeenye ta'uufi (2) hiyyeessonni deggersa kanneen argatan yoo ta'anillee galii gareen giddugaleessaa galchu dursa harka warra aangoorra jiraniifi dinagdee qabani erga gahee booda harki caalaan isaan biratti hafee harki xiqqoon hiyyeessota qaqqaba.

Rakkoo caasaa olaanaa biraa isaanirra gahaa jiru kanas gareen kun akka hinhubanneef maaltu ijasaanii jaamse yoo jenne ilaalchumasaan ofiif, akkasumas namoota biroof qaban mataasaati. Akka ilaalchasaaniitti maddi duroomaa cimani hojjechuufi kaka'umsa hojii qabaachuudha. Hiyyeessa yoo argan akka waan inni dadhabaafi jijjiiramaaf fedhii hinqabneetti laalu.

Biyya kana keessatti dursuun, manaafi uffata caalu qabaachuun amaleeffatameera. Asitti jechi “*Kan caalu*” jedhu kun qabeenya kanaandura qaban caalaatti qabaachuu qofa kan ibsu osoo hintaane waan namoonni biroon qaban caalaatti qabaachuus of keessatti haammata. Kanarraa kan ka'e yaaxxinni Maarkistii illanyaan warra Amerikaa sirna ilaalchaa uumamaan addunyaa kana ittiin laalan miti jedhee amana. Kanaaf, Illanyaan kun akka illanyaa nama hincunqursineetti laalama. Namni hundinuu bu'aa dinagdeefi illanyaa isa hacuucuu akka tahe beeksisuuf hojjeta. Dhimma kanas Tyson (2006:56) dabalee yoo ibsu, “*Marxism is nonrepressive ideology, acknowledges that is an ideology.*”

Marxism works to make us constantly aware of all the ways in which we are products of material/ historical circumstances and of the repressive ideologies,” jedha.

Akka Maarkisitti illanyaan dadhabinasaa dhoksu, illanyaafi hubannoo sobaati. Kaayyoonsaa guddaanis qaamolee aangoorra jiran tajaajiluudha. Yaada kana Peter and Harry (2002:33) yoo ibsu, “*For Marxism, when an ideal, or false consciousness, whose real purpose is to promote the interests of those in power,*” jedha.

Illanyaan gareen hawaasaa tokko akka waan uumamaan gareewwan kaanirraa addaa ta’anii filatamaniitti muudus (classist ideology) akka illanyaa cunqursaatti laalama. Garee filatame sanas akka waan uumamaan gahumsa addaa qabuutti dhiyeessa. Itti gaafatamummaa olaanaa akka waan inni qabuutti, amanamummaafi naamusa addaatiin akka waan inni adda ta’eetti boca. Gareewwan isaa gadiimmoo akka waan isaan hinjijiranneetti dadhaboofi itti gaafatamummaan itti hindhagahamneetti laala. Kanaafuu, wanti qajeelaafi uumamaan kenname gareen hawaasaa akka waan uumamaan olaantummaan isaaf kennameetti of laalu sun aangoo mootummaa qabatee geggeessuu qaba. Sababnisaas, isaan akka waan uumamaan gahee sana taphachuuf filatamaniitti, akkasumas hojii sana haala gaariin raawwachiisuuf mijatoo ta’aniitti ofiisaanii laalu. Illanyaa kanas, Frow (1996:17) akka armaan gadiitti balballoomsa:

Classism is an ideology that equates one’s value as a human being with the social to which one belongs the higher one’s social class, the better one is assumed to be because quality is “in the blood” that is inborn. People at the top of the social scale are naturally superior to those below them, more intelligent, responsible, trustworthy, ethical and so on. People at the bottom of the social scale, it follows, are naturally shiftless, laz and irresponsible. Therefore, it is only right and natural that those from the highest social class should hold all the positions of power and leadership because they naturally suited to such roles and are the only ones who can be trusted to perform them properly.

Xiinxala Maarkistii keessatti gaaffiin dhimma jiraachuu Waaqayyoo xiyyeeffannoosaa miti. Haata’u malee, hojii gaarii ilmoon namaa maqaa Waaqaatiin raawwatan dhimma xiyyeeffannoosaati. Fakkeenyaaf, hordofoonni amantaa kiristaanaa wanti isaan “Gatii keenya Waaqa biraa arganna jedhanii raawwatan: hiyyeessota sooruu, itti uffisuu, mana ijaaruufii, barsiisuufi kanneen kana fakkaatan yaaxxina Maarkistiin hedduu fuuleffatamu. Yaada kana, Tyson (2006:60) “*In Marxist analysis, the question of God’s existence is not the fundamental issue, rather, what human beings do in God’s name_organized religion_ is the focus. Forexample, while many Christian religious groups work to feed,*

clothe, house and even educate the world's poor" jedha. Xiinxaltoonni Maarkistii anummaa akka ilaalcha cunqursaatti laalu. Sabanisaa jireenya dhuunfaaf wantoota barbaachisanii olitti fedhuufi bu'uraalee jireenyaa namoota biroorrattillee dhiibbaa waan fiduuf. Ilaalcha "Nuyi" jedhu caalaa ilaalcha "An" jedhurratti yoo xiyyeeffatame guddinni hawaasichaa akka waliigalaatti eegamu nigufata; hawaasichis birmadummaa hinargatu. Yaaduma kana Tyson, "*Marxist thinkers consider rugged individualism an oppressive ideology because it puts itself interest above the needs_ and even above the survival of other people. By keeping the focus on "me" instead of on "us" rugged individualism works against the wellbeing of society as a whole and of under privileged people in particular,*" (Ibid) jechuun ibsa. Kanaafuu, hojiin Karl Marx dinagdee namoota dhuunfaa osoo hintaane kan hawaasa waliigalatiif xiyyeeffannoo kenna. Ka'umsi dinagdee sirna kaappitaaliizimii bu'uura godhate jireenya ilmoo namaarratti dhiibbaa qabaachuusaa agarsiisuudha.

Akka illanyaa Maarkistootaatti dhimmoonni hawaasaa kamuu daa'imman guddisuurraa eegalee, aadaa hawaasichaatti adda bahee hinilaalamu. Aadaan hawaasaa kunis sirna hawaasdinagdeerraa madderraa adda bahee laalamuu hindanda'u. Yaada kanas, "*Marxists believe that all social phenomena, from child rearing to environmental concerns, are cultural production and that culture cannot be separated from the socioeconomic system that produced it,*" jedha. Walumaagalatti, akka xiinxaltoonni Maarkistii amala ilmoo namaarratti hundaa'anii ibsanitti sirni kaappitaaliizimii qorqalbii ilmoo namaarratti miidhaa cimaa qaba. Miidhaan kunis bittaa meeshaalee wajjin hariiroo qaba. Bu'a qabeessummaan meeshaa tokkoo kan madaalamu tajaajila inni kennuun osoo hintaane gatiinni ittiin gurguramuun yookaan meeshaa kanbiraa inni bituu danda'uuni (Tyson,2006:62).

2.5.4.4. Waldiddaa Garee Hawaasaa

Bara 1848 yammuu Marx fi Engels sirna "Communist Manifesto" barreessan keessa dhaadannoowwan hedduun wal dhabdee garee hawaasaa laallatan dhaadatamaa turan. Dhaadannoowwan kunneen erga barreeffamanii waggoota 150 ol kanneen lakkoofsisan yoo ta'anillee jaarraa ammaatii wajjin hidhata cimaa qabu. Dhaadannoowwan kanneen keessaa muraasni kan Bowens and et al (2013:1) ibsaman, "*The history of all hitherto to existing society is the history of class struggles; workers [an oppressed] of the world unite*" kanneen jedhaniidha. Yaadnisaas, "*Hanga ammaatti seenaan hawaasa addunyaa*

seenaa waldiddaa garee hawaasaati; dafqaan bultoonni [cunqurfamtoonni] addunyaa tokkummaa uummadhaa, ” kan jedhu ture.

Akka Marxtti seenaawwan darban hundinuu seenaa waldhabdee dinagdee waljibbaafi dorgommiin guutamee garee afkalaafi dafqaan buloota gidduutti raawwatamaa tureen kanneen uumamaa dhufaniidha. Yaada kana Eagleton (2011:60) yoo ibsu, “*Marx believed that all past history is a struggle between hostile and competing economic classes in state of change: Bourgeoisie and proletariat,*” jedha. Kanumatti dabalun Bowens and et al (2013:5) yoo ibsan, “*The history of modern society is the story of stuggle between two antagonistic sides: the exploited_ the workers, and the exploiting class_ the bourgeoisie,*” jedhu. Akka hayyoota kanaaattis seenaan hawaasa ammayyaa seenaa waldiddaa garee waliif faallaa ta’an: garee saamamu garee dafqaan bulootaafi garee saamu_ garee afkalaa gidduutti raawwatamuudha. Garaagarummaa gareewwan kana lamaanii Eagleton (2011:60) yoo ibsu, “*The Bourgeoisie Dominant class who control and own the means of production/ and proletariat/subordinate class_ the ones who do not own and control the means of production/were only to classes who engaged in hostile interaction to achieve class consciousness,* ” jedha. Akkuma yaada hayyuu kanaarraa hubatamu sirna kaappitaaliizimii keessatti gareen afkalaa garee mala oomishaa qabuufi to’achuu danda’u yoo ta’u, gareen dafqaan bulootaammoo garee afkalaarratti kanirkatuufi mala oomishaa harkasaarraa kaninqabne, akkasumas to’achuu kanindandeenyeedha.

Akka Maarkisitti gareen biyya bulchu akka garee afkalaatti, gareen hojjetummoo akka dafqaan bulootaatti laalamu. Gareewwan kunneenis dhuunfaasaaniitti hariiroo oomishaafi mala oomishaa waliin qabaniin madaalamu. Gareen bulchu yookaan gareen afkalaa garee hawaasaa baay’ee xiqqoodha. Gareen kunis qabeenya hunda kanneen akka warshaalee, baankota, telekomunikeeshinii, kuusaa meeshaalee daldalaafi wantoota kanneen fakkaatan ofarkaa qabu. Angaawonni siyaasaa sirna kappitaaliizimii hedduunsaanii kallattiidhaan miseensa warra afkalaa yoo ta’an, muraasnisaaniimmoo miindenffamtootasaanii sadarkaa olaanaarra jiraniidha. Hooggattoonni, geggeessitoonni waajjiraalee, abbootiin murtiifi gulaaltonni galaalchaa hundinuu miseensa warra afkalaati.

Gareen kun dafqa warra hojjetootaatti fayyadamuun bu’aasaa ol guddifachaa deema. Qarshiin argame tokko akka waan qarshii caalu argamsiisuutti laalu. Sanumaanis humna dinagdeesaa cimsachaa deemu. Qarshii argamerra qarshii biraan yammuu argamus *kappitaala* jedhuun. Gareen afkalaa garee muraasa saffisaan guddachaa deemuudha.

Baay'eensaani maqaadhaan *Warren Buffet, Michael Bloomberg, Koch Brothers, Bill Gates and the Walton family(owners of Wal mart)* jedhamanii haala salphaan beekamuu danda'u.

Faallaa kanaatiin sirna kappitaaliizimii keessatti gareen dafqaan bultootaa garee baay'ina olaanaa qabu ta'ee, meeshaaleef tajaajila barbaachisoo ta'an kan dhiyeessuudha. Kaayyoon garee kanaa abbaa qabeenyaa ta'e tokkoof hojjetee of jiraachisuu qofaadha (Bowens and et al, 2013:2). Hoji dhabdoonnis garee dafqaan bultootaa keessatti haammatamu. Hojidadummaan sirna kappitaaliizimii keessatti amala beekamaafi barbaachisaadha. Gareen afkalaas kaayyeffataniidhuma hojidadummaan haalaan akka babal'atu taassisu. Sababnisaa hojidadummaan yoo babal'ate hojjetoota hedduu miindaa gadaanaadhaan ramadachuu waan danda'aniif. Dhimma kana Habib (2011: 21) yoo ibsu,

The unemployed are also workers. Unemployment is constant and necessarily feature of a capitalism. The ruling class purposefully forces as a significant numbers of workers in to unemployment as a reserve army to compete with employed workers and to drive down wages. The reserve army also provides the capitalist with the flexibility to rapidly hire these unemployed workers at low wages during periods of economic expansion, jedha.

Wanni nama ajaa'ibu maatiiwwan hojii malee mana oolanis akka garee dafqaan bultootaatti laalamu. Hojii kaffaltii hinqabne daa'imman guddisuun dhaloota haaraa hojicha itti fufsiisuu danda'u sirnichaaf qopheessu. Daa'immanis hirkattoota hojii gara fuula duraatiif leenjifamuuf eegamaniidha. Isaanis garee warra dafqaan bultootaati jechuudha. Yaada kana Marx and Engles (2013:62) n, "*Stay at home parents are also members of the working class. Their unpaid labor is necessary to raise the next generations of workers for exploitation of the bosses. Children are workers' dependents who are being brought up and trained to be future workers. The children of workers are members of the working class,*" jedha. Dhimma kana ilaalchisee gareewwan hawaasaa Amerikaa keessatti argaman akka fakkeenyaatti fudhannee haa laallu.

Yeroo ammaa Amerikaa keessatti abbootii qabeenyaafi dafqaan bultoota adda baasanii agarsiisuun hedduu ulfaata. Sababnisaa, biyya kana keessatti dafqaan bultoonni tokko tokko abbootii qabeenyaa caalaatti qabeenya horachaa waan jiraniif. Yeroo akkasii abbootii qabeenyaafi dafqaan bultoota adda adda baasanii hubachuun rakkisaa ta'a. Kanaafuu, biyya sana keessatti dinagdeerratti hundaa'anii hawaasa gareetti qooduun yoo

barbaachise xiyyeeffannoo argachuu kan qabu dinagdee hawaasichaafi jireenya inni jiraachaa jiru walitti hidhanii hawaasdinagdeedhaan laaluudha.

Fakkeenyaaf, kanneen mana hinqabne, qabeenyisaanii xiqqoo kan ta'e, hiyyeessota, carraa barnootaafi hojii gadaanaa kanneen qaban, maatiisaanii qabsoo jireenyaa cimaan kan jiraachisan, yaaddoo mana jireenyaa kan qaban, kanneen manaafi konkolaataa gaarii qaban, ijoolleesaanii mana barumsaa kaffaltii olaanaa qabutti kan barsiifatan, manneen jireenyaa qaqqaalii lamaafi isaa ol kanneen qaban, konkolaataa hedduu kan qabaniifi meeshaalee qaqqaalii jireenyaaf hagas mara hinbarbaachisne kanneen fayyadamaniifi darbee xiyyaarallee kanneen qaban fudhachuu dandeenya.

Haala kanaan hawaasni Amerikaa keessa jiraatu gareewwan hawaasaa gurguddoo afuritti qoodamu. *Isaanis: hiyyeessa hiyyeessaa gadii (under class), garee gadaanaa (lower class), garee giddugaleessaa (middle class), garee olaanaafi gita olaanaa (upper class and aristocracy) (Tyson, 2006:55)* dha. Miseensonni garee hawaasaa hiyyeessa hiyyeessaa gadiifi garee gadaanaa dinagdeedhaan cunqurfamoodha. Rakkoo dinagdeerraa kan ka'e wantoota jireenyaaf barbaachisan dhabuu, kufaatiin dinagdee cimaa keessa kan jiraniifi haala jireenyaasaniifi fooyyessuuf hedduu kan dhamahaniidha.

Faallaa kanaatiin gareen hawaasaa olaanaan mirga addaa: jireenya qananiin jiraachuu, rakkoo dinagdeetiin kanneen hinmiidhamneefi qabeenya olaanaa kanneen qabaniidha. Garuu, miseensonni garee hawaasaa giddugaleessaahoo? Dinagdeedhaan cunqurfamoodhamoo birmaduudha? Deebiinsaa lamaanuu ta'a. Akkaataan jireenya hawaasdinagdeesaniin kan garee hiyyeessa hiyyeessaa gadiifi garee gadaanaa nicaala. Haata'u malee, mana qaalii hinqaban. Qabeenyaadhaan gareewwan hawaasaasaniin gadi jiran nicaalu. Ta'us, rakkoo dinagdee gara fuula duraatti isaan mudachuu danda'uuf yaaddoo cimaa qabu. Dhaabbilee eegumsa dinagdee kanneen akka wabii fayyaafi sooramarraa nifayyadamu. Garuu, galiisaanii waliin yammuu madaalamu ba'aa qaraxaa guddaatu gatiittiisaaniirra jira. Gareen kunneen miidhama isaanirra gahu kanaaf maalif hinfalman? Maaltu sadarkaadhuma dinagdeerra jiranirra akka turaniifi abbootii qabeenyaa waliin araaraan jiraatan isaan taassise? Yeroo ammaa gareen dinagdeen cunqurfamaan Amerikaa akka mirga dinagdee isaaf hinfalmanne wanti isa taassisaa jiru qabsoonni jiraachuuf jecha guyyaa guyyaan taassisaa ooluudha. Dhimmoonni biroonis poolisiifi humnoota nageenya eegsisaniidha.

Akka hubannoo Maarkistootaatti hawaasni doqnummaafi fedhii namoota dhuunfaatiin hoogganamaa hinturre. Doqnummaan uumama ilmoo namaa miti. Hawaasni sirna caalaa gaarii ta'etti ce'aa deema. Dhimmoonni kunneenis falaasama diyaaleektikaal mateeriyaaliizimii fayyadamuun hojiirra kan ooluudha. Diyaaleektikaal mateeriyaaliizimiinis mala saayinsawaa ta'een yaaduun addunyaa ilmoon namaa keessa jiraatu madaaluudha. Yaaduma kana Haslett and Moyra (2000) n, *“Marxists understand that society has not always been driven by individual self interest and greed, that greed is not a part of human nature, and that society can be changed for the better. All of this can be demonstrated by using dialectical materialism, a scientific method of thinking to evaluate the world in which human live,”* jedha. Wanti dafqaan buloota hunda tokko taassisu hojiinsaani hundi qabeenya hawaasicha keessa jiru oomishuudha. Kanas, Bowens and et al (2013), *“One thing all workers have in common is that their labor produces all wealth in society,”* jedhu.

Seenaa keessatti guddinni garee hawaasaa hariiroo qabeenyaafi walldhabdee ilmoo namaa gidduutti raawwatamaa turerraa kan argameedha. Kanas Bowens and et al (2013:17), *“The development of class society came from the material interactions and conflicts that humans have faced over history. A belief in dialectical materialism does not validate the oppression and exploitation of the working masses within this development of class society. Marxist argue that this scientific view analyzes how humanity and society have developed so that it can be changed,”* jedha. Yaaduma kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti falaasamni diyaaleektikaal mateeriyaaliizimii saamicha dafaqaan bulootarratti raawwatamu kan hindeggeerreedha. Falaasamichis akkaataa namummaafi hawaasni ittiin guddate, akkasumas jijjiiramu kan xiinxaluudha.

Meeshaa guddaan dafqaan bultoonniifi cunqurfamtoonni warreen isaan cunqursan ittiin ofirraa qolachuu qaban tokkummaasaaniiti. Maarkistoonni waa'ee tokkummaa dafqaan bulootaa yammuu ibsan tokkummaa isaanuma gidduufi tokkummaa addunyaalessaa qabaachuun cunqurasaafi saamicha warri kappitaalistootaa isaanirratti raawwatan gara xumuraatti geessuudha. Kanarratti Bowens and et al (2013:19), *“One of the greatest weapons that workers and oppressed posses against the bosses and capitalists is their unity. When Marxists speak or write about proletarian solidatary, working class solidatary and international solidatary, they mean the complete uniy of interest of all the peoples oppressed and exploited by capitalism,”* jedhu. Aangaawonni sirna

kaappitaaliizimii kunneen karaa isaaniif danda'ame hundumaan garee dafqaan bulootaa gidduutti qoqqoodiinsa fiduun tokkummaasaanii cabsuufi balleessuu yaalu. Fakkeenyaaf, dhiirotaaf olaantummaa kennuun dubartoota cunqursuu, gurraachaafi adii jedhanii qoqqoodiinsa uumuun tokkummaa biyyaalessaa cabsuuf boollisaan hinqonne hinjiru. Yaada kana Bowens-faan dabalani akkana armaan gadiitti ibsu.

The bosses attempt to break up and destroy working class solidarity by dividing the poor and working people against each other. They use sexism to turn men against women workers. They try to break the multinational unity of the working class by dividing white workers and people of color, and further attempt to pit Black and Brown workers against one another,"(ibid).

Walumaagalatti, akka yaaxxina Maarkisitti bu'uurri caasaa hawaasaa dhimmoota dinagdeefi teekinolojii. yaaxxina kana keessatti wanti akka furtuu rakkootti ilaalamu waldiddaa garee hawaasaa abbootii qabeenyaafi dafqaan bulootaa gidduutti ka'u ,yookaan sirnuma dinagdee kaappitaaliizimii keessaa dhohee bahuudha. Waldhabdeen sirna dinagdee kaappitaaliizimii keessatti uumamu kufaatii dinagdee hamaa fiduu danda'a. Kunimmoo humna garee dafqaan bulootaa jabeessee humna isaan cunqursu sana ofirraa gatanii aangoo mootummaafi humna oomishaa akka qabatan isaan taassisuun gara sirna sooshaaliizimiitti akka cehan isaan taassisa.

Sirni sooshaaliizimii sirna faallaa sirna kappitaaliizimii dhaabatuudha. Akka sirna kanaatti malleen oomishaafi raabsiin meeshaalee uummataaf barbaachisoo ta'an hundinuu garee dafqaan bulootaatiin hogganamu. Hawaasnis garee abbootii qabeenyaatiin hoogganama osoo hintaane uummatichumatu mataasaatiin of bulcha. Malleen oomishaa hundinuu harka abbootii qabeenya osoo hintaane harka uummataa jiru. Warshaaleen, qonni gurguddaan, sirni baankii, sabaa himaaleen, geejjibni, dhaabbileen eegumsa fayyaa, telekominikeeshiniifi barnoonni irra caalaatti bu'aa garee murtaawaa tokkoof argamsiisuuf osoo hintaane fedhii uummata bal'aa guutuuf hojjetu (Bowens, and et al 2013:73)

2.5.4.5. Ilaalcha Garee Hawaasaatti Amanu

Ilaalchi garee hawaasaatti amanu, amantaa namni tokko garee hawaasaa yookaan sadarkaa dinagdee hawaasa keessatti mul'atu, caasaafi fedhii gareesaarratti qabuudha. Akka Marx Karltti ilaalchi garee hawaasaa xiyyeeffatu qaanqee warraaqsaa qabsiisuun humna dafqaan bulootaa jabeessee garee hawaasaa miindeffamee hojjetu yookaan

hawaasa bal'aa abbaa qabeenyaa hintaane garee biyya bulchutti jijjiiruudha. Yaada kana Frow (1986:13) akka kanaa gadiitti ibsa.

Class consciousness is the set of beliefs that a person holds regarding their social class economic rank in society, the structure of their class interests. According to Karl Marx it is an awareness that is key to sparking a revolution that would create a dictatorship of the proletariat transforming it from awage earning, propertyless mass into the ruling class.

2.5.4.6. Waan Qabatamaa Ta'e Qofarratti Xiyyeeffachuu

Akka Marx-tti wanti qabatamaa hintaane fudhatama hinqabu. Dhimmooti hawaasa tokkoo hundinuu waan qabatamaarratti hundaa'u malee Waaqatti amanuu yookaan waa'eesaanii gadi fageenyaan qorachuun rakkoo furuu miti. Eenyummaa keenya isa dhugaa kan ibsu falaasama yookaan amantii osoo hintaane waan qabatamaan jiruudha. Ilmoon namaa qaama waan hafuuraa osoo hintaane qaama waan qabatamaati. Eenyummaa keenya hubachuuf waan qabatamaafi ijaan mul'atu kan jiruufi jireenya guyyuu keessatti, keessa jiraachaafi itti jiraachaa oollurratti fuuleffachuu qabna. Akkasaatti addunyaa qabatamaatu dhugaa qabatamaa nutti hima. Fakkeenyaaf, addunyaa dhugaa keessatti hawaasa gareen jiraatu ni'argina. Gochoonni ilmoo namaa hundinuu walitti hidhamanii akka deeman ifatti mul'ata. Hariiroo hawaasdinagdee garee hawaasaa gidduutti mul'atu, akkasumas garee hawaasaa akka caasaa olaanaatti laalamu sirriitti yoo qoranne qabatamaatti eenyummaa dhuunfaa keenyaafi garee hawaasaa keessa jirru gadi fageenyaan hubachuu dandeenya (Doble 2002:84). Walumaagalatti, kaayyoo guddaan yaaxxina Maarkistii garee hawaasaa sirna hawaasdinagdeerratti hundaa'ee uumamu keessatti dafqaan bultoonni sirna kaappitaaliizimiitiin cunqurfaman tokkummaasaanii cimsuun mirgasaaniitiif falmatanii goodiinsaa qabeenyaa walqixa ta'e miseensa garee hawaasichaan gahuudha.

Egaa, yaaxxina Maarkistii gargaaramnee hojii ogbarruu tokko yammuu qeeqnu gaaffilee bu'uuraa giddugaleessa godhachuu qabnu kanneen hayyoota garaagaraa kanneen akka Tyson (2006), Dobie (2002), Bowens and et al (2013)fi kaawwaniin ibsaman muraasa qorataan gabaabsee afaan ormaarraa gara Afaan Oromootti jijjiiree akka armaan gaditti dhiyeessuu yaaleera.

1. Hojiin sun bu'aa sirna kaappitaaliizimii yookaan impeeriyaaliizimii yookaan garee tokko qofaaf kan dhaabateedha? Kana taanaan qeeqni ogbarruu taassifamu sirna xiyyeeffatame sana saaxiluufi balaaleffachuuf ta'uu danda'a.

2. Akkamitti hojiin ogbarruu sun sirna kaappitaaliizimii, impeeriyaaliizimii yookaan kan garee tokkoo jedhamee qeeqamuu danda'aa? Karaa kamiin barruun sun sirna hawaasdinagdee yookaan illanyaa nama cunqursuufi hacuucu sana akka balaaleffannuuf nu afeeraa? Hojiin ogbarruu sun cunqursaafi hacuuccaa raawwatamu nutti agarsiisa taanaan ajandaa Maarkistii qaba jechuudha.
3. Barruun sun karaa tokkoon ajandaa Maarkistii deggeraa, gama biraatiinimmoo itti yaadee yookaan osoo itti hinyaadin illanyaa kappitaaliizimi, impeeriyaaliizimii yookaan bu'aa garee tokkoo qofa xiyyeeffataa? Yookaan hojichi illanyaa waliin kan guutameedhaa?
4. Hojiin ogbarruu sun xiyyeeffatees haa ta'u osoo hinxiyyeeffatin akkamiin haalota hawaasdinagdee yeroo itti barreeffame sanaa calaqqisiisa? Haalonni kunneenis akkamiin waldhabdee garee hawaasaa calaqqisiisu?
5. Akkamiin barruun sun amantii qindaa'aa tokko itti qeeqa?
6. Hojiin ogbarruu sun garee kamiin akka jabaatti dhiyeesse, garee kamtummo laafaadha yookaan humna hinqabne yookaanis gareewwan hawaasaa hundinuu walqixa laalamani? Gareen jabaate maalif jabaate, kan laafes maalif laafe?
7. Sababni waldhabdee garee hawaasichaa ta'e maali?
8. Gareen hawaasaa qabeenyaan dafqaanbultoota hacuucuufi bulchu jiraa?
9. Sababni walirraa baqachuu yookaan qoqqoodamuu jiraa?
10. Abbootiin qabeenyaa jiruu? Kanneen hacuucamaniifi humna hinqabnehoo? Yoo akkas ta'e, akeekasaanii fiixaan baafachuufis akka meeshaatti maalitti fayyadamu? Sabaa himaaleedhaa? Ogbarruudhaa?
11. Yoomissi barruu sanaa waa'ee qoodiinsa qabeenyaafi dinagdee maal hima?
12. Qomoon barreessaa garee hawaasaa kam keessaati?
13. Hojiin ogbarruu sun eenyuun bakka bu'a?
14. Bu'aan hojii ogbarruu sanaa eenyuun jajjabeessa?
15. Namfakkiileen asoosamicha keessaa garee hawaasaa kamiin bakka bu'u?
16. Fakkaattonni garee hawaasaa garaagaraa keessatti argaman haala kamiin walitti dhufu yookaan addaan bahu?

2.6. Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Feemiiniizimii

2.6.1. Seenduubee Yaaxxina Yookaan Qeeqoo Feemiinistii

Dobie (2002:98) akka ibsetti dubartoonni jaarraa hedduudhaaf aadaa warra dhidhimaa keessatti akka uumama gadaanaatti laalamaa turan. Kanarraa kan ka'e namoonni garaagaraa akkaataa adda addaatti dubartoota ibsaa turaniiru. Fakkeenyaaf, lubni Giriikii Chrysostom John (Dh.K.B.345-407) dubartii yammuu ibsu, "*Women is a foe to friendship, an inescapable punishment,*" jedha. Kana jechuunis dubartiin diina hiriyummaa yookaan adaba to'achuun hindanda'amne jechuudha. Kitaabni "Ecclesiasticus" hammeenya yookaan jal'inni jira garuu kan akka kan dubartii hinjiru, "*All wickedness is but little to the wickedness of a women,*" jedha. Beekaan amantaa kiristaanaa warra Roomaa kan Tertullian (Dh.K.B.160-230) jedhamu dubartoota yammuu ibsu, "*Women are the gate way to the devil*" jedha. Kana jechuunis dubartoonni balbala seensa seexanaati jechuudha. Namni kun dabalataan kitaaba amantaa kiristaanaa akka wabiitti dhiyeessuun akka waan Hewwaan sababa jannataa ari'amu ilmaan namaa taateetti ibsa.

Yaada armaan oliirraa akka arginutti baroota hedduudhaaf dubartoonni akka uumama gadaanaatti laalamuun qorqalbiidhaan hedduu miidhamaa turan. Kanarraa kan ka'e dubartoonni mirgasaanii kabachiifachuuf karaa garaagaraatiin qabsoo eegalan. Dubartoota mirga dubartootaaf yeroo sanatti falmuun beekaman keessaa muraasni: *Mary Wollstonecraft* kan kitaaba matadureensaa, "*A Vindicatiion of the Rights of Women (1792)*" jedhu barreessite, *Virginia Woolf*, kitaaba "*A Room of One's Own (1929)*" jedhuun kan beekamtu, *Simone de Beauvoir*, kitaaba "*The Second Sex (1949)*" kan barreessite, *Betty Friendan*, kitaaba "*The Feminine Mystique (1963)*"n kan beekamtu, *Kate Millet*, "*In Sexual Politics (1970)*"n kan beekamtu, "*Sandra Gilbert and Susan Gubar* kitaaba matadureensaa "*The Mad Woman in the Attic (1970)*" jedhu kannheen barreessaniifi kannheen kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama (Dobie,2002:100).

Akka Dobie (2002:99) ibsuuf yaaletti seenaa hawaasaafi ogbarruu keessatti namoonni mirga dubartootaaf falmaa turanii garuu hagas mara beekamtii hinqabne hedduun jiru. Isaan keessaas akka fakkeenyaatti *Showalter Elaine* kaasuun nidanda'ama. Isheen is baroota seenaa feemiiniizimii kutaa sadiitti qooddee agarsiisuuf yaalteetti. Inni jalqabaa 1840-1880tti kan ture "*Feminine Phase*" jedhamuun kan beekamuudha. Kutaan kun kan dubartoonni ogbarruu barreessuun itti beekaman miti. Barreessitoonni dubartootaa

ogbarruu barreessuuf ijibbaataa turanis dubartii tahuusaanii dhoksanii maxxansiisaa turan. Dubartoota akkasii keessaa *Bell Currer fi Elliot George* warreen muraasa. Walumaagalatti, hojiin ogbarruu baroota kanaa barreessitoota dhiirota ta'aniin walqabatee ibsamaa ture. Ta'us, jechoonni loogii koorniyaa of keessaa qaban hanga tokko hojii ogbarruu keessaa hir'ifamuu yeroo itti eegalaniidha. Kutaa lammaffaan 1880-1920tti kan ture "*Feminist Phase*" kan jedhu yoo ta'u, kutaan kun kan dubartoonni mirgasaaniif itti falmachuu jalqabaniidha. Dibaabee seeraa jalatti mirgi walqixxummaasaanii akka kabajamuufiif dubartoota falmachaa turan keessaa *Susan B. Anthony fi Elizabeth Cady Stanton* warreen muraasa. Kutaan xumuraa 1920 hanga har'aatti kan jiru, "*The Female Phase*" jedhamee kan beekamu yoo ta'u, baroonni kunneen kan muuxannoon dubartootaa gama ogummaa (art)fi ogbarruun qaban itti sakatta'uun xiyyeeffatameedha. Dubartooti mirgasaaniif ifatti falmachuu kan jalqabanis kutaa kana keessatti. Egaa, sochiin feemiiniizimii kan barreessitoota hedduun ibsame keessaa kan Goel and Phil (2010:404) barreeffamasaanii keessatti ibsan, tokko mee fudhannee haalaallu.

There are three phase of feminism: (1) First Wave Feminism_in the 1830s, the main issues were abolition of slavery and women's rights, (2) Second Wave Feminism_in the 1960's and early 1970's, between the two world wars. In this wave feminists pushed beyond the early quest for political rights to fight for greater equality across the board, for example in education, the work place, and at home, (3) The Third Wave Feminism_in the early 1990s. Third wave feminists often criticize second wave feminism for its lack of attention to the differences among men and women, jedhu.

Akkuma ibsa hayyoota kanaarraa hubachuun danda'amu sochiin feemiiniizimii: sochii feemiinizimii jalqabaa, kan lammaffaafi kan sadaffaati. Sochiin feemiinizimii kan jalqabaa 1830 mootaa keessa kan ture ta'ee daldaala garbaa dhaabuu, akkasumas mirga dubartootaaf falmuu ilaalcha jedhuun walqabata. Sochiin feemiinizimii lammaffaan baroota 1960 boodaafi jalqaba 1970 waraana addunyaa tokkoffaafi lammaffaa gidduutti kan haammatameedha. Barri sochii feemiiniizimii kunis mirgoota siyaasaa duraan gaafatamaa turanitti dabalani walqixxummaa barnoota keessaaf, mirgoota bakka hojiifi maatii keessaaf falmachuu eegalan. Sochiin feemiinistii sadaffaanis jalqaba bara 1990moota yoo ta'u, sababa garaagarummaa dhiirotaafi dubartoota gidduutti gama hawaasummaan mul'atuuf xiyyeeffannoo hinlaanneef sochii feemiinistii lammaffaa qeequudhaan beekama.

Akka waliigalaatti yaaxxina yookaan qeeqoon feemiinistii bara giddugaleessaa keessaa haadha warraa *Bath* kan turte *Geoffrey Chaucer* jedhamtuun eegale. Dabalatuma kanaatiin sochiin feemiiniizimii jalqabaa hojii ogbarruu keessatti bakka dubartoonni qaban bal'inaan laaluu keessatti bu'aa guddaa buuseera. Kanaafis kitaabni matadureensaa '*A Room of Ones Own* kan *Woolf Virginia* bara 1929 barreefame fakkeenya guddaadha. Akkasheetti dubartoonni hojii ogbarruu keessatti milkaa'uu kan danda'an daandii ofiisaaniifi qabeenya mataasaaniitiin of danda'anii yoo socho'aniidha. Yaaduma kana Plain and et al (2007: 15) akka armaan gadiitti ibsan.

Feminist literary criticism can be traced back to medieval times with some arguing that Geoffrey Chaucer's wife of Bath could be an example of early feminist literary critics. Additionally, the period considered first wave feminism also contributed extensively to literature and women's presence within it. For example, 1929's 'A Room of Ones Own by Virginia Woolf is undoubtedly considered one of these formative texts. In it Woolf argues that in order to write creatively and be critically successful, a woman must be able to own her own space and financial stability.

Seenaan qeeqoo feemiinistii durii hedduu bal'aadha. Barreessitoonni dubartootaa yeroo kana keessa beekamoo ta'an *Elliot George fi Fuller Margaret* hedduu beekamu.

Baroota 1970 moo ta fuula dura sochiin feemiinistii tokkoffaafi lammaffaa dubartoota barreessitoota ta'aniifi iddoommii dubartoonni hojii ogbarruu keessatti qaban (dubartoota namfakkiilee ta'anii asoosama tokko keessatti argaman) xiinxaluu xiyyeeffata. Kana malees qeeqoon feemiinistii ilaalchota dubartoota hojii ogbarruun ala taassisanii laalan qeequurrattis nifuuleffata. Hayyoonni akka *Tyson Lois* ilaalchi barreessitoota dubartootata'anii akka illanyaa waliigalaatti fudhatamuu akka hin qabne ibsa.

The history of literary criticism is extensive, from classic works of 19th century women authors such as George Eliot and Margaret Fuller. Before the 1970s in the first and second waves of feminism_ feminist literary criticism was concerned with women's authorship and the representation of women's condition within literature; in particular the depiction of fictional female characters. In addition, feminist literary criticism is concerned with the exclusion of women from the literary canon, with theorists such as Lois Tyson suggesting that this is because the views of women authors are often not considered to be universal (ibid).

Egaa, qeeqoo feemiinistii ogbarruu wajjin walqabsiifnee yoo laallu, ija feemiinistiin ogbarruu laaluun akka ammayyaatti kan jalqabame baroota 1960 mootaa asitti.

2.6.2. Maalumma Yaaxxina Feemiinistii

Goel and Phil (2010:403) dhuftee jecha kanaa yammuu ibsan, “*The term Feminism is derived from French term “Feminist” which was used regularly in English for a belief in and advocacy of equal rights for women based on the idea of the equality of the sexes*” jedhu. Akkuma yaada armaan oliirraa hubatamutti yaadrimeen feemiiniizimii jecha Afaan Faransaay “Feeministii” jedhurraa kan dhufe ta’ee Afaan Ingiliziitti yammuu hiikamu mirgi walqixxummaa dhiiraafi dubartii mirkanaa’uu qaba ilaalcha jedhutti kan amanuufi deggeruudha.

Egaa, handhuurri yaaxxina feemiinistii koorniyaarratti hundaa’ee mirga walqixxummaa dubartootaa mirkaneessuudha. Akka yaaxxina kanaatti dubartoonni dhiira waliin ija walqixaan laalamuu kan qabaniifi dhiiraan walqixa aangoofi carraawwan garaagaraa argachuu akka qaban falma. Habib (2011:254) waa’ee gosa yaaxxina yookaan qeeqoo kanaa yoo balballoomsu:

Feminist criticism is a heterogeneous grouping of scholars, writers linguists, philosophers, scientists, anthropologists, psychologists, educators and peoples from all professions and walk of life who believe that women and men are equal. As a social movement, feminist criticism highlights the various ways women, in particular, have been oppressed, suppressed and repressed, jedha.

Yaada armaan olii kanarraa akka hubatamutti qeeqoon feemiinistii garee ogeessota ogummaa garaagaraa: barreessitoota, hayyoota xiinqooqaa, falaasifoota, saayinsitoota, qorattoota aadaa, hayyoota barnootaa, walumaagalatti ogeessota ogummaa garaagaraarraa walitti dhufanii cunqursaafi hacuuccaa dubartootarratti raawwatamu ittisuuf hojjetaniidha.

Qeeqoon feemiinistii yaaxxina feemiinistiirratti hundaa’ee qeeqa ogbarruu raawwatamuudha. Fayyadama afaan ogbarruu tokkoo yammuu qeequs qajeetoowwaniifi illanyaa feemiiniizimii kan fayyadamuudha. Yaaxxinni kun kallattiiwwan olaantummaa dhiiraa gama dinagdeen, hawaasummaan, siyaasaafi xiinsammuun hojii ogbarruu tokko keessatti ibsame sakatta’ee xiinxaluufi ibsuu fuuleffata. Yaada kanas Christina (2016: 248) yammuu ibsitu yaada armaan gadii lafa keessi.

Feminist literary criticism is literary criticism informed by feminist theory. It uses the principles and ideology of feminism to critique the language of literature. This school of thought seeks to analyze and describe the ways in which literature portrays the narrative of male domination by exploring the economic, social and political and psychological forces embedded within literature.

Xiinxalliifi qeeqni feemiinistii kallattii barruun ogbarruu tokko ittiin laalamuufi qoratamuu qabu akkasumas barruulee ogbarruu hunda bifa walfakkaataan barsiisuu danda'anitti jijjiiruufi babal'isuudha. Yaadrimee kanas Moi (1997:104), "This way of thinking and criticizing works can be said to have changed the way literary texts are viewed and studied as well as changing and expanding the canon of what is common thought," jedha.

Baroota jalqaba yaaxxina kanaa, barruulee ogbarruu baroota duriitu qeeqoo feemiinistiin madaalamaa ture. Galmoonni murtaawaan qeeqoo feemiinistii guddinaafi argannoo dubartoo taturii irradeebiin qoratani jabeessuudha. Kunis mallattoolee barreeffa, a dibartootaa durii bakka bu'an hiikuun ilaalcha olaantummaa dhiiraa bu'uuraan dadhabsiisuudha. Yaada kanas Bobo (2001:103) akka kanaa gadiitti lafa kaa'a.

Traditionally, feminist literary criticism has sought to examine old text within literary canon through a new lens. Specific goals of feminist criticism include both the development and discovery female tradition of writing and rediscovering of old texts, while also interpreting symbolism of women's writing so that it will not be lost or ignored by the male point of view and resisting sexism inherent in the majority of mainstream literature.

Tyson (2006:83) qeeqoo feemiinistii yoo ibsu, "Feminist criticism examines the ways in which literature and other cultural productions reinforces or undermines the economic, political and psychological oppression of women," jedha. Hayyuun kunis qeeqoon feemiinistii ka raalee hojiin ogbarruu yookaan aadaan hawaasaa tokko dinagdee, siyaasa, hawaasummaafi qorqalbii ubartootaa itti cunqursan yookaan hakuucan kan xiinxalu yookaan qoratuudha. Haata'u malee, akkuma hayyoota yaaxxinaalee garaagaraa qeeqoxni feemiinistiis dhimmoo ta madaalliif dhiyaatanirratti hundaa'anii laalchota garaagaraa qabu. Kanarraa kan ka'e hayyoonni mirga dubartootaaf falman yookaan feemiinistoonni dirree qorannoosaanii 'feemiinizimoota' jedhanii of waamu. Kunis ilaalchota hedduu yaaxxina kana keessa jiran to'achuuf akkasumas waa'ee yaaxxina

kanaa karaa hedduun xiinxaluun akka danda'amu taassisuuf yookaan laalcha duubatti hafaa karaa tokkichaafi filatamaa jedhamu daangessuuf kan yaadameedha.

Barry (2002:134), qeeqoo feemiinistii ilaalchisee, "...*the woman's movement has always been crucially concerned with books and literature, so that feminist criticism should not be seen as an offshoot from feminism which is remote from ultimate aims of the movement, but as one of its most practical ways of influencing everyday conduct and attitudes,*" jedha. Akka yaada kanaatti, sochiin mirga dubartootaaf falmuuf raawwatamaa ture kitaabotaafi ogbarruu waliin kan walqabatu ture. Kanaafuu, qeeqoon feemiinistii akka damee feemiiniizimiitti kan laalamu osoo hintaane dirree qorannoo mataasaa danda'eedha.

Bertens (2001:95) feemiiniizimii yoo ifoomsu, "*Feminism saw very clearly that the widespread negative stereotyping of women in literature and film constituted formidable obstacle on the road to true equality,*" jedha. Akka ibsa kanaatti feemiiniizimiin dubartoota ilaalchisee ilaalchota dogoggoraa dhugaa hintaane garuu akka dhugaatti fudhatamanii ogbarruufi hojiilee fiilmii keessatti calaqqisan gadi fageenyaan kan ilaalu yoo ta'u, akeeka kana fiixaan baasee walqixxummaa dhugaa fiduuf danqaan kan itti heeddummatu ta'usaa hubanna.

Gama biraatiin qeeqxonni feemiinistii bakka bu'ummaa/ iddoommii koorniyaa garaagaraa kanneen barruu ogbarruu tokko keessa jiranirratti kan fuuleffatu, barruu sana keessatti sagaleen eenyuu akka dhagahame kan laalu, akkasumas ilaalchaafi sonaawwan eenyuutu barruu sana keessatti calaqqise kan jedhu kanilaaluudha. Barreessitoota ija yaaxxina feemiinistiin ogbarruu barreessaniif dhimmoonni koorniyaa giddugaleessa hojiisaaniiti. Barruuleen ogbarruus ija kanaan qeeqamuuf kan saaxilaman yoo hayyuduroota dhiirotaarratti xiyyeeffatanii gahee dubartootaammoo alatti dhiibanidha. Qeeqoxni feemiinistii tokko tokko gosuma ogbarruu tokko dubbisuufiyyuu dursanii yaada qeeqoo feemiinistiirraa fudhachuu akka waan dubbisa fudhatama qabu tokko dubbisaniitti lakkaa'u. Yaada kana Dobie (2002:97) akka armaan gadiitti ibsa.

Feminist critics consider different gender representations within texts but also question whose voices are heard and whose attitudes and values are assumed within the text. Gender issues are clearly central to those who write about literature through a feminist lens. Texts are often criticized for focusing on male protagonists while women have marginal roles. Some

feminist critics use ideas from feminist literary criticism to read the text in a way that is counter to the commonly accepted reading, jedha.

Feemiiniizimiifi qeeqoon feemiiniizimii namoota dhuunfaafi siyaasa walitti gargar baasee hinilaalu. Kanarraa kan ka'e akka hojii siyasaa yookaan qaama siyaasaatti laalama. Haalota hawaasummaa jijjiiruuf akkaataa hawaasni sun itti jiraatu keessa seenuusaatiin akka ilaalcha siyaasaatti fudhatama. Yaada kanas Berry (2002:33), *“Feminism and feminist criticism are profoundly political claiming that the personal and the political cannot be separated. They are also political in the more traditional sense of trying to intervene in the social order with programme that aims to change actually existing social conditions,”* jedha.

Qeeqoon feemiiniizimii ilaalcha hamaa dhiironni eenyummaafi muuxannoo dubartootaa irratti qaban mormuuf falmii taassifamuudha. Yaadrimeen eenyummaa dubartootaa akkaataa muuxannoon dubartootaa gara of hubachuufi of beekuu dubartootaatti cehuun kallattiiwwan dhiironni dubartootarratti dhiibbaa godhanirratti mormuudha. Kana malees, illanyaa gadaantummaa dubartootaa gama siyaasaa, dinagdeefi aadaan calaqqisu mormuu kan kaayyeffateedha. Yaada kana Goel and Phil (2010:403) akka armaan gadiitti lafa kaa'a;

Feminist literary criticism is the rebellion of the female consciousness against the male image of female identity and experience. The concept of female identity show us female experienc is transformed in to female consciousness, often in reaction to male paradegms for female experience. It is an ideology that opposes the political, economical and cultural relegation of women to positions of inferiority, jedhu.

Qeeqoon feemiinistii ogbarruu ija addaatiin akka laalluuf kan nu gargaaruudha. Innis falaasamootaafi ilaalchota feemiiniizimii ogbarruu keessatti hojiirra oolchuudhaani. Gosoonni yaaxxina yookaan qeeqoo feemiinistii kunis hedduudha. Qorattoonni ija yaaxxina feemiinistiin ogbarruu qoratan tokko tokko fayyadama afaaniifi mallattoolee koorniyaa walqabatani hojii ogbarruu tokko keessatti mul'atan xiinxalu. Kaanimmoo garaagarummaa koorniyaa barreessitootaa akkaataa ogbarruun ittiin barreeffamurratti dhiibbaa qabaachuusaa nutti agarsiisu. Warreen kaanis akkaataa fakkaattonni keessumaa fakkaattonni dubartootaa hojii ogbarruu sana keessatti akka agarsiifaman yookaan akkaataa fakkaattonni dubartootaa ilaalcha dubartootaaf hawaasa keessa jiru irraa ka'amee saalasaaniitiin qoodamuun itti jajjabeeffaman yookaan hacuucaman kanneen ilaalaniidha. Kana malees, akka yaaxxina feemiinistiitti koorniyaa garaaga raa barruu

ogbarruu tokko dubbisanii akkaataa garaagaraatti deebii kennuu danda’u. Yaada kanas Habiiib (2011:259) akka armaan gadiitti ibsa.

Feminist literary criticism help us look at literature in a different light. It applies the philosophies and perspectives of feminism to the literature we read. There are many different kinds of feminist literary theory. Some theorists examine the language and symbols that are used and how that language and use of symbols is “gendered”. Others remind us that men and women write directly and analyze at how the gender of the author affects how literature is written. Many feminist critics look at how the characters, especially the female characters “reinforces and undermines sexually stereotypes”. Feminist literary theory also suggests that the gender of the reader often affects our response to a text.

Yaada kanaarraa ka’uun hayyoonni ogbarruu qeeqoo feemiinistiif hiika kennuun ni’ulfaata jedhu. Sababnisaa yaadrimichi ilaalcha filatamaa ta’e tokko qofa bakka bu’uu waan hindandeenyeef. Bakka kanaa bifaafi kallattii garaagaraa kan qabuufi biyyaa biyyaatti, qeeqaa tokkoo qeeqaa biraatti garaagarummaa agarsiisuusaati. Haata’u malee, wanti tokko isaan godhu ilaalcha warri dhidhimaa olaantummaa dhiiraa madaalliisaa hineegne kan dubartootaafi hojjiisaanii qoodu qeequufi balaaleffachuudha. Caasaa hawaasa akkasii keessatti loogiiin koorniyaa dhimmoota aadaa hawaasichaa ogbarruu dabalatee kanneen akka amantaa, falaasamaa, dinagdee, barnootaafi wantoota kana fakkaatan hunda keessatti mul’achuu danda’a. Qeeqoon feemiinistiis illanyaa dubartoota qoodu kana saaxiluun jijjiiramni barbaadamu akka dhufu gochuufi gahee dubartootaa hawaasa keessatti dinqisiifachuudha. Yaada kana Dobie (2002:100) yoo ibsu;

Feminist criticism is deficult to define because it has not yet been codified into a single perspective. Istead, its several shapes and directions vary from one country to another, even from one critic to another. The premise that unites those who call themselves feminist critics is the assumption that western culture is fundamentally patriarchal, creating an imbalance of power that marginalize women and their work. That, social structure, they agree, is reflected in religion, philosophy, economics, education_all aspects of the culture, including literature. The feminist critic works to expose such ideology, and in the end to change it so that the creativity of women can be fully realize appreciated, jedha.

Yaadrimeewwan”Feminist, Femine, Female” jedhaman xiyyeeffannoosaaniitiin garagaagara. Feemiinistiin aangoo siyaasaan kan walqabatu, saalaan dubartii ta’anii dhalachuun uumama waliin kan walqabatu yoo ta’u, feemiinaayiniinimmoo aadaa hawaasa tokkoon walqabatee kan ibsamu akka ta’e, Moi (2000: 104), “Feminist is

a political position; female is a matter of biology and femine is a set of culturally defined characteristics” jechuun ibsa.

Walumaagalatti, qeeqoon feemiinistii hariiroo warri dhiirotaafi dubartootaa hawaasa keessatti qabaniifi gareensaani maal akka fakkaatu kan xiinxaluudha. Xiinxala hanga ammaatti taassisaniinis hedduunsaani gahee dubartoonni hawaasa keessatti qaban gama hundaan kan warra dhiirotaa gadi akka ta’eefi ilaalcha olaantummaa dhiiraan kanhaguugameedha. Hariiroon walhinmadaalle kunis kallattii garaagaraatiin hojii ogbarruufi barruulee ogbarruu keessatti mul’achuu danda’a. Qeeqoxni feemiinistiis ilaalcha, amala, sonaawwaniifi kanneen kana fakkaatan hariiroo kana keessatti calaqqisaniif xiyyeeffannoo akka laannuuf nu afeeru. Yaaduma kana Green and etal (1991:19) n akka armaan gadiitti ibsa;

Feminist literary theory asks us to consider the relationships between men and women and their relative roles in society. Much feminist literary theory remind us that the relationship between men and women in society is often unequal and reflects a particular_patriarchical ideology. Those unequal relationships may appear in a variety of ways in the production of literature and within literary texts. Feminist theorists invite us to pay particular attention to the pattern of thought, behavior, values and power in those relationships.

Kanaafuu, gosa qeeqoo ogbarruu kana fayyadamnee ogbarruu tokko yammuu qeeqnu akkaataa fakkaattonni dubartootaafi dhiirotaa hojii ogbarruu sana keessatti itti ibsaman, fayyadama jechootaa barruu sana keessatti calaqqisan, ilaalcha barreessaa barruu sana keessatti calaqqise, hariiroo fakkaattota gidduu jiruufi kan kana fakkaatutu ilaalama. Yaaduma kana, “We apply it by closely examining the portrayal of the characters, both female and male, the language of the text, the attitude of the author and the relationship between the characters. We also consider the comments the authors seems to be making about society as a whole,” jechuun ibsa.

2.6.3. Gahee Koorniyaa Aadaa Hawaasaa Keessatti Beekamu

Tyson (2006:85) gahee koorniyaa aadaa hawaasaa keessatti beekamu akka armaan gadiitti ibsa.

Traditional gender roles cast men as rational, strong, protective, and deceive; they cast women as emotional (irrational), weak, nurturing, and summiive. These gender roles have been used very successfully to justify inequities, which still occur to day, such as excluding women from equal

access to leadership and decision making positions (in the family as well as in politics academia and the corporate world), paying men higher wages than women for doing the same job (if women are even able to obtain the job and convincing women that they are not fit for careers in such areas as mathematics and ingeenering).

Akkuma waraabii kanaan ibsame gaheen koorniyaa aadaa hawaasaa keessatti beekamu dhiira akka qalbiqabeessaa, jabaa, of eeggataafi ogeessaatti laala. Dubartootammoo kan miirrisaanii dafee tuqamu, yaaduu kan hindandeenye, kunuunsa kan barbaadduufi abboomamtuu godhee dhiyeessa. Aadaan kun jaarraa hedduuf haqamaleessummaa hooggansaafi murtii dhimma siyaasaafi maatii keessatti raawwatamuun dubartootarratti dhiibbaa gochaa ture. Hojii walfakkaataarratti dhiirotaafi dubartoota adda adda goodanii miindaan caalu dhiirotaaf kaffalamaa tureera. Dubartoonni hojii ogummaa kanneen akka Herregaafi Injiineringii akka hindandeenyetti akka of amansiisan dhiibbaan irratti godhamaa tureera.

Haata' u malee, namoonni hedduun yeroo ammaa seeronni loogii koorniyaa kanneen akka hojii walfakkaataaf miindaa walfakkaataa kaffaluu jedhu waan ba'aniif rakkoon akkasii dur malee har'a akka hinjirretti amanu. Bakka hedduutti garuu seeronni kunneen waraqaarra malee qabatamaan hojiitti hiikamanii hinmul'atan. Keessumaa hojii ciccimaa bu'aa olaanaa buusurratti miindaa olaanaan dhiirota qacaranii dubartootammoo hojii gadaanaafii miindaa xiqqaa qaburratti qacaruun bakka hedduutti nimul'ata. Kanaafuu, ilaalchi olaantummaa dhiiraatti amanu ilaalcha dhiiraaf loogee, dubartoonni akka waan uumamaan dhiiraa gadi ta'anii dhalataniitti laaluudha.

Ilaalchi kun dhiira ta'anii dhalachuu akka carraa addaatti laala. Saalaan dhalaa yookaan dhiira ta'anii dhalachuun garuu murtoo uumamaa kan ta'eefi eenyullee jijjiiruu kan hindandeenyedha. Feeministoonnis yookaan warreen mirga dubartootaaf falmanis garaagarummaa uumamaa gama saalaan jiru kan morman osoo hintaane caalaattiyuu itti gammadu. Garuu, qaama, bocaafi ijaarsa qaamaarratti hundaa'anii olaantummaa dhiiraaf kennamutti walii hingalan. Fakkeenyaaf dhiirri dandeettii addaa, beekumsa addaa, gara kuteessa yookaan geggeessummaatti nicaala kan jedhu tasuma hinfudhatan.

Kanaafuu yaaxxinni feemiiniizimii saalaafi koorniyaa gargar baasee laala. Saalli namni tokko uumamaan dhiira yookaan dhalaa ta'ee dhalachuu yoo ta'u, koorniyaan immoo aadaa hawaasaan walqabatee gaheesaan maqaa dubartummaa yookaan dhiirummaasaaniitiin hawaasa keessatti qabaniin kan walqabatuudha. Qooddiin koorniyaa

giddugaleessa godhatu kunis kan hawaasaan ijaaramu malee kan uumamaan kennamu miti. Kunis ijaaramuu hawaasaa keessatti bakka mataasaa qaba. Yaaduma kana Bartens (2008:131) akka kanaa gadiitti ibsa.

Feminists don't deny the biological differences between men and women; infact many feminists celebrate those differences. But, they don't agree that such differences as physical size, shape, and body chemistry make men naturally superior to women, for example, more intelligent, more logical, more courageous, or better leaders. Feminism therefore distinguishes between the word sex which refers to our biological constitution as female or male, and the word gender, which refers to our cultural programming as feminine or masculine. Rather, these gender categories are constacted by society, which is why this view of gender is an example of what has come to be called social constructionalism.

Ilaalchi olaantummaa dhiiraa ukukkubsu kun dhiironni akka humna siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa hunda akka harkatti galfataniif carraa kennaaf. Gama biraatiinimmoo dubartoonni akka hinbaranne gochuun humna siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaasaanii akka malee laaffisa. Hawaasa olaantummaan dhiiraa keessatti mirkanaa'e keessatti bakki gadaanaan dubartootaaf kennamu aadaa hawaasichaarraa kan dhufu malee garaagarummaa uumamaan kenname miti. Dhiironni hedduun garuu dhimma koorniyaa akka seera uumamaaatti fudhatanii dubartoonni mana keessaa mucaa guddisuu akka qabanitti laalu.

Baroota 1960moota fuula dura osoo qeeqoon feemiinistii ogbarruu ittiin xiinxaluuf hinkaroorfamin yookaan falmiin mirga dubartootaa kan durii hinjalqabin hojiin ogbarruu barreessitoota warra dhiirotaa akka muuxannoo waliigalaatti fudhatamaa ture. Sanumatu muuxannoo dubbistoota hundaa bakka bu'a. Hojiin ogbarruu sun kan waliigalaa ta'ee fudhatamuun ulaagaa olaanaa kabajni ittiin argamu ture. Kan barreessitoota dubartoota ta'anii garuu, akka muuxannoottis akka waliigalaattis fudhatamuuf carraa hinqabu ture.

Giddugaleessa baroota 1970moota keessa yoollee barreessitoonni dubartoota ta'an ka'an kan barreessitoota warra dhiirotaa waliin walqixa hinlaalaman. Har'umallee bakka tokko tokkotti qeeqni yookaan seenaan tokko ilaalcha dubartootaarraa kan madde yoo ta'e akka waan bu'aansaa gadaanaa ta'eetti laalamuun nimul'ata. Fakkeenyaaf, duree kitaabaa/preface/ dhiyeenya Ameerikaatti maxxanfame kan "*The Geat Gatsby*" jedhamu kan *Mathew J. Brucoli*'n barreeffame keessatti barreessitoonni bara 1920 keessa, "*An age of Achievement*" jedhamanii beekaman kudhalamaan keessaa dubartiin tokko qofa turte. Isheenis *Cather Willa* jedhamti. Haata'u malee, barreessitoonni dubartootaa yeroo sana

turan *Ellen Glasgow, Susan Graspell, Nella Larsen, Edna St. Vincent Millay, Rolla Lynn Riggs, Gertrude Stein, D. Juna Barness, Elizabeth Maddox Roberts, Hilda Doolittle or Marianne Moore*-faan garuu barreessitoota jaarraa sanaa ta'anii utuu jiranii beekamtii malee hafan (Tyson, 2006: 84-85).

Har'allee, qorichi dhukkubootaa koorniyaa lamaaniifuu yammuu qophaa'u, yaaliin duraa fayyisuufi dhiisuusaa mirkaneessu dhiirarratti godhama. Erga yaaliin taassifamee xumuramee boodas utuu gadi bahee tajaajilarra hinoolin bu'a qabeessummaasaa, akkasumas miidhaanni geessisu adda baasuuf odeeffannoon dhiidotarraa funaanama. Kanarraa kan ka'e qorichi dhiidotarratti miidhaa hinqaqqabsiifne dubartootarrattis miidhaa hinqaqqabsiisu jedhanii yaada waliigalaarra gahuun miidhama fayyummaa dubartootarraan gahuuf karaa saaquu danda'a (*achuma*).

Kana malees, dhiira caalaa jeequmsa kan uumu dubartoota ilaalchi jedhu ilaalcha olaantummaa dhiiraa calaqqisiisuurraa maddeedha. Dhiironnis kana raawwachuu danda'uusaaniif garuu xiyyeeffannoon hinkennamu. Kunis maqaballeessiif yookaan tuffii agarsiisuuf kanitti fayyadamnu yoo ta'e malee, dhugaa waan ta'eef miti. Warri ilaalcha kanatti amanan dhiironni uumamaan maashaa jajjabaa waliin waan dhalataniif hawaasaa keessattis olaantummaa qabaachuu qabu ilaalcha jedhutti amanu.

Ta'ullee, dhiironni hunduu ilaalcha kana qabu jechuun dogoggora. Namoonni olaantummaa dhiirotaa hinfudhanne kunneenis akka waan dadhaboofi nama hintaaneetti laalamu. Akkasaaniitti namni tokko namummaansaa dhugaa ta'uunsaa kan mirkanaa'u yoo olaantummaa dhiiraa fudhachuu danda'eedha. Ilaalchi olaantummaa dhiiraatti amanu kunis dubartoonni ofitti amanamummaafi ejjennoo akka hinqabaanne taassisuun akka waan dubartoonni uumamaan dadhaboofi kan ajajan qofa kan fudhattu ta'uushee ofirratti mirkaneessituuf yaalii cimaa gochuudha.

Fakkeenyi biroon hawaasa keessatti olaantummaa dhiiraa agarsiisu duris haata'u har'a itti yaadamee akka waan dubartoonni uumamaan hojii Herregaa hindandeenyeetti laaluudha. Ilaalchi akkasii yoo gama maatiin, barsiisotaafi namoota biroon kallattiin hindubbatamu ta'ellee, sochii qaamaatiin, olka'iinsaafi gadi buhiinsa sagaleetiin, akkasumas ibsa fuulaatiin tuffiin akkasii nicalaqqisa. Kanarraa kan ka'e barattoonni dubaraa akka dhiirotaa Herrega hojjechuuf irradeddeebiin barsiisotasaaniitiin hinafeeraman. Akka carraa ta'ee shamarran akka gaariitti Herrega yoo hojjechuu dandeesse akka waan seerri

ta'e tokko cabeetti yookaan akka waan isheen tuqamtee yookaan miidhama sammuu qabduutti laalu. Kanaaf, osoo hinyaadin shamarran Herregatti akka kufuu qabantu karoorfama. Isaanis ilaalchuma kana keessa taa'anii waan barataniif akkuma yaadame Herregaan dadhaboo ta'anii argamu. Kunis akka waan seera uumamaa ta'eetti fudhatamuun akka waan uumamumaan dubartoonni gahumsa Herrega barachuu waliin hindhalanneetti laalama (Golban and Ciobanu, 2008: 233-234).

Gaheen koorniyaa olaantummaa dhiiraa mirkaneessu kun dhiirotaafis haata'u dubartootaaf balaa cimaa qaba. Fakkeenyaaf, dhiironni qaamaanis, miiraanis yookaan rakkina obsuu keessatti jabina qabaachuu akka qabantu dhiidotarraa eegama. Boo'ichas akka mallattoo dadhabinaatti laala; mallattoo namni tokko yammuu miirasaa to'achuu dadhabu agarsiisuudha jedhee amana. Kana malees, sodaachuufi namootaaf gadduun akka waan uumamaan amala dhiiraa hintaaneetti laala. Akka ilaalcha kanaatti rakkoo namaatiif gadda mul'isuufiin akka salphinaatti laalama. Sababnisaa dhiirri tokko dhiirummaansaa guutuu ta'uu kan danda'u callisaafi obsaa yoo ta'e qofa. Dabalataanis, dhiironni waan yaalan tokkotti kufaatii yookaan dadhabina agarsiisuu hinqaban. Akka namoota ilaalcha kana qabaniitti kufaatiin dhiira tokkoon raawwatu dhiirota hunda akka waan bakka bu'uutti waan laalamuuf. Yaada kana (Tyson 2006:87) akka armaan gadiitti ibsa.

Patriarchal gender roles are destructive for men as well as for women. Because traditional gender roles dictate that men are supposed to be strong (physically powerful and emotionally stoic they are not supposed to cry because crying is considered a sign of weakness, a sign that one has been over powered by one's emotions. For similar reasons, it is considered unmanly for men to show fear or pain to express their sympathy for oher men. Expressing sympathy for oher men is especially taboo because patriarchy assumes that only the most mute and stoic forms of male bonding are free of human sexual overtones. In addition, men are not permitted to fail at any thing they try because failure in any domain implies failure in one's manhood.

Hayyoonni feemiinistii ilaalchota akkasii ittisuurratti bobba'an jireenya keenya keessatti karaalee ilaalchi olaantummaa dhiiraa ittiin calaqqisu hubannee ittisasaarratti yeroo mara fuuleffachuu qabnuti amanu. Haata'u malee, yeroo hundumaa karaaleen kunneen nutti mul'achuu dhiisuu danda'u. Illanyaan olaantummaa dhiiraatti amanu yeroodhaa yerootti bifa jijjiirrata. Ta'us hanga danda'ametti kallattii inni ittiin mul'achuu danda'u hubannee gara fuula duraatti ittisasaarratti xiyyeeffachuu qabna. Feemiinistoonni rakkoo ilaalcha

olaantummaa dhiirotaan dhufu sirriitti hubatanii sana darbanii deemuuf hedduu rakkatu. Fala rakkoo kanaa ta'a jedhanii kan yaadanis furmaata hedduu dhiyeessu. Sababnisaa illanyaan akkuma karoorfametti namoota hundumaan yeroo hundumaa milkaa'ina argatu waan hinjirreef. Illanyaan hundinuu waan isaan mormu ofumasaa keessaa waan qabuuf (Chritina 2016: 250).

2.6.4. Qeeqoo Ogbarruu Feemiinistii Keessatti Qabxiilee Xiyyeeffannoo

As jalatti qabxiileen tarreeffaman yaada hayyoota garaagaraarraa Dobie, Barry, Bowens and et al, Eagletonfi kanneen biroo walitti qabamanii cuunfamanii dhiyaataniidha.

- Qabata olaantummaa dhiiraatiin hacuuccaa dinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi qorqalbii dubartootarra gahu kan barruu ogbarruu tokko keessatti calaqqisu xiinxaluu.
- Uumamaan dubartiin tokko dhalaa taatee dhalachuusheetiin qofa jiruufi jireenya hawaasaa keessaa alatti akka hindhiibamne falma.
- Baayooloojiin saala keenya kan murteessu yoo ta'u, aadaanimmoo koorniyaa keenya yookaan gahee nuti qabata saalaatiin hawaasa keessatti qabnu murteessa jechuudha. Feemiinistoonni dubbattoota Afaan Ingilizii ta'an hedduunsanii koorniyaa yammuu ibsan "Koorniyaan amala nuti dhiira yookaan dhalaa ta'uu keenyaan hawaasa keessatti agarsiifnuun kan walqabatu malee akkaataa uumama keenyaa saayinsii xiinxalu miti. Amaloonni dhiirummaafi dubartummaan walqabatani hawaasa keessatti mul'atan kan barataman malee, kan wajjin dhalatan miti.
- Galmi dhumaa hojii feeministootaa walqixxummaa dubartootaa mirkaneessuun addunyaa jijjiiruudha. Hojiin feemiinistii akka roga siyaasaatti laalama.
- Dhimmi koorniyaa beekaanis haata'u osoo hinbeekin dhimmoota hawaasaa keessaa hindhibamu. Ilaalchi olaantummaa dhiiraa deggeru bakka hunda kan jiru hundee kan gadi fageeffateefi dubbii keenya yookaan ilaalcha yookaan akkaataa addunyaa keessa jiraannu itti laallurratti dhiibbaa mataasaa kan qabuudha.
- Kitaabilee baroota dheeraan dura dubartootaan barreeffaman xiinxaluun tajaajila har'aaf oolchuu.
- Muuxannoo dubartootaa agarsiisuu.
- Iddoommii dubartoonni hojii ogbarruu keessatti qaban madaaluu.
- Barreeffamoota dubartootaa kan durii agarsiisuufi babal'isuu

- Mallattoolee barreeffamoota dubartootaa kan durii calaqqisiisan hiikuun akka hindagatamne yookaan dhiibbaan karaa dhiirotaa akkarratti hinraawwatamne eegumsa gochuufi.
- Barreeffama dubartootaa dorgomaa taassisuu.
- Barreeffama dubartootaarraa ilaalchasaanii xiinxaluu.
- Barreeffamoota olaantummaa dhiiraa calaqqisiisanirratti qabsaa'uu.

Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa qeeqa ogbarruu feemiinistiitiif ka'umsa ta'an kanneen hayyoota garaagaraatiin eeraman muraasas kanaa gaditti ilaaluu dandeenya.

- ❖ Barruu sana keessatti qabxiileen walqixxummaa yookaan loogii koorniyaa agarsiisan jiruu?
- ❖ Barruun sun kan akkamiiti? Aadaa hawaasaa seenessaa? Hawaasa keessatti gahee koorniyaa lamaanii haala madaalawaa ta'een dhiyeessamoo niqooda?
- ❖ Barreeffamichi ilaalcha koorniyaa lamaanii haala kamiin agarsiise?
- ❖ Gama hawaasummaa, dinagdee, siyaasaafi xiinsammuutiin dubartoonni barreeffamicha keessatti akkamiin ibsaman?
- ❖ Barreessaan eenyu? Dhiiramoo dhalaadha?
- ❖ Seenessaan barruu sanaa dhiiramoo dhalaadha?
- ❖ Dubartoonni barruu sana keessatti gahee akkamii qabu?
- ❖ Barruu sana keessatti dubartoonni namfakkiilee hayyuduree yookaan gurguddoo dhamoo xixiqqoodha?
- ❖ Barruu sana keessatti dubartoota ilaalchisee illanyaan dhugaa hintaane garuu akka dhugaatti fudhatame jiraa?
- ❖ Barruu sana keessatti namfakkiileen dhiirota ta'an namfakkiilee dubartoota ta'aniif ilaalcha akkamii qabu?
- ❖ Ilaalchi barreessaa barreeffamicha keessatti mul'atu dubartoota akkamiin boca?
- ❖ Aadaan hawaasa barruun sun dhiyaateefii hagam barruu qophaa'e sanarratti dhiibbaa godhe.

2.7.Hariiroo Yaaxxina Maarkiisizimiifi Feemiiniizimii

Hayyoonni yaaxxinaalee ogbarruu garaagaraa Yaaxxinni Maarkiisiizimii dinagdee dubartootaaf xiyyeeffannoo akka hinlaanne ni ibsu. Sababnisaa, yaaxxinni Maarkistii sirna dinagdee kaappitaaliizimii balalaaleffatee garee hawaasaa dinagdeedhaan cunqurfame qofaaf xiyyeeffannoo kennuudha. Gareedhuma cunqurfamtootaa sana keessa

garuu gareen kan biraan cunqurfamu akka jiru beekke xiyyeeffannoo hinlaanneef. Garee cunqursu keessattis haata'u, garee dinagdeen cunqurfamu keessatti dubartoonni dinagdeedhaan cunqurfamaa akka jiraatan hayyoonni yaaxxina feemiinistii ni ifoomsu. Cunqursaan dinagdee kunis gama dhiirotaan dubartootarratti kan raawwatamuudha.

Faallaa kanaatiin hayyuun Murli (2014:119) kitaaba Eangles bara 1884tti kitaaba matadureensaa, *"The origin of the family, private property, and the state"* jedhu maxxansee ture wabeeffachuun akka ibsetti sirni jaarmiyaalee hawaasaa kan durii osoo hin eegalin dubartoonniifi dhiironni hawaasa keessatti bakka walfakkaataafi gahee hojii kan mataasaanii qabu turan. Gaheen hojii isaanii kunis jiruufi jireenya isaanii keessatti akka tasaa kan qoodame malee itti yaadamee hojiin kun kan dubartii, kunimmoo kan dhiirotaati jedhamee addatti hiramee kan kenname akka hinjirre dubbata. Haaluma kanaan gaheen dubartootaa hojii mana keessaafi daa'imman guddisuu yoo ta'u, dhiironnimmoo adamoo adamsuu, qurxummii kiyyeessuu, beeyladoo tikuufi kanneen kana fakkaatan hojjechuun nyaataafi wantoota jireenya maatiif barbaachisan hunda guutaa turan. Haati warraa tokko abbaa warraa tokko qofa qabaachuunis dirqama hinturre. Dhaalli qabeenyaas sanyii haadha warraatiin malee sanyii abbaa warraatiin ilaalamaa hinturre.

Haata'u malee, malleen oomishaa fedhii ilmoo namaa guutuuf gargaaran soorata battalaarra darbanii waan yeroo dheeraaf nama tajaajilu argamsiisuuf yookaan barbaaduuf dursuun dhiirotaa sadarkaa hawaasaatti gama oomishaatiin dubartoota caalaa itti gaafatamummaa addaa akka waan qabaniif godhaniif akka of fudhataniif isaan boceera. Dhiironni fedhii kanaan dursanii guutamanii waan fedhan kana argachuuf mala barbaaduun dursuun isaanii akka duraanii dubartoonni dhiirota adda addaa waliin hariiroo gaa'ila akka hin uummanne isaan gochuun olaantummaa dhiira tokkoo jalatti qofa akka bulan isaan taassisuu jalqabe. Mala oomishaa wantoota jireenyaaf barbaachisan argachuutiin dubartoota dursuun isaanii dubartoota dursanii qabeenya akka horataniif isaan gargaareera. Kunis adeemsi dhaala qabeenyaa kan durii kallattii jijjiirratee sanyii abbootii warraa hordofuu eegale. Dhiironni qabeenyan ofiikootii horadhen sanyii haadha warraa dhaalchisaa? jechuu jalqaban. Qabata kanaatiin dinagdeen warra dhiirotaa yeroodhaa yerootti dabalaa deemee kan dubartootaammoo kufaa deeme. Seenaan akkasii jaarraa ammaa keessas akka jaarraa seenaa dubartootaa addunyaa kanarraa dhabamsiisuuf yaalameetti ilaalame.

Kufaatiin dinagdee dubartootaa bu'uuraan dhimma kana waliin akka walqabatu hayyoonni kallattii adda addaatiin lafa kaa'u. Gareen lafa irratti oomishaniifi mala oomishaa harkarraa hinqabne qabeenya horachuu hindanda'u. Dubartoonnis, olaantummaa dhiiraa yeroo keessa bocame kanarraa kan ka'es lafa irratti oomishaniifi mala ittiin oomishan sarbamanii dhiirota qofaan qajeelfamuu qofa akka hordofan isaan taassise. Akka dafqaan bulaatti dhiira jalatti ajajamanii dirqamaan akka jiraatan isaan taassisaa dhufe. Kunis hirkattummaan dubartootaa uumamaan kan kenname osoo hintaane garaagarummaa hariiroo hawaasaa yeroo ta'e tokko keessa uumamerraa kan maddee ta'uusaa hubachiisa.

Jaarraa amma keessas rakkoo haala kanaan yeroo tokkotti uumame guutummaatti sirreessuun yoo dadhabamellee hanga tokko xiqqeessuuf hojiin akkamii hojjetamuu akka qaburratti hayyoonni yaaxxina, 'Marxist feminism' hanga tokko yaada nikennu. Mee dhimma kana ilaalchisee waan Murli (2014: 123) jedhu waraabbii armaan gadii fudhannee haa ilaallu.

Marxist feminism is feminism focused on investigating and explaining the ways in which women are oppressed through systems of capitalism and private property. According to Marxist feminists women's liberation can only be achieved through a radical restructuring of the current capitalist economy in which they contend, much of women's labour is uncompensated.

Akka yaada hayyuu kanaatti yaaxxinni 'Marxist feminist' sirna kaappitaalizimii keessatti karaalee dubartoonni itti cunqurfaman yookaan hakuucaman qorachuufi ibsuu xiyyeeffata. Akka ibsa kanaattis biliisummaan dubartootaa gama hundaan argamuu kan danda'u yoo caasaan dinagdee sirna kappitaaliizimii keessaa guutummaatti kallattii mirga dubartootaa kabachiisuu danda'uun ijaaramee qofaadha.

Yaaxxinni Maarkistii yeroo bu'uureffame dhimma dinagdee dubartootaaf addatti xiyyeeffannoo hinlaanne. Dhimmi dinagdee dubartootaa dinagdeedhuma garee hawaasaa keessatti ilaalamaa ture. Yaaxxinni Maarkisti feemiinistii garuu sirnuma dinagdee kappitaaliizimii keessatti sadarkaan dinagdee dubartootaa maal akka fakkaatu xiinxaluufi rakkoo sirnicha keessatti dubartoota mudatu ifa godhee furmaanni rakkoo sanaa akka barbaadamu falmuudha. Walumaagalatti, yaaxxinaaleen lamaanuu kaayyoosaaniitiin adda adda yoo ta'anillee xiyyeeffannoosaniin mirga garee cunqurfamtootaaf falmuudha.

2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan mata duree qorannoo kanaan walfakkaatantu qindaa'ee dhiyaate. Akkuma addunyaattuu ogbarruwwan yaaxxina bu'uura godhatanii qorataman yookaan xiinxalaman bal'inaan akka hinjirre Tyson (2006) ni ifoomsa. Dhimma kanas qorannoo ogbarruu Oromoo wajjin walqabsiifnee yoo ilaalle rakkoo ifatti mul'atu hubachuun nama hindhibu. Ogbarruwwan Oromoo yaaxxina bu'uura godhatanii qorataman bal'inaan akka hinjirre dhugaan qabatamaan lafarratti jiru ni agarsiisa. Haata'u malee, hanga tokko qorannoowwan muraasni kanneen yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatanii adeemsifaman muraasni ni jiru.

Araarsaa Qannoo (2010) mata duree, "*Xiinxala Asoosama Madaa Ciqilee Ija yaaxxina Maarkistiin*" jedhuun digirii 1ffaa ittiin guuttachuuf Yuunivesitii Finfinneetti kan hojjetameedha. Qorannoon kunis hanga tokko yaaxxina kanaan ogbarruu Oromoo garaagaraa qeequun akka danda'amu yaada ka'umsaa nikenna. Ta'us, hubannoo gadifagoo yaaxxina Maarkistii bu'uura godhaterratti waan ijaarame hinfakkaatu. Kaayyowwan gooree isaa qajeeltoowwan yaaxxina kanaa bu'uura godhatanii waan qophaa'an miti. Kaayyoorratti wanti eerameefi yaadrimeen yaaxxinichaa hagas mara wal hinsimu jechuudha. Walitti hidhamiinsi boqonnaalee qorannoo kana keessaas ifa miti. Yaadrimeewwan ifoofi hubatamuu danda'an haala salphaatti namaa galuu danda'aniin hin mul'atan. Haata'u malee, kaayyoo gooroon isaa yaaxxina kanaan asoosama qeequu waan ta'eef haga tokko qorannoo kanaan walfakkii qaba. Ta'ullee, qorannichi asoosama Madaa Ciqilee jedhamu kan xiinxaleefi yaaxxina Maarkiisiizimii qofa kan bu'uureffateedha. Matadureen qorannoo isa kanaa garuu, asoosamoota dheeraa lama: *Hawwiif Yoomi Laataa Ija Maarkiisiizimiifi feemiiniizimiitiin* xiinxala bal'aa waan taassiseef qabiyyeenis ta'e kitaabilee xiinxalaaf dhiyaataniin qorannoo kanarraa baay'ee adda.

Siifan Angechaa (2010), mata duree, "*Xiinxala Asoosamoota Aarsaafi Miilla Hinsokoksinee Ija Yaaxxinaalee Qeeqoo Bifiyyeefi Maarkistiitiin*" kan jedhu digirii 2ffaa Afaan Oromoo ittiin guuttachuuf Yuunivesitii Finfinneetti hojjetteetti. Akkuma mataduree qorannoo kanaarraa hubachuun danda'amutti qorannichi gartokkeedhaan mataduree qorannoo kanaan hidhata qaba. Ka'umsi yaadrimee qorattuun kun fayyadamteefi kaayyoonsee yaaxxinasheerratti akka ijaarame kaayyowwan gooreeshee kallattiin ni agarsiisu. Haata'u malee, akkaasheen itti kaayyoonsee keesse dhiibbaa, siyaasaafi dinagdee jedhee waan eegaluuf qorannichatti osoo hinseenin miirarratti hundaa'ee waan qindaa'e fakkaata. Kanaaf, dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi

dinagdee asoosamicha keessatti calaqqisan agarsiisuu osoo ta'ee gaarii ture. Kana malees, yaaxxinni isheen dhimma kanaan walqabsiiftee dhiyeessite fuula tokko kan hincaalleefi haala namni waa'ee yaaxxina kanaa hanga tokko hubannoo argachuu danda'utti hindhiyeessine. Kanaafuu, mataduree qorannoo kana wanti qorannoosheerraa adda godhu waa'ee yaaxxina Maarkiisiizimii qorattoonni dhimma kana qorachuuf sichi dirree ogbarruutti bobbaa'an hanga tokko kanarra hubannoo akka argatan gochuurra darbee qorannoo kana caaluuf ulaa banuu keessatti isa duraa caalaa shoora taphachuu akka danda'u qorataan waan tilmaamuuf qorannoowwan duraan dhimma kanarratti dalagamanirraa hedduu fagoodha.

Kana malees, gama asoosamoota filatamaniifi yaaxxina kan biraa dabalee dhiyeessusaatiin kan Siifaniinirraa adda. Kaayyowwan qorannichaas qajeeltoowwan qeeqoo Markistiifi feemiinistii bu'uura godhatanii kan ijaaramaniifi sana hordofanii kan deemaniidha. Dabalataanis, kitaabileen qorannoo kanaan xiinxalaman qabiyyeenis haata'u mataduree asoosamoota xiinxalamaniin adda. Kanaan alatti gama Yaaxxina Feemiiniizimiitiin yaada hayyoota garaagaraa bifa kitaabaatiin dhimmicharratti jiraniin alatti gama Afaan alagaan ta'e Afaan Oromootiin qorannoo dalagame argachuu hindandeenye.

Yaaxxinaalee lamaan qorannoon kun xiyyeeffateen alattis qorannoowwan matadureen isaanii, "*Xiinxala Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin* jedhu kan Mastaawot Tasfaayeetiin (2007) fi *Xiinxala Asoosamoota Burreen Bifa Tokko Mitiifi Dibaa Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin* Qananii Baay'isaatiin (2008) waraqaa qorannoo digirii 2^{ffaa} Afaan Oromootiin guuttachuuf qophaa'an ta'anii xiyyeeffannoon isaanii yaaxxina bifa asoosamoonni sunneen ittiin dhiyaatan gadi fageenyaan balballoomsu bu'uura godhatan waan ta'eef gama yaaxxinaalee waliigalaatiin yoo ta'e malee, gama qajeeltoowwan yaaxxinaaleetiin wanti qorannoo kanaan walitti isaan fidu hinjiru.

Kanumaan kan walqabatu hojiin Dassaalenyi Hayiluu (2016)fi Mokonnin Gabbisaa (2006) *Ija Yaaxxina Dhugummaatiin Xiinxalli asoosamaa dhiyaatan nijiru*. Dassaalenyi Asoosamoota *Yoomi Laataafi Kadir Wadoo Galatoo Sabboonaa Oromoo*, akkasumas Mokonnin Asoosamoota *Suuraa Abdiifi Miilla Hinsokoksinee* irratti digirii 2^{ffaa} Afaan Oromoo ittiin guuttachuuf xiinxalan gama yaaxxina waliigalaatiin yoo ta'e malee qajeeltoowwan hordofaniin mataduree qorannoo kanaarraa baay'ee adda.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA

Qorannoo tokko yammuu adeemsifnu gosa qorannoo geggeessinuurratti hundoofnee meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannuu fi qaaccessinu murteessina. Malleen qorannoo jiran keessaas qeeqni yookaan xiinxalli ogbarruurratti geggeeffamu sakatta'a barruurratti xiyyeeffatama. Kanuma bu'uureffachuudhaan qorataan yeroo qorannoo kana geggeessu barruulee armaan olitti filataman gadi fageenyaan sakatta'e. Kanaafuu, gosti qorannoo filatamee qorannoo sakattaadha.

3.1. Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoo tokko adeemsiisuuf sababa hanqina yeroofi maallaqaarraa kan ka'e maddoota odeeffannoo ta'uu kan danda'an hunda bira deemanii odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan funaannachuun hedduu dadhabsiisaa akka ta'e beekuun waan nama rakkisu miti. Rakkoo kana salphisuufis iddattoo filachuun furmaata filannoo biroo hinqabneedha. Kanaaf, qorataan tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa miticarraa filatee achi keessaammoo iddatteessuu akkayyootti dhimma bahe. Sababni qorataan gosa iddatteessuu kana filateefis kaayyoosaa irratti hundaa'eeti. Kana jechuunis kitaabileen filataman kunneen mata duree qorataan qorannoosaaf filatee wajjin kan deemaniifi dubbistoota hedduu birattis kan beekaman waan ta'aniif.

3.2. Madda Ragaa

Qorannoon kun madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaarratti hundaa'ee geggeeffame. Sababnisaa odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu kitaabilee asoosamoota *Hawwii fi Yoomi Laataa?* Keessaa waan sakatta'amaniif. Asoosamni Hawwii jalqaba bara 1995 kan maxxanffamte yoo taatu qorataan garuu maxxansa afraffaashee madda ragaa godhate. Kitaabni kun fuula 254 qabdi. Gama Asoosama Yoom Laataatiin, kitaabichi maxxansi jalqabaasaa bara 2000 yoo ta'u qorataan maxxansa 2^{ffaa}saa madda ragaa qorannoosaa godhate. Kitaabni kunis fuula 279 qaba. Barreessaan asoosamoota kanaas Isaayyaas Hordofaati.

3.3. Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee asoosamaa waan xiyyeeffatuuf ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan kan argaman asoosamoota kanneen sakatta'uudhaani. Kana gochuufis qorataan gaaffilee bu'uura qorannichaafi kaayyoowwan qorannichaa bu'uura

godhachuun asoosamoota kanneen irra deddeebi'ee erga dubbisee sakatta'ee booda odeeffannoowwan qorannoosaaf barbaachisan funaannachuu danda'eera. Ragaalee funaanaman kanneenis kaayyoo qorannichaarratti hundaa'ee kanneen walfakkaatan mataduree walfakkaataa jalatti dhiyeessuun mataduricha jalattis odeeffannoo barbaadame akka fakkeenyaatti dhiyeessee tokko tokkoon xiinxalasaa dhiyeesseera.

3.4. Qindoomina Qorannichaa

Kaayyoo qorannichaa bu'uureffachuudhaan hojiiwwan qorannoo kanaa boqonnaa shanitti qoodamanii dhiyataniiru. Boqonnaa tokkoffaan seensa. Boqonnaa kana keessatti ariirrata, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaatu qindeeffame. Boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruuti. Boqonnaa kana jalattimmoo dhimmota ogbarruu waliin hidhata qabaniifi yaaxxinaalee garaagaraatu mata duree adda addaa jalatti qindoominaan dhiyaate. Boqonnaan sadii mala qorannichaa laallata. As jalattiis gosa qorannoo geggeeffamuu, iddattoofi iddatteessuu, madda ragaaleefi mala funaansa ragaaleetu haammatame. Boqonnaan afur xiinxala ragaalee fuuleffata. Boqonnaa kana jalatti ragaalee gaaffilee bu'uura qorannichaafi kaayyoo qorannichaarratti hundaa'anii kitaabilee asoosamoota Hawwiifi Yoomi Laataa keessaa walitti qabamantu gadi fageenyaan xiinxalame. Xiinxalli taassifames mala akkamtaa yookaan jecha jechaan ibsuu bu'uura godhateeti. Boqonnaa shan jalatti immoo cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu qindoominaan dhiyaate.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan gaaffilee bu'uura qorannichaafi kaayyoo qorannichaarratti hundaa'anii kitaabilee asoosamoota Hawwiifi Yoomi Laataa? Keessaa walitti qabamantu gadi fageenyaan xiinxalame. Xiinxalli taassifames mala akkamtaa yookaan jecha jechaan ibsuu bu'uura godhateeti. Odeeffannoowwan kunneen yammuu hiikamanis kanneen yaadnisaanii walfakkaatu mataduree tokko jalatti qindaa'uudhaan tokko tokkoon xiinxalamaa deeman. Kana jechuunis odeeffannoowwan walfakkaatoon mata duree walfakkaataa jalatti dhiyaatanii xiinxalaman jechuudha.

Tartiibni dhiyaannaasaaniis akkaataa qorataan kaayyoo qorannichaa itti qindeessee kaa'aterratti hundaa'a. Haala kanaan kaayyowwan jalqabaa lamaan yookaan dhimmoonni hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa, akkasumas gareewwan hawaasaa namfakkiileen bakka bu'an gara jalqabaarra ija yaaxxina Maarkistiin yoo xiinxalaman, dhimmoonni koorniyaan walqabatan, dubartoota jajjabeessuu yookaan hacuucuu barruuwwan kanneen lamaanii adda baasuufi gahee dubartoonni guddina hawaasa tokkoo keessatti qaban ija yaaxxina feeministiin xiinxaluun ittaananii dhiyaatan.

Xiinxalli jalqabaas asoosama *Hawwiitiin* kan jalqabu yoo ta'u, asoosamni *Yoomi Laataammoo* isatti aanee xiinxalame. Akkuma seenduubee keessatti ibsamee ture asoosamoonni lamaanuu gaazexeessaa Isaayyaas Hordofaatiin barreeffaman. Obbo Isaayyaas akka lakkoofsa Faranjiitti bara 1953 magaalaa Naqamtee ganda Daaloo bakka amma 07 jedhamee waamamutti dhalate. Isaayyaas qomoodhaan Oromoo ta'ee gosa Oromoo Leeqaa Naqamtee keessaa warra Daaloo keessatti argama. Qomoo barreessaa kana kaasuun kan barbaachiseefis keessumaa yaaxxinni Maarkistii qomoo barreessaa ogbarruu sanaa akka qabxii tokkootti waan ilaaluuf. *Asoosamni Hawwii* yeroo afur irra deddeebiin kan maxxanfamteefi akka barreessichi maxxansa arfaffaasaarratti ibsettis dubbistoota kuma digdamaa ol kan argatteedha. Akkasumas, *asoosamni Yoomi Laataa?* Yeroo lama kan maxxanfame ta'ee dubbistoota hedduu kan argateedha.

4.1. Sabseenaa Asoosama Hawwii

Maatiin obbo Jireenyaafi obbo Bulchaa magaalaa Naqamtee ganda Jaatoo keessa jiraatu. Haati warraa obbo Jireenyaa aadde Bashaatuu, kan obbo Bulchaammoo aadde Dinsirii jedhamu. Maatiin kunneen lamaan ollaa hariiroo gaarii qabaniidha. Haata'u

malee, dinagdeedhaan sadarkaa gadaanaarra kanneen jiraniifi dhala osoo hingodhatin waggoota dheeraa kanneen turaniidha.

Obbo Jireenyaan mana wal'aansa fayyaa Tafarii Mokonnon keessaa waggoota soddomaa oliif waardiyaa ta'ee hojjeteera. Haati warraasaanii aadde Bashaatuunis miindaan abbaa warraashee xiqqoo waan ta'eef shaayee danfistee daabboo wajjin gurguruudhaan jireenya maatiishee utubdi. Waggaa dheeraa boodas obbo Jireenyaan ilma Latii jedhamu argatan.

Gama biraatiin, obbo Bulchaan ogeessa mana ijaarsaati. Kana malees, boolla mana fincaanii qotuufi dallaa manaa ijaaruun beekama. Haati warraasaa aadde Dinsiriinis gamasheetiin farsoo naqxee, haraqee baaftee walgargaaranii jireenya rakkoo kana mo'achuuf hedduu carraaqu. Boodarra isaanis Latiin dhalatee waggaa lamatti durba Hawwii jedhamtu argatan.

Hawwiiniifi Latiin qe'eesaanii keessa burraaqanii taphachaa oolu. Hedduu waljaal'atu. Yeroonsaanii geenyaan Hawwiin waggaa shanitti, Latiinimmoo waggaa torbatti mana barumsaa Ergamtoota Wangeelaa Warra Siwiidini bara 1950tti seenan. Barumsasaaniittis ciccimoo turan. Jaalallisaan waliif qabanis yeroodhaa yerootti dabalaa dhufe.

Haata'u malee, maatiin lamaanuu dhimma ijoolleesaa kanarratti karoora yookaan ejjennoo garaagaraa qabu. obbo Jireenyaan jireenyaan fooyya'uu kan danda'u yoo ilmasaa kana barsiifate qofa akka ta'etti amana. Maatiin Hawwiimmoo, gaafa Hawwiin guddattee heerumaaf geessu soressatti heerumsiisanii yeroo gabaabaa keessatti hiyyumaa bahuu yaadu.

Wanti Hawwiin yaaddu garuu faallaa karoora matiisheeti. Latiidhaaf jaalala dhirsaafti niitummaa qabdiif. Haaluma kanaan yeroo gabaabaa keessattis hariiroo jaalalaa hundessan. Maatiinshee garuu dhimma kana fudhachuufii hindandeenye. Dhimma kanaanis maatii lamaan gidduutti walldhabdee cimaatu ka'e. Akkuma karoorfatanii turan utuu Hawwiin hinbeekin humnaan dureessa beekamaa magaalaa Naqamtee Hajii Yuusuuf jaarsa waggaa 75tti heerumsiisanii hiyyummaa keessaa bahuuf qophii eegalan.

Yeroo kana Latiinis barumsasaa kutaa 12^{ffaa} xumuree biyya Siwiidini deemee barumsa ogummaa fayyaa itti fufuuf qophiirra jira. Innis utuu hindeemin rakkoo isheetti dhufaa

jiru jalaa miliksiuf ilma wasiilasaa Dalasaa Margaa bira Finfinnee deemtee hanga barumsasaa xumuree deebi'utti achi turtee akka barattuuf haala mijeesseefii deeme.

Guyyaan cidhaa maatiinshee Hajii Yuusuufiif qabanis nigahe. Haata'u malee, guyyuma kanarra maatiin Latii, Hawwii miliksanii Finfinneetti waan erganiif cidhichi milkaa'uu hindandeenye. Hawwiin osoo Finfinneetti imalaa jirtuu maanguddoo ishee cina taa'an obbo Ayyaanaa maanguddoo jedhamanii wajjin walbarte. Haalashee yeroo laalan waan gadda qabdu itti fakkaannaan rakkooshee gaafatan. Isheen garuu icciitiishee dhokfattee firashee bira magaalaa Finfinnee baankii Kasaanchisii (Qarsaatii) kan hojjetu Dalasaa Margaa kan jedhamu bira deemtee barachuu dhaqaa akka jirtu itti himte. Kana duras Finfinnee deemtee akka hinbeekne ibsiteef.

Yammuu Finfinnee gahanis Dalasaan buufata konkolaataatti Hawwii eega jedhames achi hinjiru. Obbo Ayyaanaanis bilbila manasaa Hawwii harkaa fuudhanii irra deddeebiin yaallaan namni kaasu hinjiru. Hawwiin lafa lixxuufi boolla seentu wal'aalte. Kanarratti hanga firashee argattutti jedhanii gara manasaaniitti fuudhanii galanii manasaanii bulchan. Ganama obbo Ayyaanaan Hawwii waliin baankii jedhame sana Dalasaa barbaacha yammuu dhaqan achis akka hinjirre odeeffannoo yammuu dhagahan waan dubbatan dhabanii gara manaatti deebi'an. Guyyaa kanaa eegalanii hanga firashee argattutti isaanuma bira turuu akka qabdu murteessan.

Haati warraa obbo Ayyaanaa garuu akka waan obbo Ayyaanaan Hawwii bakkeetti godhatanii fidaniitti waan shakkaniif hojii cimaa hojjechiisaa oolu. Intallisaanii Sooniinis dhimmi kun soba yookaan dhugaa ta'uusaa erga adda baastee booda yoo kansaanii miti taate Latiittii adda baastee obboleessashee Caalaatti heerumsiisuuf yaalii guddaa gochaa jirti. Haati Sooniis Hawwiidhaaf summii kennanii ajjeesuuf yaalii gochaa jiru. Kanarraa kan ka'e Hawwinis mana kana itti fuftee jiraachuun lubbuusheetti murteessuu ta'ee waan itti mul'ateef akka taate taatee firashee Dalasaa barbaaddee argachuu akka qabdu murteessite.

Ammas deemtee barbaaddullee akka carraa ta'ee argachuu waan hindandeenyeef abdiin kuttee gaaf tokko gara manaatti deebi'uuf daandiirra dhaabbattee taaksii yeroo dheeraaf eeggachaa turtee erga dhabdee booda namichi Hayiluu jedhamu ishee gowwoomsuun konkolaataasaatiin fuudhee lafa sagaagalummaasaa itti raawwatutti qajeelche. Isheen garuu qabsoo gooteen bineensa kanaan gudeedamuu jalaa of oolchite. Abbaan

hoteelichaas rakkooshee erga hubatee booda namicha qaama seeraaf kennee, isheemmoo konkolaataasaatiin fuudhee dallaa Obbo Ayyaanaafaa biraan gahee deebi'e.

Yeroosheen mana bira geessu halkan keessaa sa'a afur waan tureef akka ol hinseenne dhorkamte. Halkan sana utuu siree barbaaddachuuf asiifi achi joortuu waardiyaa Hosteela Qiddisti Sillaasee tokko bira geesse. Utuunni rakkoo yeroo sana ishee deemsisu gaafachaa jiruu dubartoonni hosteelichatti ol seenaa jiran lama boo'ichashee arganii itti goranii rakkooshee erga gaafatanii booda gaddaniifii halkan sana akka isaan bira bultuuf fuudhanii galan. Achumaanis isaan waliin hosteelicha akka kireeffattu haala mijeessaniifii borumtaas ishee waliin mi'ashee dhaqanii gara hosteelichaatti fidaniif. Hosteelicha keessas waan qabdu qusattee gara ji'a tokkoo teesse.

Kana booda garuu qarshii waan hinqabneef achii baatee hojii xiqqoo barbaaddachuu akka qabdu murteessite. Haaluma kanaan hojjettuu mana keessaa taatee mana obbo Laggasaatti qacaramte. Achis haati warraa obbo Laggasaa abbaa warraasheetti waan shakkiteef ji'a sadii qofa teessee qarshii 100 fudhattee baate. Qarshii argatte kanaan ganda Agamsaa keessaa mana siree rakasa tokko argattee ji'a sadii teesse.

Utuma haala kanaan jiraattuu guyyaa tokko ayyaanni Masqalaa waan gaheef dirree masqalaa sirba daawwachuu deemtee firashee yeroo dheeraaf dhabdee turte Dalasaa achitti argatte. Lamaanuu akkuma walarganiin gammachuurraa kan ka'e waan dubbatan wal'aalan. Walitti marmanii nagaa walgaafatan. Dalasaanis maqaa siyaasaatiin mana hidhaa akka ture isheef ibse. Isheenis bu'aaba'ii jireenyaa dabarsaa turte seenessiteef. Kana booda Dalasaa waliin manasheen jiraachaa turtee mi'ashee fuudhanii mana Dalasaatti galan. Oduun kun maatii obbo Margaafi obbo Jireenyaa qaqqabee isaanis gammachuun mirqaanan.

Latii, Amaareefi Geetaachoon hiriyoota biyya Siwiidiniitti ogummaa garaagaraa barachaa waliinimmoo doormii tokko jiraataniidha. Amaareefi Geetaachoon Gondoritti dhalatan. Amaareenis Latiifi Geetaachoo dursee barumsasaa xumuree gara biyyaatti waan deebi'eef Latiin haala mijeesseefii hanga mana kiraa argatuttis Dalasaa biraa kutaa tokko fudhatee isa waliin jiraachaa jira. Dalasaan Hawwii fuudhee akka manatti galeenis Amaaree waliin walbararsiise. Kaadhimaa Latii akkasheen taates itti hime.

Guyyoota muraasa boodas Amaareen haala ittiin Hawwii, Latiittii adda baasee ofiisaaf taassisu shira garaagaraa shiruu jalqabe. Kana galmaan gahuuf dursa Hawwiifi

Dalasaa yeroo adda addaatti walitti buusee itti aansuunis Hawwiifi Latii gargar baasuuf karoorse.

Latiin garuu oduu dhagahe kamuu fudhachuu dide. Jaalala Hawwiif qabus tasa hinjijjiirre. Hawwiin garuu kana hinbeektu. Shirri shirame hundinuu dhugaa waan itti fakkaateef Latiirraa abdi kutatte. Yeroon kunis yeroo Latiin itti barumsasaa xumuree gara biyyaatti deebi'aa jiruudha.

Dalasaan akka Latiin Hawwii waliin Naqamteen dhufu bilbilaan obbo Margaafi obbo Jireenyaatti dhaamee qophii barbaachisaa akka godhan beeksise. Isaanis akkuma kana dhagahaniin dursanii waldhabdee maatii obbo Jireenyaafi obbo Bulchaa gidduu jiru jaarsummaan hiikuu murteessan. Maatiin Haawwiis lubbuun jiraachuusheeyyuu shakkaa waan turaniif araaricha gammachuudhaan fudhatan.

Hawwiin akka nama rafuu kutaashee seentee cufattee yeroo dheeraa osoo hinrafin ergatu rtee booda gara halkan keessaa sa'a kudhaniitti tarkaanfii summii dhuganii of ajjeesuu ofirratti fudhatte. Dalasaan Latii fidee dhufe. Yeroosaan dhufan Hawwiin kutaa ciisichashee hinbanne. Latiinis akkuma dhufeen ishee gaafate. Rafaa jiraachuushee akkuma dhagaheenis dammaqsuudhaaf balbala kutaa ciisichashee rurrukute. Namni banuuf hinjiru. Naasuu guddaatu isaan argate. Sana booda balbala kutichaa cabsanii yeroo seenan isheen sireerraa lafatti kuftee oomacha afaaniin yaastee lafa osoo ciistuu argan. Iyya guddaa iyyan.

Amaareenis haala kana akkuma argeen na ajjeesu jedhee waan sodaateef bakka sanaa konkolaataasaatiin baqachaa utuu jiruu konkolaataa biroon walitti bu'ee karaarratti obbaafate. Garuu, hafuurri xiqqoon Hawwii keessa waan jiruuf walii qabani taaksii keessa buusuun gara mana yaalaatti geessan. Hospitaalicha keessa bultii muraasa turanii erga yaalchisanii booda ijishee inni walitti cufame deebi'ee baname. Hidhiinshees suuta saaqamanii walgadhiisan. Qaamnishee dhukkubsataa ture hunduu bakkasaatti deebi'e. Gaafa Latii argitus boo'icha guddaa boosse. Sadanuu gammachuu guddaa gammadan. Latiinis ija, fuula, miillaafi hidhii Hawwii dhudhungate. Gammachuu hamma dhabeen mirqaane. Jaalalli dhugaanis bu'aa bahii hedduu darbee fiixaan bahiinsa argate.

4.2. Xiinxala Asoosama Hawwii Ija Yaaxxina Maarkiisiizimiitiin

4.2.1. Dhimmoota Hawaasummaa, Dinagdeefi Siyaasaa

4.2.1.1. Dhimmoota Hawaasummaa

Dhimmoonni hawaasummaa dhimmoota jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti mul'ataniidha. Kan hawaasichi itti jiraatuufi ittiin jiraatuudha. Isaanis: hariiroo hawaasaa, afaan, aadaa, amantii, duudhaafi kanneen birooti. Dhimmoonni kunneenis asoosama Hawwii keessatti bakka hedduutti mul'atu.

4.2.1.1.1. Hariiroo Hawaasaa

Hawaasa jechuun namoota naannoofi yeroo murtaa'e tokko keessa jiraatanii aadaa, duudhaafi afaan waliin qooddataniidha. Amaloota hawaasa keessatti mul'atan keessaa muraasni gaddaafi gammachuu keessatti walgargaaranii jiraachuu, jijjiiramaa deemuu (naannoofi umuriin), dhalootaa dhalootatti bakka walbuusaa deemuu, gurmuun jiraachuu, aadaan buluufi kanneen kana fakkaataniidha. Hariiroon hawaasaa walitti dhufeenya hawaasni tokko waliisaatiin yookiin alagaa wajjin qabuudha. Kanarraa ka'amee hawaasni beellada hawaasummaati jedhama. Yaadni kun biyyi namni tokkittiin keessa jiraatu akka hinjirreefi waliin jiraachuun hawaasaa barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Namni kamuu namarraa adda bahee qofaasaa jiraachuu hindanda'u jechuudha. Yaada kanas Brown (1987:163) yammuu ibsu, *"No man is an Island, entire of itself. Every man is a piece of the continent, a part of the main...any man's death diminishes me because I am involved in man kind,"* jedha.

Uummanni Oromoos akka sabaatti jiruufi jireenyasaa keessatti hariiroo gaarii waliisaa gidduuttiifi alagaa waliin uummatee jiraachuu keessatti muuxannoo yeroo dheeraa qaba. Asoosamni kunis hariiroo uummanni Oromoo gama lamaaniinuu uummatee jiraachaa ture akka gaariitti calaqqisiisa.

Fkn1:Obbo Bulchaafi obbo Jireenyaan ollummaa gaariidhaan walii wajjin jiraatu. Obboleessi quxisuun obbo Jireenyaa, obbo Margaan gaafa boqonnaasaa tokko tokko obbo Jireenyaafaa dubbisuu dhaqa. Guyyaa kana aadde Dinsiriifaas osoo hindubbisin hindeebi'u. Olloota gaarii walkabajanii waljaallataniifi walgargaaranii waliin jiraatan waan ta'aniif akka ollaatti osoo hintaane akka fira dhiigaatti walilaalu. Obbo Margaanis sababa kanarraa ka'uun yeroo obbo Jireenyaafi maatiisaanii dubbisuu dhaqumaatii obbo Bulchaafaas nidubbisa. Gaafa dubbisuu dhaqus obbo Jireenyaa wajjin farsoo aadde Dinsiriifaa isa daadhii gachisiisu utuu hindhugin hindeebi'u (fuula 25).

Akkuma argamu hariiroon hawaasummaa maatii kana lamaanii hariiroo cimaa uummanni Oromoo waliisaa gidduutti qabu bakka bu'a. Maatiin kun lamaan ollummaarrayyuu darbanii akka fira dhiigaatti walilalaaluunsanii hariiroon hawaasummaa isaan gidduu jiru hagam jabaa akka ta'e ibsa. Walitti dhufeenyisaniis kunis jaalalaan kan guutameedha. Yaadaafi ilaalcha gaarii waliif qabu jechuudha. Aadde Bashaatuun aadde Dinsirii dursitee dhala argatte. Ta'ullee, kanaan aadde Dinsirii ceephaatee hinbeektu. Isheenis dhala dhabuusheetiif of ceephaatee isheerraa hinbaqanne. Latiin harka aadde Dinsiriirratti guddate. Irra caalaatti ishee bira oola. Haati Latii ilmashee yeroo yaaddu qofa harma hoossisuun qabatee ofitti fuuti. Yeroo kana aadde Dinsiriin dhala dhabuusheeti aarti. Aariin ishee garuu kan hariiroo diigu hinturre.

Fkn2:...gaaf tokko tokkommoo yeroo aadde Bashaatuun harkaa fuutu guyyaa guutuu boo'aa ooltee ittiin ooddi. Ati maal na goote Maaramiitu walnucaalchise jechuun qeeqxi. Akkas walitti haa dubbatan malee dubartoonni lamaan kun akka obbolaatti akka maatii tokkootti jaalalaan waliin jiraatu (fuula 16).

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hariiroon kan uumamu wanti hariiroo sana jabeessu hundi waan guuteef miti. Kan isa tokkoof guute isa kaanittimmoo hanqachuu mala. Maatii kana lamaan gidduuttis wanti akkasii mul'ateera. Duraan maatiin kunneen lamaan dhala dhabanii turan. Amma garuu aadde Bashaatuun Latii godhattee jirti. Aadde Dinsiriin garuu ammallee dhala hinqabdu. Yeroo aadde Bashaatuun Latii harkaa fuutus gadda cimaatu itti dhagahama. Ta'ullee, hariiroo qabdu sana eeggachuuf jecha maddi gaddasheetii Maaramii akka ta'e kaastee hariiroo hawaasummaasheetiif eegumsa gooti.

Fkn 3: Hawwiifi Latiin...yeroo mana barumsaa dhaqanis, yeroo galanis w alirraa adda hinba'an. Kanisaan hinbeekne obbolaadha isaaniin jedhaan," (fuula 32).

Yaada armaan olii keessatti akkuma ibsame Hawwiifi Latiin hariiroo hawaasummaa gaarii maatiisaanii gidduutti shaakalaa guddatan. Shaakaluma gochaa turan sanas qabatamaan agarsiisan. Daa'imman gaafa guddatan waanuma maatiisaaniifi ollaasaaniitti argaa guddatan hojjiirra oolchu. Uummanni Oromoo waliisaarrallee darbee namoota biroo waliin hariiroo hawwaasummaa gaarii qabaachuu keessatti gahumsa guddaa qaba. Kunis hojii kalaqaa kanaan akka armaan gadiitti agarsiifame.

Fkn 4:Giiptii Ruut obbo Jireenyaa waan jaal'attuuf 'Jireenyaan nama jabaadha' ittiin jetti. Afaan Oromoos haala gaariin itti dubbatti. Obbo Jireenyaanis gaafa horii dhaban Ruutiin deemanii dubbisu (fuula 12).

Ruut ogeettii fayyaa biyya Siwiidini dhufttee hospitaala Raas Mokonnon keessaa hawaasaaf tajaajila fayyaa laattuudha. Obbo Jireenyaanis hiyyummaasaaniitti qaana'anii osoo hinqoollifatin, isheenis osoo isaan hintuffatin hariiroo gaarii waliin qabu turan. Rakkoosaanii osoo hindhoksin itti himatu. Isheenis dhimmiteefii deggersa barbaachisu gootiif. Yaadni kunis kan agarsiisu uummanni Oromoo yoo qabaates yoo dhabes hariiroo hawaasa biroo waliin qabu diiguuf akka hinjarjarre agarsiisa.

Fkn 5: Hawwiifi Latiin waggaa haaraatti mana barumsaa haaraa, hiriyoota haaraa kan kanaan dura walhinbeekne gidduu galanii itti madaqaa jiru (fuula 28).

Ilmaan Oromoo bakka dhaqanitti walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii uummatanii jiraachuu eenyullee itti hinimu. Jireenya Hawwiifi Latiirraas kanumatu baratama. Mana barnootaa keessatti ijoollee maatiifi sadarkaa jireenyaa garaagaraa keessaa dhufantu walgaha. Amala gariis badaas fudhatanii kan dhufan hedduudha. Isaanis garaagagarummaa mul'atu kana hundatti madaqanii barattoota sana waliin jiraachuunsaanii hariiroo hawaasummaa cimsachaa deemuusaanii mul'isa.

Kana malees, Latiin biyya Siwiidiniitti yammuu baratu hariiroonni namoota isaaf alagaa ta'an waliin uummatee jiraachaa tureefii haalanni Amaareef mijeesse fudhatanii laaluun nidanda'ama. Evaan lammii biyya Siwiidiniitti. Amaareefi Geetaachoonimmoo kutaa biyyaa Gondorii dhufan. Hunduu sabummaan Latiidhaaf alagaa turan. Latiin garuu yeroo tokkollee maqaa sabummaatiin isaan tuqee yookaan tuffatee hinbeeku. Kanarrayyuu darbee Amaareefi yeroo rakkootti haala mijeesseeraaf.

Fkn 6: Biyya Siwiidiniitti Latii, Amaareefi Geetaachoon... doormii tokko keessa wajjin bulu. Latiin.....Amaaree, Geetaachoofi kaadhimaa Geetaachoo Evaatti hedduu dhiyaata. Evaan durba Siwiidiniitti. Amaareefi Geetaachoon kuta biyya Gondoritti dhalatan. Amaareen hundasaanii dura barumsa xumuree gara biyyaatti deebi'e. Yeroo biyyatti deebi'us Latiin xalayaadhaan Dalasaa wajjin sababii walbarsiiseef hamma kiraa manaa argatutti mana Dalasaan kireeffate keessa isa waliin akka jiraatuuf haala mijeesseef. Dalasaanis erga Amaareen isa bira buufatee amalasaa isa badaa danda'ee wajjin jiraate malee hinnuffine. Amaareen ilaalcha oftuummaa sabaa qabaachuurra darbee dhugaatii aalkoolii kan heeddummeessuufi sagaagalummaatti dorgomaa kan hinqabneedha (fuula 198-199).

Akkuma waraabii kana keessatti ibsuuf yaalame Latiin, Amaareen yammuu barumsasaa xumuree gara biyyaatti deebi'u akka hinrakkanneef namanni hinbeekne Dalasaa waliin walquunnamsiisee rakkoo yeroof isa mudachuu danda'u jalaa isa baraaruunsaa hariiroo

hawaasummaa haxxummaa ofkeessaa hinqabne qabaachuusaa agarsiisa. Amaareen amaloota badaa gurguddoo sadii: oftuummaa sabummaa, dhugaatii aalkoolii baay'isuufi amala sagaagalummaa qaba. Dalasaan garuu kana hunda danda'ee hariiroo hawaasummaasaa eeggatee isa waliin jiraachaa ture.

Hariiroon armaan olittiibsama akka waliigalaatti hariiroo uummanni Oromoo waliisaatiifi alagaa waliin qabu bakka bu'a. Hariiroo hawaasummaa saba Oromoo calaqqisiisa. Oromoon waliisaa wajjinis haa ta'u alagaa waliin hariiroo gaarii uummatee jiraachuurratti hanqina akka hinqabne ibsa. Dhugaan uummata Oromoos kana akka ta'e mul'isa. Yeroo hedduu uummanni Oromoo akka waan saboota biro waliin hariiroo hawaasummaa uummatee jiraachuu hinbarbaannetti laamama. Haata'u malee, haqni uummata Oromoo kanarraa fagoo akka ta'e barruun kun qabatamaan mul'isa. Oromoon hariiroo saboota biraa wajjin qabu eeggachuuf jecha ofiisaafi waliisaa miidhaa kan ture malee itti yaadee saba biraa balaaleffachuu keessatti hirmaannaa akka hinqabne asoosamni kun ifatti agarsiisa.

4.2.1.1.2. Dhimmoota Aadaa, Amantaafi Duudhaa Hawaasa Oromoo

Aadaan akkaataa jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo itti calaqqisuudha. Eenyummaafi maalummaa saba tokkoo kan murteessu ta'ee, hawaasni tokko ilaalcha addaa akka ofiif qabaatu gumaacha. Yaada kanas Henery (1913: 326) yoo ibsu, "*Culture is a defining feature of a person's identity contributing to how they see themselves and the groups with which they identify,*" jedha. Aadaan bakka bu'aa yookaan mallattoo jiruufi jireenya hawaasa naannoo tokkooti. Aadaan karaa adda addaatiin dhalootaa dhalootatti darba. Dubbiis ta'e barreeffamaan wanti darbu tokko aadaa hawaasa tokkoo kallatii garaagaraatiin tuttuqa. Aadaan kan sabni tokko waliin jiraachuuf dirqama hojjetuudha. Aadaan hariiroo hawaasa gidduutti kan uumuudha. Aadaa kabajuu yookaan dhiisuu dhaan hariiroon hawaasaa ijaaramuu yookaan diigamuu danda'a. Aadaan calaqqee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo erga ta'ee karaa adda addaafi haala adda addaatiin mul'achuu danda'a. Walumaagalatti, hawaasni kamiyyuu aadaa malee hinjiraatu. Egaa uummanni Oromoos akka sabaatti aadaafi duudhaa jiruufi jireenyasaa ittiin geggeeffatu kan mataasaa qaba. Aadaansaa kunis sirnoota nafxanyaa keessatti warroota dinagdeefi aangoo siyaasaa qabaniin cunqurfamaafi hacuucamaa ture. Aadaa Oromoon jiruufi jireenyasaa ittiin geggeeffatu kunis haala garaagaraatiin mul'ata.

Fkn 1: *Hawwiin uffata aadaa Oromoo kuullisaa diimaa uffattee, dhaabbata qaamasheen walfudhatee baay'ee irraa bareeda* (fuula 209).

Yaadni armaan olii kanibsu Oromoon uffata aadaa mataasaa qabaachuusaati. Oromoorraas kan miidhagu isuma waan ta'eefi kanumasaatiin boonuu qaba. Tarii Oromoon uffata aadaa sababiraa uffachuun qaroomina itti fakkaatu yoo jiraate ilaalcha dogoggoraa akka ta'e hubachiisa. Qaroominni sabaa kan ofiitiin malee kan alagaatiin akka hintaane akeekkachiisa.

Fkn 2: *...keessumaammoo hancootee qociqocaatti cuuphatanii nyaachaa, farsoo dhugaa, haasaa garaagaraa haasa'aa kolfaafi taphachaa gammachuudhaan guyyaan dabarsan sun fuulashee dura dhufe* (fuula 188).

Yaadni kun nyaata aadaa Oromoo Oromiyaa Lixaatti beekamu ibsa. Naannoo kanatti gaafa ayyaana Masqalaa hancootee qociqocaatti cuuphatanii nyaachuun gammacuudhaan dabarsuun heedduminaan beekama. Ijoolleen aadaa kana keessatti hirmaachaa guddatanis naannoo dhalootasaaniirraa yammuu fagaatan yeroo dheeraa booda of duuba deebi'uun yaadatanii garaan isaan boora'a. kunis akka waliigalaatti, Oromoon aadaa uffannaa, nyaataafi kan mataasaa akka qabu agarsiisuuf dhiyaate.

Fkn 3: *“Okkotee gaafa farsoo gaanii gaafa yaadani
Domboshee gaafa qabdoo gaariin gaafa yaadani
Hoolaan abbaa batansaa baala bunaa dheeddii
Loomaa ilkaan agamsaa nyaara butaa deemti”* (Fuula 115)

Aadaa Oromoo keessatti baala cabsatanii dargaggeessaafi dargaggeettiin waljaallatan bakka qoraan funaanuutti, laga bishaan warabuuttiifi bakka sirbaatti waliin qabdoo taa'uun beekamaadha. Aadaan qabdoo taa'uu kunis hawaasicha biratti aadaa fudhatama qabuudha. Kanaaf, dargaggeessi durba jaal'atuuf sirba aadaa kanaa olii akka sirbuuf asoosamichi ni ibsa. Haata'u malee, dargaggeessaafi dargaggeettiin qabdoo waliin taa'an waliif alagaa ta'uu qabu yookaan firummaa dhiigaa kan walkeessaa hinqabne ta'uu qabu malee dargaggeessaafi dargaggeettiin fira walii ta'an hidhiisaanii walitti buusanii waldhungachuun safuu cabsuu bira darbee akka haraamuutti ilaalama. Dargaggeessi durba qabdoo waliin taa'urraas durbummaa fudhachuun safuu hawaasichaa cabsuu waan ta'eef nidhungata malee durbummaasheetti hinbu'u jechuudha.

Fkn 4: *Sagaleenkoo mooga laga nan ceessisuu
Kankee fooliin booka gad namanteessisuu
Olgaleen bajjii rafa na takaale coqorsii
Domboshee sanyii namaa yoon wal'aale na gorsi*

Yoon beekeef natti kolfi (fuula 114).

Bakka sirbaatti dargaggeessi durba dhungachuu sirriitti hinbeekne durba garaansaa barbaadetti jechoota filatamoo garaashee raasuu danda'anitti dhimma bahee akkasheen tole jettee isa keessummeessituuf sirba kanaa olii sirbeefii garaa laaffifata.

Fkn 5: *Goobanaan Geedoo ba'ee warqee bitillee hinjennee
Koo garaan fagoo nahee kankee shirillee hinjennee
Warrri goodaa Gullisoo bulluqaan koobu saree
Maa caphee raaftaa intaloo guntutaan kooru malee*(fuula 114)

Sirbi kunis yoos durbi qabdoo taa'uu diddee itti boonte haaluma walfakkaatuun sirba hamileeshee laaffisu kana sirbaaf jechuudha.

Fkn 6: *Badhaasaan sirba hinsirbu duuba dhaabbatee gala*

Yaa durba qabdoo didduu fuudham haadhakee jalaa (fuula 115).

Bakka sirbaatti dargaggeessi tokko tokko kan sirba sirbuu sodaatu jira. Durbi qabdoo taa'uu diddus jirti. Lamaaniifuu sirba aadaa kanaa olitti waraabamee dhiyaatetu sirbamaaf.

Fkn 7: *Ati magaalaa keessatti dhalattee waan guddatteef malee, utuu baadiyaatti guddatte ta'ee aadaa Oromoo sirriitti beekta turte* (fuula 115). *...aadaa Oromoo balleessanii jireenya uummata Oromoo naannoo sanaa rakkoo guddaarratti gatan,"* (fuula 107) jedhe.

Oromoon akka waliigalaatti aadaa jiruufi jireenyasaa ittiin geggeeffatu qaba. Aadaan kun garuu irra jireessaan baadiyaatti malee magaalatti bal'inaan hincalaqqisu. Gama biraatiin, Oromoon magaalaa biyyattii hedduu keessa jiraatu aadaa uummatasaatii ijoolleesaa barsiisaa akka hinjirre agarsiisa. Kunis dhiibbaa alagaan irratti godhu qofa osoo hintaane ofumaayyuu eenyummaasaa gama hundaan dagaagsuuf gaheesaa akka barbaadamutti bahachaa akka hinjirre ibsa. Dhiibbaa alagaan aadaa sabichaa balleessuuf godhus daangaa hagana hinjedhamne akka raawwataa ture ibsa.

Fkn 8: *Habtemaariyaam jedhee kanisaan moggaase luba Ortodoksiidha. Seera amantaa Ortodoksii keessatti namni cuuphamee yeroo kiristaana ta'u maqaa kiristaanaatu ba'aaf. Haala kanaan lubatu maqaasaanii geeddare malee kan abbaansaanii isaaniif baase Hambisaadha. Abbaansaanii Dajjaasmaachi Kumsaa Morodaa jedhamu. Isaanis yeroo kiristinnaa ka'an luba Ortodoksiitu 'Gebire gzaabeerii 'jedhee maqaa geeddare. Abbaan kiristinnaa Dajjaazmaachi Kumsaa Atsee Minilikiidha* (fuula 103).

Akkuma hojii kalaqaa kana keessatti mul'atu yaada kanaa olii kana obbo Ayyaanaatu Hawwiidhaaf seenessaa ture. Utuu amantaan alagaa Oromiyaa hinseenin Oromoon hundinuu amantaa mataasaa Waaqeffannaa kan jedhamu qaba ture. Maqaa amantaatiin maqaa ofiillee jijjiiruun jaarraa sana Oromoo keessa hinturre. Geggeessitoonni Oromiyaas waaqeffattoota turan. Amma garuu, sun hundinuu dagatamee alagaan Oromoo amantaa ofiisaatii fudhachiisuurra darbee maqaasaallee amantiisaa waliin kan deemutti moggaaseefii akkanni ittiin of waamu gochaa ture. Haala kanaan mootota Oromiyaa maqaansaaniij jijjiirame keessaa waraabbi armaan olii keessatti kan mul'atu Habtemaariyaam isa tokko. Maqaan maatiinsaa baasaniif Hambisaa jedhama ture. Lubni amantaa kiristaanaa Ortodoksii garuu aangoo qabutti hirkatee maqaasaa geeddaruufii mul'isa. Akka aadaa Oromootti maqaa moggaasuun sirna qaba. Itti dhiyeenyaan ijoolleesaatiif maqaa kan baasu abbaa ijoolleefi jaarroleedha. Alagaan garuu adeemsa kana akka isaaf ta'utti borcee sirna Oromoo tuffatee akka ofii barbaadutti sirna amantaa ofii qabuun maqaa ilmaan Oromoof moggaasaa akkasumas jijjiiraafii turuusaatu yaada barruu kanaatiin agarsiifame. Obbo Ayyaanaan dabalataan utuu amantaan kiristaanaafi Isilaamaa wallagga hinseenin amantaansaa maal akka ture yaada armaan gadiitiin Hawwiif ibsu.

Fkn 9: Utuu amantaan Kiristaanaafi Isilaamaa Wallagga hinseenin dura Oromoon amantaa mataasaatii qaba ture_Waaqeffataadha. Haalli kiristinnaan naannoo kana itti gale akka jaarsoliin umurii dheeraa seenaa durii beekan dubbatanittiifi anis seenarraa dubbisetti seenaansaa dheeraadha (fuula103).

Keessumaa dhiibbaa amantaan alagaa uummata Oromoo Wallaggaarratti raawwate asoosamni kun gadifageenyaan seenessa. Wallaggi osoo amantaan kiristaanaafi Isilaamaa naannoo kana hinseenin akkuma Oromoota biroo waaqeffataa ture. Haata'u malee, cunqursaa raawwatamaa tureen osoo hinfilatin amantaa alagaatti asiifi achi goruu jalqabe.

Fkn 10: Mootiin Morodaa utuu Raas Darasuun itti hincehin nama itti erge. Raas Darasuunis magaalaa Naqamteerraa gara dhihaatti kiilomeetira kudha torbarratti kan argamu ganda Diggaa jedhamutti dhufee, waliigaltee godhatani. Achumaan Morodaa Kiristinnaa kaase. Taabota Yesuusii biyya Goojjamii fidee kenneef. Morodaan Wallagga keessaa nama jalqaba Kiristaana ta'eedha. Kana booda Morodaa Dajjaasmaachi jedhee muudeen. Morodaanis bataskaana Yesuusii magaalaa Naqamtee keessatti ijaarsise. Bataskaanni jalqabaa magaalaa Naqamtee keessatti ijaarame Bataskaana Yesuusiidha. Kiris-tinnaan haala kanaan Wallagga seene (fuula 105-106).

Akkuma yaadni armaan olii ibsutti amantaan Kiristaanaa Wallagga akka seenuuf sababa kan ta'e mootii Goojjam kan ture Nugus Takila Hayimaanot Wallaggaan gabroomfachuuf humna waraanasaa kan Raas Garasuun hoogganamu erguusaati. Humni waraanaa kun qawwee kan hidhate ture. Mootiin yeroo sana Wallagga bulchaa turemmoo Morodaadha. Innis humni waraanaa kun isa waraanee Wallaggaan gabroomfachuuf dhufaa jiraachuusaa odeeffannoo dhagahe. Humni waraanaasaa eeboofi gaachana malee homaa hinqabu. Kanarraa kan ka'e Morodaan humna waraanaa Raas Darasuun hoogganamu kana dura dhaabachuu akka hindandeenye hubate. Kanatus amantaan Kiristaanaa Wallagga akka seenuuf sababa ta'e jechuudha. Yaada kanarraa hubachuun kandanda'amu Oromoon amantaa kiristaanaa kan fudhate fedhiisaatiin osoo hintaane humna qawweetiin ta'uudha.

Fkn 11: Mahaadistoota malees Morodaa jalatti hinbullu kan jedhan Jaarsoo keessaa Waacoo Dabaloo, Mandii keessaa Waaqbulchoo Kuusaa, Aayira keessaa Goondee Tufaa fincila kaasan. Fincillisaanii kunimmoo Mahaadistootaaf haala gaarii waan uumeef humna waraana Morodaa naannoosaanii keessaa baasanii giddugalasaanii iddoo Najjoo Guutee Dilii jedhamu godhatan. Kanaumaan gara waggaa tokkoo turan. Waggaa tokko kana keessatti uummata Oromoo naannoo sanaa kan amantaa Waaqeffannaa hordofaa turan amantaa Isilaamaatti jijjiiratan. Amantaan Isilaamaas haala kanaan Wallagga seene (Fuula 109).

Gama biraatiin, akkuma waraabbii kanaa olii keessatti mul'atu amantaa Isilaamaa Wallagga kanseessisan Mahaadistoota Sudaanii dhufaniidha. Isaan qofas osoo hintaane Oromoonni tokkummaa dhabanii diinaaf qaawwa banuun diinni eenyummaasaanii balleessee kansaa Oromoota gidduutti akka babal'ifatuuf karaa banan qabata biraadha. Aadaafi duudhaan Oromoo akka cunqurfamuuf kan shoora taphataa ture dhiibbaa alaa dhufu qofa osoo hintaane tokkummaa dhabuun sabichaas qabata biraadha jechuudha. Akka yaaxxina Maarkisittis sababni guddaan cunqurfamuu garee dafqaan bulootaas tokkummaa dhabuusaaniiti.

Yaadota lamaan armaan olitti haala amantaan kiristaanaafi Isilaamaa Wallaggaa itti seenan ilaalchisee dhiyaatanirraa wanti hubatamu Oromoon amantaa lamaanuu fedhiisaatiin ala fudhachuusaati. Kanaafis qabata kan ta'emeeshaa waraanaa gahaa fi tokkummaa dhabuusaati. Bu'uuraan meeshaa waraanaa gahaa dhabuun dinagdeedhaan gadaanaa ta'uurraa madda. Hawaasni dinagdee hinqabne meeshaa waraanaa injifannoo isa gonfachiisu qabaachuu hindanda'u. Kanamalees, gareen cunqurfamaan tokkummaasaatiin hakuuccaa isarratti rawwatamu hanga tokko kan ofirraa qolatullee alagaan garaagarummaan gidduusaaniitti uumamee walhubachuufi walfudhachuu

akkasaan hindandeenye taassisama. Kunis sirna kappitaaliizimii keessatti bal'inaan beekama. Gareen abbootii qabeenyaa yookaan afkalaa yeroo mara umurii garbummaa dafqaan bultootarratti dheeressuuf jecha shira adda addaa xaxanii tokkummaasaanii laaffisuu xiyyeeffatu.

4.2.1.1.3. Dhimma Afaan Oromoo

Sirnoota mootota Nafxanyootaa keessatti sabaafi sablammoonni biyyattii marti Afaan Amaaraa qofa akka dubbatan, Afaan Amaaraatiin akka barataniifi mana murtiifi waajjiroota cufa keessatti Afaan Amaaraatiin qofa akka tajaajilaman seerri kan dirqisiisuu ture. Haaluma kanaan Afaan Oromoo akka hinguddanne taassisuurra darbanii akka awwaalamuuf yaaliin irratti hinraawwatamne hinturre. Dhimma kanas barruun kalaqaa kun kallattii adda addaatiin mul'isa.

Fkn 1: Hawwiin Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu dadhabuusheetti abbaan taaksii sun dubartittii dursitee seentee isa bira gabbiinaa teesse sanaa wajjin itti kolfaa, "Seeni" jedhee olgalche.....uffanaansheefi biftishee kan biraati. Garuu maal godharee Rabbi yeroo uumu waa tokko hir'isuun isaa hinoolu. Kana fakkaattee Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu hindandeessu (fuula 151).

Namoonni kunneen lamaan Hawwiin Afaan Amaaraa wal'aaluushee akka nama waan qaani hojjeteetti ilaalan. Akka nama uumamaan qaamaa hir'atee uumameetti ishee lakkaa'an. Akkasaaniitti namni Afaan Amaaraa dubbachuu hindandeenye akka nama ulaagaa namummaa hir'iseetti ilaalama. Ittis kolfama. Kunis shira nafxanyoonni eenyummaa Oromummaa balleessanii olaantummaasaanii dagaagsuuf hojjetaa turaniidha. Oromoon ofiisaa jibbee isaanitti kooluu galee akka jiraatuuf tarsiimoo qophaa'e ture.

Fkn 2: Hayiluu: Egaa fuula duraafis gaariidha walbarra. Ani Hayiluun jedhama.

Kan keewoo?

Hawwii: Hawwiin jedhama.

Hayiluu: O! Hawwii? Maal jechuudhaa? Afaan maaliitii?

Hawwii: Maqaa Oromooti. Hiiknisaa Afaan Amaaraatti 'minyoot' jechuudha.

Hayiluu: O! Yes! Yes! Orominyaa! Tasuma Afaan Oromoo hinfakkaatu...it is a beautiful name. Maqaa bareedduudha. Maqaa faranji fakkaata (fuula154).

Akka Hayiluutti afaan bareedaafi maqaa bareedaan kansaaniifi kan faranjiiti. Kan Oromoo garuu fokkisaadha. Kunis ilaalcha oftuummaa sirnoonni nafxanyaa babal'isuuf dhamahaa turan agarsiisa. Oromoon qorqalbiin miidhamee of jibbee alagaa

fakkaatee yoo danda'amemmoo alagaa ta'ee akka jiraatuuf shira ijibbaataa warri alagaa Oromooratti xaxaa turan mul'isa.

Fkn 3: *Silaas kun Afaan Amaaraa sirriitti hinbeektu. Tabtaabbaa gamad aaf nachi haadhiistu.*

Yaada armaan oliirraa akkuma hubatamu sirnoota nafxanyaa darbe keessatti namni Afaan Amaaraa hinbeekne tuffatamaafi akka nama waa tokko hinbeekne gowwaa akka ta'etti laalamaa ture.

Fkn 4: *Yoo afaan keenya dubbanne 'Afaan simbiraa keessan lafa kaa'aa'nuun jettu. Mee hundumaa dhiisii mana barumsaa keessatti....afaan keenya dhiisnee Afaan Amaaraa qofa maalif barannaa? Utuu walqixxummaan jiraatee afaan keenyas nibaranna turre (fuula 210-211).*

Waraabbiin kun alagaan Afaan Oromoo balleessuuf rafee bulaa akka hinturre agarsiisa. Xiinsammuu uummataaarratti dalagee ofitti qaana'ee akka of wal'aalu gochuuf yaaliin hinraawwatin hinturre. Afaan tokko guddachuuf dursa hawaasni afaanicha dubbatu afaanicha dubbachuu qaba. Dubbachuu qofas osoo hintaane sirna barnootaa keessatti haammatamee qubee mataasaa qabaachuun afaan barreeffamaa, barnoota afaaniifi afaan barnootaa ta'uun afaan hojii mootummaa ta'uuf qaqqabuu qaba. Afaan carraa kana hinarganne gama kamiinuu milkaa'uu hindanda'u. Kanaaf, nafxanyoonni carraa kana hunda Afaan Oromoo dhowwatanii afaanicha ajjeesuuf shira cimaa shiraaturan.

Dhimmoonni hawaasummaa kunneen akka Oromootti dinagdee, aangoofi tokkummaa dhabuu uummata Oromootiin gaaga'amaa turan. Aadaan, afaan, dhuudhaan, hariiroon hawaasaafi kanneen kana fakkaatan guddachuuufi jijjiirama barbaadamurratti argamuu kan danda'an yoo dinagdeefi aangoon siyaasaa hawaasa sanaa jabaa ta'eedha. Guddina aadaafi afaan hawaasa tokkoof sadarkaan dinagdeefi siyaasaa hawaasni sunirra jiru murteessaadha. Hawaasni dinagdee hinqabne dhimmoota isa ilaalanirratti murteessuu hindanda'u, akkasumas kabaja hinqabu. Akka Maarkisittis, dhimmoota hawaasaa kamiyyuu duuba dhiibbaa dinagdeefi siyaasaatu jira. Walumaagalatti, dhimmoota hawaasaa kamillee kan murteessu dinagdeefi aangoo siyaasaa qabaachuu ykn dhabuu hawaasa sanaati.

4.2.1.2. Dhimma Dinagdee

Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo jijjiiruu keessatti dinagdeen utubaadha. Dinagdee malee hawaasni tokko fooyya'iinsa jireenyaa agarsiisuu hindanda'u. Kanaafiidha gareen hawaasaa guddina barbaadu yoo isaaf danda'ame humna dinagdee biyya tokkoo dursee

harkatti galfchuu kan barbaaduuf. Jabina yookaan laafina, cunqursuu yookaan cunqurfamuu hawaasa tokkoos kan murteess dinagdeedha. Sanumatus caasaa olaanaafi gadaanaa garee hawaasaa murteessa. Dinagdeen kunis saamichaan yookaan hojiidhaan argamuu danda'a. Asoosamni Hawwiis dinagdee qabaachuun yookaan dhabuun bu'aa yookaan miidhaanni qabu maal akka ta'e agarsiisuurratti waan fuuleffate fakkaata. Asoosamicha keessatti gareen hawaasaa dinagdeedhaan badhaadhe akkuma jiru kan dinagdee dhabuusaatiin miidhames akkasuma mul'ata. Mee sadarkaa dinagdee maatii lamaan seenaan asoosamichaa irratti ijaarame armaa gaditti fudhannee haalaallu.

Fkn 1: Obbo Jireenyaan waggoota soddomaa oliif waardiyaa ta'anii hospitaala Raas Tafarii Mokonnaan keessaa hojjetaniiru. Achuma keessatti dullooman jechuun nidanda'ama. Miindaansaanii xiqqoo waan ta'eef haati manaasaanii aadde Bashaatuun shaayee danfistee daabboo wajjin gurguruudhaan walgargaaranii jiraatu. Abbaan ma-naa aadde Dinsirii obbo Bulchaanimoo ogeessa mana ijaarsaati. Kana malees, boolla mana fincaanii qotuu, dallaa manaa ijaaruufi kanneen kana fakkaatan hojjeta. Gaafa hojiin jiru burruusaafi qottoosaa gatiittiirra kaawwatee hojjechaa oolee kan argate qabatee gala . Jireenyisaanii kunis fooyyee sababii hinqabneef rakkoo keessaa ba'uuf haati manaasaa aadde Dinsiriinis gamasheetiin farsoo naqxee, haraqee baafttee walgargaaranii jireenya rakkoo mo'achuuf baay'ee carraaqu. Maatiin lamaanuu keenyan manasaanii walqabataadha. Keenyan muka sooyyomaa hindhoobamnetu gidduusaanii jira(fuula 6, 9-10,56).

Akkuma ibsame maatiiwwan kunneen lamaan dafqaan bultoota sadarkaa dinagdeetiin gadaanaa ta'aniidha. Wanti obbo Jireenyaa waggoota soddomaaf waardiyaa taassise madda dinagdee biraa dhabuusaati malee waardiyummaan hojii filatamaa waan ta'eef miti. Obbo Bulchaanis hojiidhuma humnasaatiin hojjetee bulullee yeroo tokko tokko argachaa yeroo biroommoo dhabaa hojii addaan ciccitu hojjechaa jireenyasaa akka itti fufuuf wanti isa saaxile hojjetee dhuma jiraachuufuu hojii gahaan dhibamuusaati.

Fkn 2: Giiftii Ruut akkam jirtu? jedha amalaaf. Isheenis, "Jireenyaa akkam fayyaadhaa? Rakkoon jiraa? jettee gaafatti. Obbo Jireenyaanis, "Lakkii anoo harka keessanin yaadee" jechaa amalaaf lafa laalaa mataa hooqqata. Ruutis, "Ahaa birrii rakkattee?" ittiin jettee kanishee harka jiru keessaa itti kennitee deemti (fuula 12).

Akkuma yaada kanaa olii keessatti mul'atu namni dhuunfaas haa ta'u gareen hawaasaa kan dinagdee hinqabne ofitti amanamummaa hinqabaatu. Ruut ogeettii fayyaa hospitaala Raas Tafarii Mokonnaan keessaa hawaasa Oromoo tajaajiltuudha. Isheenis obbo Jireenyaa waan hedduu jaal'attuuf waan baay'een isaan deggerti. Obbo Jireenyaanis

yeroo isheerraa deggersa barbaadu miira saalfiitu irraa mul'ata. Qabatamaan rakkoo ofii ibsachuu dadhabanii lafa laalaa mataa hooqqachuun dinagdee dhabanii kadhaa dhaquun saalfachiisaa ta'uusaarra darbee sadarkaa ofitti amanamummaa nama dhuunfaa yookaan garee hawaasaa tokko daraan gadi buusuusaa hubachiisa. Qabata kanaatiin obbo Jireenyaan rakkoosaanii sududaan osoo hintaane karaa alkallattiin ibsuuf yaalan. Kunis dinagdee dhabuun hagam qorqalbii namaallee miidhuu akka danda'u agarsiisa.

Fkn 3:Fidi! Eessa abbaakeetti gattee? Himi dafii! Ani mukarraan cira seetee? Ani ofii jireenya mo'achuuf jecha halkaniifi guyyaa boqonnaa malee ibiddaan gubachaa, oliifi gadi kaadha. Atimmoo abidda garabiraa taatee na gubdaa?(fuula 23).

Waraabbiin kun dinagdee dhabuun hagam qorqalbii namaarratti miidhaa akka qabu agarsiisa. Aadde Dinsiriin shilingii tokko mana keessee deemnaan Hawwiin achii fuutee hiriyootashee waliin kalameellaa bitachuuf fuutee baatee bakkeetti gatuusheerratti dubbii kana dubbatte. Yaada aadde Dinsirii kana yoo xiinxallu dhimmi guddaan ishee mufachiise badii Hawwiidhaan raawwatame osoo hintaane rakkoo dinagdee qabatamaan keessa jirtuudha. Dinagdee dhabuunshee yeroo mara qorqalbiisheetti hidhamee ishee dhiphisaa oolaa bulaa jiraachuushee agarsiisa. Rakkoo dinagdee maatii keessatti mul'atu kanatu walitti idaa'amee rakkoo hawaasdinagdee hawaasa tokkoo mul'isa. Hawaasni Oromoo magaalaa Naqamtee keessa jiraatu rakkoo hawaasdinagdee cimaa akka qabu asoosamichi ni'agarsiisa. Hawaasichi konkolaataa qabaachuun hafee ijaan arguullee akka carraatti laalaa ture. Kunis asoosamichaan akka armaan gadiitti ibsameera.

Fkn 4: Magaalaa Naqamtee keessa konkolaataa laandirooverii mana wal'a ansa fayyaa, kan poolisiifi hoogganaa amantaa kiristaanaa Ortodoksii kutaa biyyichaa Abbuna Yaaqoob malee konkolaataan biraa magaalaa kana keessa deddeebi'u hinjiru. Darbee darbee Finfinneerraa konkolaataa guddaa fe'umsaa tireentaa kuwaatiroo jedhamaniifi otobusiin geejjiba uummataa torban keessaa guyyaa tokko yookaan lama dhufe malee, konkolaataan....karaarra hinjiru (fuula 21).

Akkuma yaadni armaan olii ibsu warreen konkolaataa qaban garee aangoo siyaasaafi dinagdee ofarkaa qabaniifi jaarmiyaalee isaaniin hoogganamaniidha. Hawaasni konkolaataa dhuunfaa dhuunfaasaaniitti qabaachuunuu hafee ittiin geejjibamee lafa yaade gahee deebi'uufuu guyyoota baay'ee erga eeggatee booda argata. Kunis rakkoon hawaasdinagdee hawaasa kanaa hagam yaadessaa akka ta'e agarsiisa.

Fkn 5:....garuu konkolaataan deemuuf carraa bashannanaa akka tasaa argatanitti baay'ee gammadani. Kana dura konkolaataan deemanii hinbeekani (Fuula 22).

Qabata rakkoo hawaasdinagdeetiin daa'imman hawaasa kanaa yammuu carraa konkolaataa seenuu argatan akka waan carraa addaafi yeroo bashannanaa argataniitti ilaaluusaanii hawaasni Oromoo magaalaa kana jiraatu hagam dinagdeedhaan miidhamaa akka ture ifoomsa. Carraan konkolaataa seenuu ijoollee abbootii qabeenyaa biratti waan nama bashannansiisu yookaan gammachiisu ta'uu dhiisuu mala. Ijoolleen hiyyeessaa garuu kanuma akka waan carraa addaa argataniitti ilaalu. Kunis mammaaksa Oromoo isa 'Kan sooressi balfe hiyyeessi mararfate'kan jedhuun walqabata.

Fkn 6: Haatiifi abbaan Hawwii gaafa guddattee heerumaaf geessu sooressatti heerumsisanii hiyyummaa keessaa ba'uu yaadu (fuula 32,51). Hawwiin garuu, "Barriifi horiin na gowwoomsu. Si dhiisee dhiira biraatti heerumuurra du'uu naaf wayya. Latiikoo ati lubbuukooti. Anoo horiitti sinjijjiiru" jette. Latiinis ejjennoo jaalalleesaa kanatti hedduu boone. Hamilee cimaat itti dhgahame...ofitti haammatee dhungachuun gammachuusaa mul'ise (fuula 61). Aadde Dinsiriin aadde Bashaatuudhaan, "Baasi intalakoo mana kanaa;ilmakeetiif kennuuf olgalfattee? Isaaf kan taatu miti. Cittoo malee maal kennitaaf?" jettee baay'ee ishee arrabsite. Battala kana haati Latii gaditti baatee, "Sii! Ani hiyyummaa keessaan ba'a jedhee, dhalakoo hingurguru Horiif jettee jaarsa akaakayyuu keenya ta'utti gurgurachuuf kan qabdii fudhate si mitii? Kana mannaa du'uu siif wayya. Kan ilmookeetiin daldaaltu ati sareedha, jettee isheenis arrabsoon deebisteef (fuula 69).

Yaada waraabame kana keessatti kan ibsame dinagdee dhabuun hariiroo hawaasummaallee diiguuf humna jabaa qabachuusaati. Maatiin obbo Jireenyaafi obbo Bulchaa hariiroo hawaasummaa gaarii qabu. Sadarkaan dinagdee isaanimmoo gadaanaa akka ta'e armaan olitti ilaaluuf yaalleerra. Kanaaf, maatiin Hawwii akka ta'an ta'anii qabeenya haaqabatu malee intalasaanii jaarsa waggaa meeqaattuu haata'uu heerumsiisanii dafanii rakkina keessaa ba'uu barbaadu. Faallaa karoorasaanii kanaan garuu Latiifi Hawwiin jaalala dhiibbaa kamiinuu adda cituu hindandeenye keessa seenaniiru. Maatiin Hawwii dheebuu dinagdee waan qabaniif jaalala dhugaa kana amananii fudhachuu hindandeenye. Kunis hariiroo hawaasummaa maatiiwwan kanaa diiguuf karaa saaqe. Sababa kanaanis waldhabdee guddaatu maatii kana lamaan gidduutti dhalate.

Akkuma ibsame bu'uurri walitti bu'iinsasaanii dinagdeedha. Lamaanuu dinagdee hinqaban; garuu dinagdeedhaan walarrabsu. Haata'u malee, maatiin Hawwii intalasaanii dureessatti heerumsiifachuuf qophii xumuraa waan jiraniif maatii Latiifaa caalaa abdi waan horatan fakkaatu. Akka waan dinagdee barbaadan harkatti galfataniitti warra dinagdee hinqabne maatii Latii tuffachuu jalqabaniiru. Kunis dinagdee qabaachuu

yookaan dhabuun hawaasa keessatti ulfina namaa dabaluu yookaan hir'isuurratti dhiibbaa qabaachuu agarsiisa.

Gama biraatiin, dinagdee dhabuun filannoo fedhii keenyaan alaa keessatti akka hirmaannuuf nusaaxila. Tarii matiin Hawwii waan maatiin Latii dinagdee hinqabneef malee utusheen hiriyaashee kan ta'e Latiitti heerumtee waan jibban hinfakkaatan. Garuu, filannoon maatii kanaa dhalasaanii caalaa jireenyasaanii dinagdeen fooyyessuu waan ta'eef jaarsa waggaa meeqaattuu haata'uu heerumsiisanii karoorra baafatan fiixaan baafachuuf murteessan. Kunis dhiibbaan dinagdeen raawwatamu filannoo keenyallee murteessuu akka danda'u mul'isa.

Jireenyi ilmoon namaa jiraatu hammuma dinagdeesaa akka ta'eefii dinagdee qabaachuun yookaan dhabuun fedhii nuti waan tokkoof qabnu dabaluu yookaan hir'isuu akka danda'u asoosamichi akka kanaa gadiitti ifoomsa.

Fkn 7:Obbo Bulchaan dur dhugaatii dhugee machaa'ee maatiisaas haata'u, ollaasaa jeeqee hinbeeku. Amma ji'oota muraasaa as garuu Haajii Yuusuuf gaafa intalasaa fuuchuuf waliigalan irraa jalqabee qarshii hammaaranii waanitti kennaniifhaallisaa kan duriirra jijjiirameera. Haraqee habashaafi farsoo dur dhugu dhiisee haraqee faranjii dhuguu jalqabeera. Manasaa keessattis fooniifi dhadhaa malee shiroofi zayitii afaaniin hinqabu jedheera. Lafa mana keessaa dur aadde Dinsiriin tafkii balleessuuf jettee dhoqqee sa'aan lollaatu hafee, amma dhagaadhaafi simmintoodhaan qulqullaa'eera. Sireen teephee isaan dur irra ciisan bakkeetti gatameera. Sireen Hawwiifi obbo Bulchaanfaa amma irra ciisan kan biraadha. Siree dhaabbanni 'Moozvooldii' jedhamu oomishu magaalaa Finfinneerraa gatii guddaadhaan bitameen bakka bu'eera. Uffannaafi kopheensaaniis akkasuma jijjiirameera. Bulchaan hojii mana ijaarsaa malee boolla mana fincaaniifi biirii bishaanii qotuu dhiiseera. Hojii ogummaa harkaa kan biraa tuffachuu eegaleera. Sababii kana ta'eef guyyaa guutuu haraqee Faranjiifi daadhii dhugaa oolee machaa'ee galuu jalqabeera(fuula 71,99).

Yaada kana keessatti dhimmoota dinagdeedhaan walqabatan hedduu arguu dandeenya. Obbo Bulchaan isa dur dafqee maatiisaa bulchu dhiisee qabata intalasaatiin qarshii hammaaramee itti kennamuun fedhii hinbarbaachisne horatee naamusa gaarii durqabu dhiisee akka malee aalkoolii dhuguun maatiifi ollaasaa gooluu jalqabeera. Kana malee, aadaa hojii dur qabu hir'isee qabeenya harka namaatii dhufuun boonee jiraachuuf of amansiiseera. Fedhiinni wantootaaf qabullee caalaatti dabaleera. Gosti dhugaatii, gosti nyaataa, gosti uffannaafi kophee, akkasumas sireen ciisichaa filatamuun xiyyeeffatameera. Yeroosaa harka caalaas hojiin osoo hintaane dhugaatiin dabarsuu heeddummeesseera. Kunis qabeenyi karaa haqa qabeessa hintaaneen horatamu hariiroo

hawaasummaafi nama dhuunfaarratti miidhaa qabaachuu akka danda’u agarsiisa. Sababnisaa, aadaa hojii namaa dadhabsiisee nama dhuunfaa yookaan maatii yookaan hawaasa kufaatii dinagdee hamaaf saaxiluu mala. Qabeenya qabanis akka malee qisaasessuurra darbanii amala badaa ittiin horachuun hariiroo hawaasummaa keessatti miidhaa fiduu danda’uusaa haala salphaan yaada kanarraa hubachuun nama hindhibu.

Gama biraatiin, yaada armaan olii keessatti dhiibbaa gaarii dinagdeedhaan dhufus arguu dandeenya. Jireenya ilmoo namaa jijjiiruu keessatti humni dinagdeen qabu jabaa akka ta’e jireenya obbo Bulchaarraa barachuun nidanda’ama. Jijjiirama isarratti raawwatame jedhameef gahee kan taphate guutumaa guutuutti dinagdeen yookaan qabeenyi jiraachuudha. Obbo Bulchaan dur yammuu qabeenyi hinjirre filannoo nyaataafi dhugaatii, uffannaa, siree, qulqullina manaafi hojii hinqabu ture. Amma garuu qabeenyi waan argameef fedhiinni wantootaaf qabus caalaatti dabalaa deeme.

Fkn 8: Maali abbaa Milkeessaa wal’aaltee ilmisaanii hoogganaa baankiidha. Ji’atti qarshii 950 nyaata jedhuu” jedhe obbo Jireenyaan.aadde Bashaatuunis “Ahaa! Ahaa! Eeyyee amma reefuun yaadadhe; konkolataadhaan yeroonni gara mana sagadaa dhufu argeera. Konkolaataa akka bishaanii dhangalaatu qaba (fuula 53).

Akkuma armaan olitti argamu hawaasa keessatti nama yookaan garee dinagdee qabutu kabajama; jejama; faarfatama, akkasumas sodaatama. Bara asoosamni kunirratti xiyyeeffatee barreeffame yookaan bara mootummaa Haayila Sillaasee doolaariin Amerikaa tokko birrii Itiyoophiyaa lama akka hincaalle asoosamichuma keessatti (fuula 53) irratti ibsamee jira. Kanaafuu, yeroo sanatti namni birrii Itiyoophiyaa 950 argatu akka tujaaraatti laalamaa ture. Namni miindaa akkasii qabu akka nama filannoo gaarii qabaachuu danda’utti yaadama. Yaadni armaan gadiis kanumaan walfakkaata.

Fkn 9: Gurbaan mana barumsaa kompirehensiivii barsiisu tokkos jaarsummaa ergateera jedhu. Yuuniversity fixee qarshii 600 argata. Namni biraan jaarsa ergate Haajii Yuusuuf isa gooda ganda Bakkee Jamaadhaa suuqii guddaa qabu, suuqii qofayyuu miti; konkolaataa fe’umsaa tirentaa lama qaba. Aadde Bashaatuunis, “Maal isaanoo jaarsa akaakayyuushee ta’an mitii safuudhaa! Obbo Jireenyaanis deebisee, “Horiidha-kaa! Akkamittiin hiyyummaa keessaa ba’uree? Namni biraan jaarsa ergatee jirummoo Abirihaam isa nersii nubira jiruudha (Fuula 54).

Obbo Jireenyaafi aadde Bashaatuun sodaa ilmaasaaniitiif qabanirraa ka’anii dhimma kana mata duree haasaasaniis godhatani. Ofiisaaniitii hiyyeessa. Maatiin Hawwiimmoo

maaliyyuu haa ta’u nama qabeenya qabu argannaan intalasaanii itti heerumsiisuun hiyyuma isaan marsee jiru keessaa ba’uuf qophiidha. Akkuma fedhasaanii ta’eefii namoonni jaarsa ergachaa jiranis namoota qabeenya qabu jedhamaniidha. Amma fedhiin gama lamaaniinuu jiru walirra oolee jira. Kanatu maatii Latiis sodaafi yaaddoo keessa galche. Dorgommee hiyyeessaafi sooressa gidduutti raawwatamu keessatti injifannoon kan sooressaa ta’ee xumurama ilaalcha jedhu qabu. Kanaaf sodaatu jechuudha. Dinagdeen yookaan qabeenyi illanyaa yookaan ilaalcha namaarrattillee dhiibbaa gochuu akka danda’u barruun asoosamaa kun akka kanaa gadiitti agarsiisa.

Fkn 10: Aadden Bashaatuunis, “Anoo isa hinjenne abbaa Latii Haajii Yuusuufu Kiristaana ta’amoo Bulchaafatu kirrii isaanii kutanii Isilaama ta’uu?” Obbo Jireenyaanis deebisee, “Atimmoo gowwaadhaa? Yoomillee taanaan isa horii qabutu bakka garaasaa gaha. Kan horii qabu, walumaagalatti kan yeroo, aangoo qabu isa hinqabne biratti akka urjii ifee, bareedee itti mul’ata. Namichi addunyaa gaarii qabu fokkisaa yoo tahellee hiyyeessatti bareedaa, beekaa, jabaa tahee itti mul’ata. Hiyyeessatu hojii argatee hiyyummaa keessaa ba’ee jireenya gaarii jiraachuuf jijjiirrata malee, sooressa maaltu isa dhibe?” jedhe (fuula 55).

Akka yaada kanaatti jireenya namaarratti jijjiirama kan fidu yookaan kan dhiibbaa godhu amantaa yookaan illanyaa hordofan osoo hintaane dinagdee qabatamaan harkarraa qabaniidha. Fedhii maatiin Hawwiifaa ittiin hoogganamaa jiranis Kiristaanummaa yookaan Isilaamummaa osoo hintaane dhimma qabeenya Hajii Yuusuuf intalasaaniitiin qabatanii harkatti galfachuuti. Gareen yookaan namni dinagdee qabu filannoo baay’ee qaba. Harka micciiree waan barbaade fudhachuuf humna cimaa qaba. Ulaagaan hiyyeessatti malee isa dinagdee qabutti hinheeddummatu. Kan dinagdee qabu hiyyeessa biratti akka waan ulaagaa hunda guuteetti laalama. Isa dinagdee qabutti maqaa gadheen itti hinbaay’atu. Hiyyeessaa biratti sooressi hedduu fokkisaanuu bareedaadha. Kan dinagdee qabu fedhiisaa hiyyeessarratti fe’uuf carraa bal’aa qaba. Kan dinagdee qabu waan barbaade raawwachuuf humna qaba. Dinagdeen hoogganaa jiruufi jireenya ilmoo namaati jechuudha.

Fkn 11: Dhuguma Hawwiin horiif jettee na dhiistii? Hajii Yuusuufitti hineerumu jett ee yoo murteessite murtiinshee kun warrashee biratti hammam fudhatama argataa? (Fuula 58-59).

Gareen hawaasaa dinagdee hinqabne humna hinqabu. Dubbateellee hindhageessifatu. Kanaaf, hiyyeessi dhimma ofiisaarrattillee murtoo kennuuf nirakkata. Latiinis isa qabeenya qabutu jaalalleekoo narraa fudhachuu danda’a jedhee waan shakkeef ofitti amanamummaa akka dhabe yaadni waraabame kun ni’ agarsiisa.

Fkn 12: *Latiinis, “Hajii Yuusuuf beektaa? Jaarsa isa Bakkee Jamaa,” jedhe. Hawwiinis battalumaan, “Isaan suuqii guddaa qabanii?” jette. Isaan beekuuf ishee hinrakkisne. Sababnisaas sooressa beekamaa magaalaa kanaa waan ta’aniif kanisaaniin wal’aale hinjiru. Qaranbulleedhaan daldalu jedhamanii hamatamu (fuula 59-60).*

Yaada kanaan akkuma ibsame Hawwiin eenyummaa Hajii Yuusuuf gaafatamtee baruuf yeroo xiqqoollee ittihin fudhanne. Sammuu nama dhuunfaa ykn hawaasaa keessattillee xiyyeeffannoo kan qabuufi kan yeroo mara waa’eensaa dafee yaadatamu isa dinagdee qabu jechuudha. Faallaa kanaatiin hiyyeessi sammuu hawaasaa keessatti hedduu bakka kan hinqabne ta’uusaa hubachuun nama hindhibu.

Fkn 13: *Hawwiinis, “Horiin meeshaa malee nama bituu hindanda’u,” jette. Latiinis deebisee, “Horiin waaninni hojjechuu dadhabu hinjiru. Kana hinbeektuu ati?” jedhe. Hawwiinis deebistee, “Innoo dhugaadha. Horiin waan baay’ee gochuu danda’a. Humna qaba. Yeroodhaaf jaalala humnaan bituu danda’a (fuula 54-55, 60-61).*

Waraabbii armaan olii keessatti xiyyeeffannoon kan ibsame namoonni dhimma dinagdeerratti ilaalcha garaagaraa qabaachuusaaniiti. Haata’u malee, jiruufi jireenya hawaasaarratti gama eyyentaanis haata’u hi’entaan dhiibbaa qabaachuusaarratti waliigaluusaanii yaada kanarraa hubachuun salphaadha. Kana malees, waliin dubbii kanarraa hubachuun kan danda’amu horiin meeshaa bituurra darbee yeroodhaaf jaalalallee humnaan bituu akka danda’urratti waliigalameera.

Fkn 14: *Maalif of ajjeestaa? Jaarsi dulloomaadha. Yoo baay’ee ture waggaa lama yookaan sadii caalaa biyya lafaa kanarra lubbuun turuu hindanda’u. Erganni du’ee booda qabeenyi hunduu kankee ta’a. Si qofaaf osoo hintaane nuufillee nuu dabarsita jennee yaadna (fuula 85).*

Akkuma yaada waraabame kanaan ibsame namoonni eenyummaasaanii caalaa dinagdeef bakka olaanaa qabanillee hawaasa keessaa hindhabaman. Hawwiin dirqisiifamtee jaarsa waggaa torbaatamii shaniitti heerumuuf qophaa’uunshee du’a itti ta’eera. Hiriyoonishee garuu kanisaan dhiphataa jiraniif eenyummaa Hawwiif osoo hintaane yoo jaarsichatti heerumuudhaa baatte qabeenyasheen dhabuu dandeessuufi. Akka yaada kanaatti hiriyoonishee fedhii dinagdee qabanirraa kan ka’e carraa Hawwiin argatte osoo argataniiru ta’ee waan bira darban hinfakkaatan. Gama biraatiin, dinagdeen dubartoota Oromoo gadaanaa waan ta’eef kanumaanillee dinagdee ofiisaanii fooyyessuu yaaluu agarsiisa.

Hawwii kan dhiphisaa jiru waa'ee eenyumaasheetiiti. Isaan garuu sana bira darbanii waa'ee yeroo muraasa booda jaarsichi du'ee qabeenyasheen gara fuulduraatti dhaaluu dandeessutti xiyyeeffataniiru. Ammaaf sana laaltee eenyummaashee akka irraanfattuuf dhiibbaa gochaa jiru. Akkasaaniitti dinagdee harkatti galfachuun eenyummaa ofiif bakka kennuurra caala.

Fkn 15: Ati karaa deemta. Kan sirra gahu hinbeektu. Kanaaf qarshiikee qusattee gudunfachuu qabda (fuula 95).

Yaadni kanaa olii kan ifoomsu nama qabeenya hinqabneef rakkoonsaa haala salphaan akka hinfuramneefiidha. Yeroo rakkinaatti qabeenya harkarraa qabaachuun murteessaa akka ta'e ibsa.

Fkn 16:...aadde Dinsiriin uffatashee jijjiirrattee habaaboo fakkaatee jirti. Obbo Bulchaanis uffata suufii gurraacha, karaabaataafi kophee gatii guddaadhaan bitame uffatee nama kan biraa fakkaatee jira (fuula 99).

Waraabbiin kun dinagdee qabaachuun jiruufi jireenya namaa mijataa taassisuusaa agarsiisa. Jireenya gammachuu qabu nama gonfachiisa. Maatiin obbo Bulchaa utuu intalasaanii heerumsiisuuf waadaa hinseenin dinagdeedhaan jireenya gadaanaarra turan. Amma garuu qabeenya qabata Hawwiitiin argachuu jalqabaniin jireenyisaanii mijaawaa dhufeera.

Fkn 17: Karri kellaa (mooraa) manasaanii sibiila. Naannoosaa gimbii dhagaadhaan kan ijaarameedha. Mannisaaniis akkasuma ture. Mooraan kun bal'aa ta'ee habaaboofi muka gaattiraa fageenyaan meetira shan walirraa fagaatanii dhaabataniis manichaaf simboo kennaniiruuf. Manichis masaraa mootummaa fakkaata. Mana guddaa duubaan manni kutaalee baay'ee qabu kan dhagaafi supheedhaan dalga ijaaraman nijiru (fuula 122). Obbo Ayyaanaan soorama bahuuf waggaa xiqqoon kanisaaniif hafe yoo ta'ellee nama waggaa shantama gahe hinfakkaatani. Qananiidhaan guddatanii jireenya gaarii jiraachaa waan jiraniif ammallee dargaggeessa fakkaatu. Haarriin rifeensa mataasaanii wawwaraanameera malee rifeensi mataasaanii ammallee guutuudha. Miidhaginni fuulaafi dhaabbatisaanii ammallee sanuma (fuula 139).

Akkuma yaada waraabame kana keessatti mul'atu dinagdee qabaachuun wantoota jireenyaaf barbaachisan akka guuttataniif haala mijeessa. Obbo Ayyaanaan wantoota bu'uuraalee jireenyaa ta'an guuttachuorra darbanii jireenya qananiis jiraachaa waan jiraniif miidhaginnisaanii akkuma eegametti jiraachuorra taree umuriinsaaniillee akka gaariitti dheerachaa jira. Namni yookaan gareen hawaasaa tokko dinagdeen alatti jireenya gammachuu qabaachuu yookaan umurii dheeraa jiraachuu hindanda'u. Umurii namoota

biyya tokko keessa jiraataniillee dheeressuu yookaan gabaabsuu keessatti dinagdeen shoora olaanaa qaba jechuudha. Guddinni dinagdee biyya tokkoollee sadarkaa addunyaatti kan ittiin madaalamu safartuubeekamaan tokko umurii lammiileen biyya tokkoo jiraataniidha. Keessumaa rakkoo kanaan kan miidhaman biyyoota guddinaan duubatti hafaniifi guddinarra jiran akka ta'an nibeekama.

Fkn 18: Hawwiinis soofaa harkaan itti agarsiisan laaltee yeroo gadi teessu suutashee fudhatee gadi keessa liqimse. Isheef, soofaarra taa'uun kan jalqabaati. Soofaan irra taa'uuf kan namatti tolu waan ta'eef, dinqisiifachaa tottofattee teesse. Suuta suuta ija lafa jalaatiin guutummaa mana keessaa daawwatte. Televiiziyoonaa, teeppii akka saanduqaa dalga dheeratee taa'u, afata lafaa manichaa, ibsaa, walumaagalatti waan mana keessa jiru daawwachaa turte. Hawwiinis sagantaa televiiziyoonaa Itiyoophiyaa yeroo jalqabaaf daawwachuushee ture. Sagantaan televiiziyoonii Finfinneerraa darbu Naqamtee sababa hingenyeef argitee hinbeektu (fuula122-123).

Sadarkaa hawaasdinagdee maatii yookaan hawaasa tokkoo kan murteessu dinagdeesati. Maatii Hawwiifi obbo Ayyaanaa gidduutti garaagarummaa hawaasdinagdee guddaatu mul'ate. Wanti Hawwiin maatiishee keessatti argaa guddatteefi erga mana obbo Ayyaanaa dhaqxee wantisheen argite wantoota waliif faallaa ta'aniidha. Garaagarummaan dinagdee guddaan maatiisheefi maatii obbo Ayyaanaa gidduu jiraachuusaa hubatte. Kana malees, Sagantaan televiiziyoonii Finfinneerraa darbu Naqamteen gahuu dadhabuunsaa rakkoo teekinooloojii dhimma kanarratti jiru agarsiisa. Gahumsa teekinooloojii dhabuun mataasaatiin dinagdee dhabuurraa kan maddu ta'uusaa yaada kanarraa hubanna. Dabalataanis, asoosamichi rakkoo hawaasdinagdee hawaasni Naqamtee qabu akka kanaa gadiitti ibsa.

Fkn 19: Naqamtee keessatti sararri bilbilaa magaalaa Finfinnee galmeessanii dafanii argachuun akka carraa lootoriitti lakkaa'ama. Sababnisaas, sararri bilbilaa magaalaa Naqamteefi Finfinnee gidduu yeroo baay'ee hinhojjetu. Kana malees tajaajilli maayikiroo weevii akka bara ammaa hinjiru (fuula 237).

Hawaasni biyya tokko keessa jiraatu guddina gama hundaan jirutti milkaa'uuf bu'uuraaleen misoomaa kanneen akka bilbilaa, daandii, ibsaafi kanneen biroo dursaguutamuun dirqama. Bu'uuraaleen misoomaa kanneen hinguutamne taanaan hawaasichi sadarkaan dinagdeesaa fooyya'uu waan hindandeenyyeef rakkoo hawaasdinagdee hamaaf saaxilama jechuudha. Hawaasa magaalaa Naqamtees kan mudachaa ture rakkoodhuma kana jechuudha. Hawaasni bilbiluma bilbilee firasaa

argachuullee akka carraa addaatti ilaaluunsaa alkalattiidhaan rakkoo hawaasdinagdee uummatichi qabu saaxila baasa jechuudha.

Fkn 20...*Naqamtee Kumsaa moorii*

Naqabde gomjiin horii...(Fuula 102).

Hawaasni dinagdee hinqabne xiinsammuunsaa yookaan qorqalbiinsaa dinagdeetti hidhamee jiraachuusaa toora walaloo geerarsa Oromoo bifa afoolaatiin dhiyaate kanarraa hubachuun salphaadha. Ilmoon namaa fedhii dinagdeen guddachuu qabaachuusaa mul'isa. Hawaasa geerarsa kana geeraru sadarkaan fedhii dinagdeesatii maalirra akka jiru hubachuun nama hindhibu.

Barreessaan asoosama Hawwii kufaatii dinagdee ganda magaalaa Naqamtee keessatti argamtu Bakkee Jamaa mudate barreeffamasatiin akka armaan gadiitti agarsiisa.

Fkn 21: Baroota sana gandi Bakkee Jamaa kun iddoo buufata daldaaltota Siraaraa si'a ta'u, isaanis achirraa ka'uudhaan daldaala garbaa, warqee, ilkaan arbaa, dafqa mordhee, karaa dhiyaa hanga Sudaanitti, karaa kaabaan immoo Goojjam, Gondorii hanga Mitsawwaatti keessa deddeebi'anii irratti daldaluudha (fuula 104).

Akkuma argamu sochiin dinagdee yeroo sana ganda kana keessa ture har'a hinjiru. Kunimmoo guddina hawaasa yeroo ammaa ganda sana keessa jiraachaa jirurratti dhiibbaa qabaachaa jiraachuusaa barreessaan barreeffasaatiin agarsiiseera. Sababnisaa hojii daldalaa keessatti hirmaachuun guddina dinagdee hawaasa tokkoo keessatti bakka olaanaa waan qabuuf.

Fkn 22:...*Oromoo gara jabummaadhaan lafasaarraa ari'anii fudhachuudhaan gidi raa guddaa irraan gahan* (fuula 107).

Yaada armaan oliirraa akkuma hubatamu dinagdeen uummata Oromoo bu'uuraan lafaan walqabata. Dinagdeen uummatichaa lafa qabaachuufii dhabuusaatiin murtaa'a. Weerartoonni dinagdee uummatichaa saamuu barbaadanis dursanii madda dinagdee uummatichaa kan ta'e lafasaa qabatu.

Fkn 23: Finfinnee biyya abbaakoo keessa teessanii anaan nama biyya ormaa na gootani. Utuu beektanii miilla keenyarratti kuftanii nu galateeffachuu qabdu turtan. Lafti isin gooftaa itti taatan kun hundi lafa keenyaadha. Isintu biyya keenya dhufe malee nuti biyya namaa weerarree qabannee hinjirru. Isintu biyya keenya weeraree nu dhaale malee nuti biyya namaa weerarree qabannee hinbeeknu (fuula 152).

Akkuma armaan olitti ibsame uummanni Oromoo cunqursaa kana callisee hinfudhanne. Lafasaa dabarsee haala salphaan alagaaf kennee hindhiisne. Falma jabaa geggeessaa ture. Ilmaan Oromoo dhalootaa dhalootatti waljijjiiranii bu'uura dingdeesaanii kan ta'e lafasaanii falmachaa turan jechuudha.

4.2.1.3.Dhimma Siyaasaa

Asoosamni Hawwii aangoo siyaasaa ofharkaa qabaachuun bu'aanni garee hawaasaa tokkoof qabu, akkasumas aangoo siyaasaa dhimma ofiirratti murteessuuf gahu dhabuun miidhamanni garee hawaasaa tokkoratti fidu ifatti agarsiisa. Aangoo harkatti galfachuufis shira miseensota garee hawaasaa tokkoon raawwatamuu danda'us nimul'isa. Bu'aa aangoo siyaasaa qabaachuun garee hawaasaa tokkoof qabus asoosamicha keessaa akka armaan gadiitti xiinxalame.

Fkn 1:.....kan horiifi aangoo qabutu bakka garaasaa gaha. Isatu ifee bareedee mul'ata(fuula 55).

Yeroo hedduu dinagdeefi aangoon walhidhatanii deemu. Humna dinagdeetti dabalee gareen hawaasaa tokko aangoo siyaasaa qabaachuun hawaasichaaf bu'aa guddaa qaba. Gareen hawaasaa dinagdee qabu aangoo siyaasaas akka hinqabanne wanti isa godhu hinjiru. Gareen hawaasaa aangoo fi dinagdee ofharkaa qabu waan fedhe murteeffatee raawwachuu danda'a. Hiyyeessa harka micciiruu wanti isa dhorku hinjiru. Saamicha barbaade raawwachuuf kan isa dhorku hinjiru. Kan humna dinagdeefi aangoo qabu hiyyeessa isaa gadii akka fedhetti hakuucuu, cunqursuufi bulchuuf humna guutuu qaba. Mee asoosamicha keessatti seenaa obbo Ayyaanaan Hawwiif seenessan armaan gadii fudhannee haa ilaallu.

Fkn 2: Guutummaa Wallaggaa gabroomfachuuf biyya Amaaraarraa mootiin Goojjam kan Nugus Takila Haaymaanot jedhamu humna waraanaa Raas Garasuudhaan hoogganamu erguudhaan laga Abbayyaan ce'ee Horroofi Guduruun garboomfate. Itti aansees biyyoota hafan gabroomfachuuf ka'e. Mootii Morodaan oduu kana yammuu dhagahu waa'ee hidhannoo waraana biyya Amaaraa kana odeeffannoo akka isaaf fidaniif nama erge. Odeeffannoo argateenis humni waraanaa Raas Garasuu qawwee kan hidhate ta'uusaa hubate. Yeroo kana humni waraanasaa eeboofi gaachana malee qawweehinqabu. Humni waraanaa biyya Amaaraa garuu qawwee kan hidhate ture. Morodaanis hidhannoo meeshaa lolaa akkasiitiin waraana sirriitti hidhate kana dura dhaabachuu akka hindandeenye hubate. Kanaaf, Raas Darasuun utuu itti hincehin nama itterge. Raas Darasuunis magaalaa Naqamteerraa gara dhihaatti KM 17rratti argamu ganda Diggaa jedhamutti dhufee waliigaltee

godhatani. Achumaan Morodaa kiristaana kaasee taabota Yesuusii biyya Goojjamii fidee dhufe kenneef (fuula 106).

Akkuma yaada kanaarraa hubachuun danda'amu kan dinagdeefi aangoo qabutu qawwees qaba. Gareen biyya Amaaraatii dhufee humnaan kutaalee Oromiyaa gabroomfate kun humna qawwee qaba. Qawwee qabaachuunis dinagdee qabaachuurraa dhufa. Sababnisaa gareen hawaasaa dinagdee hinqabne humna waraanaa injifannoo isa argachiisu qabaachuun itti ulfaata. Morodaas rakkoon mudate isuma kana. Inni meeshaa waraanaa kan aadaa malee kan ammayyaa hinqabu. Qabata kanaatiin haala salphaan mo'amuu akka danda'u of amansiise. Humna ittiin diina kana jala dhaabatu waan hinqabneef guddaa sodaate. Kanaaf, bifa araaraatiin waraanni adeemsifamuuf jedhu kun akka dhaabatuuf diina isa weeraruu dhufaa jiru kadhate. Kanarraa kan ka'es fedhiisaatiin ala amantaa uummatasaa dhiisee kan alagaa fudhate. Rakkoo yeroo sana uumameen hanga har'aattittillee Oromoon wallaggaa amantaa ganamaa ittiin Waaqasaa kadhatu dhiisee kan alagaa akka hordofuuf carraa bane. Kanaaf, garee hawaasaa tokkoof dinagdeefi aangoo qabaachuun dhimma filannoof dhiyaatu miti.

Fkn 3: Yeroo kana Oromoo gara jabummaadhaan lafasaarraa ari'anii fudhachuudhaan gidiraa guddaa irraan gahan. Kana malees, aadaa Oromoo balleessanii jireenya Oromoo naannoo sanaa rakkoo guddaarratti gatan (fuula 107).

Waraabbii kanarraa kan hubatamu gareen hawaasaa aangoo qabu waan barbaade yeroo fedhetti isa aangoo hinqabnerraa fudhachuu danda'uusaati. Erga bu'uura dinagdeesaa weeraraniis aadaa sabichaa cabsuun isaanitti hinulfaanne.

Fkn 4: Amaareen ilaalcha of tuulummaa sabaa qaba. "Inee Amaaree qabiraarraa Gondoree...." Ofiin jedha. Saboota isaan kaan namatti hinilaalu. Aadaan, afaan, namniifi biyyi gaariin kan sabasaa qofa akka ta'etti yaada (fuula 199).

Miseensonni garee hawaasaa aangoo siyaasaa of harkaa qabanofitti amanamummaa guutuu qabu. Kanas ilaalcha Amaareen ofiif qabu kanarraa hubachuun nidanda'ama. Bu'aa siyaasaa argachuuf shira alagaan Oromoorratti dalagamaa ture kallattii adda addaatiin asoosama Hawwii keessatti calaqqise fudhatanii ilaaluun nidanda'ama.

4.2.1.3.1. Gama Qorqalbii Yookaan Xiinsammuutiin

Sabboonummaa Oromummaa balleessuuf duulli alagaadhaan xiinsammuu ilmaan Oromoorratti godhamaa ture hamma jechaan ibsuun danda'amu gararraadha. Shira dalagamaa ture kana keessa inni jalqabaa Oromoon ofiisaafi waliisaa akka tuffatee alagaa

fakkaatee jiraatuuf sammuusaarratti dursanii hojjechuudha. Mee yaada ilmaan Oromoo lama miidhagina Hawwiifi Latii ilaalchisanii kennan armaan gaditti haalaallu.

Fkn 5: *Inni tokko, “Ijoollee kukuullee babbareedduu...” jedhe. Kaanimmoo itti fufee, “Ijoolleen kun maali attam babbareedduu!; Oromoo hinfakkaatan” jedhe. Inni kaanis itti dabalee, “Dhuguma Oromoodhumatti hinbaane,” jedhe (fuula 26).*

Akka ilaalcha jara kanaatti Oromoon hundinuu fokkisaadha. Namni miidhagaan hundinuummoo Habashaadha. Kanaaf, Oromoon Habashaa biratti akka uumama gadaanaatti ofilaalaa ture jechuudha. Namoonni akkasii daa'imman isaaniillee ilaalchuma kanaan gabroomsaa guddisu. Kunis ilmaan Oromoo eenyummaasaaniirratti ofitti amanamummaa akka hinqabaanne taassisuun hooggansa garbummaa sammuu jala galchuudha. Ilaalchi kunis firii alagaan barbaadamu godhatee ifaan ifatti Oromoonni eenyummaasaanii gananii alagaa fakkaatanii jiraachuusaanii mul'isanis hindhabaman . Dhimma kanas yaada kanaan gadiirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 6.....*Oromoo ta'uunkoo yoo natti dammaqame namni na tuffata. Ulfina an dura hosteelicha keessatti qabu na dhabsiisa (fuula 179).*

Namni kun Oromummaashee akka salphinaatti laalaa jiraachuushee yaadasheen dhiyeessiterraa hubachuun nama hindhibu. Isheedhaaf qaroominni ofgananii alagaa ta'anii jiraachuudha. Akkasheetti Oromummaan kan nama tuffachiisuufi ulfina nama dhabsiisuudha. Garbummaa sammuu. Garbummaa eenyullee jalaa bilisa nama baasuu hindandeenye.

Ilaalchi kun kallattii biraatiin cunqursaafi hacuuccaa ilmaan alagaa xiinsammuu ilmaan Oromoorratti raawwataa turan agarsiisa. Oromoon akka of jibbee bakka fedha alagaa dhaabatuuf shira xaxamaa ture mul'isa. Kanumaan kan walqabatu mee yaada Amaarefi kaadhimaansaa mana Dalasaafi Hawwiinfaa keessa jiraatan keessa taa'anii ayyaana isaan waliin ayyaaneffachaa utuu jiranii mudannoo mudateen walqabsiisanii ibsan haa ilaallu.

Fkn 7:Hawwiin uffata aadaa Oromoo kuullisaa diimaa uffattee, dhaabbata qaamashee waliin walfudhatee baay'ee irraa bareeda. Irra deemtee farsoo buusaa 'Dhugaa' jetti. Gidduutti Amaareen “Ici, ici” jedhe. Hundinuu haasaasaanii gidduutti kutanii garasaa laalan. “Maalii?” jedhe Dalasaan dursee. “Tisiisatu farsoosaa keessa seene....maal hagam gaha kun?” jette jaalalleensaa Iyyerusaalem. Amaareenis deebisee, “Baay'ee guddaadha” jedhe. Iyyerusaalemis deebistee, “Tisiisa guddaadha; tisiisa Gaallaadha” jette (fuula 209).

Yaadni kun duula ijibbaataa diinni Oromoo eenyummaasaa jibbisiisee xiinsammuusaa garbooffachuuf raawwataa ture ifa baasa. Amaareen isa Hawwiin uffata aadaa sabashee

uffattee akka malee miidhagdee jirtutti waan hinaafee fakkaata. Kanaaf waan ittiin xiinsammuushee dhahee akkasheen oftuffattuufi ofjibbituuf gocha dalagamaa jiruudha. Kana malees, Oromoon saba guddaa waan ta'eef tisiisi farsoo keessa bu'e sunis akkuma sabichaa guddata jechuusaaniiti. Oromoon garuu addatti tisiisa mataasaa hinqabu. Isaan garuu waan gaarii fakkaatu hunda kansaanii godhatanii ittiin of waamaa, waan gadhee fakkaatu hundammoo Oromoof kennanii uummatichi ofiisaas, waliisaas akka jibbuufi tuffatu, akkasumas saba biratti Oromoon akka ciigga'amaa jiraatuuf xaxaa alagaan xaxamaa ture calaqqisiisa.

Alagaan ilmaan Oromoo Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbachuu dadhabanillee akka waan isaan uumamaan hir'uu ta'anii dhalataniitti laalaa ture. Kunis yaada armaan gadiitiin asoosamicha keessatti ibsame.

Fkn 8: Hawwiin Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu dadhabuusheetti abbaan taaksii sun dubartittii dursitee seentee isa bira gabbiinaa teesse sanaa wajjin itti kolfaa, "Seeni" jedhee olgalche. Lama ta'anii waa'ee Hawwii yammuu dubbatan," Uffannaansheefi biftishee kanbiraati. Garuu maal godharee Rabbi yeroo nama uumu waa tokko hir'isuun hinoolu. Kana fakkaattee Afaan Amaaraa dubbachuu hindandeessu jedhanii waliin kokkolfan (fuula 151).

Akkasaaniitti ulaagaan miidhaginaa inni olaanaan guutamuu qabu Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu danda'uudha. Kan afaan kana sirriitti dubbachuu hindandeenye uumamasaa ganamee jiraata. Afaanicha wal'aaluusheetti isaan ishee caalaatti qaana'aniif. Kolfa cimaa itti kolfuun qorqalbiishee miidhuu yaalan. Akkasaaniitti isaan kanshee beekuuf dirqama hinqaban. Isheen kansaanii beekuu garuu akka dirqamaatti laalu.

4.2.1.3.2. Gama Barnootaatiin

Fkn 9: Sirni Nafxanyaa hacuucee isaan bitu kun bulchiinsarratti, manneetii barnootaattis ta'e kitaabotiin maxxanfamanii bahan hundi guddaafi jabaan Amaara, aadaafi afaan gaariin kan Amaaraa, kan Oromoofi uummata Itiyooophiyaa biroo faayidaa akka hinqabnetti gadi xiqqeessee sammuuudhaan gabroomsee hacuucee uummata Oromoo bitaa waan jiruuf ilaalcha doggoggoraa akkasii sammuuusaanii keessa akka taa'u gochuusaa ibseef (fuula 27).

Akkuma yaada armaan olii keessatti mul'atu gareen cunqursu bulchiinsa, mana barnootaafi kitaabilee garaagaraa maxxanfamanitti dhimma bahanii olaantummaa gareesaanii uummata Oromoorratti mirkaneessuuf kufanii kahaa turan. Eenyummaan Oromummaa, afaan, aadaafi duudhaan hawaasichaa sirna barnootaa biyyattii keessatti

akka hinhaammatamneef karaa isaaniif danda'ame hundaan balbala itti cufaa turan. Uummatichis barnoota akka hinarganneef yaaliin alagaadhaan hingodhamin hinturre.

Barreeffama seenaa biyya kanaa keessatti warrisaan goota biyya kanaaf bu'aa buuse jedhanii kitaaba barnootaa keessatti tarreessan hundi kan sabasaanii qofa ture. Akka waan Oromoon biyya kanaaf bu'aa siyaasaa tokko hinbuufneefi gootummaa hinqabneetti dhaadhessaa turan. Haata'u malee, Oromoos haa ta'u saboonni biroon biyya kanaas akkumasaanii goota qabu turan. Ta'ullee, seenaa biyyattii keessatti beekamtii utuu hinargatin akka hafan asoosamichi ni'ibsa. Afaan ofiitiin barachuu dhiisanii kan alagaatiin barachuun mallattoo garbummaa akka ta'e Dalasaan Amaareef akka kanaa gadiitti ibsaaf.

Fkn 10: Mee hundumaa dhiisii mana barumsaa keessatti nuti ilmaan Oromoofi ilmaan sabaafi sablammoota Itiyoophiyaa keessa jirru afaan keenya dhiisnee Afaan Amaaraa qofa maalif barannaa? Utuu walqixxummaatu jira ta'ee sabaafi sablammooti cunqurfamooti Itiyoophiyaa keessa jirru Afaan Amaaraa qofa osoo hintaane afaan keenyas barachuu qabna turre. Garuu, mirgi kun Itiyoophiyaa keessa hinjiru. Cunqursaan kun egaa mallattoo gabrummaati. Sirna barnoota Itiyoophiyaa keessattillee gooti saba keessan qofa akka ta'etti fudhatama. Oromootu goota hinqabumoo akkami? (fuula 211).

Nafxanyoonni ilmaan Oromoo afaansaanii akka hinbaranne gochuurra darbanii sirna barnoo- taa keessattillee Oromoon akka waan goota hinqabneetti barsiisaa guddisuuf bocuusaanii asoosamichi ni'ifoomsa. Daa'imman Oromoo waa'ee goototasaanii yoo beekan ofitti boonaa guddatu. Ilaalcha kanaan daa'imni guddattu/tu gatiittiinshee/saa cunqursaa alagaan irra kaa'amu baatee deemuu hindanda'u. Cunqursitoonnis dursanii kana waan hubataniif sirna barnootaatiin qabaniin sammuu daa'imman Oromoo doomsuurratti fuuleffatan.

Fkn 11:.. Afaan Oromoo hinbarsiisan malee kanisaan ittiin dubbatanii qubee lakkoofsisan Afaan Oromootiini. Isaanis utuu hinjaallatin sirna sana keessa lubbuun jiraachuun waan isaanirra jiruuf daa'imman Oromoo sammuu gabroomsuun dirqi itti taha (fuula 29).

Hayyootumti Oromoollee sirna darbe keessatti lubbuun jiraachuuf jecha utuma beekaniin ilmaansaanii sammuu gabroomsaa akka turan agarsiisa waraabbiin kun. Asitti qabxii gurguddaa lama hubachuun nidanda'ama: afaan ofiitiin qubee alagaa lakkoofsisuufi jiraachuuf jecha daa'imman Oromoo sammuu gabroomsuudha. Kanisaan sirriitti beekaniifi utuu carraa argatanii sirriitti barsiisuu danda'an Afaan Oromoo ture. Kana

gochuufimmoo sirnichi isaaniif hinayyamu. Kanaafuu, dirqama hojjetanii jiraachuu waan qabaniif afaanumasaaniitiin qubee alagaa barsiisuun daa'immansaani garbummaa sammuu jalatti bulchuuf dirqaman. Barsiisonni kunneen ofumasaaniitiyyuu afaan alagaa sana sirriitti hinbeekan jechuudha.

Fkn 12: Ilmaan Oromoos hanga mana barumsaa galuu gahanitti afaan haadhaafi abbaasaanii qe'ee warrasaaniifi gandasaanii keessatti sodaa tokko malee dubbatu. Sirna mootummaa sana keessatti Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa gaditti tuffatamee akka ilaalamus hinbeekani. Egaa ilmaan Oromoo sadarkaa kanarratti mana barumsaa yeroo galan Afaan Oromoo kan bu'aa hinqabne, afaan gaariin kan gatii qabu yoo baratan kan hojii ittiin argachuu danda'an Afaan Amaaraa ta'uusaa dirqiin hubatu. Egaa yeroo kanarraa eegalee afaan sabasaanii akka bu'aa hinqabnetti, kan bu'aa qabu Afaan Amaaraa akka ta'etti sammusaanii keessa kaawwatanii guddachuu jalqaabu (Fuula 29).

Yaadni armaan olii kanibsu daba tarsiimawaa ilmaan Oromoorratti hojjetamaa ture calaqqisiisa. Afaan Oromoo sirna barnoota biyyattii keessatti haammatamee waan hinjirreef ilmaan Oromoo afaan naannoosaanii keessatti dubbataa turan mana barumsaa keessatti yammuu dhaqanii dhaban afaanichi akka waan dhimma hinbaafneetti laalu. Jalqaba afaanichi sirna barnootaa keessatti akka hinhaammatamne shira xaxan. Kansaani garuu akka baratamuufi akka barnoonni biroon ittiin kennamuuf haala mijeessan. Afaanni hiree kana hinargannemmoo guddachuu akka hindandeenye dursanii waan hubataniif shira kana malan. Kana booda ilmaan Oromoos mana barumsaa yeroo seenan garaagarummaa kana gaafa argan kansaanii akka waan bu'aa hinqabneetti waan yaadaniif kan ofiisaanii dhiisanii kan alagaatiif xiyyeeffannoo kennaa guddatu. Afaanni bu'aa qabuufi nama jiraachisu Afaan Amaaraa qofa akka ta'etti of amansiisaa waan guddataniif qorbalbiin waa'ee eenyummaasaanii yaadu kanaan adoodaa deema jechuudha. Kunis itti yaadamee ta'e jedhamee ilmaan Oromoorratti shira qindaa'aa dalagamaa tureedha.

Fkn 13: Sirna mootummaa saba Amaaraa qofaaf dhaabate keessatti ilmaan Oromoo sirna sana keessatti baratan hedduu biratti Afaan Oromoorra Afaan Amaaraa waan caalu itti fakkaata. Karaa biraammoo Oromoo kan sammuum gabroomsu "Simaa balawu" dhaan yeroo rakkoosaanii himataniidha. Madaalliin beekumsaa Afaan Amaaraa beekuufi wallaaluudhaan waan ta'eef , "Abalu nama beekaadha. Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbata" jedhama. Yoo Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbachuu wallaale itti kolfama. Hojjitooti Oromoo mootummaa guddaarra jiranillee Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbachuu yoo baatan itti kolfama. "Namichi kun kolleejjii yookaan yuunivarsiitiidhaa baratee raawwatee digiriidhaan nama eebbifameedha. Garuu, maal godha Afaan Amaaraa qulqulleessee dubbachuu

hindanda'u" jechuudhaan itti kolfanii itti qoosuun hamileesaa cabsu (fuula 30, 127).

Sirna sana keessatti Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uu dadhabuunsaa ilmaan Oromootiif rakkoo jabaa ture. Afaan hinbaratamneefi afaan barnootaa hintaane afaan hojii mootummaa ta'uu hindanda'u. Kun taanaanimmoo ijoolleen Oromoo osoo gahumsa hojii sanaaf barbaachisu qabani sababa Afaan Amaaraa dadhabaniif akka waan ulaagaa cimaa tokko guutuu dadhabaniitti laalamaa turan. Kanaaf, yeroo sanatti safartuun beekumsaa irra jireessaan Afaan Amaaraa beekuu waan tureef namoonni afaanicha hinbeekne hojii mootummaa argachuu hindanda'an. Qabata kanaatiin ijoolleen Oromoo afaanni ofiisaanii akka waan faayidaa hinqabneetti ilaalaa turan. Osoo hinjaallatin afaan hojii ittiin argatan barachuuf xiyyeeffannoo kennaa turan. Qabata afaanicha dubbachuun itti ulfaateef ilmaan Oromoofi ilmaan sabaafi sablammootaa faayidaa biyya kanarraa argachuu qaban hanga har'aattillee dhabaa kan jiran lakkoofsa hinqaban. Kunillee hafee rakkoodhuma salphaa tokko himachuuffillee mirga uumamaa isaaniif kenname haalamanii dirqamaan dhiphina meeqa keessatti turjumaanaan yaadasaanii ibsatu. Kunis sammuu ilmaan Oromootiif ba'aa guddaa akka ture ifoomsa waraabbiin kun.

4.2.1.3.3. Uummata Oromoo Walirratti Duulchisuu

Sirni Gadaa sirna Oromoon ittiin ofiisaa, waliisaafi biyyasaa bulchaa tureedha. Akkaataa namni tokko aangoo siyaasaa itti qabatus sirnichuma keessa jira. Gareen cunqursitootaas yammuu Oromoo diiguuf ka'an dursee sirnasaa kana tuffatee diiguu fuuleffata. Kana raawwachuufis Oromoodhuma diina Oromoo godhee bocata. Mee yaada armaan gadii haalaallu.

Fkn 14: Abbaan Bokkuu Leeqaa Wayyuu/ Naqamtee Baraartii Ammoo ture. Abbaan Bokkuu kun kan filame sirna bulchiinsa Gadaatiin qomoo hangafaa naannoo sanaa kan ta'e qomoo Nya'aa keessaadha. Iddoo Waamaa jedhamu keessa ture. Baraartii Ammoo sirna Gadaatiin abbaa Bokkuu isa dhumaa uummata naannoo sanaa bulchaa tureedha. Baraartii Ammoo booda sirni Bulchiinsa Gadaa itti hinfufne. Bara Baraartii Ammoo abbaa Bokkuu ture abbaa duulaa kan ture ilma obboleessasaa kaninni guddifate Bakaree Godaanaa Ammoodha. Bakareenis erga abbaa duulaa ta'ee booda humna waraanaasaa jabeeffatee biyya bal'ifachuu barbaade. Haaluma kanaan qomoo wwan naannawaa sana jiran hunda mo'ee guutummaa naannoo Leeqaa Naqamtee o'annoosaa jala galchuudhaan mootii ta'e. Naannoo kanatti sirni bulchiinsa Gadaa kan abbaa bokkuutiin hoogganamu hafee abbootiin duulaa sirna bulchiinsa mootii kanitti jalqaban bara kana ture (fuula 103-104).

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amu Oromoon sirna Gadaatiin of bulchaa ture. Warri baallii harkaa qabanis adeemsuma sirna sanaatiin aangoo qabatan. Haata'u malee, alagaa biraa aangoo dabalataa argachuuf jecha sirna hawaasasaanii diigani yeroo jalqabaatiif sirna bulchiinsa mootii hundeessan. Dhiibbaa yeroo sana sirna Gadaarratti raawwatameen hanga har'aattillee wallagga keessatti bu'uuraan sirni kun jabaatee lafa qabatee akka hinjirre obbo Ayyaanaan Hawwiif seenessu.

Fkn 15: Minilik biyya Oromoo gabroomfachuuf Goobanaa biyya Oromootti duulchise. Kunis “Qoraattii qoraattiidhaan baasu” jedhama. Goobanaan biyya Oromoo humnaan waraane harkasaa jala yoo galche mootii biyya Oromoo jedhee akka isa muudu Minilik waadaa waan isaaf galeef ture. Goobanaan waadaa kana abdachuudhaan uummatasaa gara jabeenyaan lolee biyya Oromoo garbummaa Minilik jala galchuu danda'e. Booda Minilik Goobanaa 'Nugusa' jedhee muudee ture. Garuu, hooggantooti mootummaa Minilik, “Oromticha kana biyya Oromootti 'Nugusa' jettee muuduunkee mootota Oromoo tokko godhee waltaassisuudhaan sirratti incilee aangoo sirraa fudhata” jedhanii itti hamannaan afeerraa tokkorratti isa ajjeesan (Fuula 107-108).

Bu'aa dhuunfaasaaniif jecha sabasaani dabarsanii alagaatti gurgurachaa kan turan hawaasa Oromoo keessaa hindhabaman. Isaan keessaas Goobanaa Daaccee uummata Oromoo biratti heddumminaan beekama. Diinni Oromummaa balaaleffata. Isa tokko jaal'atee isa kaan hinjibbu. Goobanaan jalqaba sirna bulchiinsa uummatasaa diigee kan alagaa hundeesse. Kana qofas osoo hintaane sabasaa humnaan cabsee harka alagaatii aangoo argate. Alagaan muudama kana Goobanaaf kan kenne lafa ofiisaarratti osoo hintaane lafuma abbaasaarratti waan muudama hintaane muudama itti fakkeessee sabasaa akkanni gurguratu taassise. Kana gochuusaatiinuu alagaa biratti hinamanamne, fudhatamas hin arganne. Muudama argatetti dhimma bahee uummata Oromoo tokkoomsa jedhanii isa shakkan. Qabata kanaatiin uummatasaa cabsee harka diinaa erga galchee booda harkuma diina sabasaa kanaan ajjeefame. Diina biraas galata hinarganne. Oromomoo birattis “Gantuu Oromoo garbummaa alagaa jala galche” jedhamee jibbame. Alagaan Oromoo isa tokkotti fayyadamee Oromoo isa kan biraa kan cabsuuf Oromoo isa tokkoof loogee isa kan biraammoo balaaleffachuuf osoo hinta'in hamma waan akeekkate galmaan gahatutti qofa. Sana booda Oromoon inni alagaatti goree Oromoo akkasaatii gane sunis carraa biliisummaan jiraachuu hinqabaatu. Akka yaaxxina Maarkisitti gareen hawaasaa carraa cunqursuu argate gareen cunqurfamtootaa tokkummaa akka hinqabaanneef hojjetu. Gareen hawaasaa cunqurfame yoo tokkummaa uummatee garee isa cunqursurratti qabsaa'ee humna garee warra cunqursitootaa waan dadhabsiisuuf karaa

isaaniif danda'ame hundumaan gareen dafqaan bultootaa yookaan cunqurfamtooti tokkummaa akka hinqabaanne taassisu. Gareen warra Minilikis muudamuun Goobanaa tokkummaa Oromoo fida jedhanii waan yaadaniif akkanni ajjeefamu taassisan. Walumaagalatti, diinni sirna Oromoofi Oromoo cabsuuf yammuu karoorsu hedduusaa Oromoodhumatti fayyadamaa ture.

4.2.1.3.4. Oromoon Lafumasaarratti Biliisummaa Akka Bitatu Taassisuu

Morodaan meeshaa waraanaa ammayyaa waan hinqabneef karaa nagaa ta'een Milinikii wajjin waliigalee naannoo bulchiinsasaa waraanarraa tasgabbeessuuf qabeenya guddaa kenneefii nageenya bitachaa ture.

Fkn 16: Atsee Minilik Leeqaa lamaanii wajjin waliigaltee godhate. Waliigalteen kunis biyya Morodaan mootii ta'ee bulchu keessatti Minilik Nafxanyoota Amaaraa fidee akka hinqubachiifne, kanaafis Morodaan Minilikiif waggaatti warqee waqeeta 500, ilka arbaa farasullaa 100, midhaan garaagaraafi damma safara hinqabne akka gabbaru waliigalan (fuula 110).

Kanarraa kan hubatamu Oromoon humna waraanaa jabaa waan hinqabneef lafumasaarratti biliisummaa qabeenya qabuun bitachaa turuusaati. Kana malees, lafti Oromiyaa har'a jirtu kun gaatii guddaa ilmaan Oromiyaa itti baasaniin akka ta'e agarsiisa.

4.2.1.3.5. Maqaa Namaafi Lafa Oromoo Jijjiiruu

Oromummaa balleessuuf shirri alagaan hinshiramin hinjiru. Maqaa lafaafi namaa Oromoon moggaase akka tuffatamaatti lakkaa'ee kansaatiin kallattii isaaf danda'ame hundaan bakka buusuuf ijibbaata hojjechaa ture. Afaan Oromoo afaan boodatti hafa, yoo ittiin dubbataniifi maqaa moggaasan akka Afaan Amaaraa hinbareedu jedhanii yaadu. Moggaasa maqaa namaarratti ilaalchasaan qabaachaa turan asoosamichi akka armaan gadiitti agarsiisa.

Fkn 17: Maqaa namaallee...indee! Aanteen/ aanchiin yemassalee/chi qoonjoo liji/ mucaan si fakkaatu kun akkamitti maqaa fokkisaa akkasiitiin waamamaa? jedhanii maqaasaa yookaan maqaashee akka geeddaratu yookaan geeddarattu dhiibbaarratti godhu (fuula 117). Egaa fuula duraafis gaariidha walbarra. Ani Hayiluun jedhama; kankeehoo? jedhe Hayiluun. "Hawwiinis deebistee Hawwiin jedhama" jetteen. Hayiluunis," Oo! Hawwii? Maal jechuudhaa? Afaan maaliitii?" jedhee gaafate. Hawwiinis deebistee" Hawwiin maqaa Oromooti. Hiiknisaa Afaan Amaaraatti 'Minyoot' jechuudha" jetteen. Hayiluunis, "Oo! Yes! Yes! Orominyaa! Tasuma Afaan Oromoo hinfakkaatu. Inni garuu Oromoo jedhee hindubbatu. Maqaa nuti ittiin of hinwaamne kan alagaan ittiin nu waamuun yaadasaa ibse. It is a beautiful name/ maqaa bareedduudha. Maqaa Faranjii fakkaata" jedhe.

Hawwiinis garaasheetti, “Yaa Rabbi safuu! Maqaanis walcaala; kan isaaniifi kan Faranjii bareedaa, kan Oromoo fokkisaajaa’ibadha...” jette (fuula 154). Barriifi sirni ammaas nama maqaan Oromoo...akka doofaa yookaan gowwaa waan tokko hinbeekneetti lakkaa’uudhaan akka ofitti qaana’uuf hamileesaa cabsu (fuula 127).

Akka ilaalcha garboomsaa warra Nafxanyaatti miidhaginni maqaadhaan walqabata. Oromoon miidhagaa ta’e kamillee maqaa Afaan Amaaraatiin moggaafamuu qaba. Namni bareedduu/ daa taate/ ta’ee maqaansaa kan Oromooti taanaan battalummaan fokkisaatti deebi’a jechuudha. Keessallee darbamee sirna bittaa alagaa keessatti maqaa Oromootiin waamamuun akka doofummaatti ilaalamaa ture. Shirri alagaadhaan dalagamu dhugaa itti fakkaatee yookaan sirna sana keessa lubbuun jiraachuuf jechallee maqaasaanii kan jijjiiratan hindhabaman. Kana keessaa Dilneessaa Margiyaa (fuula 127) fudhachuun nidanda’ama. Gurbaa kanaaf maqaa maatiinsaa baasaniif Dalasaa Margaa ture. Dalasaan Oromummaasaatiin waan adamsafamuuf lubbuun jiraachuuf jecha maqaasaa waan jijjiirrate fakkaata. Kanaafis yaadni kanaa gaditti dhiyaate agarsiiftuudha.

Fkn 18: Dalasaan nama Oromummaasaatti boonuudha. Oftuulummaa gita bittuu sabaa cunqursaa sabasaarra gahaa jiru kan mormuufi baay’ee quuqamee sodaa malee kan qabsaa’u sabboonaa Oromoodha. Bara yuunivarsitii barachaa ture mooraa yuunivarsitii keessatti barattoota ilaalcha oftuulummaa sabaa qaban wajjin sababii kanaan yeroo baay’ee walitti bu’a. Miseensa Waldaa Maccaafi Tuulamaadha. Sochii qabsoo mirga Oromoof godhamaa jiru keessatti qooda fudhachaa waan jiruuf mootummaan Haayila Sillaasee gara waggaa afurii iddoo hinbeekamnetti isa hidhuu danda’era (fuula 199).

Yaada armaan olitti dhiyaate kanarraa kaanee gurbaan kun akka maqaasaa jijjiirratuuf wanti qabata ta’e cunqursaa isarratti raawwatu ta’uu mala.

Fkn 19: Oromoo ta’uunkoo yoo natti dammaqame nami na tuffata. Ulfina ani dur hosteelicha keessatti qabu na dhabsiisa jette (fuula 179).

Namoota waan alagaan isaaniin jedhuun gowwoomanii eenyummaasaanii ganan keessaa shamarree wa’enshee waraabii kanaan dhiyaateedha. Maartaa jedhamti. Shamarreen kun magaalaa Naqamteetti dhalatte. Sabaanis Oromoodha. Afaan Oromooti afaan hiikkatte. Erga Finfinnee dhuftee garuu maqaashee Maartiitti jijjiirrate. Afaan Amaaraa malee dubbachuu didde. Kunis ilaalchasheen ofiisheetiif qabdurraa madde.

Namoonni sababa maqaa jijjiirrachuusaaniitiin miidhaan irra gahellee jiru. Fakkeenyaaf, Dalasaan maqaa jijjiirrachuusaatiin yeroo dheeraaf Hawwiidhaafi abbaasaa obbo Margaadhaan barbaadamee dhabamaa tureera (fuula 126, 132, 176). Sababa maqaa

jijjiirrachuu isaaniitiin namoonni qabeenyisaanii alagaadhaan jalaa dhaalamellee nijiru. Namoota akkasii keessaa Lamuu Bantii isa tokko.

Fkn 20: Namicha Lamuu Bantii jedhamu tokkotu Finfinnee keessaa hojii argate. Qabeenya baay'ees horatee utuu jiraatuu dhukkubsatee du'e. Namichi kun niitiis ta'e ijoollee hinqabu. Magaalaa kana keessaa hiriyoota waajjirasaa keessaa isaa wajjin hojjetan malee fira dhiigaa hinqabu. Utuma kanaan jiruu gaaf tokko akka carraa ta'ee nidu'e. Gaafa awwaalasaa hiriyoootasaatu isa awwaale. Qabeenyasaa kandhaalan firootasaa waan ta'aniif hiriyoonnisaa kunniin odeeffannoo namoonni isaanii kennaniin baadiyyaa itti dhalate dhaqanii abbaasaa fidanii dhufan. Abbaansaa Bantii jedhamu. Haaluma kanaan obbo Bantiin dhufanii mana jireenyaa viillaa guddaa supheedhaa ijaaramee fi qarshiinni baankiidhaa qabu ana abbaasaa Bantiidhaaf ta'a jedhanii mana murtiitti iyyatan. Manni murtii garuu kaartaan manaafi dabtariin baankii maqaa Alamuu Baanteedhaan kan galmaa'eedha. Lamuu Banteedhaan miti. Kanaaf, mirgi qabeenyaa dhaaluu isaaniif hin kennamu jedhe iyyaannaasaanii kuffise. Kanumaan obbo Bantiin dhaala ilmaasaanii dhabanii harka qullaa gadda lama gaddaa gara biyyasaaniitti deebi'an (fuula 130).

Haala kanaan ilmaan Oromoo qabeenyasaanii dhaban seenaan haalakkaa'u. Egaa, Oromoon maqasaa akka jijjiirratuuf qabata kan ta'e dhiibbaa oftultoti isaanirratti godhaniidha malee namni sabasaa jibbu hinjiru.

Sirni bittaa alagaa maqaa ilmaan Oromoo qofa osoo hintaane maqaa lafasaallee jijjiireera. Maqaa ganamaa irraa mulqee maqaa ofii barbaadu itti moggaaseera. Kanas waliin dubbii obbo Ayyaanaafi Hawwiin waliin dubbatanirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 21: Obbo Ayyaanaan Hawwiidhaan, "Ilaa sunimmoo Amboo jedhama; Hagare Hiwot jedhanii maqaa geeddaran malee. Hawwiinis "Maalif" jettee deebistee gaafatte. "Maal beekna maqaan Oromoo irraa fokkisa jedhaniitika" jedhan. "Eenyu isaan akkas godhan kun" jettee deebistee gaafatte Hawwiin. Isaanis," mootummaa gita bittaa saba Amaaraa kan amma uummattoota Itiyooophiyaa olaantummaan bitaa jiruudhaka. Yoom kana qofa seete? Finfinnee_Addis Ababaa, Bishooftuu_ Dabire Zayit, Walisoo_Giyoon, Holataa_ Gannat, Bulee Horaa_Hagare Maariyaam, Ciroo_Asab Tafarii, Adaamaa_ Naazireet jedhanii moggaasan. Kana malees, nafxanyooti erga Finfinnee gabroomfatani booda akkuma Finfinnee maqaa geeddaran gandoota magaalattii keessaas akka isaaniif tolutti Roobii_Nifaas Silkii, Dildila_ Inxooxxoo, Eekkaa_Yekkaa, Hurufa Boombii_Jaarmedaa, Birbirsaa Gooroo_ Piyaasaa, Doobbii_ Qecenee, Agamsaa_ Markaato, Malka Daabbus_ Charchar Godaanaa, Daalattii_Arat Kiiloo, Caffee Tumaa_ Siddist Kiiloo, Qarsaa_ Kaasaanchis, Baddaa Ejersaa_ Raas Kaasaa Safar, Muujjaa_Shiroo Meedaa, Garbii_Sangaa Taraa, Golboo_Qeeraa Qiiroqos, Calcalii_ Saarbeetoochi, Caffee Aannanii_Meeksiikoo jedhaniin (fuula 116-117).

Maqaan eenyummaa namaafi eenyummaa lafaa agarsiisa. Oromoon daangaa lafasaallee maqaa ofii moggaaseefiin to'ataa ture. Nafxanyootis dhiibbaa maqaadhaan dhufuu danda'u waan hubataniif kallattii isaaniif danda'ameen maqaa lafa Oromoo maqaa ofii barbaadanitti moggaasaa turan. Kunis yeroo muraasa booda dhugaa jiru dhoksanii maqaadhaan qabataniif laficha akka kansaaniitti falmachuuf karoorfachuusaanii mul'isa.

Walumaagalatti, tasuma Oromummaan gaarii miti; kanaaf Amaara ta'uu qabdu jedhanii labsiidhaan hinlabsine malee sirni Nafxanyaa kun saba Oromoo Oromummaasaa gansiisuuf gama hundaan yaaliinni hinraawwatini hinjiru. Garuu, hindanda'amneef.

4.2.2. Garee Hawaasaa Namfakkiileen Bakka Bu'an

Xiyyeeffannoo yaaxxina Maarkistii keessaa tokko garee hawaasaa namfakkiileen bakka bu'an xiinxaluudha. Barreessaan namfakkiilee yeroo kalaqu ergaa dabarfachuu barbaaderratti hundaa'ee garee hawaasaa garaagaraa bakka buusee dhiyeessa. Akka yaaxxina kanaatti gareen hawaasaa kan uumamu dinagdeerratti hundaa'eeti. Kanaafuu, namfakkiileen asoosamicha keessaas dinagdeerratti hundaa'amee garee kam akka bakka bu'anlaaluuf deemna.

4.2.2.1. Namfakkiilee Garee Hawaasaa Gadaanaa Bakka Bu'an

1. Hayyuduree yookaan Goobangaleessa: Hayyudureen namfakkii seenaan asoosama tokkoo isarratti jalqabee isumarratti xumuruudha. Waa'eensaa jalqabaa hanga dhumaatti dubbatama. Gochoonni raawwataman hundinuu naanna'anii isaan walqabatu. Seenaa asoosamichaa fuuldura deemsisuu keessattis hunda caalaa gahee guddaa taphata. Kanaaf, fakkaattota gurguddoo jalatti ramadama. Haata'u malee namfakkiilee gurguddoon hayyuduree qofa miti; hedduu ta'uu danda'u. Hunda caalaa kan seenicha keessatti qooda fudhatu garuu hayyudureedha. Hayyudureen asoosamicha keessatti jalqabaa hanga xumuraatti fedhii duubistootaa kan haawwatuudha. Sababnisaas, fedhii, hawwiifi kaayyoo gaarii waan qabuuf dubbistoota biratti hedduu jaal'atama. Seenaa asoosama tokkoo keessatti hayyudureen nama tokko. Isa waliin yeroo dheeraa kan turan garuu, namfakkii hayyuduree osoo hintaane gurguddoodha (Fedhasaa, 2017:106-107). Haala kanaan asoosama Hawwii keessatti hayyudureen Hawwii Bulchaati. Akkaataa raawwiifi amalashettiin namfakkiin kun garee hawaasaa dinagdeedhaan gadaanaa ta'e bakka buutee dhiyaatte. Maatiinshee hiyyeessa. Abbaanshee obbo Bulchaan ogeessa mana ijaarsaati. Kana malees, boolla mana fincaanii qotuufi dallaa manaa

ijaaruun beekama. Gaafa hojiin jiru burruusaafi qottoosaa gatiittiirra kaawwatee hojjechaa oolee waan argate qabatee gala. Haati warraa isaa aadde Dinsiriinis gama isheetiin farsoo naqxee, araqee baaftee walgargaaranii jireenya rakkoo mo'achuuf baay'ee carraaqu. Kanaafuu, maatiinshee dafqaan buloota jireenya gadaanaa jiraataniidha.

2.Latiifi Maatiisaa: Latiin kaadhimaa Hawwiiti. Akka namfakkii guddaatti laalama. Innis maatii hiyyeessa yookaan dinagdeen gadaanaa ta'an keessatti dhalate. Dafqaan buloota keessaayyuu warra jireenya gadaanaa jiraatan jechuudha. Abbaansaa obbo Jireenyaan erga waardiyyaa hospitaalaa ta'ee waggaa soddoma lakkaa'eera. Miindaansaas xiqqoo waan ta'eef haati warraasaa aadde Bashaatuun shaayee danfistee daabboo waliin gurgurtee jireenya maatiishee utubdi. Walumaagalatti, maatiin kunneen lamaan maatii sadarkaa dinagdeetiin jireenya gadaanaa jiraataniidha. Akka sabaattimmoo uummata Oromoo bakka bu'anii waan dhiyaataniif sadarkaa dinagdee uummata Oromoo calaqqisiisu.

3. Obbo Dhaangiyaafi Obbo Wasaawasaa: Obbo Dhaangiyaan obbo Jireenyaa waliin Hospitaala Raas Tafarii Mokoonoonitti waardiyaadha. Obbo Wasaawasaanimmoo waardiyyaa mana Misiyooniiti. Sabummaan Oromoodha. Lamaanuu dafqaan buloota sadarkaa dinagdee gadaanaarra jiraniidha (fuula 11, 63).

4.Shaashituu: Shaashituun hojjetuu mana namaati. Sabummaan Oromoo taatee rakkoo dinagdee yaaddeessaa ta'e qabdi (fuula 247).

4.2.2.2. Namfakkiilee Garee Hawaasaa Giddugaleessa Bakka Bu'an

Namfakkiileen garee hawaasaa kana jalatti ramadamanis dafqaan buloota ta'anii sadarkaa dinagdeesaaniitiin garuu garee hawaasaa gadaanaarra nicaalu. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

1. Abbaa Milkeessaa: Hoogganaa baankii ta'ee ji'atti qarshii 950 argata. Konkolaataa akka bishaanii dhangalaatu qaba (fuula 53).

2. Gurbaa Mana Barumsaa Kompirehensiivii Barsiisu: Asoosamicha keessatti maqaa nsaa hinibsamne. Yuunivesitii barnoota xumuree qarshii 600 argata (fuula 54).

3.Obbo Ayyaanaa: Magaalaa Finfinneetti Ministeera Barnootaa keessaa qajeelcha hojii tokkorratti itti gaafatamaadha. Sayyoodhaa lafa bunaa qabu. Oromoo Wallaggaati (fuula101).

4. Obbo Laggasaa: Hojjetaa mootummaati. Ji’atti miindaa gara qarshii 720 argata. Haati manaasaas qarshii 420 argatti (183).

4.2.2.3. Namfakkiilee Garee Hawaasaa Olaanaa Bakka Bu’an.

1. Haajii Yuusuuf: Ganda Bakkee Jamaadhaa suuqii guddaa qaba. Suuqii qofayyuu miti konkolaataa fe’umsaa tireentaa lama qaba. Sooressa baacaadha. Qaranbulleedhaan daldalalu jedhama. Sabummaan namicha kanaa hinibsamne (fuula 54,59-60).

2. Hayiluufi Abbaasaa: Sabummaansaa gita bittaa Amaaraa keessati. Ilma daldaalaa sooressa tokkooti. Barumsa hamma kutaa 12tti baratee dhaabe. “Qabeenyi abbaakoo nagaha” jedheeti. Abbaansaa manneetii daabboo itti tolchan baay’ee qabu. Manneetii daabboo markaattoo keessaa sadii abbaasaatu dhaalaan kennaniif. Waan kana ta’eef qarshii manneetii daabboo kanarraa argatu itti taphata. Humna horiisaatiin shamarran barbaade akka barbaadetti itti taphata. Shamarran tokko tokkos qabeenyasaa kana argachuuf itti maraatu (fuula 155). Namichi kun qabeenya itti hindadhabin dhaalaan argate. Kanaanis shamarran hedduu cunqursaa oola.

Walumaagalatti, Sadarkaa dinagdee namfakkiilee armaan olii yammuu laallu haaluma salphaan eenyufaatu dinagdee biyya kanaa harka caalaan harkaffatti galfataa akka tureefi eenyufaatu dafqeemmoo dafqasaatiin jiraachaa akka ture hubachuun nama hindhibu. Bakka hundattuu Oromoon sadarkaa dinagdeesaa cunqurfamaafi gadaanaa akka ture barruun kun ifatti kaasa.

4.3. Xiinxala Asoosama Hawwii Ija Yaaxxina Feemiiniizimiitiin

4.3.1. Dhimoota Koorniyaan Walqabatan

Mata dureen kun dhimmoota koorniyaan walqabatanii barruu asoosamichaa keessatti ka’an hunda of jalatti qabata.

4.3.1.1. Loogii Koorniyaa Jiruufi Jireenya Hawaasaa Keessatti Mul’atu

Akkuma yaada hayyoota garaagaraarraa hubachuun danda’amutti jechoonni ‘saalaafi koorniyaa’ jedhaman addaddummaa hiikaa qabu. Saalli namni tokko uumamaan dhiira yookaan dhalaa ta’ee dhalachuu yoo ta’u, koorniyaanimmoo hirmaannaa saalli lamaanuu dhimmoota hawaasa keessatti qabanirratti kan xiyyeeffatuudha. Koorniyaan dhimma dhalaafi dhiiraa gochaawwan yookaan hojjiisaan hojjetaniin hawaasni ramaduudha. Hariiroon dhalaafi dhiira gidduutti mul’atu kun qabeenyaafi mana hoogganuurratti, murtii

waa tokkoo kennuufi dalagaalee hawaasaa keessatti, iddoo qabanirratti ajajaa ta'uurratti garaagarummaa guddaan yeroo mul'atutu argama. Namni tokko saalaan dhiira yookaan dhalaa ta'ee dhachuun filannoosaa miti. Namni kamillee ofiisaatiin filatee dhiira yookaan dhalaa ta'ee dhalachuu hindanda'u jechuudha. Dhimmi saalaan walqabatee aawwatu uumamaan walqabata jechuudha. Saalasaaniirratti hundoofnee hirmaannaasaan dhimmota hawaasaa keessatti qaban nidaangessina taanaan loogii koorniyaa raawwachaa jirra jechuudha. Hawaasa keessatti loogiin koorniyaa itti yaadamee yookaan osoo itti hinyaadamin akka tasaa raawwatamuu danda'a. Loogiin koorniyaa hawaasa keessatti baratamanii utuu itti hinyaadamin qabatamaan raawwataman, dubbatamaniifi barreeffaman hedduun jiraachuu malu. Dhimmoota kanaafi kanneen kana fakkaatanis xiinxala keenyaan asoosamicha keessaa sakatta'uuf deemna.

Giiftii Ruut obbo Jireenyaan akka daa'ima godhachuu qabu yammuu gorsitu dubbii armaan gadii dubbatti.

Fkn 1: Mucaan hinjiruu maali? Dafiiiti mucaaa godhadhu. Biyya Siwiidini fuudhee deemee achitti barsiisee dokteera yookaan hakiima ta'ee deebi'ee dhufee si gargaa ra (fuula 13).

Akkuma mul'atu haalli fayyadama afaanii isheen dhimma itti baate loogii koorniyaa qaba. Akka dubbiisheetti kan dokteera yookaan hakiima ta'ee maatiisaa tajaajilu dhiira. Kunis ilaalcha keessoo isheetti dubartootaaf qabdu osoo hinbeekin ibsuushee agarsiisa. Giiftii Ruut ofiisheettiis dubartii taatee utuu jirtuu garuu olaantummaan dhiiraa dhiigashee wajjin walfudhatee waan jiru fakkaata. Kanarraas kan hubatamu haalli itti fayyadama afaanii hawaasa keessaa dhagahamu sududaanis ta'e alkallattiin dhimma loogii koorniyaarratti gahee mataasaa qaba jechuudha. Kana malees, barreessaan seeneffama kana kalaqe akkaataan fayyadama afaansaatii loogii koorniyaattii bilisa miti. Akkaataa Ruut itti yada dhiyeessite kun dogoggora akka qabu wantinni barreeffamasaatiin agarsiise hinjiru. Kunis barruurruun kun barruu kalaqaa waan ta'eef, barreessaan ilaalcha dhimma koorniyaarratti qabu osoo hinbeekin qabatamaan waraqaarra kaa'ee waan agarsiise fakkaata. Hawwiifi Latiin barattoota daree tokko keessaa barataniidha. Mee akkaataa namni seenaa nutti himu asoosamicha keessatti barnoota ilaalchisee barattoota kana lamaan itti ibse haalaallu.

Fkn 2: Utuu akka kanaan barumsasaanii hordofanii Latiin barumsatti baay'ee jabaa waan ta'eef kutaa 1B keessaa semisteera tokko baratee kutaa 1Atti dabarsani. Kanumaan Hawwii wajjin walcaalan (fuula 31).

Yaada waraabame kana keessatti kan mul'atu Latiin, Hawwii caalaatti barumsatti jabaa akka ta'eedha. Garuu, sababa akkasaan walcaalan taassise hinibsine. Ilaalchuma yaadasaa keessaa qabu barruu kana keessa waan kaa'e fakkaata. Osoo barumsatti jabduun Hawwii akka taatetti ibseera ta'ee silaa ilaalcha hawaasaasa keessaa dhimma koorniyarratti jiru hanga tokko sirreessuu keessatti gahee qaba ture. Haata'u malee, akkaataa kanaan waan hindhiyeessiniif yaadi dhiyaate kun loogii koorniyaa calaqqisiisa. Mee yaaduma kana kan fakkaatu fudhannee haa laallu.

Fkn 3: Hawwiin guyyaa kan barachaa oolte keessaa kan isheef hingalle Latii gaafachuudhaan barumsa hundumaa sababii qalbiidhaan hubattuuf barumsasheetti cimtuu taate (fuula 31).

Yaada kana yammuu laallu Hawwiinis, Latiinis barumsaaniitti jaboodha. Haata'u malee, Hawwiin waan barattu suutaan hubatti malee dafee hingaluuf. Suuta barattuudha jechuudha. Latiin garuu waan baratu dafee waan hubatuuf waan dareetti baratanitti dabalee irradeebiin ibsaaf. Barataa cimaadha jechuudha. Ammas garaagarummaan dandeettii barattoota kana lamaanii qabata maaliitiin akka uumame wanti ibsame hinjiru. Kanaaf, yaadni kunis loogii koorniyaa agarsiisa. Lamaan isaanii walqixa yeroo tokkichatti barumsa hubachuu akka danda'anitti dhiyeesseera osoo ta'ee gaarii ture. Yookaanis utuu isheetu isaaf barumsicha ibsa ta'ee hanga tokko ilaalcha shamarran barnootaan laafoodha jedhu nifooyyeessa ture.

Fkn 4: Yeroo manatti galan Latiin dabtarasaa kaa'ee kubbaa taphachuuf gara hiriyootasaa isaan dhiiraa deema. Hawwiinimmoo yeroo hundaa mana barumsaarraa yeroo manatti galtu dabtarashee keessee, uffata guyyaa ittiin barachaa oolte baafattee uffata mana keessaa hojii ittiin hojjettu uffattee haadhashee hojii mana keessaa gargaarti (fuula 46.)

Hawaasa keessatti dhiirota caalaa hojii mana keessaatti kanqabaman dubartoota. Keessumaa barattoonni dhiira ta'an mana barumsaattii yammuu galan hedduunsaanii dabtara lafa kaa'anii uffata erga jijjiirratanii booda dirree taphaa yookaan bakka fedhasaanii deemu. Shamarranimmoo mana barumsaattii akkuma galaniin uffatasaanii jijjiirratanii hojii mana keessaa maatiisaanii gargaaru. Barreessaanis loogii koorniyaa hawaasa keessatti mul'atu kana yaada armaan oliitiin agarsiiseera. Haata'u malee, gochi akkasii sirrii yookaan dogoggora ta'uusaa wantinni agarsiise hinjiru. Wanti akkasii hawaasa keessa akka jiru guyyaadhaa guyyaatti jiruufi jireenya keenya keessatti argaa oolla. Garuu, seenessaan dhimma kana kaasuusaa malee gama kamiin dhaabatee seeneffama kana akka nutti himaa jiru ifa miti. Tarii barreessaan gochuma hawaasa

keessatti argaa guddate kana osoo hinbeekin barreeffamaan mul'isee laata? Isatu beeka. Ta'ullee, gochi akkasii hawaasa keessatti kan raawwatu yoo ta'es, tariimmoo barreessaadhumatu ilaalcha keessoosaatii dhimma koorniyaarratti qabu ifatti nutti agarsiise yoo ta'es yaadni kun gama lamaaniinuu loogii koorniyaa qaba.

Kana malees, miseensonni hawaasaa baay'een hojii mana keessaatiif dirqama olaanaa kan qabu dhiira caalaa dubartoota akka ta'etti yaadu. Kunis yaada armaan gadiitiin asoosamicha keessatti ifoome.

Fkn 5: Gaaftokko haati ijoollee lamaanuu gabaa wajjin deemuun dirqii itti ta'e. Garuu, kanaan dura lama ta'anii yeroo tokkichatti manaa bahanii hinbeekani. Tokko yoo gabaa deemte isheen haftemmoo ijoolleefi qe'ee eegaa hojii mana keessaa hojjechaa turti. Har'a garuu lamaanuu dhimma cimaa waan itti ta'eef hafuu hindandeenye. Aadde Dinsiriin yoo har'a deemtee ashaaroo mana baaburaatti geessitee daaksifte malee farsoonshee duraa bada. Aadde Bashaatuunis akkasuma yoo har'a gabaa dhaqxee midhaan bittee daaksifte malee waan nyaatan dhumeera (fuula 19).

Dhiironni garuu faallaa kanaatiin qabata hojiitiin bakkee oolani galu malee waa'ee dhimma jiruu mana keessaatiif yaaddoo hinqaban. Rakkoo haadhamanootiisaanii beekani deggersa gochuufii hinbarbaadan. Kanaafis obbo Bulchaafi obbo Jireenyaan fakkeenya gaariidha. Kanas yaada armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama.

Fkn 6: Obbo Bulchaan hojiisaa isa guyyaa hojjechuuf bunasaa dhugee, buddeenasaa nyaatee faxaree, burrusaafi qottoosaa rarraafatee, bakka hojiisaa oola malee, guyyaa manatti hindeebi'u. Obbo Jireenyaanis akkasuma haa ta'u malee, guyyaa gaafa waardiyaan dabareesaa ta'e ganama ba'ee galgala gala. Nyaatguyyaa achumaa hospitaala keessaa sababii nyaataniif guyyaa manatti hingalan (fuula 19).

Egaa, shamarran akka ta'an ta'anii wal'aansoo jireenyaa mana keessatti qabaa oolu. Warri dhiirotaa hojiidhaan qabatanii bakkee oolu. Yammuu galanis waan argatan sooratani bakka hojiisaaniitti deebi'u; yoo fedhanis osoo manatti hingalin bakkee oolu malee rakkoo maatii keessatti dubartoota mudachaa oolu gadi fageessanii hinhubatan. Mee yaaduma kana fakkaatu fudhannee haalaallu.

Fkn 7: Dalasaanis kootiisaa fannisee sireesaarra duddaan galee ciise. Hawwiinis hunda qopheessitee balbala mana ciisichaasaa rurrukuttee nyaata akka nyaatuuf bishaan harkaa fiddee dhiqachiiftee wajjin nyaatan (fuula 202).

Dalasaan erga bakka hojiisaatii galeellee Hawwii waanuma tokko gargaaruufillee yaalii hin goone. Hangasheen nyaata qopheessitu kana inni ciisee boqochaa ture. Kunis loogii koorniyaa goodiinsa hojii wajjin walqabatee hawaasa keessatti mul'aturraa madde.

Yeroo tokko tokko dubartoonni hawaasa keessatti akka waan mirgasaaniif falmachuu hindandeenyeetti laalamu. Dubartoonni humna waan hinqabneef fedha dhiiraa dirqamaan akka waan fudhachuu qabaniittis yaadama. Ilaalchi akkasii hawaasa keessa jiraachuusaas soosamichi yaada kanaa gadiitiin ibsa.

Fkn 8: *Paa! Intalli kun dhiira caalti. Korma haatishee deesseedha. Dhiira hamma jirmaa gahu kana harkaa ba'uunshee nama ajaa'iba. Cimtuu intalaati* (fuula 162).

Yaadni kun cimina Hawwiin qabdu ibsa. Humna hinqabu jettee bineensa ishee nyaachuuf ka'etti daftee harkashee hinlaattanne. Humna qabdu hunda fayyadamtee diinashee injifatte. Haata'u malee, yaada armaan olii keessaa kan calaqqisu shamarran miidhama isheerr gahu humna ittiin ofirraa ittistu waan hinqabneef dirqama fedha dhiira biraa dhufu keessummeessuu qabdi kan jedhuudha. Dubartiin olaantummaa dhiiraa hinfudhanne akka waan dhiira taateetti ilaalamti jechuudha. Gama biraatiin, dubartiin waan dhiirri gochuu danda'u gochuu akka hindandeenye ibsa. Akkasaaniitti balaa isatti dhufuu danda'u kan ofirraa qolatu dhiira qofa. Dubartiin garuu miidhama isheerra gahu callistee fudhachuu qabdi malee ofirraa ittisuu hinqabdu. Dubartiin miidhama isheerra gahu ofirraa kan ittistu taanaan amala dhiirummaa agarsiisuusheeti. Kanaafuu, akka jara kanaatti dubartiin fedha dhiira biraa dhufu callistee gaaffii tokko malee fudhachuu qabdi malee mormuu hinqabdu. Kan mormitu taanaan garuu uumamashee ganamtee akka dhiiraatti laalamti. Kunis loogii koorniyaa gama biraatiin hawaasa keessaa calaqqisuudha. Akka ilaalcha namicha yaada kana dhiyeesseetti dubartoonni isaaf dhiiraa gadi. "Intalli kun dhiira caalti" jechuunsaa karaa alkallattiin dubartiin kanaan dura sammuusaa keessatti dhiiraa gaditti laalamaa kan turteefi waan dhiirri gochuu danda'u gochuu akka hindandeenyetti beekamti turte jechuudha. Intalli kun durba caalti maalif hinjenne?. Fayyayyadamni afaanii kun loogii koorniyaa ifatti calaqqisiisa.

Fkn 9: *Yookaan ilma naa kennii Beekaattan moggaafadhaa
Yookaan durba naa kenni Beektuuttin moggaafadhaa
Yookaan du'a naa kenni waa'eeekoon obbaafadhaa* (fuula 15).

Walaloo armaan olii kana kan fayyadamee Maaramii dhala kadhate aadde Dinsiriidha. Aadde Dinsiriin rakkoo dhalaa waan qabduuf dhalaa yookaan dhiira jettee osoo addaan hinfo'in kallattiin daa'ima kadhate. Haata'u malee, fayyadamni afaansheetii rakkoo qaba. Kanisheen dursa Maaramii kadhate dhiira. Ittaansiteeti kanisheen durba kadhate. Maalif dursitee durba hinkadhanne? Utuu hinbeekin olaantummaa dhiiraa sammuushee keessatti

mul'atu kadhaasheetiin mul'iste. Utuu filannooshee jalqabaa dhalaa gootetti ta'ee silaa loogii koorniyaaaf hinsaaxilamtu turte.

4.3.1.2. Walqixxummaa Koorniyaa

Asoosamni Hawwii koorniyaan lamaanuu hawaasa keessatti barbaachisoo akka ta'an ni'agarsiisa. Maatiin ijoollee dubraafi dhiirotaaf ilaalcha walqixa qabaachuu akka qaban nigorsa. Mee dubbii aadde Dinsiriin yammuu dhala Maaramii kadhattu dhiyeeffattu haalaallu.

Fkn 1: *Yookaan ilma naa kennii Beekaattan moggaafadhaa*
Yookaan durba naa kenni Beektuuttin moggaafadhaa
Yookaan du'a naa kenni waa'eeekoon obbaafadhaa(fuula 15).

Akkataan itti fayyadama afaanshee rakkoo haaqabaatuuyyuu malee akka yaada aadde Dinsiriitti dhiiras haa ta'u dhalaa, isheen kan barbaaddu dhala malee saala filuu miti. Lamaanuu isheedhaaf dhimma baasuu akka danda'aanitti yaadashee ibsite. Bu'aasaan hawaasasaaniif buusanis haaluma kanaan deema jechuudha.

Ijoollee durbaas ta'e ijoolleen dhiiraa walqixa hawaasasaanii tajaajiluu waan qabaniif walqixa barachuu qabu. Hawaasnis osoo saalaan gargar hinqoodin carraa barnootaa lamaaniiyyuu akka argataniif gaheesaa bahuu qaba. Kanas gocha maatii Hawwiifi Latiirraa hubachuun salphaadha.

Fkn 2: *Barrisaa 1950. Hawwiin waggaa shan; Latiin waggaa torba.*
Mana barumsaa galuunsanii nigahe. Jalqaba waggaatti dabtara,
qalamaafi uffata isaaniif barbaachisu hundinuu isaaniif bitamee mana
barumsaa ergamtoota wangeelaa Siwiidini galan (fuula 27).

Yaadni armaan olii koorniyaan lamaanuu walqixa carraa barnootaa argachuu akka qaban agarsiisa. Hawaasni saalarratti hundaa'ee barnootarratti qooduu akka hinqabne barsiisa. Meeshaaleen barnootaaf barbaachisanis walqixa guutamuufii qaba.

Fkn 3: *Hawwiifi Latiin barumsasaaniirratti jaboo waan ta'aniif barsiisotaafi*
barattoota biratti maqaa guddaa qabu (fuula 30-32).

Uumamaan koorniyaa adda baasee dhiiratu dandeettii barumsaa qaba yookaan shamarrantu barnootaan laafoodha jedhamee addatti wanti kenname hinjiru. Namni kamuu dandeettii waa barachuu waliin dhalata/tti. Erga dhalattee/dhalateemmoo barattee/tee dandeeshee/saa suuta suuta gabbisaa deema/ti. Kanaafuu, dhalaas haa ta'u dhiirota waluma qixa dandeettii kana waliin waan dhalataniif carraa argannaan lamaanuu waluma qixa barachuu danda'u. Waraabbiin armaan oliis kanuma jabeessa.

Fkn 4: Konkolaachiftuun Sooniidha. Qofaashee dursa konkolaataa qabatee waardiyaan hanga karra isaaniif banutti mootora kaafatee yeroo karri banamu kellaa keessaa ba'an. Gara bitaatti jal'atee waltajjii ministeera barnootaa fuula dura jirutti naannoftee karaa ministeera dhimma alaa gadi buhan (fuula 142).

Dubartoonni hojii dhiirri hojjetu kamillee dhiirumaan walqixa akka hinhojjenneef wanti isaan daangessu hinjiru. Uumamaan hojiin qoodamee kenname hinjiru jechuudha. Fakkeenyaaf, hawaasa keessatti shamarran caalaa konkolaataa konkolaachisuuf gahumsa kan qabu dhiirota jedhamee kan yaadamu yoo jiraateilaalcha akkasii kana sirreessuudhaaf gochi Sooniiirraa mul'atu kun barsiisaadha.

4.3.1.3. Rakkoo Dinagdee Dubartootaa

Dubartoonni sadarkaa dinagdee gadaanaarra jiraachuusaanii asoosamni hawwii agarsiiseera.

Fkn 1: Yeroo mana walquunnamsiisaa hojjetaafi hojjechiisaa kana geessu dubartoonni akkashee hojii barbaacha deeman barcuma dalgee tokkorra kudha shan ta'anii jiru. Hawwiin yeroo achi geessu itti gaafatamaan manichaa obbo Gaammee jedhamu, "Hojii akkamii barbaaddaa? Mana hoteelaamoo mana bunaa" jedhee gaafate. Itti aansuudhaan miillaa qabee hanga rifeensa mataasheetti ishee laalee, "Kun mana bunaa nitaati" jedhe (fuula 182).

Yaada armaan olii keessaa, "Marcuma dalgee tokkorra kudha shan ta'anii taa'u" fi "Kun mana bunaa nitaati" kanneen jedhan rakkoo dinagdee dubartootaa gadi fageenyaan ibsu. Marcuma dalgee tokkorra hojii barbaachaaf kudha shan ta'anii taa'uusaanii, isayyuu mana namaatti hojjetuu ta'anii qacaramuuf jechuun rakkoo hojijhabdummaa hundee gadifageeffate agarsiisa. Hawaasa keessatti rakkoo hojijhabdummaa kana furachuufis dubartoonni miidhagoo ta'an mana bunaa galuun qaamasaanii sagaagalummaaf saaaxilani jiraachuu akka qabanitti yaadamuusaanii yaada obbo Gaammeerraa hubachuun nama hindhibu. Qabata kanaatiin dubartoonni jireenya guyyuu keessatti miidhama garaagaraatiif saaxila bahaa oolu. Dhimma kana ilaalchisee mee mudannoo Hawwii fudhannee haalaallu.

Fkn 2: Ganda Agamsaa keessaa mana siree kireessan tokkotti gorte. Halkan tokkotti qarshii tokkoon kutaa mana ciisichaa kaartooniidhaan gargar hirame qabatte. Qulqullinni sirichaa hindubbatamu. Ijaan argaaf kan namatti ulfaatuudha. Nyaata shiroo tokko saantima 0.15n bitattee nyaachaa qarshii obbo Laggasaan isheef kenneen ji'a sadii jiraatte (fuula 185, 187).

Hangi Hawwiin jiraachaa jirtu hanguma dinagdeesheeti. Mannisheen kireeffatteefi nyaati sheen nyaachaa turte sadarkaadhuma dinagdeesheenirra jirtuun walfakkaata.

Dubartoonni akka ta'an ta'anii jiraachuun dirqama. Jiraachuufimmoo dirqama hojii argatan filannoo malee fudhatanii hojjechuun bultoosaanii achi butu. Shamarran akkasii keessaa Shaashituu ishee mana Dalasaafaa turte (fuula 207), Hawwii yeroo mana obbo Ayyaanaafaa turte (fuula 137)fi yeroo mana obbo Laggasaatti qacaramtee hojjechaa turte (fuula 183-184) fudhachuun nidanda'ama. Warri filannoosaanii kanaan ala ta'emmoo dhiira horiifi taayitaa qabu argatanii itti hirkachuun rakkoo dinagdeesaanii furachuu yaalu. Kunis akka armaan gadiitti asoosamichaan ibsame.

Fkn 3: Haasaan shamarran mana sana keessaa harka caalu waa'ee dhiiraati. Ijoon dubbiisaanii dhiira horiifi taayitaa qabu akkamiin kiyyoosaanii keessa akka galchatan ciisaniis ta'e taa'anii tooftaafi tarsiimoo baasu (fuula 181).

Egaa, dinagdee dhabuusaanii kanaanis miidhaa garaagaraatu hawaasa keessatti isaan mudachaa oola. Mee rakkoo mana Obbo Ayyaanaatti Hawwii mudachaa ture haalaallu.

Fkn 4: Kellaa qe'ee mana jireenyaa keessa qulqulleessiti. Habaaboo bishaan obaasuu dhaan jala shoogarti. Hojii mana nyaataas hojjetoota dubartoota lama hojii gargaaraa oolti. Akka obbo Ayyaanaan jedhan hojii malee teessee kitaaba dubbisaa ooluu hindandeenye. Haati Maatiwoos akkasheen taa'aa ooltu sababii hinbarbaanneef hojjechiisaa oolu. Hawwiin hojjetoota miindaan hojjetan caalaa akka garbitiitti hojii mana keessaa hojjechaa akka ooltu obbo Ayyaanaan hinbeekan (fuula133).

Dubartoonni dinagdee dhabuusaanii humnasaanii gola namaatti akka malee akka balleessaniif isaan saaxila. Kana malees, mana namaa galanii hojjechuun miidhaa xiinsammuu cimaa dubartootarraan gaha. Warri filannoosaanii kanaan ala ta'es qaamasaanii sagaagalummaaf gadhiisanii of jiraachisuuf dirqamu.

Fkn 5: Dubartiin jiraachuuf jettee, dhiira hinbeeknetti qaamashee gurgurtee akka jiraattu kanishee dirqe maali jettee yaaddi (fuula 186).

Wantoonni gocha sagaagalummaaf dubartoota saaxilan hedduu ta'uu danda'u. Barruun kunis wantoota kana keessaa tokko dinagdee akka ta'e ibsa. Dinagdee barbaachaaf hojii akkasii keessatti hirmaachuunimmoo jireenyumasaaniirrattuu balaa hamaa fiduu mala. Isaanis utuma kana beekanii filannoo biraa waan hinqabneef fedhasaaniin ala hojii hamaa kanatti hirmaatu.

Fkn 6: *Dubartittiinis mataashee qabattee mana jala teessee boo'aa, "Amma manni hundi cufamaadha. Eessa abbaakoo deemu?" jechaa carraa jireenyashee mana dhugaatiitti ishee galche balaaleffachaa haala nama gaddisiisuun baay'ee boosse (fuula 220).*

Shaashituunis rakkoo mana namaatti ishee galche waraabbii armaan gadiitiin ibsiti.

Fkn 7: *Waaqayyo yeroo nama uumu tokko tokkoo bifaafi hunda tolchee jabeenya yaadaa dhorkata. Kankoo kanammoo jabeenya yaadaa kennee bifa na tolchuu dide malee silaa ani mana namaarra jooree ibiddaan hingubadhun ture. Garuu kan na uume isa waan ta'eef hojiisaa keessa hinseenu(fuula 247).*

Akkuma yaadasheerraa hubachuun danda'amu Shaashituudhaaf hojiin mana namaa keessaa waan isheedhaaf ta'e hinfakkaatu. Rakkoo keessa jirtu kana keessaammoo akka hinbaaneef bifti umamaan kennameef akka ishee daangesse kaaste. Utuu miidhagina qabaatee miidhaginni hojii dinagdee fooyyessuu danda'u isa kam keessatti ishee hirmaachisa laata? Silaa filannoo lama keessaa tokkotti waan gortu fakkaatti. Inni tokko miidhagina isheetiin dhiira qabeenya qabutti heerumuu akka dandeessuudha. Inni lammataa miidhaginashee sagaagalummaaf oolchitee jireenya fooyya'aa jiraachuu akka dandeessu waan yaadde fakkaatti.

4.3.1.4. Miidhaa Gama Aadaa Yookaan Barmatiilee Hawaasaatiin Dubartootarra Gahu

Shamarran jaallatanis jibbanis murtoo maatiisaanii fudhachuu malee dhimma ofiisaaniirrattillee waatokko murteessuu akka hindandeenyetti amanama ture. Ilaalchi akkasii biyya kana keessa waggoota hedduuf akka ture barruun asoosama kanaa ni'agarsiisa. Kanarrayyuu darbee akka aadaa hawaasaattuu fudhatamaa ture.

Fkn 1: *Isallee mirga kana maaltu isheef kenna mitii amma waa'ee Latii maal jetturee? (fuula 54).*

Akka yaada kanaatti shamarran dhimma ofiisheerratti murteessuu hindandeessu. Waan isheerratti murtaa'ee fudhachuu malee waan ishee miidhu yoo ta'ellee mirga mormachuu hin qabdu jechuudha. Dhalaan waan maatiinshee murteessan qofa fudhattee hojiirra waan oolchituuf kan nama dhibuufi nama rakkisu waa'ee isa dhiiraa akka ta'etti kaa'a waraabbichi. Dubartoonnis ilaalcha hawaasa keessa jiru kanaan waan of amansiisaniif mirgasaaniif falmachuu hinyaalan turan. Kanas waan Hawwiin armaan gaditti dubbatturraa hubachuun hinulfaatu.

Fkn 2: *Ayii....! Yaa Latiikoo utuu murtiinkoofi fedhiinkoo fudhatama qaba ta'ee silaa dhaabbiikootti akka horiitti na gurgurachuuf qofaasaanii hinmari'atan turan* (fuula 64).

Hawwiin gaaffii tokko malee murtoo maatiishee fudhachuuf dirqama akka qabdutti kan amanteefi kanaan alas filannoo biroo akka hinqabnetti of ilaaluusheetu mul'ata.

Hawwiin mana maatiishee keessa teessee dhimma ishee laallatu hinbeektu. Ollaan garuu waa'eeshee walarkaa fuudhee odeessaa oola.

Fkn 3: *Warrishee sooressatti heerumsiisuuf murteessanii jiru. Intala tokkittii qaban kana nama hiriyaashee hintaane jaarsa akaakayyuushee ta'utti heerumsiifachuuf waliigalanii jiru. Uffatasheen uffattu, baasii manasaanii keessaa hunda kan kennuuf jaarsicha ishee fuudhuuf jedhu kanaadha* (fuula 66).

Dhimmasheerratti haati dhimmaa Hawwii ture. Garuu, waanishee mudachuuf jiru kan dubbatu namoota biroo ollaasheefi maatiisheeti. Dubartoonni hedduunis rakkoo aadaan hawaasaa isaanirraan gahu kanaan dhiibamanii miidhaa hamaa keessatti kufu.

Fkn 4: *Dubartiin jiraachuuf jettee, dhiira hinbeeknee wajjin qaamashee gurgurtee akka jiraattu kanishee dirqe sababiinsaa maalii? jettee yaaddi. Hawwiin haalasheerra gaherraa ka'uudhaan dubartooti biyya keenyaa aadaa isaan miidhu jalaa ba'uuf gara miilli isaan geessutti miliquudhaan carraa akkasirratti akka kufan hubachuun ishee hindhibne. Hawwiin haala Naqamtee miliqxee Finfinnee dhuftee, rakkina isheerra gahaa jiru kanarraa kaatee yeroosheen yaaddu carraasheen amma irratti kufte gara jireenya fokkisaa akkasiitti akka ishee geessuu danda'u xiinxaltee gaddite, sodaa guddaanis itti dhagahame* (fuula 186).

Shamarran murtoo maatiisaanii fudhachuu didanii gara alaatti ba'anis deggersa maatii waan dhabaniif rakkoo dinagdee hamaa keessatti kufu. Kanaaf, jiraachuuf jecha dirqamanii hojii sagaagalummaa keessatti hirmaatu. Hawaasa keessatti shamarran murtoo maatiisaanii fudhachuun yookaan fudhachuu dhabuunsanii gama lamaaniinuu miidhaa cimaa isaanirratti qaba jechuudha. Shamarran rakkoo kana gidduu dhaabatanii jireenya wal'aansoo jiraachaa turanis lakkoofsa hinqaban. Kana malees, safuun hawaasaa tokko tokko kanneen dubartoonni akka dhimma ofiisaaniirratti hinmurteessineef daangessan nijiru.

Fkn 5: *Garuu, isheenis akkuma durba ta'uusheetti dursitee isa dubbisuu saalfatte. Akka aadaa biyya keenyaatti jaalalaaf dursee kan gaafatu dhiira malee dubaraaf qaaniidha* (fuula 36).

Akka aadaa Oromootti durbi jaalalaaf dhiira gaafachuun safuu cabsuudha. Jaalalli dhiiraa garuu akka namummaatti dubartoota keessattis ni'uumama. Jaalala keessa isaaniitti uumamu kana ibsachuufimmoo safuu hawaasasaanii sodaatu. Safuun hawaasasaanii fedhii keessoosaanii baasani akka hinibsanneef isaan daangessa jechuudha. Kanas dhiibbaa safuun hawaasaa shamarranirraan gahutti fudhachuun nidanda'ama.

Fkn 6: *Naqamte keessatti immoo durbi ija baastee dhiiraa wajjin akka keessan kana mana dhugaatii deemtee dhuguun qaaniidha" jechuun ibsa* (fuula 145).

Shamarran akka dhiiraatti bilisa ta'anii bakka isaan bashannansiisutti argamuun yeroo tokko tokko akka waan safuu hawaasaa cabsuutti yeroo laalamu jira. Kunis shamarran carraa ofirraa bu'anii bashannananii gammachuu argachuusaanii hedduu daangessa.

4.3.1.5. Miidhaa Qorqalbii Dubartootaarratti Raawwatamu

Fkn 1: *Sagaleen haadhashee akka sagalee waraabessaa ishee sodaachise. Sagalee diinaa ta'e itti dhagahame. Ishee jibbisiise. Haadhashee itti fakkaachuu didde. Yoona kana na gurgurachuuf qabdi hin fudhatin haftii? Budaan kun. Carraa jireenyakoo isa gara fuula duraa na jalaa balleessite jettee gumgumte* (fuula 65).

Akka aadaa Oromootti hanga yeroo dhiyootti shamarraniin dhiira tokkotti heerumsiisuuf fedhiinshee hingaafatamu ture. Maatiisheetu nama ofii filatanitti ishee heerumsiisa. Dhiirri isaan filaniif kunis akka carraa ta'ee nama umuriin isheen gitu yookaan jaarsa dulloomaallee ta'uu mala. Wanti aadde Dinsiriin raawwachaa jirtus kanuma calaqqisiisa. Jaarsa waggaa 75tti mucaa waggaa 18 hinguunne heerumsiisuuf karoofatte. Kunis miidhaa cimaa qorqalbii yookaan xiinsammuu Hawwiirratti akka fide yaadasheen dhiyeessitu kanarraa hubachuun nidanda'ama. Yaadni kuniskanisheen keessoosheetti itti dhiphattuudha malee kan namootaaf ibsame miti. Gochi haala kanaan hawaasa keessatti raawwatamu kunis hagam qorqalbii yookaan xiinsammuu dubartootaarratti dhiibbaa akka qabaatu yaada armaan oliirraa hubachuun salphaadha.

Fkn 2: *Akka kanaan Hawwiin iddoo deemu waan hinqabneef haadha manaa obbo Ayyaanaa akka qoraattii ofirraa eegaa sodaafi dhiphuudhaan jiraachuun dirqii itti tahe* (fuula 149).

Waraabbii armaan oliirraa akkuma mul'atu dhugaa jiru utuu adda hinbaasin murtoon miseensonni hawaasaa tokko tokko dubartoota ilaalchisanii kennanis xiinsammuu dubartootaa miidhuurratti shoora olaanaa taphata. Haati warraa obbo Ayyaanaa yookaan haati Maatiwoos akka waan obbo Ayyaanaa Hawwii alatti godhatanii fidanii dhufaniitti

waan yaadaniif miidhaa xiinsammuu hamaa isheerraan gahaa turan. Ofiisaaniitiillee dubartii ta'anii osoo jirani ofii jireenya gaarii jiraachaa waan jiraniif rakkoo Hawwii hubachuufii hindandeenye.

Hawwiinis haala kana keessatti muddamaa jireenya itti fufte. Kunis dubartoonni matumasaaniitiin dhiibbaa qaamolee hawaasaa garaagaraatiin isaanirra gahutti dabalani miidhaan isaanumti walirraan gahaa oolan akka jiru ibsa. Silaa haati warraa obbo Ayyaanaa dursitee akka dubartii ta'usheetti rakkoo Hawwii mana namaatti galchaa jiru hubatteefii deggersa barbaachisaa gochuufiitu irra ture. Yaaduma kana fakkaatu dhimma dhugaarraa fagaateen shira Amaareen xaxamee Hawwii rakkoorra buusaa jiru haalaallu.

Fkn 3: Hawwiin garuu, "Yaa obboleettiikoo inni dhufu kankoo miti. Inni kan faranjii, ani garuu cubbamtuu, yakkamtuu, ko'eettii hiriya hinqabneedha. Ani intala jireenyishee raawwateedha. Ani hintala hawwiin hawwii itti taatee hafteedha. Mee nadhiisi!" jette qalamashee ilkaaniin cicciniinaa. Ijashee keenyan manaarratti dhaabdee caljettee imimmaanshee gadi lolaaste (fuula 242).

Shira dhugaa hintaane akkasiitiin dubartoota hedduutu hawaasa keessatti miidhamaa oola. Olola sobaatiin haqni isaanii jal'atee dubartoota hedduutu abbaa warraasaanii hiikaa oolu. Shirridalagame kun kaayyoonsaa guddaan Hawwii Latiittii adda baasanii sagaagalummaa dhuunfaa ofiif oolfachuuf kan raawwatamaa jiruudha. Kana malees, haati Maatiwoos maqaa Hawwiin hinqabne itti moggaasuun yaadasaanii akka armaan gadiitti ibsu.

Fkn 4: "Kunootikaa! Durba kashalabbee karaarraa harkisee fidee ijolleekoo amala balleessuuf mitii" jechuun sobaan maqaashee faalan (fuula 165).

Hawaasa keessatti namoonni tokko tokko waan hinjirre uumanii jechota hinbarbaachifneen guyyaadhaa guyyaatti dubartiin hawaasaashee keessatti fudhatama akka hinqabanne gochuun yakka hamaa isaanirratti dalagaa oolu. Warabbiin armaan olii kunis kanuma agarsiisa.

Daandiirra yeroo deemanillee gama dhiirotaatiin kallattii garaagaraatiin dubartootarra miidhaan xiinsammuu hamaan gahaa oola. Kanaafis yaadni kanaa gaditti dhiyaate fakkeenya gaarii ta'a.

Fkn 5: Karaa sanarra halkan sa'atii sanatti isheef machooftuu lamaan sanarraa kan hafe namni gara biraan hinmul'atu. Uffannaa Hawwiin uffatte haphii waan ta'eef baay'ee dhaamotte. Dadhabbiishee wajjin qorri halkan sanaa qaamashee urgufaa jira. Kana gidduutti machooftuun lama kallattiisheen jirtuun itti dhufnaan haallisaan ta'aa jiran itti toluu dide. Kan gootu wal'aaltee gara bitaafi mirgaatti ofirra mil'atte. Nama tokkollee

dhabde. Machoooftuu lamaan keessaa inni tokko qabachuuf gatantaraa asiifi achi daddarbatamaa bira gahe (fuula 167).

Yeroo malee halkaniin karaarra deemuufi qorraan waadamuun bu'uuraan dhiibbaa miseensonni hawaasaa isheerraan gahanirraa dhufe.

Fkn 6: *Dubartiinana nimaraatte yoo ta'e mana wal'aansa fayyaa sammuum si geessa. Maal odeessiti kunamma? Amma afaankee qabadhuu ta'a! sitti himeeraa adabadhu!* (fuula 197-198).

Maatii keessattis haa ta'u dhimmoota hawaasaa keessatti yaada ijaarsaa dubartootaan dhiyaatu tuffatanii fudhachuu diduun miidhaa qorqalbii dubartootarraan gahuurra darbee bu'aa yaadnisaan dhiyeessan buusuu danda'ullee dhabuun jira. Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti yaadni dubartootaan dhiyaatu maatii yookaan hawaasa waliigalaa tajaajiluu keessatti bakka olaanaa qaba. Dhimmi kun garuu yeroo hedduu miseensota hawaasaa biratti hinyaadatamu. Waraabbiin kunis yaadrimeedhuma kana bakka bu'a.

Fkn 7: *Hawwiin guyyaa gaaafa jaalalleenshee duraa deeme irraa jalqabee yaaddoosa atiin dhukkubsattuu taate. Guyyaa lama nagaa taatee yoo oolte torban lamammoo osoo sireerraa hinkahin ciistee aaddi* (fuula 81).

Shamarran dhiibbaa gama maatiitiin raawwatamurraa kan ka'e jaalalleesaaniirraa gargar bahanii fedhii matiisaanii keessummeessuuf yammuu dirqaman miidhaa xiinsammuu ham aatu isaan argata. Kanas waan Hawwiirratti raawwate jedhamee armaan olitti ibsamerraa barachuun nidanda'ama.

Fkn 8: *Sababii kanaan fedhiin nyaataas ishee keessaa bade. Nyaata afaaniin qabuun ishee jibbisiise. Yaaddoo kanaan baay'ee huuqqatte. Guyyaa guyyaa Latii wajjin waan ooltuuf utuu yaaddoon itti hindhagahamin oolte. Garuu yeroo isarraa gargar baatee manatti galtu sammuu nshee nagaa dhaba. Sireesheerratti olbaatee, "Amma dubbiin kun dhugaa ta'ee, jaarsa akaakayyuukoo ta'uttan heerumamoo? Funyoodhaan of rarraasee obbaafadhuu? Dhuguma Latiikoorraa gargar bahee nama gara biraa wajjin jiraadhaa? Harkan Latiiko ittiin haammadheen jaarsa haammadhamoo du'ee dhagaa haammachuu naaf wayyaa? Biyya gadhiisee baduu? Latiikoommoo akkam godhee? Utuu wajjin biyya gadhiisnee badnee silaa gaarii ture...jechuudhaan asiifi achi gaggaragalaa utuu irribi isheetti hindhufin lafti bari'aaf* (fuula 72-73).

Shamarran dhiira jaallatanii wajjin yammuu oolan sammuu nsaanii gammachuu qaba. Nama hinbarbaadnetti humnaan dirqisiifamanii kennamuuf yammuu ka'animmoo hagasuma sammuum miidhamaa jiraatu. Kanarrayyuu darbee dhiira umuriisaaniin walhingitnetti yoo heerumanimmoo caalaatti sammuu nsaanii miidhuuf humna cimaa qaba. Haala kanaan dubartoonni yoo heerumaniyyuu gaa'ilasaanii qabatanii turuun hedduu itti

ulfaachuu mala. Hawwiin kaadhimaashee akka malee jaal'attu sababa dhiibbaa maatiisheetiitiin dhabaa jirti. Jaarsi isheen akka malee jibbitummoo ishee fuudhuuf qophii hunda xumuraa jira. Fedhiinsheetiifi kan maatiishee walbira darbeera jechuudha. Kana fudhachuunimmoo du'a caalaatti isheetti ulfaachaa jiraachuu waraabbiin armaan olii akka ta'utti ibseera.

Fkn 9: Hawwiin waa'ee barumsashee yaaduu itti dhiiste. Haala kana keessa utuu jirtuu barumsi waggaa yeroo itti raawwatu gahe. Ofumaa guyyaa kutaa barumsaa keessa taa'aa ooltee manatti galti. Waa'ee heerumashee yaaddofti malee waa'ee barumsaa yaaddee qayyabattee hinbeektu... waan kana ta'eef kudhanirraa gara kudha tokkootti utuu hindarbin hafte (fuula 73).

Dhiibbaan gama hawaasaan dubartootarrattigodhamu dubartoonni kaayyoosaanii galmaan osoo hingahatin karaatti isaan hambisuusaa ibsa yaadni armaan olii. Hawwiin bara jalqaba mana barumsaa seente barumsasheetti cimtuu turte. Amma garuu sababa dhiibbaa maatiisheen qorqalbiisheetti miidhaa raawwatameen kan ka'e kutaadhaa kutaatti darbuunuu itti ulfaate. Haala kanaan shamarran hawaasa keessatti miidhamanii hafan lakkoofsaan hedduu akka ta'an yaada asoosama kanaan dhiyaaterraa tilmaamuun waan ulfaatu miti.

Dhiibbaan miseensota hawaasaa garaagaraarraa dhufu walitti ida'amee Hawwii gara miidhama caaluutti ishee ceessisuuf akka ka'e agarsiiftuuwwan hedduutu asoosamicha keessatti mul'ata. Isaanis: *fedhii nyaataa dhabuu (fuula 94), hirriba dhabuu (fuula 94), haati Maatiwoos lubbuushee balleessuuf karoorsuu (fuula 150), miidhama isheetta gahaa jiruun dhiphina guddaa keessatti kufuu (fuula 166), mana obbo Ayyaanaatii ari'amtee bakka jiraattu dhabuu (fuula 168), ofiishee balleessuuf murteerra gahuu (fuula 235), yaaddoorraa kan ka'e akka malee huuqqinaaf saaxilamuudha.*

4.3.1.6. Miidhaa Qabatamaan Qaamolee Hawaasaa Garaagaraan Dubartootarra Gahu

Fkn 1: Caalaafi Sooniin kiyyoo kiyyeessaa jiran keessa 'hoolaa' harkisaa deeman kana galchuuf kan walitti qindeessaa jiran utuu mari'achaa jiranii... (fuula 144).

Hawaasa keessatti shira shamarran ittiin miidhaman hedduutu miseensota hawaasaa tokko tokkoon xaxamaa oola. Caalaafi Sooniin ijoollee obbo Ayyaanaati. Lama ta'anii Hawwii manasaanii keessatti waan argataniif shira shiranii Hawwii Latiittii adda baasanii Caalaan

ofiisaatiif akka oolfatuuf daba dhokataa Hawwiirratti qophaa'aa jiruudha. Caalaan Hawwii manaisaanii keessatti waan argateef kaadhimaa godhachuu barbaade. Sooniinimmoo akka taate taatee Hawwii Latiittii adda baastee harka obboleessashee buusuuf boqonnaa malee hojjechaa jirti. Hawwiin garuu shira hojjetamaa jiru kana hinhubanne. Jaalalumaaf itti fakkaatee isaan waliin bashannana baate. Shirri Soonii kana qofaan hindhaabanne. Shira gara biraa isheen dalagde dabalataan haafudhannu.

Fkn 2:....Sooniin tooftaa gara biraa qopheessite. Innis yeroo Latiin xalayaa Hawwiif barreessu teessoosaafi lakkoofsa saanduga poostaasaa irraa garagalchitee barreeffatee akka waan Hawwiin isaaf barreesitee fakkeessitee kan abdii isa kutachiisuu danda'u barreessuu yaadde (fuula 149).

Shirri kun shira hamaa kaadhimaa lamaan addaan baasuuf qophaa'aa jiruudha. Sooniin obboleessashee fayyaduuf jecha shamarran akkasheerratti yakka dalagaa jirti. Meeqa laata shira akkasiitiin kadhimaan gargar bahanii jiran laata?

Shirri biraan kan Hayiluun raawwatameedha. Hawwiin Dalasaa barbaacha baatee erga dhabdee booda gara manaatti deebi'uuf yookaatu taaksii utuu hinargatin naannoo sa'a tokkoo dhaabatte. Shirri kunis akkas ture:

Fkn 3: Hawwiin utuu dhaabattee asiifi achi laaltuu konkolaataan diimtuun tokko dhuftee ishee bira dhaabatte. "Phiiph! Phiiph! Phi! Phi!" godhe. Hawwiin yeroo laaltu abbaan konkolaatichaa balbala baneefii, "Gara kam deemtaa? Kottu singeggeessaa, jedheen. Isheenis daftee, "Arat kiiloo" jetteen. Innis, "Maali rakkoon hinjiruu seeni," jedhe. Hawwiinis daftee seente Maali namni Waaqayyo isa eebbisee? jettee yaaduudhaan baay'ee isa galateeffatte. Hayiluun garuu erga Hawwii konkolaataasaa keessa galchee booda ishee fudhatee deemee iddootti fedhii dhiirummaasaa itti rawwachuu danda'u sammuusaa keessa deddeebisaa konkolaachisa (fuula 154, 156).

Dubartoonni yeroo hedduu waan dubartoonni jedhan shakkii tokko malee dhugaatti akka dhugaatti fudhatanii guutummaatti dhiiratti ofkennu. Kunimmoo deemee deemee miidhaa hamaa jireenyasaaniirratti qaqqabsiisa. Shirri haala kanaan hawaasa keessatti raawwatamaa oolu hedduu ta'uu mala. Kayyoon barruu kanaas shamarran shirri akkasii hawaasa keessa akka jiru beekanii eeggannoo barbaachisaa gochuu ofiif gochuu akka qaban akeekkachiisuu fakkaata.

Fkn 4: Jiru jaartiin bara dargaggummaa walifuudhanii qabeenya kana hundumaa wajjin horatanii wajjin dullooman. Garuu, utuu mucaa hingodhatin dullooman. Sababii kanaaf Haajii Yuusuuf mucaa godhachuuf durba fuuchuu barbaadan (fuula 55).

Yeroo tokko tokko dubartoonni heerumanii dhala godhachuu yoo dadhaban akka waan rakkoon sun kansaanii qofa ta'eetti laalama. Dhiirris rakkoo akkasii qabaachuu akka danda'u yeroo hedduu hawaasa keessaa hindhagahamu. Yoo dhagahames hamma kanatti hawaasa biratti xiyyeeffannoo hinqabu. Haati warraas sababa inni dhala godhachuu hindandeenyeef qabeenyasaa haallisheen itti harkasheetti galfattee abbaa warraa biraatti itti heerumtus hagasmara hinmul'atu. Dubartoonni garuu dhimma kanaan hawaasa keessatti ceepha'amuurra darbanii mirgisaanii abbaa warrasaniitiin yammuu dhiibamu nimul'ata. Utuusaan jiranii kan biraa irratti fuuchuu qofa osoo hintaane yeroosaan itti qabeenya abbaa warraasaanii waliin horatanillee itti dhaban hawaasa keessatti bal'inaan mul'ata. Kara haqa hintaaneen qabeenya yeroo dheeraaf dadhabanii abbaa warraasaanii wajjin horatan akka waan ofii daa'ima ofdhowwataniitti dhabuun miidhaa dubartootarratti raawwatamuudha. Abbaan warraafi haati warraa walfuudhanii yoo dhala dhaban yeroo hedduu rakkoonsaa haadha warraa akka ta'etti amanama. Kun garuu, qorannoon osoo hinmirkaneessin dogoggora guddaa ta'a. Yoodhuma rakkoo akkasii qabaattellee qabatasanaan qabeenyashee dhabuun dogoggora cimaadha. Yaadni kanaa olitti dhiyaates kanuma ibsa.

Fkn 5: Summii nyaachisee ishee balleessuun qaba jechuudhaan murtiirra erga gahanii ji'i ja'a darbeera. Haalaafi iddoo eeggachaa jiru malee summuus qopheeffataniiru (fuula 144).

Rakkoo dubartootaa utuu hinhubatin yaada dharaatiin hawaasa keessatti namoonni lubbuu dubartootaa karaa malee balleessuu yaalan jiru. Haati warraa obbo Ayyaanaa yaada hamaa Hawwiirratti qabanirraa ka'anii lubbuushee balleessuuf dhamaatii guddaa dhamahaa jiraachusheeti. Ofiisheetii dubartii taatee utuu jirtuu cunqursaa hamaa dubartii akkasheerratti raawwatti. Kunis dubartoonni waliidhumasaaniitiif yeroo tokko tokko yaada qajeelaa dhabuusaanii agarsiisa.

Fkn 6: Humna horiisaatiin shamarran barbaade akka barbaadetti itti taphata. Shamarran tokko tokkos qabeenyasaa kana argachuuf itti maraatu. Hayiluun utuu dubartootatti hindubbatin dura mataa qabee hanga miillaatti laala. Yoo garaan itti nahe malee yaa'iishee hindhaqu. Dura koomee, ittaansee mogoleeshee, sarbaashee, taa'aashee, qal'ina mudhiishee, harmashee, dhiphina hidhiishee, dhiphina afaanii, ilkaan, funyaan, ija, nyaaraafi rifeensa mataashee hunda daawwata. Biftishee bareedduu taatee mudhiinshee lakkoofsa saddeet ta'uu baannaan yookaan akka jechasaatti dhaabbata 'kookaa' hinqabdu taanaan isa biratti bakka hinqabdu (fuula 156).

Hawaasa keessatti rakkoo dinagdee dubartoonni qabanirraa ka’anii shamarran qarshiin gowwoomsuun sagaagalummaaf namoonni isaan barbaadanis hawaasa keessa hindhibaman. Yeroo hedduu dinagdee fooyya’aa kan qabu dhiira jedhamee waan yaadamuuf qarshiisaatiin dubartoota meeqatti maqaa hedduu moggaasee waan fedhasaa irratti raawwachuuf kan karaa banu dubartoonni dinagdee mataasaanii dhabuudha. Kanarras darbamee bifa uumaan isaaniif kenneen arrabsamaa oolu. Kanas gocha Hayiluun dubartootarratti raawwaterraan tilmaamuun nidanda’ama.

Fkn 7: Dubartootaan, “...kun baay’ee qal’oodha. Kunimmoo baay’ee gabaabduudha. Kunimmoo baay’ee dheeratte” jedha. Umuriidhaanis akkasuma madaala. Harka caalaa ijoollee durbaa waggaa digdama hingeenye irra filata. Isaan kanaa olii, “Kun dulloomtuudha” ittiin jedha. Yeroo magaalaa Finfinnee keessaa durba adamsu kan madaalasaa hinguunne bira yammuu gahu mormasaa karaa foddaa konkolaataasaa gadi baasee, “...maalgodha hunda gaarii si tolchee, kana sirraa hir’isee... kana si dhorkate...” jedhee itti qoosee bira darba(fuula 156).

Akkuma yaada armaan oliitiin ibsame Hayiluun qabata qabeenyaatiinis bifa uumaan ganama isaaniif kenne ganee maqaa garaagaraa itti moggaasuun hamilee dubartoota meeqaa arrabsoon cabsaa oola. Qabeenya qabuun shamarran hedduu umurii malee jireenya sagaagalummaaf saaxila. Kana qofas utuu hintaane jechoota garaagaraatiin xiinsammuu dubartoota hedduu miidhaa oola. Yaadni armaan oliis kanuma ifoomsa.

Fkn 8: Kottu asinaa! jedhee harkashee qabatee bakka duraan siree qabatanitti qajeelan. Hawwiin haala shira qindaa’ee tasuma sababii hinbeekneef duukuma deemte. Shakkiin tokkollee itti hindhagahamne. Balbala siree bira yammuu gahan harkashee akkuma jabeessee qabeen harkasaa kaaniin balbala albeergoo sana bane. Gara keessaatti olishee harkise. Yeroo kana ture kan Hawwiin dammaqxe. Harkashee gadhiisifachuuf baay’ee yaalte. Jabeessee sababii ishee qabeef harkaa baafachuu hindandeenye. Keenyan balbalichaa harkashee isa hinqabamneen jabeessitee qabatte. Innis humnaan harkise. Harkashee isa keenyan balbalaa qabate gadhiissisee olgalchee baatee sireerratti ishee darbate. Battalaan balbala keessaan cufate. Hawwiin sagaleeshee ol kaastee iyyite. Balbala banattee ba’uuf sireerra utaaltee ka’uuf utuu yaaltuu kufte. Iddoo kuftee utaaltee kaatee balbala bira yammuu geessu deemee ol fuudhee baatee sireerratti darbate. Kootiisaa ofirraa baase. Hawwiin ni’iyyite. Garuu, namni isheef dirmate hinturre. Uffatasaa baafatee sireetti ol bahee sossobuu jalqabe. Hawwiin nanbade! Uu! Uu! Nanbade! Maaloo natti hindhiisinaa! jettee Afaan Oromootiin iyyiti. Hayiluun furdaa dheeraa guddaa sababii ta’eef irra ciisee qomasaatiin sagaleeshee ukkaamsuu yaale. Harkasaa tokkoon uffannaashee isa qaama qaani isheerra jiru gadi ciree gate Qullaatti ishee hambise. Harkasaa aboottifatee irreeshee lamaan akkasumas gudeedishee hamma bullaa’ee bututti dhadha’e. Yeroo kana Hawwiin nigaggabde. Qaamnishee quncee ta’e. Akkuma reeffaa diriirte. Hayiluun lafa garaasaa gahuuf humni isa dhorku hinjiru. Lukashee asiifi achi

daddarbatee gidduu seene. Yoona Hawwiin abdii kutattee ijashee dunuunfatte
(fuula 158).

Dhiironni tokko tokko fedha foonsaanii isa daangaa hinqabne guuttachuuf jecha shamararraniif utuu filannoo hinkennin gudeeddi fedhii malee raawwachuun amala bineensummaa agarsiisu. Yaalii gudeeddi raawwatamurra darbee reebichi garaagaraa gudeeddiin walqabatee dubartootarratti raawwatu miidhaa hagamii akka qabu waraabbii armaan oliirraa hubachuun nama hindhibu. Namoonni miidhama dubartootaa kana akka aadaatti fudhatanis hindhabaman. Kanarraa kan ka'es yammuu yakki hamaan dubartootarratti raawwatamu callisanii kan ilaalan yookaan bira darban hindhabaman. Hoteela yaaliin gudeeddi Hawwiirratti raawwatamaa jiru kana keessatti namoonni callisanii dhaggeeffachaa turan malee birmannaan tokkollee hingodhamneef.

Fkn 9: *Buu! Ofumaa iyyiti malee maaltaatii? Kunoo waan jiruudha. Ishee nyaataa?*
Niliqimsamoo maal ishee godhaa (fuula 162).

Miseensonni hawaasaa gochi hamaan akkasii raawwachuusaa deggeranis hawaasa keessa ni jiraatu jechuudha. Namoonni tokko tokkos dhugaa dubartoonni qaban tasgabbiin ilaalanii rakkoosaanii osoo adda hinbaasin dafanii murteerra gahuun tarkaanfii fudhachuu yaalu. Mee waan haati warraa obbo Ayyaanaa Hawwiidhaan jedhan kana haalaallu.

Fkn 10: *Lammaffaa karaa mana kanaa baata! Mana utaalchaaf siif ta'u dhaqii akka feete ta'i. Achitti nidandeessa. Manni kun garuu mana ulfina guddaa qabu utaaluufta siif hinta'u*" (fuula 171).

Yeroo hedduu dubartootumti matumasaaniitiin rakkoo waliisaanii waliif hinhubatan. Rakkoo walii osoo adda hinbaasin murtoo walirratti kennu. Walgargaaruufi walbira dhaabachuu caalaa walbalaaleffachuufi maqaa walii xureessuun isaan gidduutti akka mul'atu ibsa waraabbiin armaan olii.

Fkn 11: *Ihii! Kanammoo eessaa argatee gooftaan? Naafgalee jira yaadisaa. Ammawoo niitummaaf filatee fuudhee dhufe malee hojiidhaaf natti hinfakkaatu"*
jechuudhaan dubbii itti kaastee gubuu jalqabde. Hawwiin akkuma taate taatee garaa bal'attee ji'a sadii geesse (fuula 183-184).

Hubannaa dogoggoraa akkasiitiinillee yeroo dubartoonni miidhaa qaamaa walirraan gahan nimul'ata. Namoonni tokko tokko darbanii darbanii hariiroo dhiiraafi dhalaa gidduutti uumamu ija niitummaafi dhirsummaan ilaalanii miidhaa hineegamne dubartootarratti raawwatanis nijiraatu. Haati warraa obbo Laggasaa miidhaasheen Hawwiirraan geesse kunis yaaduma kana ibsa.

Fkn 12: *Sii intalaa abbaa manaakoo narraa fudhachuu dhuftee? jechuudhaan kaballaadhaan rukutteemormashee huutee qabatte* (fuula 184).

Gocha hamaa haati warraasaa raawwate kanatti aaruun obbo Laggasaan tarkaanfii isheerratti fudhate barruun asoosamichaa yaada armaan gadiitiin ifoomsa.

Fkn 13: *Yeroo kana obbo Laggasaan durattuu aariin garaasaa gubaa sababii tureef haadha manaasaa akka hinduuneefi akka hinjiraannetti caccabsee reebe* (fuula 184).

Gochi obbo Laggasaan haadha warraasaarratti raawwate Hawwiidhaaf yaadee yoo ta'ellee, isheerrattimmoo yakka biraa raawwateera. Kan gochuun irra ture seeraaf dhiyeessuu yookaan gorsuudha malee gochi reebichaa isheerratti raawwate fudhatama hinqabu.

Kunis kan agarsiisu abbaan warrootii hedduun rakkoo uumame tokko ija tasgabbiitiin laalanii furmaata rakkoo sanaa barbaaduuf osoo hinyaalin battalumatti aariitti seenuun tarkaanfii hamaa haadha warraasaaniirratti fudhachuun miidhaa hamaa irraan gahaa yookaan lubbuusaaniillee dhabamsiisaa kan oolan lakkoofsa hinqaban. Waraabbiin kunis rakkoo haala kanaan hawaasa keessatti uumamaa oolu kallattiin ifoomsa.

4.3.1.7. Dubartoota Ilaalchisee Yaadota Dhugaa Hintane, Garuu Akka Dhugaatti Fudhataman

Fkn 1: *Garuu, Hawwiikoo bara ammaa durbi kana yaaddu jirtii” jedhe. “Jirti” jette Hawwiin. Anaan barriifi horiin nan gowwoomsu. Siin dhiisee dhiira gara biraatti heerumuurra du’uu naaf wayya. Latiikoo ati lubbuukooti. Anoo horiitti sinjijjiiru”* (fuula 61).

Yaada armaan olii keessatti dogoggora dubartoota muraasaa kan waliigalaa gochuutu mul’ata. Hawaasa keessatti akkuma namoota kaanii dubartoonni tokko tokko dogoggoruu yookaan badii dalaguu danda’u. Badii yookaan dogoggora dubartoota muraasa biratti mul’atu kana kan waliigalaa godhanii fudhachuun qaamolee hawaasaa garaagaraa biratti nimul’ata. Ilaalchuma akkasii qabaachuunuu mataasaatiin dogoggora akka ta’e garuu hinhubatan. Namoota akkasii keessaa yaadanni dhiyeesserratti hundoofnee Latiin isa tokko ta’a. Akka ilaalchasaatti dubartoonni hundinuu qarshii argannaan haala salphaan ejjonnoosaanii jijjiiruu akka danda’anitti amana. Hawwiin garuu ilaalchisaa kun sirrii akka hintaneefi sirreeffachuu akka qabu akeekkachiisti.

Fkn 2: Namtichi tokkommoo, “Lakkii intalli durba ta’uu hinooltu, durba” jedhe. Tokkommoo, “Durkaa” jedhe (fuula 162).

Akka namicha kanaatti shamarran hundinuu yeroo ammaa durbummaa hinqaban. Hundisaanii yeroo ammaa hojii sagaagalummaatti bobbaa’aniiru. Ilaachi akkasii dogoggoraafi fudhatama kan hinqabne akka ta’e barruun kun ni’ibsa. Dogoggora namoota muraasaatiin dubartoota waliigalaa maqaa xureessuun yakka guddaa ta’uusaa hubachiisa.

Fkn 3:Utuu kashalabbee magaalaa kanaa tokko tokko taatee horiisaa harkaa fixuuf itti siqxee waan baay’ee gooti turte (fuula 163). Yeroo deemtu akka durba bara ammaa wandabooshee asiif achi sosochoosaa of agarsiisuu hinbarbaaddu. Dhiira haawwachuuf hindhamaatu. Yeroo deemtus yeroo haasoftus keff keff jechaa hinariifattu. Hawwiin collummaa hinqabdu malee bareedduu hunda caaltuudha (fuula 247).

Akkuma waraabii kanaaan ibsame qaamoleen hawaasaa dhugaa shamarranii hubatanis nijiru. Dubartoonni naamusa gaarii qaban akka jiran namoonni falmanis hindhabaman jechuudha Yaadni armaan oliis kanuma mul’isa. Akkuma nama kamiittuu dubartoonni dogoggoraafi badii garaagaraa raawwachuu danda’an akkuma jiran kanneen naamusa gaarii qabanis akka jiran ibsa barruu kanaarraa hubachuun salphaadha.

Walumaagalatti, dubartoonni naamusa badaa qaban akkuma jiran kanneen naamusa gaarii qabanis waan jiraniif, dogoggora dubartoota muraasaa kan dubartoota waliigalaa godhanii laaluun sirrii akka hintaane yaada armaan oliirraa hubachuun nidanda’ama.

4.3.2. Barruun Kun Illanyaa Dubartoota Jajjabeessuumoo Hacuucurratti

Xiyyeeffate?

Asoosamni Hawwii hayyudureesaa dubartii taassisuun dhiibbaa qaamoleen hawaasaa garaa garaa dubartootarratti kallattii garaagaraatiin raawwatan saaxilee mirgisaanii kabajamuu akka qabu yaada kennuurratti xiyyeeffate. Dubartoonni dhimma ofiisaaniirratti murteessuu akka qaban akeekkachiisa. Dubartoonni dhiibbaa maatiifi hawaasa naannoosaaniitiin waan fedhasaaniin alaa keessatti qooda fudhachuu akka hinqabne barsiisa. Walumaagalatti, asoosamicha keessatti haalli fayyadama afaan barreessaa rakkoo tokko tokko yoo qabaatellee irra jireessaan mirgi dubartootaa gama kamiinuu dhiibamuu akka hinqabne hubachiisa. Loogii koorniyaa itti yaadamee yookaan osoo itti hinyaadin hawaasa keessatti raawwatamu ibsuurratti fuuleffate. Dubartoonni mirgasaaniif falmachuu akka qaban, akkasumas qaamni hawaasaa kamuu mirga dubartootaa kabachiisuuf gaheesaa bahee isaan jajjabeessuu yookaan tumsuu akka qabu

kallattii kenna. Latiin kaadhimaasaa Hawwii walaloo armaan gadiitiin hamileeshee tumsa. Jaalala isheef qabu mul'isa.

Fkn 1: *Yaa goraa marartuu kan bosona jirtuu*

Qoraattiitu si marsee eessaan si argatuu

Harkaan sinqaqqabuu ilaalee sinquufu

Takkaa na dubbisi duutihoo hinhafuu

Siin maaltu si uume maaltu akkas si tolchee

Nyaarakee, ijakee, funyaankee, hidhiikee, ilkaankee kan akkas bareeche

Yaa biiftuu ganamaa kan Jaatoorraan dhuftu

Kufeen si kadhadaa deebii naan kennituu

Miidhaakeen na waraantee

Dhukkubsataa na gootee

Ofii irriba raftee.....(fuula 34).

Toora jalqabaa lamaan walaloo kanaa yoo laalle Hawwiin intala nama marartu ta'ushee argina. Intalli nama marartu kunis haala rakkisaa keessa akka jirtutu ibsame. Qoraattiitu ishee marsee jira. Qoraattiin ishee marsee jiru kun dhiibbaa maatiinshee isheerratti raawwataa jiraniifi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti miidhaa koorniyaan walqabatee dubartootarratti raawwatu kan calaqqisiisuudha. Dhiibbaa kanarraa kan ka'e osoo kaadhimashee dhugaa biliisummaan argachuu barbaadduu, innis utuu ishee barbaadduu waldhabanii haala rakkisaa keessatti argamuu agarsiisa. Latiin jaalala dhugaa isheerraa qabutti sababa dhiibbaa alaatiin gammachuu argachuu hindandeenye. Ishee yaadee waan argachuu dhabeef jaalalasaa walaloon ibsa jechuudha. Kana malees, Latiin yaada kanaa gadiitiin kaadhimaasaa leellisa.

Fkn 2: *"Atimmaa ishee qofa osoo hintaane shamarran addunyaa hunda akka caaltu nan beeka. Ati hundumaa nicaalta. Baay'istee bareedduu akka taate barattooti mana barumsaa keenyaa hundi dinqisiifannaadhaan dubbatu" jedhe kokkolfaa. Isheenis wajjin kokkofaltee morma mormasaa jala dhudhungachaa (fuula 38).*

Yaadni kun miira dubartoota waliigalaa jajjabeessuu hawaasa barsiisa. Dubartootatti jaalala agarsiisuu akka qabnudha. Waan hamileesaanii cabsu caalaa waan hamileesaanii jajjabeessurratti akka fuuleffannu kallattii kenna. Bu'aan hamilee dubartootaa laaffisuun

argamu waan hinjirreef jaalala miseensa hawaasaa tokkoof qabaachuu qabnu qabaanneefii hirmaannaasaanii dhimmoota hawaasaa keessatti akka olkaasnu nubarsiisa.

Fkn 3: Lakkii yaa jamaa akkas hinjedhinaa. Fedhiishee malee dirqiidhaan harkashee harkisee mana galchee balbala itti cufate ta'a. Dhalli namaammoo horii miti. Akka arge humnaan dubartii karaarraa qabee fedhiisaa guuttachuuf yaaluun horii ta'uudha (fuula 162).

Yakka dubartootarratti raawwatamu akka aadaa hawaasaatti laallee bira darbuu akka hinqabne hubachiisa waraabbiin armaan olii. Gudeeddiifi yaalii gudeeddi humnaan shamarranirratti raawwachuun dogoggora jedhanii ibsuurra amala horiitiin walqabsiisee ibse. Akkuma waraabbii kanarraa hubachuun danda'amu namichi yaada kana dhiyeessu yakka raawwatame sirreessuuf humna yoo dhabelle namoonni isaa wajjin jiran sun yakka akkasii gara fuulduraatti akka hinraawwanne karaa alkallattii ta'een gorsa laachaa jira. Gorsasaa kanas bu'a qabeessa taassisuuf nama gocha akkasii raawwatu mala dubbii keessaa iddeessaa fayyadamee agarsiise. "Namni humnaan shamarran gudeedu horiidha" yaada jedhuun ibse. Kanas xiinsammuusaaniirratti dalagee akkasaan gocha akkasii balaaleffataniif itti yaadee waan dubbate fakkaata. Kanarraas kan hubatamu namni kamuu kallattii irra jiru hundaan barsiisus haata'u gocha qabatamaan mirgi dubartootaa akka kabajamuuf gahee keenya xiqqoodha jennee osoo hintuffatin bahuu akka qabnu akeekkachiisa.

Fkn 4: Abbaan qabeenyaa hoteelichaa, namichichi ishee gudeeduuf yaale kun seera duratti dhiyaatee, yakka hojjetetti gaafaamuu akka qabu waan itti amananiif waajjira poolisiitti bilbilanii poolisii waaman (fuula 163).

Yaadni kunis namni kamuu yakka dubartootarratti raawwatu argee callisee bira darbuu akka hinqabne barsiisa. Bakka barbaachisettis deggeruun murteessaa akka ta'e hubachiisa. Abbaan qabeenyaa kun yakka Hawwiirratti raawwate maal nadhibdeedhaan bira hindarbine. Namni yakka kana dalage seeratti akka dhiyaatu taassise. Tarii maaltu beeka utuu abbaan qabeenyaa kun ishee bira hindhaabanne ta'ee Hawwiin seeraaf gabaasuuf humna hinqabdu ta'aa. Yakka dubartootarratti raawwatamu tokko arginee bira darbuun faayidaasaarra miidhaasaatu caala. Sababnisaa nama yakka hojjete sana olaantummaa seeraa jalaa miliksinee akkanni yakka kana itti fufee hojjetuuf haala mijeessine waan ta'eef. Namichi seera jalaa miliqee badii hamaa dubartoota biraarratti akka itti fufee raawwatamuuf tarsiimoo yakkaa babal'isaa jiraachuu keenya agarsiisa. Namicha yakka akkasii raawwatu arginee seeraaf akka dhiyaatu taassisuun bu'aa gurguddaa sadii qabaachuu danda'a. Inni jalqabaa shamarree sana miidhamarraa

oolchuudha. Inni lammataa namichi yakka kana dalagu seeraaf dhiyaatee akka adabamu taassisuun yakkicha akka itti fufee hinhojjenne barsiisuudha. Inni sadaffaafi inni dhumaa miidhama karaa namicha kanaa shamarran biroorratti dhufu hir'isuudha. Yakka akkasii arginee kan bira tarru taanaan garuu ammas yakki gurguddaan sadii itti fufee akka raawwatuuf haala mijeessinejachuudha. Inni duraa shamarran yaaliin gudeeddi irratti raawwate sun miidhamtee akka haftu gochuu, inni lammataa, namichi ammas darbee shamarran biroorratti yakka walfakkaataa akka dalaguuf haala mijeessuufi inni sadaffaan miidhaan gama kanaan dubartootarratti raawwatu caalaatti akka babal'atu haala mijeessuudha. Abbaan qabeenyaa kunis kanuma yaadee dhimma kana waan raawwate fakkaata.

Fkn 5: Deemi asii! Ijoolleenkoo sirnaan guddatanii. Sirnaanis baratanii iddoo guddaa kan gahan akkakee biyyaa gara biyyaatti utuu jooranii yeroo hinballeessine. Ijoolleenkoo kashalabbee joortuu akkakeetii miti (fuula 172).

Maatiin hanga danda'ametti shamarransaanii fedhiisaanii eeganiifii kunuunsa barbaachisaa godhanifii guddisuu qabu. Kana ta'uu baannaan hawaasatti gaafa gadi ba'an ilaalcha hawaasaatiin tuffatamanii hawaasa gidduutti kabaja dhabu. Mirga shamarranii kabachiisuu keessatti akkaataa maatiin shamarransaanii itti ilaalaniifi kunuunsa dhimma murteessaadha jechuudha. Maatiin shamarransaanii kunuunsanii guddisan akka waan shamarransaanii kabaja addaa qabduutti yaadu. Kansaaniitiin qabaniin shamarran biroommoo tuuffatu jechuudha. Maatiin Hawwii fedha ofiisaanii malee fedha Hawwiitiif bakka hinlaanne. Isheenis tarkaanfii maatiishee kana jalaa miliquuf miidhama daangaa hinqabne keessatti kufte. Haadha warraa obbo Ayyaanaafaa birattis akka kashalabbeetti laalamtee jechoota hamileeshee cabsaniin arrabsamte. Garaagarummaa kan uumu akkaataa maatiin shamarransaa itti guddisuudha jechuudha. Maatiin tokko tokko shamarransaaniiif kunuunsa gaarii godhu. Kanneen akka maatii Hawwiifaammoo shamarransaanii fedhii dhuunfaasaanii qofaaf oolfachuu yaaluun miidhamaaf isaan saaxiluu danda'u. Dhiibbaa akkasitti shamarranirra gahu ittisuuf namni kamuu gaheesaa bahachuu qaba. Mee waan Latiin Hawwii laalchisee Dalasaatti himatu haalaallu.

Fkn 6: Dalasaa obboleessakoo! Adaraa Waaqaa Hawwiinkoo akka ati jette jaalallee gara biraa yoo qabaattellee hamaa itti hindubbatin. Akkas jettee qubakee akka itti hinbuusne. Kana booda iddoo deemu hinqabdu. Firas hinqabdu; rakkattuu kooti. Anaaf jettee biyyaa baatee Finfinnee keessatti rakkachaa wareegama kana hundumaa baasaa jirti. Adaraakee dhufeen ijaan ishee laala (fuula 229).

Waraabbiin armaan olii olola dubartootarratti oofamu akkuma dhageenyee fudhannee balaaleffachuun tarkaanfii fudhachuu dura yaada tasgabbii qabuun dhimmicha laallee

dhugaa jiru adda baafachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Kana malees, oolmaa dubartoonni nuuf oolan dagannee dogoggorasaanii qofarratti xiyyeeffachuun miidhaa irraan gahuuf yaaluun sirrii akka hintaane gorsa. Haqasaanii eegneefii, rakkoosaaniis hubanneefii deggersa barbaadamu gochuufii akka qabnu kallattii kenna.

Fkn 7: Maalinni namni salphoon akkasii maal na se'ee? Ijoollee durbaa mana barumsaa kanaa waliin gaheera. Ammammo anatu isa hafekaa! Sareen kun! Maal na se'ee! Daanikteera keenyatti agarsiisuuf yaadeen ture. Garuu, siin mari'achuu wayya jedheen turse. Nagaa Waaqayyoof yoo harka na qabe malee dhiirri dhimma gara biraaf qubaan akka na tuqu hinbarbaadu (fuula 35).

Yaada kanaa oliirratti dhimmoota gurguddoo lamatu ibsame. Inni duraa rakkoo gama barsiisota tokko tokkootiin shamarranirratti dhufuudha. Barsiisonni ogummaasaanii dawoo godhatanii hojii sagaagalummaaf barattootasaanii barbaaduun dogoggora akka ta'e hubachiisa. Akka ibsametti Warqaalammaawu hojii sagaagalummaa garaagaraa kanaan dura raawwachaa tureera. Ammas Hawwii harkatti galfachuuf karoofachuusaa argina. Yeroo tokko tokko namoonni akkasii kan ogummaafi aangoo qabanitti hirkatanii dubartoota rakkoo hamaarratti gatuuf yaalan hindhibaman.

Shamarranis haalli akkasii akka jiru beekanii bakka hojiisaanii hundatti eegumsa barbaachisaa ofiif gochuu akka qaban gorsa. Inni lammataammoo dubartoonni rakkoon akkasii yammuu isaanirra gahu callisanii tole jedhanii fudhachuu akka hinqabne akeekkachiisa. Dubartoonni matumasaaniitiin yeroo mirgisaanii dhiibamu callisanii akka seera uumamaatti fudhachuu hinqaban. Falmachuu qabu. Kallattii isaaniif danda'ame hundumaan miidhaa isaanirra gahu ofirraa qolachuu qabu.

Fkn 8: Egaa dhimmasherratti murteessituun isheedha. Isheen hinbarbaaddu taanaan murtiin warrasheetii gatii hinqabu. Dhimmasherratti murtiisheen keessatti qooda hinfudhanne faayidaa hinqabu. Ilaa namni dhimma ofiisaarratti ofiin hinmurteessu taanaan garba. Garbummaa jala jira yookaan horii qe'eeti jechuudha (fuula 60).

Yaada armaan olii keessatti dubartoonni dhimma ofiisaaniirratti murteessuu akka qaban argina. Ofii hinbarbaanne taanaan dirqamaan murtii maatiisaaniitiin isaanirratti darbu fudhachuu hinqaban. Dhimmasaanii keessatti qooda fudhatee kan murteessuu qabu isaanuma mataasaaniiti malee maatiin keessa seenee dhimmasaanii borcuu akka hinqabne barsiisa. Dubartiin dhimma ofiisheerratti akka murteessaniif maatiisheetiif ayyamtu garba akkasheen taatetti ibse. Dubartiin murtii akkasii fudhattus horii qe'eetiin waldorgomsiisee akkasheen ciccitee mirgasheetiif falmattuuf ishee onnachiisa.

Fkn 9: Hakiimichis, “Dhugaadha. Sammuudhaan dhiphachuun, yaadda’uufi sodadhaan boqonnaafi hirriba dhabuunis dhukkuba sammuudha. Dhimmisheen jettu kun yeroodhaan furmaata hinargatu taanaan sammuusheerratti rakkoo guddaa fiduu danda’a. Mee dhimma akkas ishee rakkise kana mari’achuudhaan dafaatii hiikuu yaalaa! (fuula 81).

Mirgi dubartootaa akka kabajamu gochuu keessatti hayyoonni yookaan namoonni baratan gahee guddaa qabaachuusaanii ibsa waraabbiin kun. Hawaasasaanii barsiisuun yakka shamarranirratti raawwatamu guutummaatti yoo balleessuu dadhabanillee hanga tokko xiqqeessuu danda’u.

Haata’u malee, akka waliigalaatti hafuura barruu kanaa yammuu laallu yaadonni rakkoo hawaasa keessatti dubartootarra gahu saaxilan hedduun yoo xiyyeeffatamanillee bakka tokko tokkotti haalli fayyadama afaan barreessaas loogii koorniyaa akka qabu qorannoo kanaan bira gahameera. Bakka tokko tokkotti yaadumanni dhiyeesserraa kaanee bakka kamittuu mirgi dubartootaa dhiibamuu akka hinqabne kan falmu ta’uusaa agarsiiftuuwwan hedduu argina. Darbee darbeemmoo barreeffamasaa keessatti jechoonni inni itti fayyadame bakka mirga dubartootaa itti dhiibe qaba. Yaadicha garuu balaaleffachuusaa yookaan deggeruusaa wanti namatti agarsiisu hinjiru. Haalli fayyadama afaan barreessaa kunimmoo tarii innumtuu loogii koorniyaa kallattii adda addaatiin hawaasa keessatti raawwaturraa bilisa akka hintaane agarsiisuu danda’a. Kanaafuu, barreessitoonni ogbarruu Oromoo barruu tokko hawaasasaaniif yammuu qopheessan akkaataa inni namoota hunda biratti fudhatamuufi namoota hundaa tajaajiluu danda’utti akka qopheessuu qabu malee, barreeffamnisaanii koorniyaa tokkoof loogii koorniyaa biraammoo alatti dhiisee kan deemu ta’uu hinqabu. Barruun akkasittiin qophaa’u qaama hawaasaa tokko tajaajilee isa kaanimmoo miidhuu waan danda’uuf irraa ofeeggachuun barbaachisaadha. Tarii odeeffannoon achirra jiru sun guddina hawaasa tokkootiif bu’a qabeessa yoo ta’e, gareen qoodame sun dhimmicha fudhatee hojiirra oolchuun akka waan isa hin ilaallanneetti ilaalu waan danda’uuf hawaasichumayyuu deebi’ee miidhuu danda’a. kanaafuu, barreessitoonni yeroo mara madaallii barreeffamasaanii eeganii gabaaf dhiyeessuu qabu.

4.3.3. Gahee Dubartoonni Guddina Hawaasa Tokkoo Keessatti Qaban

Dubartoonni dhirotumaan walqixa hawaasasaaniif gama hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan bu’aa buusuu danda’u. Gaheen dubartoonni guddina hawaasasaanii keessatti qaban kunneenis bifa garaagaraatiin asoosamichaan balballoomeera.

4.3.3.1. Gama Hawaasummaatiin

Dubartoonni rakkoo hawaasasaanii furuu keessatti shoora olaanaa qabu. Dubartoota akkasii keessaa kanneen asoosamichaan xiyyeeffatan mee haa sakattaanu.

Fkn 1: *Haati Masqalee ganda sana keessatti dubartii deessisuudhaan gargaarsa guddaa kan godhan maanguddoo beekamoodha* (fuula 13).

Dubartoonni ogummaafi beekumsa garaagaraa kanittiin hawaasasaanii tajaajilan qabu. Akka aadaatti dubartoonni ogummaa dubartoota gargaaranii deessisuu qaban hawaasa keessa jiru. Dubartoonni ogummaa kana sirriitti guddifatan dubartoonni akkasaanii da'umsarratti akka hinmiidhamne gochuun lubbuu haadhaafi daa'ima du'a jalaa baraaruu keessatti gahee olaanaa bahachaa oolu. Dubartoota akkasii keessaa haati Masqalee ishee tokko akka taate yaada armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 2: *Giiftii Ruut erga gaafa biyyasheetti deebitee irraa kaasee hanga ammaatti gargaarsishee nurraa hincitne. Uffatiifi kopheen sadii taanee safara keenyaan dheengadda hirmaanne hakiimii Gunaar ishee biraa kan nuufideedha* (fuula 15,55).

Ruut ogeettii fayyaa biyya Siwiidiniitii dhuftee Hospitaala Raas Tafarii Mokonnoon keessaa hawaasa Oromoo afaansaatiin keessummeessitee dhukkubasaa sirriitti gaafattee adda baasuun wal'aansa barbaachisu gochaafii turteedha (fuula 12). Kana malees, Ruut, maatiin obbo Jireenyaa harka qalleeyyii waan ta'aniif deggersa garaagaraa gochuufiidhaan hedduu isaan biratti akka beekantu obbo Jireenyaan dubbisaaniitiin yammuu ibsan argina. Ruut yeroo biyya keessa turtes obbo Jireenyaafi maatiisaa qarshiidhaan gargaaraa turte (fuula12-13). Gocha Ruut kanarraa kan hubatamu dubartoonni itti siqeenyaan rakkoo hawaasasaanii hubatanii tajaajila barbaachisu hawaasasaaniitiif kennuu keessatti bakka guddaa qabaachuusaaniiti. Akka ilaalchaatti Ruut Oromoodhaaf alagaa jedhamti. Haata'u malee, waa'een Oromoo akka waan ishee hingalchineetti hinilaalle. Hawaasichaaf tajaajila guutuu kennuuf afaansaa sirriitti beekuun dirqama akka ta'e hubatte. Kanaanis hawaasichi dhibeesaa gammadaa akka isheetti himatu taassisteetti. Kana birattis, rakkoo obbo Jireenyaan qabaniif hedduu gadduufi bira darbitee akka namummaatti deggersa isaaniif barbaachisu gochaafii turte. Kunis shamarran hunda caalaa rakkoo hawaasasaanii hubatanii furuuf carraaquusaaniitiif agarsiistuudha uummanni Oromoo dubartoonni rakkoo hawaasasaaniitiif fala barbaaduu keessatti bakka olaanaa akka qaban asoosamichi afooluma uummatichaa keessaa fudhatee akka kanaa gadiitti ibsa.

Fkn 3: *Anaa maaru yaa Maaree
Maaram maa qoosaa taatee
Kan baala midhaan gootuu
Kandhiiga mucaa gootuu
Kan hiika dhugaa gootu (fuula 14).*

Akka yaada kanaatti Maaramiin dubartoota hunda bakka buuti. Akkuma Maaramii dubartoonni rakkoo hawaasaanii mala ittiin furan qabu jechuudha. Dhabduun kun Maaramii dhala kadhachaa jirti. Akkasheetti Maaramiin rakkoo mudatu hundumaaf fala qabdi jechuudha. Dubartoonni kaawwanis akkasuma. Dhugaa kana mirkaneessuufis Oromoon yammuu wal eebbisu “Mala dubartii siif haakennu” jedhee yaada gaarii waliif qabu waliif ibsa.

Dubartoonni hawaasasaanii barsiisanii qaroomsuu keessatti shoora olaanaa taphatu. Kunis akka armaan gadiitti agarsiifame.

Fkn 4: *Kutaa kana keessattimmoo kan barsiisan dubartootadha. Aadde Yeshii Immaabeet Iddoosaa Afaan Amaaraa Beeku. Aadde Gumaariif giiftii Biishaan garuu Afaan Oromoo hinbarsiisan malee kanisaan ittiin dubbatanii qubee lakkoofsisan Afaan Oromootiini (fuula 29).*

Yaaduma kana keessatti dabalataan kan ibsame yerootti Afaan Oromoo dubbachuun yakka ture keessatti qubeedhuma alagaa Afaan Oromootiin barsiisaa turan. Afaan Oromoo hinbarsiisan. Garuu, Afaan Oromootiin daa’immasaanii qubee alagaa barsiisu. Akka yaada ibsameetti aadde Gumaariifi giiftii Biishaan Afaan Amaaraa sirriitti hinbeekan. Kanisaan sirriitti beekaniifi ittiin barsiisuu danda’an Afaan Oromoo ture. Isa garuu barsiisuuf carraa hinarganne. Kanaafuu, afaanumasaaniitti gargaaramanii afaan alagaa barsiisu jechuudha. Sababnisaa sirnisaan keessa jiran afaansaanii barsiisuuf carraa waan isaaniif hinlaatiif. Sabboonummaa qabu jechuudha.

Dubartiin maatii tokkoof utubaadha. Manni dubartiin keessa jirtu foolii gaarii qaba. Dubartiin jiraachuun gammachuu dhiiraa caalaatti dabala malee hinir’isu. Kunis waraabbii armaan gadiitiin ibsame.

Fkn 5: Kana booda Hawwiin ganamaan kaatee hanga buddeena tolchitutti xuwwee sibiilaafi eele sibiilaarratti hanqaaquu, qullubbii diimaafi dhadhaan mi’eessitee daabboo wajjin bilcheessite. Shaayee danfistee Dalasaaf dhiyeessite. Guyyaas akkasuma mana foonii deemtee, foon gaarii bittee ittoo mi’aawaa gabaadhaa biddeen bittee qopheessitee Dalasaa eegde. Dalasaanis sa’atii torbatti hojiidhaa bahee yeroo mana galu mannisaa mana dubartiin keessa jirtu ta’uusaa foolii nyaataa funyaan isaa gaheen hubate. Gammachuu guddaatu itti dhagahame. Hawwiin akka kanaan mana onaa ture kan namni keessa jiru fakkeessite. Sa’atiin kudha lama ta’ee yeroo

Dalasaan hojiirraa deebi'u hamma irbaati ga'utti akka hinbeelofneef jalbuusee kennuudhaan sirriitti isa tajaajilti (fuula 202-203).

Yaadni kun dubartiin maatii tokkoof hagam barbaachiftuu akka taate mul'isa. Dubartiin alatti manni akka hinmiidhagne agarsiisa. Qe'ee dubartiin keessa hinjirres akka qe'ee onaa homaa hinqabneetti laalama. Dubartiin maatiishee tajaajiluu keessatti gahee bakka bu'iinsa hinqabne qabaachuushee yaada kanarraa hubachuun nidanda'ama. Yaadni dubartiin dhiyeessitullee kan maatii ijaaru malee kan maatii diigu miti. Yeroo tokko tokko garuu akka waan dubartiin beekumsa rakkoo hawaasaa ittiin furtu hinqabdeetti yaadamuu danda'a. Ilaalchi akkasii sirrii akka hintaaneefi dubartiin yaada ijaarsaa jireenya maatiishee jijjiiruu danda'u qabaachuushee waraabbii armaan gadiirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 6: Hawwiin kutaalee mana jireenyaasaa hunda erga daawwattee booda, Dalasaan hoteelaa waan nyaatuuf meeshaa nyaata itti bilcheessaniifi irratt nyaatan akka hinqabne hubatte. Waan kana ta'eef bitamuu akka qaban yaadde. Ati garuu kana booda mana hoteelaatii nyaachuu nidhiista. Asuma mana keessatti yoon hojjedhe wayya. Nyaata hoteelaarra kan manaa hinwayyuu jetteen. Innis bilchina yaadashee dinqisiifate (fuula 201).

Hir'inni yookaan qaawwi maatiin tokko qabu dhiira caalaa dubartiitti kan mul'atu ta'uusaa yaada kanarraa hubanna. Hawwiin akkuma mana Dalasaa seentee daawwatteen rakkoo manichi qabu hubatte. Meeshaaleen nyaati itti qophaa'u akka hinjirre argitee osoo Dalasaan rakkoosaa hinhimin akkanni nyaata manatti qopheeffachaa hinjirre adda baste. Yeruma sana furmaata battalaa fiduun rakkoo yeroo dheeraaf Dalasaa mudachaa turerraa isa bayyaannachiifte. Kunis dubartiin hagam maatii tokkoof bu'a qabeettii akka taate agarsiisa. Dubartiin maatii tokkoof utubaadha kan jedhamuufis kanaafi.

Gama biraatiin, maatii ofiitiif yaadda'uun yookaan dhiphachuun dhiira caalaa dubartootarraa mul'ata. Barruun kun aadde Dinsiriin erga Hawwiin manaa baddee boqonnaa tokkollee akka hinqabne ibsa. Waa'ee Obbo Bulchaa garuu Hawwiin walqabatee miidhamni irra gahe wanti ibsame hinjiru.

Fkn 7: Erga Hawwiin jalaa baddee aadde Dinsiriin boo'ichaafi gaddarraa kan ka'e bifa namaatti hindeebine. Huuqqattee lafeeshee qofatu socho'a. Dhukkubsattuu fakkaatti. Ijishes boo'ichaan baduu ga'aniiru. Ammas ollaan dhiisi hinboo'in jedhee ishee jajjabeessu dhiyeenyatti hinjiru (fuula 239).

Dhiironnis dubartoota malee milkaa'uu hindanda'an. Milkaa'ina dhiirota baay'ee keessaa dubartootatu harka qaba jechuudha. Kanas asoosamichi afoola Oromoon qabee:

Fkn 8: *Dambii Dolloon gaariidhaa Najjootu balleesse malee; niitiin dhirsaaif gaariidha.....*”(fuula 111).

Egaa dubartiin abbaa warraasheef hagam barbaachiftuu akka taate yaada kanarraa salphaatti hubachuun nama hindhibu.

4.3.3.2. Gama Dinagdeetiin

Guddinni biyyaa bu’aa waliigalaa lammiilee biyya tokkoo hundarraa argamuudha. Dinagdeen biyya tokkoo kan guddatu shoora lammiin biyyattii akka dhuunfaa yookaan gareetti bahan irraati. Haala kanaan dinagdeen hawaasa tokkoo dubartootaan alatti hinmilkaa’u jechuudha.

Fkn 1: *Obbo Jireenyaanis miindaansaanii sababii xiqqoo taateef haati manaasaanii aadde Bashaatuun shaayee danfistee daabboo wajjin gurguruudhaan walgargaaranii jiraatu* (fuula 10).

Dhiironni tokko tokko dubartoonni akka meeshaatti mana keessa hojii tokko malee taa’aa akka oolaan barbaadu. Gadi bahanii hojii dinagdeesaanii fooyyessuu danda’u akka hojjetan hinbarbaadan. Hojii hojjechuun dubartootaa garuu dinagdee maatii utubuurra darbee guddina biyyaa keessattillee bu’aa qaba. Kanas aadde Bashaatuurraa barachuun nidanda’ama. Hojiin aadde Bashaatuun hojjetta kun dinagdee maatiishee keessattis ta’e, kan biyyaarratti waan dabaluu qaba. Miindaa abbaan warraashee argatutti wanti isheen hojjetu kun yoo dabalame jireenya maatii sanaa hanga tokko nifooyyeesa. Kana gochuusheetiin obbo Jireenyaa caalaatti fayyadde malee miidhaa irratti raawwatte hinqabdu. Kanaafuu, namni kamuu dubartoonni hojii dinagdeesaanii fooyyessuu danda’u akka hojjetan jajjabeessuu qaba malee daangessuu akka hinqabne barruun kun gorsa kenna. Gochi aadde Dinsiriis kanumaan walfakkaata.

Fkn 2: *Obbo Bulchaan gaafa hojiin jiru burruusaafi qottoosaa gatiittiirra kaawwatee hojjechaa oolee kan argate qabatee gala. Jireenyisaanii kun fooyyee sababii hinqabneef rakkoo keessaa ba’uuf haati manaasaa aadde Dinsiriinis gamasheetiin farsoo naqxee araqqee baastee walgargaaranii jiraatu* (fuula 10).

Yaada kana keessatti gaalee, ‘gaafa hojiin jiru’ jedhu fudhannee yoo laalle gama biraatiin gaalee ‘gaafa hojiin dhibu’ jedhu arganna. Dafqaan bultoonni jiraachuuf hojjechuun dirqamasaaniiti. Obbo Bulchaanis dirqama kana hinbaane taanaan jiraachuu akka hindandeenye beeka. Hojiis nihojjeta. Haata’u malee, hojiinsaa dhaabbataa waan hintaaneeff gaafa hojiin hinjirre hojii malee oola jechuudha. Hojii malee oola

taanaanimmoo hojiinsaa hojii guyyaa waan ta'eef maatiisaaa waliin agabuu buluuf saaxilama jechuudha. Rakkoo maatii akkasii kana furuudhaaf gahee dubartoonni hojiisaaniitiin bahatan olaanaadha. Utuu gaafa obbo Bulchaan hojii dhabu isheenis hojii hinqabdu ta'ee rakkinnisaanii mammaaksa 'Cophxoorratti fanxoo' jedhan sana ta'a ture. Kanaaf, aadde Dinsiriinis jireenya maatiishee fooyyessuuf waan humnishee danda'u hojjetee abbaa warraashee bira dhaabachuun jireenya maatiishee tumsuurra darbee biyyaafillee waan gumaachu qaba.

Guddina dinagdee biyyaatiif haata'u kan maatiitiif qusannoon bu'aa guddaa akka qabu ni beekama. Kana keessattis dubartoonni gahee guddaa qabu. Kanas gocha Hawwiin raawwatterraa haala salphaan hubachuun nidanda'ama.

Fkn 3: Hawwiin akkuma kanaan horiishee qusattee, tooftaan of qabdee, hostelicha keessa utuu jiraattuu, horiinshee harkaa dhumuu gahe. Nyaatas guyyaatti tokko qofa nyaachuudhaan gaafa kaanimmoo akkasumattiin utuu waa hinnyaatin ooluudhaan gara ji'a tokkoo turte. Boodarra garuu, haala kanaan itti fufuu akka hindandeenye hubatte. Shaanxaashee bantee warqee qomaa (mormaa), warqee qubaa (qubeelaa)fi kan gurraa (lootii) Haajiin gaafa cidhaa isheef bitaniif baastee gurguruuf yaadde. Garuu xiqqoo irratti yaadde. Rakkooshee ammaaf qubeelaashee qofa yoo gurguratte ji'a tokko akka ishee tursiisuu danda'u hubatte. Akkuma kanaan ganda Agamsaa (Mar-kaatoo) deemtee, gatii rakasaangurgurattee utuu isa qusattee tokko lamaan baastuu, innis dhumuu jala gahe. Ammas warqee qomaashee baastee gurguruuf yaadde. Garuu, yaada tokkotu isheef dhufe. Kana hundumaa gurgurtee yoo fixxe booddee kan isheerra gahuu danda'u xiinxalte. Waan kana ta'eef utuu qabeenyashee kanneen gurgurtee hinfixin hojii xiqqaa barbaaddachuu yaadde (fuula 181-182).

Hawwiin waan jireenyasheef dirqama barbaachisullee ofitti hir'istee qabeenya xiqqoo ofharkaa qabdu qusattee qarshii xiqqoodhaan guyyoota dheeraa turte. Kana gochuufis mala qusannoo mataashee fayyadamte. Boodarra hojii dhiistee waanuma ofarkaa qabdu qofa haala kanaan qusattee fayyadmuu yoo karoorsites qabeenyichi yeroosaa eegee guutummaatti dhume rakkoo kana caaluuf ishee saaxiluu waan danda'uuf qabeenya harkasheerra jiru hambifachuuf hojii galii isheef argamsiisuu danda'u barbaadde hojjechuu akka qabdu murteessite. Kunis namni kamuu jireenyasaa fooyyeffachuuf yookaan qabeenya harkaa qabu qusachuuf hojii galii biraa isaaf argamsiisu cimee hojjechuu akka qabu kallattii kenna. Hojii malee dinagdeen guddachuu akkahindandeenye mul'isa. Kanaafuu, Hawwiin isa jiru of harkatti hambifachuuf dirqama mana namaa galtee hojjechuu akka qabdu murteessite.

Fkn 4: *Bood namichichi manasaaf hojjettuu barbaadu, “Ani mana kiyyaaf nanbarbaada jedhee miindaashee dubbatanii erga waliigalanii booda... Hawwiin manasaatti galtee ji’a sadii teessee haadha warraa isaan waan shakkamteef achittis aara galfii dhabdee walumatti qarshii dhibba tokko miindaashee fudhattee achiis deemte (fuula 183-184). Qarshii argatte kanaanis ji’a sadii jiraatte (fuula 187).*

Waraabbii armaan olii keessatti qarshii 100 rakkina meeqaan hojjettee argatte utuu hinqisaasessin ji’a sadii ittiin jiraachuunshee muuxannoo dubartoonni qabeenya jiru akka ta’utti qusataniittiin jiraachuuf qaban kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti, yaadni armaan olii kan agarsiisu, dhaamaatii dubartoonni akka maatiittis ta’e akka dhuunfaatti dinagdeesaa fooyyeessuuf taassisan isaan qofaaf osoo hintaane guddina dinagdee biyyaa keessattillee shoora olaanaa akka qabuudha. Sababnisaa guddinni dinagdee biyya tokkoo walitti ida’ama dhamaatii namoota dhuunfaa, maatii yookaan garee hawaasa biyya tokko keessa jiraatuu waan ta’eef. Kanaafuu, dubartiin gaheesheen dinagdee biyyaa keessatti ba’uu dandeessu madaalliinsaa xiqqaatee kan laalamu miti.

4.3.3.3. Gama Siyaasaa

Siyaasa hawaasa tokkoo keessatti dubartooti qooda olaanaa qabu. Dhiibbaan gama siyaasaan hawaasasaaniirra gahu isaaniinis hinhankaaku. Kanaaf, waan isaanii danda’ame hundumaan gaaffii siyaasaa hawaasnisaa qaban deebisuuf yaalu. Dhimma afaaniin walqabatee qoosaa alagaan Hawwiitti qoosuu yaale isheenimmoo deebii siyaasaa sabboonummaan guute isaaniif deebifte.

Fkn 1: *Amma kan akkas natti kofaltan Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbachuu dadhabuukootti mitii? Isiniif afaan abbaa keessanii ta’uu danda’a. Utuu isintu Afaan Oromoo caccabsee dubbata ta’ee ani isinitti hinkolfu. Sababnisaas afaan abbaa keessanii akka hintaane sababiin beekuuf. Garuu, Afaan Amaaraa sirriitti akka Amaaraatti dubbachuu dandhabuunkoo qaama namummaakoo keessaa hir’ina akkan qabutti na lakkaa’uun keessan oftuulummaa Waaqa hinsodaanneedha. Afaan biyya keessanii dubbachuu dadhabuunkoo anaaf qaani miti. Ani Oromoodha. Afaan alagaatti hinkomatamu (fuula 151-152).*

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amu Hawwiin hedduu sabboontuudha. Deebii quubsaafi amansiisaa ta’e warra xiinsammuushee cunqursaniif deebifte. Eenyummaasheetti qaanoftee gara alagaan barbaadutti goruuf hinyaalle. Kunis sabboonummaa siyaasaa alagaan sodaatu ifatti agarsiisuudha. Utuu isheedha ta’ee daba kana akka hinraawwannes ibsiteetti. Utuu isaantu Afaan Oromoo wal’aale ta’ee akka itti

hinkolfine ibsiteef. Kunis qajeelummaa guddaadha. Dhugaa uummanni Oromoo qabu garee faallaashee dhaabatanii eenyummaa Oromummaa balleessuu barbaadaniif ibsite. Oromoon kan namaa hinbarbaadu, mirga kan ofiitti fayyadamuu alagaas hinsarbu. Yeroo mara Oromoon kan gaafatu waan kansaa ta'etti bilisa ta'ee fayyadamuudha. Kan alagaa hintuffatu akkanni kansaatti hinfayyadamneefis mirgasaa dhiibuuf fedhii hinqabu. Alagaan garuu faallaa kanaatiin Oromoon wanuma kansaa ta'etti akka hinfayyadamneef shira meeqa irratti xaxaa oola. Hawwiinis kan dubbatte haqa kanadha. Oromoon kan alagaas kabajeefii alagaan kansaa akka kabajuuf barbaada. Alagaan garuu kansaa akka kabajamuuf nibarbaada. Kan Oromootti garuu quba dhahaa oola. Isheenis ilaalchi akkasii sirrachuu akka qabu ifatti dubbatte. Kunis kan ibsu ilmaan Oromoo hundinuu bakka jiranitti dhugaan saba kanaa yammuu dabu callisanii bira taruu osoo hintaane yaada mo'ataa dhiyeessanii dhugaa jiru hubachiisuu akka qaban akeekkachiisa. Kana malees, tuffii alagarraa mul'atuuf yaada armaan gadiitiin deebii laatti.

Fkn 2: Finfinnee biyya abbaakoo keessa teessanii anaan nama biyya ormaa gootanii natti qoosuu yaaduu keessaniidha. Utuu beektanii miilla keenyarratti kuftanii nu galateeffachuu qabdu turtan. Lafti isin gooftaa itti taatan kun hundi lafa keenyaadha. Biyya keenyadha. Isintu biyya keenya dhufe malee, nuti biyya keessan hindhufne. Isintu biyya keenya dhufee nu weerare malee nuti biyya namaa weerarree hinqabanne. Nuti biyyuma keenya keessa jirra. Isin maal gootanii? Tokkummaa dhabuu keenyatu akkas nu godhe. Minilik qofa miti kan nu miidhe. Goobanaafi gantoota mootota Oromoo barasanaa tokko tokkotu gamtaa dhabuudhaan harka keessan jala nu galch jechuudhaan jara oftuultota sanatti aariifi xiiqiidhaan itti dubbatte. Jarris na'anii afaan qabatan malee deebii hinlaanneef (fuula 152).

Hawwiin biyya abbaashee keessatti mirgashee dhiibamaa jiru callistee hinfudhanne. Ijibbaata diinatti dubbattee diina afaan qabachiiste. Kana qofas osoo hintaane tokkummaa dhabuun uummata Oromoo hagam akka miidhe hinaaffaa qabdu ibsate. Oromoon lafumasaarratti cunqursaa isarratti raawwatamu taa'ee laaluu qofa osoo hintaane falmatee mirgasaa kabachiifachuu akka qabu kallattii agarsiiste.

4.4. Sabseenaa Asoosama Yoomi Laataa?

Asoosamni kun seenaa dhugaarratti hundaa'ee kan dhiyaateedha. Seenaan kunis bara mootummaa Atsee Teediroos irraa hanga bara kufaatii sirna mootummaa Dargiitti kan raawwatameedha. Haata'u malee, taatee yeroo sana dhugaan raawwatamaa ture haala barsiisuu danda'uun asoosaan kun yaaduume mataasaan qindeessee dhiyeesse. Asoosaan kun sirnoota lamaan: sirna fiwudaaliizimiifi sooshaaliizimii keessatti

cunqursaafi saamicha gama hundaan saba Oromoo, akkasumas sabaafi sablammoota Itiyoophiyaarratti sirnoota nafxanyaan rawwatamaa ture bifa asoosamaan dhiyeesseera.

Seenaan asoosama kanaas lola Minilik Mudde 29 bara 1879 Calanqootti uummata Oromoo waliin geggeesserraa eegala. Obbo Walabummaan lola kanarratti du'e. Haati warraasaa aadde Taliilee jedhamti. Isheen yeroo kana ulfa ji'a afurii turte malee, silaa isa waliin duuluuf turte.

Ilmishee Jaarraa Walabummaa jedhama. Aadde Taliileen cunqursaa uummata Oromoorratti raawwachaa jiruuf gadda cimaa qabdi. Lafti ilmishee irratti guddate Giraazmaachiif kenname. Isheedhaafis utuu hindarbin waggaa dheeraa jiraattee dulloomtee duute. Jaarraanis garbummaa Giraazmaachi jalatti niitii sadii fuudhee dhala erga dhabee booda, niitiishee arfaffaarratti waggaa 45^{ffaa}tti ilma Yaadannoo (Yaadannoo Jaarraa Walabummaa) jedhamu godhate. Barrisaa 1917 ture.

Giraazmaachi Abarraan bara 1928 weerara Xaaliyaaniirratti utuu loluu du'e. Kana booda ilmasaa Qanyaazmaachi Gizaachoon iddoosaa baalabbaata ta'e. Aangoon abbaarraailmatti darbe jechuudha. Garbummaan Oromoos akkasuma abbaarraa ilmatti ce'e.

Obbo Jaarraanis utuu hindolloomin ilmasaa Yaadannoo intala Siintolinnaa jedhamtu ganda Harawwee keessaa fuussise. Isheenis ilma Sandaabaa jedhamu Yaadannoodhaaf godhatte. Qanyaazmaachi Gizaachoon garuu dhokatee walquunnamtii saalaaf Siintolinnaa bira dhaqa. Siintolinnaan gocha sagaagalummaa akkasii isa waliin raawwachuuf fedhii hinqabdu. Yaadannoo baay'ee jaal'atti. Garuu namicha kana diduuf humna hinqabdu.

Guyyaa tokko garuu akka tasaa Yaadannoon Qanyaazmaachi Gizaachoo manasaa keessatti Siintolinnaa waliin argate. Akkuma gocha kana argeen dhiignisaa danfe. Siintolinnaan daftee baqattee baate. Yaadannoonis maancaa baatuun namicharraa mataa kutee lafa buuse. Sana booda Sandaabaa ilmasaatti dhudhungatee nagaan itti dhaamee sokke.

Siintolinnaan is akkumanni deemeen manatti yoo deebitu waan argitetti guddaa waan naateef uffatasheefi kan ilmashee sassaabdee ilmashee waliin magaalaa Harararitti qajeelte. Magaalaa kana keessa yoo turtes sababa du'a Qanyaazmaachiif haala salphaan

qabamuu akka dandeessu shakkite. Kanarraa kaatee bakka kana turuu akka hindandeenye murteessite.

Utumasheen kanaan jirtuu Raas Geetawu kan jedhaman konkolaataadhaan masaraa Lu'ul Mokonnon H/Sillaasee keessaa gadi bahan. Siintolinnaan hedduu miidhagduudha. Qanyaazmaachi Gizaachoonis wantoota miidhaginasheef oolu waan hedduu bitanii kennaafii waan turaniif miidhaginnisheen qabdu jechaan kan ibsamuhinturre. Raas Geetawus akkasaan konkolaataa dhaabani rakkooshee gaafataniif wanti sababa ta'e kanuma.

Magaalaa Funyaan Biraafi konyaa Gursum lola Calanqoo booda Raas Mokonnon waliin gabroomsanii kan qabatan abbaa Raas Geetawu, Fitaawuraarii Mindassiyil turan. Raas Geetawu konyaa Gursum keessaa qalaadii baay'ee qabu. Dhibbentaa 80 kan ta'u kansaniitti jedhama. Qalaadiiwwansaanii kanarraa lawuzii toonii bay'ee biyya alaatti gurguru. Aangoo mootummaatiinis kutaa biyya giddugaleessaa bitu. Haati warraa Raasis mootii moototaa waliin firummaa dhiigaa walkeessaa qabu jedhama. Hundumaa qabu. Jireenya gammachuufi mijaawaa jiraatu.

Raas battala Siintolinnaa arganiin ishee jaallatan. Garuu, mucaa waan harkatti arganiif gammachuunsanii dafee qabbanaa'e. Eessaafi maalif akka deemtu gaafannaanis Dirre Dhowaa akka deemtee mana namaa galtee hojjechuuf fedha akka qabdu ibsiteef. Mucichi kanshee akka ta'e, abbaansaas biyya akka hinjirre dabaltee ibsite. Kana booda fedhashee gaafachuun Dirre Dhowaa dhiissisanii Shaggar magaalasaaniitti fudhatanii galan.

Raas haadha warraasaanii giiftii Liidiyaarraa dhala waan dhabaniif Sandaabaa guddifachuuf murteessan. Konkolaachisaansaanii Waariyoon akka ishee seensisu ajajan. Waariyoonis akkuma Siintolinnaa argeen garaansaa itti nahe. Haasaa garaagaraa haasa'aa utuu deemanii imalasaanii xumuranii mana Raas Geetawu gahan.

Akkuma achi gahaniinis Siintolinnaf mana keessummootaaf qophaa'e keessaa tokko kennaniif. Yaadni Raas Geetawu Sandaabaa guddifachuuf qabanis haadha warraasaanii biratti fudhatama argate. Haata'u malee, akeeki Raas Sandaabaa guddifachuu qofa osoo hintaane dhokatanii Siintolinnaa bira gahanii mucaa irraa godhachuuf murteessaniiru.

Garuu, Waariyoon isaan durseera. Waariyoon konkolaachisaa Raas Geetawuuti. Utuu isaan hinbeekin Waariyoon halkan halkan dhaqee ishee bira buluu erga eegalee

bubbuleera. Raas Geetawu kana waan quba hinqabneef yeroo Siintolinnaa qofaatti argan ishee qoccolu.

Gaaf tokko giiftii Liidiyaan firri niitii ilma mootichaa duunaan gadda dhaqanii achi bulan. Carraa kanaan Raas Geetawuufi Siintolinnaan qaama tokko ta'anii bulan. Waariyoonis waan raawwate kanatti guddaa waan aareef tarkaanfii fudhachuuf murteesse. Siintolinnaan garuu murteensaa kun miidhaa isaanirraan gahuu waan danda'uuf tasgabbaa'uu akka qabu gorsite. Ta'ullee, hariiroonsaanii akkuma kana duraatti itti fufuu akka danda'u abdi laatteef.

Yeroo kanaa eegalee Siintolinnaan gochisheen raawwattu utuma ishee quuquu Raasiifi Waariyoo gidduu deema turte. Raas garuu akka yaadanitti milkaa'anii Siintolinnarraa mucaa argachuu hindadeenye. Boodarra garuu Siintolinnaa fi Waariyoon wal fuudhanii abbaa warraafi haadha warraa ta'anii akka jirandursa giiftii Liidiyaa, itti aansanii Raas Geetawus akka beeku taassisan. Raas Geetawutti dhimmi kun baay'ee itti hintolle. Yaada siintolinnarraa qaban kana ifatti yoo mul'isanis giiftii Liidiyaa waliin waldhabdee hamaa keessa seenuu wandada'aniif utuma itti hadhaa'uu dirqamaan yaadicha liqimsan.

Raas, Sandaabaa akka ilma saniitti qanansiisanii guddisaa jiru. Siintolinnaa fi Sandaabaa gaafa Joorgisii kiristinnaa waan kaasaniif Sandaabaa, Hayile Jooorgis jedhanii moggaasan. Raasiifi giiftii Liidiyaan Sandaabaaf jaalala guddaa qabu. Giiftii Liidiyaan hojjetooti hundi Sandaabaa, Haayile Joorgisiin malee akka hinwaamne akeekkachiisaniiru. Waggaa afur guunnaan mana barumsaa beekamaa Ingilizii Saandi Foordi galchan. H/Joorgis Geetawuu jedhama. Ilma mootii, ilma gooftaa jedhama. Konkolaataadhaan mana barumsaa dhagee gala. Ijoolleen mana barumsaa kanatti baratanis ijoollee qondaaltota olaano, dureessotaafi faranjootaadha. Hayileenis hanga kutaa ja'a xumurutti malee, barumsaaf biyya Ingilizii akka dhaqu murtaa'eera. Barumsasaattis cimaadha. Barsiisotasaa Hindootaafi Ingilizoota birattis sababa kanaan hedduu jaal'atama.

Gaaf tokko giiftii Liidiyaa gadda guddaatu mudate. Obboleettiinsaanii da'umsarratti akka duute dhagahan. Gadda guddaa gaddan. Kana booda sirna awwaalchashee bataskaana kaateediraalaa Sillaaseetti raawwatanii mucaa durbaa obboleettiinsaanii deesse Fiqiriin fudhatanii galan. Haata'u malee, erga Fiqiriin argatanii jaalallisaan Hayileef qaban qabbanaa'aa deeme. Kanaaf, Waariyoon Hayilee mana barumsaa Sand Fordii baasee

mana barumsaa Minilik akka galchu ajajan. Waariyoonis kana booda Maqaasaa H/Joorgisiin osoo hintaane, Sandaabaa Yaadannoo jedhee galmeessise.

Fiqir tattaphattuudha. Bashannanuu jaal'atti. Ija jabeettiidha. Walabummaatu itti dhagahama. Tooftaa tokko uumtee walitti qindeessuuf sammuu cimaa qabdi. Barumsattis cimtuudha. Sandaabaaanis akkasuma jabaadha. Fiqir mana barumsaa Saandi Foordii baratti. Intala naamusa gaarii qabduudha. Achittis ijoollee ministeerotaa, ambaasaddarootaa, dippiloomaatotaa, baalabbatotaa, moototaa, jeneraalota waraanaafi ijoollee dureessotaa wajjin baratti. Intala naamusa gaarii qabduudha. Kan jaalalaaf ishee barbaadanis hedduudha. Isheenis akkuma namoota kaanii miira jaalalaa qabdi. Manuma tokko keesatti kan guddatan Sandaabaa jaal'atti. Inni garuu kana hinbeeku. Gaaftokko garuu osoo yeroo hindheeressin jaalala isaaf qabdu ibsiteefii miira dhirsummaafi niitummaa keessa seenaniiru. Walargatanii qaama tokkollee ta'aniiru.

Sandaabaafi Fiqiriin ji'a afur booda gadda cimaatu mudate. Innis Fiqir ulfa ta'uusheeti. Akka aadaa Oromootti wanti kun haraamuudha. Fiqir akka waan intala Raas Geetatawu taateetti of beekti. Sandaabaanimmo manasaniitti akka guddate dhageesseetti. Sandaabaan garuu akka obbolaa ta'an ittihimee amansiisuu yaale. Isheen garuu mana tokkotti guddanne malee nuti waliif fira miti jechuun mormitee fedhii jaalalaa keessasheeti uumame galmaan gahatte. Fiqir eenyummaashee hinbeektu. Namni akkaataa dhalootashee itti hime hinjiru.

Yeroo Fiqir ulfa turte Raas Geetawuufi giiftii Liidiyaan akka carraa ta'ee ji'a sadiif biyya Ingilizii turan. Kanumaan qe'ee turtee ji'a Waxabajjii keessa ijoollee dhiiraa lakkuu Alkumaafi Alkitil deesse. Maatiinshee kana yoo dhagahaniifi argan Fiqiriifi Sandaabaarraan balaa gahuu waan danda'aniif Fiqir, Waariyoofi Siintolinnaan mala malanii Siintolinnaan ijoollee kana akka waan ofii deesseetti ofitti fuutee akka guddistu taassifame.

Kana boodadha Siintolinnaafi Waariyoon, Fiqir eenyummaashee akka beekuu waan qabdu ittimuu murteessan. Barattoonni Beeteleemiifi Gadaa Bultum jedhaman Yuunivarsitii Qadimaaawwii Haayila Sillaasee keessaa waliin barachaa turan. Isaanis jaalala daangaa dhabe waliif qabu turan. Fiqiris firii jaalalasaanii akka taateefi abbaanshee Oromoo sabboonaa akka ta'eefi isheenis Oromoo ta'uushee beekuu akka qabdu itti himan.

Erga Dargiin aangoo qabatee qondaaltonni mootummaa Haayila Sillaasee hedduun waan ajjeefamaniif, kaanis qabeenyisaanii waan saamameef, Raas Geetawus harka kennachuu didanii dhukaasa gidduutti ajjeefaman. Giiftii Liidiyaanis maatii sanyii mootichaa waan ta'aniif hidhamanii yeroo xiqqoo booda du'aan boqotan. Sandaabaan yeroo kana barataa seeraa waggaa 5^{ffaa} ture. Ijoolleensaa Alkumaafi Alkitil mana barumsaa galanii barachaa jiru. Fiqiris du'a maatiisheetti yoo gadditellee barumsashee ciminaan itti fufte.

Fiqir toyoottaa tokkorraan kan hafe konkolaattota warrashee hunda gurgurte. Otobusii geejjibaa tokko Waariyoof, taaksii tokkommoo Ashkoof bittee laatte. Ashkoon waardiyaa mana Raas Geetawuu ture. Sabummaan Oromoodha. Qarshii jirus hunda dhoksan. Sandaabaafi Fiqir battalumatti biliyeenera ta'an. Fiiqir Siintolinnaa hooggantuu gootee manuma maatiisheetti hoteela bante

Mudde 12, bara 1967 Dargiin "Duula hojii, beekumsaafi guddina gamtaa" jedhu labse. Duulakanarrattis barattoota kutaa kudhanii hanga dhaabbilee olaanaatti jirantu bobba'e. Barattoota kana keessaa Sandaabaan tokko. Innis kutaa biyya Shawaa konyaa Jibaatiifi Maccaa aanaa Amboo naannoo magaalaa Gudaritti duule. Yeroo kana maqaa "Farreen Warraaqsa"n manni namaa nisakatta'ama. Meeshaaleen waraanaa manichatti argamnaan tarkaanfii ajjeechaatu fudhatama. Sakatta'iinsa mana Raas Geetawurratti raawwatameenis meeshaan waraanaa tokkollee manichatti hinargamne. Ashkoofaan dursanii iddoo hinargamne dhoksaniiru. Sandaabaan duula jedhame kanaaf bobba'eera. Yeroo kana maqaa garee siyaasaa garaagaraatiinis maqaa namaa balleessuun, du'aaf walsaaxiluun niheddummata. Fiqiriifi Siintolinnaan qabamanii mana hidhaatti darbataman. Yeroo muraasa boodas mala Fiqir malteen tarkaanfiin isaanirratti fudhatamuuf ture hafee hidhaarraa hiikamanii gara manaa galan.

Gaaftokko Sandaabaan duula hojii kanaaf shamarree Ertiraa (Hamaasenii) Saabaa waliin baadiyyaa Gudar dhaqanii qonnaan bulootaa walgahii teessisanii erga xumuranii booda bokkaa yandoon roobee caamuu waan dideef mana nama obbo Gammachuu jedhamuu akka bulan afeeraman. Halkan sana bakki ciisichaa lamaaniifuu qofa qofatti yoo kennameefillee Saabaan kana durayyuu jaalala Sandaabaan gubachaa waan turteef qofaa ciisuu dadhabdee dhokattee Sandaabaatti deddeebitee qaama tokko ta'aa waliin bulan. Inni garuu niitii waan qabuuf guddaa sodaataa ture. Isheenis akkuma Sandaabaan

Yuuniversitii Qadimaawwii Haayila Sillaasee keessaa barattuu saayinsii xiinhawaasaa turte.

Dargiin bara 1968 paartilee siyaasaa shanan isa waliin turan hunda akka waan mirga sabaafi sablammootaa kabajuufi kabachiisuu fakkeessuun qajeelfama baasee kutaa biyyattii garaagaraa keessatti waajjira banee socho'uu jalqabe. Egaa Sandaabaanis haala kanaan Naqamteen dhaqe. Gareen siyaasaa Sandaabaafaa mirgi sabaafi sablammootaa hiree ofii ofiin murteeffachuu hanga foxxoquutti ilaalcha jedhu qabu. Gareen kun cunqurfamtoota biyyattii hunda miseensummaan of keessatti kan qabateedha. Sandaabaan Wallagga guutummaa keessa naanna'ee uummata gurmeessa. Uummatichas Afaan Oromootiin tajaajila.

Siintolinnaafi Waariyoon utuu warraaqsi 1966 hindhohin garaagarummaa waggaa tokkoon ijoollee lama Obsinaafi Obsinee godhatan. Obsinaan hangafa yoo ta'u, Obsineenimmoo quxisuudha. Yeroo kana Dargiin garee siyaasaafi namoota dhuunfaatti maqaa garaagaraa kanneen akka dhiphoo, waanbadeefi kankana fakkaatan moggaase maqaa "Goolii Dimaa" jedhuun nama fixaa jira. Maqaa akkasiiitiin Siintolinnaa, Waariyoofi Fiqir fa'irra qondaaltota mootummaa Dargii adda addaatiin cunqursaafi dararaa cimaan isaanirratti raawwatameera. Manni Raas Geetawus irra deebiin yeroo lammataaf sakatta'ameera. Alkumaafi alkitil abbaasaanii biraa Naqamtee baratu. Fiqir cunqursaan itti ulfaannaan abbaa manaashee bira Naqamteen deemuu murteessite. Hidhuurra darbee yaalii ajjeechaatu isheerratti raawwatamaa jira. Qondaaltoti Dargii maqaa warraaqsaatiin qabeenya namaa saamuu, hidhuuufi ajjeessuutti bobbaa'aniiru.

Bara 1970 keessa sirni buttaa qaluu yookaan aangoo karaa nagaan walitti dabarsuu konyaa Gimbii magaalaa Innaangootti qophaa'e. Sirna kanas kan qopheesse Sandaabaadha. Ilmaan Oromoo hedduunis sirna kanarratti argamaniiru. Sandaabaanis maatiisaa waliin sirna kanarratti argame. Fiqiriifi ijoolleenshee sirna kana arganii waan hinbeekneef hedduu ajaa'ibsiifatan. Sirnicha booda hunduu gara manasaatti gale.

Akkuma galeen Sandaabaan halkan sana cunqursaa Dargiin uummatasaarratti raawwachaa jiruuf dhiphina cimaan qabame. Guyyaa boritii ka'ees qabsootti dabalammuu akka qabu murteesse. Haata'u malee, murtiinsaa kun Fiqiriin hedduu dhiphise. Ganama akkuma ka'aniin Alkumaafi Alkitiliin Naqamteen gahanii ofirra deebi'uun magaalaa Begii gahan. Kana booda inni harree yaabbatee gara Sudaanitti deemee, isheenimmoo konkolataasheetiin gara Naqamteetti deebite.

Haalli magaalaa Finfinnee keessa jiru Siintolinnafaas hedduu waan sodaachiseef qabeenya qaban hunda sassaabbatanii gara iddoo dhalootashee ganamaa Hararitti godaanan. Akkuma achi gahaniin ganda Shonkor keessaa mana bitatanii hojii hoteelaa jalqaban. Waariyoon hojii konkolaachisummaasaa ittuma fufe. Siintolinnaan gaaf tokko ijoolleshee wajjin ganda dhalootashee Harawwee daawwachuufi abbaa warraashee durii Yaadannoo dubbisuu dhaqxe. Yeroosheen achi geessu Yaadannoon niitii Faaxumaa jedhamtu fuudhee ilma Toofiq jedhamu godhatee jira. Isheen isa yoo bartellee inni garuu dafee ishee baruu hindandeenye. Erga waldubbisanii booda Siintolinnaan taatee durii akka waan ollaasaa jiraachaa turteetti tokko lamaan seenessiteef. Akka carraa maqaansheefi maqaan haadha manaasaa durii tokko akka ta'e itti himte. Innis duubatti deebi'ee waan dabarsee dhufe yaadatee garaa of booresse.

Yaadannoon quuqama sabasaa qaba. Maqaa dhiphumaatiin waggaa lama hidhameera. Achittis deggersa barbaachisaa gochaafii kan turte Siintolinnaadha. Erga hidhaa bahees qabsootti dabalammuu waan qabuuf haadha manaasaa Faaxumaafi ilmaasaa Toofiqiin harka qabee fidee Siintolinnaaatti galfata kennate. Kanarratti isheenis obsuu dadhabdee haadha warraasaa durii akka taate ifa baastee itti himte. Kana dhagahee innis gammachuudhaan machaa'e. Ilmisaa Sandaabaan fuudhee ilmaan lama akka qabuufi dhimmoota biroo hunda itti himte. Innis yeroo kana dhagahu gammachuurraa ka'ee waan qabatee gadhiisu wallaale. Kanaan booda kilaashifi shugguxiisaa qabatee qabsoof bosona seene.

Miseensi Dargii kutaa Wallaggaa ajajaa dhibbaa Nugusee Faantaan Fiqiriin waajjirasaatti waamee dhimma Sandaabaatiif hedduu ishee doorsise. Bakka abbaan warraashee jiru akka adda baastee himtuuf ishee dirqisiise. Isheen garuu hojiif jecha Qeellamiin akka deeme himteef. Dhimma kanaaf yeroo dheeraa erga ishee qoratee booda gadishee dhiise. Akkuma achii baateen waan isheerra gahe hundumaa hiriya Sandaabaan kan ture gaazexeessaa Eliyaasitti himatte. Innis ishee gorse jabbabesse. Eliyaas Oromummaasaatti hedduu boona. Quuqama sabasaatiis qaba. Sababa ilaalchasa kanaan dararamni sirna Nafxanyaatiin isarra gahaa tureera.

Fiqiris Nuguseefi kaadirootisaa konkolaataashee irraa fudhachuuf mari'achaa akka jiran dhageesse. Qabata kanaatiin utuu ofirratti hinbeeksisin daftee Naqamte keessaa baatee Finfinnee galte. Akkuma achi geesseen manni Raas Geetawu durii akka Dargiin fudhatameefi Siintolinnafaanimoo magaalaa Harararitti akka galan odeeffannoo

dhageesse. Kanumaan isheen gara Hararitti ijoolleeshee waliin qajeelte. Siintolinnaanis Fiqiriifi ijoolleeshee bakka dhalootashee durii daawwachiifte. Yeroo kanaa eegalee Fiqir isaan waliin jiraachuu itti fufta. Utumasheen achi jirtuu firiin qormaatashee 3.8 kan ijoolleeshee ministiriin 90 ol deebi'eef. Waggaa haaraatti isheen Kolleejjii Qonnaa Haromaayaa, ijoolleensheemmoo kutaa 9^{ffaa} seenan.

Nafxanyooti hoteela Siintolinnaa giddugala waanbadootaa jedhanii maqaa xureessanii Siintolinnaa mana hidhaatti darbatan. Fiqiris akkuma kana dhageesseen hedduu dhiphatte. Fiqirii wajjinis carraa walquunnamuu dhorkatan. Kanarratti maal gochuu akka qabdus Eliyaasiin mari'atte. Innis itti gaafatamtoota mana hidhaa keessaa nama beeku xiqqoo erga yaadee booda Shaambal Kadduu yaadatee battalaan bilbilee walquunname. Shaambal Kadduun sabummaansaa Oromoodha. Hinmul'ifatu malee quuqama sabaa qaba. Haata'u malee, ija Nafxanyootaa jalaa of miliksiuuf nama hundatti Afaan Oromoo hindubbatu. Nama icciitii walii beekan qofa waliin Afaan Oromoo dubbata. Eliyaasis namicha kanaa wajjin akka gaariitti walbeeka. Kanaaf, waa'ee Siintolinnaa rakkoo jiru ibseefi firashee wajjin akka walquunnamsiisu kadhateef. Innis akkuma kana dhagaheen ajajaa waardiyoota mana hidhichaa kan ta'e Baashaa Zallaqaatti bilbilee firashee waliin akka walquunnamsiisu ajaje. Siintolinnaarratti reebichi hamaan raawwatameera. Miillishee lamaan sibiilaan walitti hidhameera. Harkishees akkasuma kaateenaa qaba. Haaluma itti jirtu kanaan gadi baatee Fiqirfaa wajjin walargitee mana hidhichaatti oldeebite.

Alkumaafi Alkitil mana barumsaarraa qabamanii leenjiif dirree waraanaa deemaniiru. Haatisaanii yeroo kana dhageessu niraatofta. Kan gootus wal'aalte. Kutaa 12^{ffaa} utuu baratani qabaman. Fiqir barumsashee xumurtee eebbaaf geesse. Qabxii waliigalaa afur fiduun medaaliyaa badhaafamtee barsiistuu kolleejjichaa taatee achumatti hafte. Yeroo gabaabaa gidduutti digirii lammaffaashee xumurte. Waggoota muraasa boodas PhD argattee Awustiraaliyaa deemte.

Alkumaafi Alkitilis leenjii barbaachisu erga xumuranii boodas dirree waraanaatti bobba'an. Loltoonni Dargiis humna waraanaa Wayyaanee dura dhaabachuu hindandeenye. Alkumaan rasaasaan miillarra rukutameera. Beelaafi dheebuu hedduutu isaan mudate. Muddama yeroo dheeraa boodas daandii arganirra deemanii akka tasaa Sudaaniin seenanii buufata komiishinii olaanaa dhimma koolugaltootaa mootummoota gamtoomaniitti bahan. Kallattiidhumaan carraa achi seenuu argatan.

Alkumaafi Alkitil kubbaa miillaatiin hedduu beekamu. Dorgommii kubbaa miillaatu ture. Bakka buutuun komiishinii dhimma koolu galtootaa Saabaan dorgommicharratti argamteetti. Dorgommichas kan mo'ate garee alkumaa fa'i. Saabaanis taphicha keessatti Alkumaafi Alkitiin hedduu jaal'atte. Yeroo badhaasa laattuufis walitti fakkaatan. Boodarra qorattee akkasaan kan Sandaabaa ta'an adda baaste. Of duuba deebitee seenaa Gudaritti Sandaabaa waliin dabarsite yaadatte. Ijoollesaa arguushee hedduu ajaa'ibsiifatte. Maqaashee itti himtee walbaran. Guyyaa sanaa kaatee Kaartumitti fuutee galtee akkasaan barumsasaanii itti fufan goote. Alkumaan bulchiinsa uummataa, Alkitilimmoo saayinsii siyaasaa Yuuniversitii Kaartuumii baratu.

Gaaf tokko bashannanaa utuu jiranii namichi Mariyannaa jedhamu tokko ijoollee Fiqiriin Saabaa biratti argee wal baran. Innis ijoollee kana akkuma argeen hedduu jaal'ate. Sana booda gadi fageessee eenyummaasaanii yoo qoratu ijoollee Sandaabaa ta'uusaanii hubate. Yammuu kana dhagahus waan dubbatu wal'aale. Guddaaa ajaa'ibsiifate. Mariyannaan hiriyaa qabsoo Sandaabaati. Bakka tokko waliin jiru. Inni garuu dhimma kana Saabaatti malee, Alkumaafi Alkitilitti hinhimne. Saabaanis yammuu kana dhageessu gammachuurraa kan ka'e waan dubbattu dhabde.

Innis akkuma galeen Saabaa argee akka dhufe itti hime. Sandaabaanis yeroo kana dhagahu dhugaa itti hinfakkaanne. Borumtaasaa Saabaan beellamtee waan turteef lama ta'anii manashee deeman. Saabaanis simannaa ho'aa gooteef. Ijoollesaa waliinis achitti wal argan. Hundisaanii gammachuudhaan mirqaanan. Saabaas guddaa galateeffate. Gaafa sana kolfaa taphachaa turanii irbaata erga nyaatanii booda Mariyannaan Sandaabaa achitti dhiisee ofii gara manasaatti deebi'e. Saabaan ammayyuu jaalala Sandaabaaf qabaachaa turte hinirraanfanne. Halkan sana qofaatti siree laatteefii isa waliin qaama tokko ta'anii bulan. Qabata kanaatiinis ji'a sadii booda ulfa ta'uushee barte. Isarraa mucaa godhachuuf fedhii waan qabduuf waan ta'e kanatti tasuma hingaabbine. Ittuu gammachuudhaan fudhatte. Kanas Sandaabaatti himteetti. Innis fedhiishee taanaan rakkoo akka hinqabne kaaseef. Yeroonsaa geenyaanis mucaa durbaa Natsaannat yookaan Biliisummaa jedhamtu argatte.

Baashaa Zallaqaanis ajajaa kudhanii Firoomsiin waamee tarkaanfiin ajjechaa Siintolinnaarratti akka fudhatamu ajaja dabarse. Dhimma kana raawwachiisuufis kallattii Firoomsiin loltoonni sadii Siintolinnaa konkolaataa keessa buusanii isuma waliin bakkasheenitti haa ajjeefamtu jedhame magaalaa Baabbilee darbanii ganda

Funyaan Hojobaa daggala keessatti geessan. Ajajaan kudhanii Firoomsiin garuu loltoota sadan ajjeesee konkolaatatti erga deebisee booda konkolaatattii dhiibee hallayyaatti galchee Siintolinnaa harka qabee manasheetti ishee galchee waan qiddeessan hunduu raawwii argachuusaa bilbilee Shaambal Kadduutti hime. Baashaa Zallaqaattis deebi'ee waan hunduu akka jedhametti akka raawwate godhee erga itti himee booda, loltootimmoo kankolaataan ittiin galagalee akka dhuman itti hime. Siintolinnaan ishaa kanaan dhokattee Harar keessa turuu waan hindandeenyeef Wariyoo waliin mari'atanii haalli Finfinnee keessaa tasgabii argachaa waan dhufeef achii mana bitatanii deebi'anii achitti galan.

Siintolinnaan ammammoo waa'ee ijoolleeshee Obsinaafi Obsinee yaaddoo cimaan qabamte. Dirree waraanaa akka deemuuf ilmashee Obsinaa akka dhaqxee galmeessistuufi ajaji itti baheera. Kanas bulchaa olaanaa magaalattii kan ta'e Difaabbaachewu kan jedhamu kanaan qabatee Obsinee sagaagalummaaf barbaaduuf ture. Yeroo hundumaa kanaan Siintolinnaa doorsisa. Akka ishee dhiisuufis qarshii hedduun erga kaffalameefii booda intalas akka dhiisuu hindandeenye murteesse itti hime. Isheenis akkuma kana dhageesseen jireenyi akka eebichaa itti hadhaa'e. Jiraachuu nuffite. "Na ajjeesi" jetteen. Innis akkasheen mana hidhaa galtu ajaja dabarse. Nihidhamte. Boodarra garuu Obsineen mala ofiisheetiitii malteen haadhashee hidhaadhaa baassistee, ofiisheemmoo miidhamaaf utuu hinsaaxilamin namicha galaafattee qarshii inni harkaa saame hundas deebistee fiddee dhufte. Yeroosheen mana geessu Obsinaan leenjii paayileetummaaf deemee jira. Isheenis Waan raawwattee dhufte hundumaa tokko lamaan haadhasheetiifseenessite.

Bara 1983 ADWUI'n bakka hedduutti injifannoo argachaa dhufuutu miidiyaalee garaagaraatiin dhagahamaa jira. Mangistuu Hayila Maariyaamis biyyaa akka baqatetu himame. Sagantaan raadiyoonii Afaan Oromoofi Afaan Tigiraayiin dabalataan baname. Sandaabaafi ijoolleensaa, akkasumas Saabaafi Natsaannat kallattii garaagaraatiin Finfinnee seenan. Achittis walargan. Yeroon kun yeroo Ertiraan hireshee ofiin murteeffatte waan ta'eef Saabaan Asmaraatti deebi'uuf qophoofte. Yeruma kana Fiqiris barumsashee xumurtee dokteera ta'uun buufata xiyyaaraa Boolee galte. Waariyoo, Obsinaa, Obsinee, Faaxumaafi Toofiq Fiqiriin simachuuf buufata xiyyaaraa jiru. Hunduu kan walbarbaadaa ture. Kan waldheebochaa ture utuu hinyaadin dirree tokkorratti walargate. Waan dubbatantu harkaa bade. Gammachuudhaan machaa'an. Walhaammatanii wal dhudhungatan. Alkumaa, Alkitil, Faaxumaa, Toofiq, Saabaa,

Natsannat, Fiqir, Sandaabaa, Siintolinnaan dirree tokkorratti walgahan. Guyyaan sun isaaniif guyyaa addaa ture. Sandaabaanis Saabaa waliin walisaan barsiise. Achumaan Sabaan xiyyaaraan gara biyyasheetti imalte. Warri kaan garuu walfudhatanii gara manaatti galan. Jaallee Yaadannoonis utuunni waa'ee qabsoosaanii televiiziyoonaan ibsa kennuu argan.

4.5. Xiinxala Asoosama Yoomi Laataa? Ija Yaaxxina Maarkiisiizimiitiin

4.5.1. Dhimmoota Hawaasummaa, Dinagdeefi Siyaasaa

4.5.1.1. Dhimmoota Hawaasummaa

4.5.1.1.1. Hariiroo Hawaasaa

Uummanni Oromoo sirna ittiin ilmoo alagaa akka kansaatiitti guddisee waliin hariiroo cimsatee jiraatu qaba. Innis sirna guddifachaa jedhama. Oromoon sirna kanaan daa'ima guddise akka ofii dhalcheetti laala. Wanta daa'imnisaa argatu hunda argata. Sirna kana Waariyoon Fiqiriifi Sandaabaa yaada armaan gadiitiin barsiisa.

Fkn 1: Akka aadaa Oromootti haalli kun haraamuudha. Ilma dhalchan yoo ta'uu baatellee guddifachaan aadaa Oromoo keessatti akka ilma dhalchaniitti lakkaa'ama malee akka alagaatti hinilaalamu. Waariyoon lamaansaanii waamee itti dheekkame. Aadaa Oromoon ala hojjechuusaanii itti hime (fuula 59).

Ilmi guddifachaan argame akka sanyii ofiitti waan laalamuuf gama kanaan wanti hawaasichi akka safuutti laalu cabuu hinqabu. Fakkeenyaaf, firoota mana itti guddatee keessaa fuudha taanaan akka waan safuu hawaasaa cabseetti waan laalamuuf haraamuudha. Kanaafuu, akka Oromootti hariiroon safuu cabsu fudhatama kan hinqabne ta'usaa asoosamichi ni'agarsiisa. Fiqiris garee maatii safuu akkasii hin eegne keessatti waan guddatteef Sandaabaan akka safuu hawaasaa cabsaa jiran yoo itti himellee isheen fudhachuufii hindandeenye.

Fkn 2: Oromoon saba aadaa gaarii qabu. Saba gara laafessaafi saba jireenya hawaasummaa gaarii qabu ta'usaa Raas Geetawu biyya Oromoo keessatti dhalatani Oromoo wajjin guddatanii waan arganiif waa'ee Oromoo Harargee ragaa garabiraa hinbarbaadan (fuula 23).

Oromoon hariiroo hawaasummaa gaarii waliisaatiinis ta'e alagaa wajjin uummatee jiraachuu keessatti eenyurraallee gorsa hinbarbaadu. Biyya kana keessatti akka sabaatti kan akka Oromoo saba biraa ofitti haammatee jaalalaan wajjin jiraatu hinjiru. Dhugaa kana alagaan Oromoo keessatti guddatee wajjin jiraatee beeku kan akka Raasgeetawufaa sirriitti beeku. Akka waliigaalaatti alagaan afaanii baafatee yoo dhugaa bahuu baatellee

haqa kana sirreessee beeka. Gahumsa kanaa guutummaatti qabaachuusaa yaada kanaa oliirraa hubachuun nidanda'ama.

Ilmaan Oromoo bakka deemanitti amala namoota garaagaraatti madaqanii jiraachuun hedduu isaanitti hinulfaatu. Namootaa wajjin hariiroo hawaasummaa gaarii uummatanii jiraachuun aadaadha malee waan shaakalamee argame miti. Jibbisaaniifi jaalallisaanii ifatti beekama. Keessoosaaniitti shira namarratti xaxuu hinbeekan. Jiruufi jireenyisaanii iftoominaan guutuudha. Mee hariiroo Siintolinnan Raas Geetawuufi giiftii Liidiyaa wajjin qabdu kana haalaallu.

Fkn 3: Galgala galgala miillasaanii dhiqxi. Giiftii Liidiyaanis haala Siintolinnaa jaal'ataniiru. Siintolinnanis haalashee ta'eetu caljettuu miti. Tattaphattuufi kokkofaltuu intalaati. Haalli kun haala ijoollee Harargeeti jechuun nidanda'ama. Dafanii namatti madaqu. Hawaasa keessatti namootaa wajjin waliigaluudhaan jiraachuun aadaasaaniiti. Namni dal'anee bira taa'uu hindanda'u. Taphachiisanii kokkofalchiisuudhaan kan dallane sana dallansuusa irraanfachiisu. Nama lolanii ittiin oduu hinbeekan. Dubbiinsaani hundi ifaadha. Jaalallisaaniifi mufannaansaani akkasuma irratti beekama. Icciiidhaan nama miidhuuf carraaqqii hingodhan. Walii wajjin nyaachuu, jaalalaan hundaa wajjin madaqanii jiraachuu nibeeku. Yeroo miilla Raas dhiqxu giiftii Liidiyaan bira taa'u. Amaariffashee isa caccabaadhaan qoostee isaan kofalchiisti. Raas qofaaf osoo hintaane Liidiyaafis miilla dhiqxi. Siintolinnan dallansuu hinbeektu. Yoo Raas yookaan Liidiyaan itti dheekkaman tole jettee fudhatti (fuula 39-40).

Uummanni Oromoo hariiroo gaarii waliisaa gidduutti qaburraa kan ka'e nama dinagdeen kufe gargaaree jireenyasaa fooyyessuu akka aadaasaatti laala. Mee waan Fiqir jireenya Waariyoofi maatiisaa, akkasumas waardiya manasaanii kan ture Ashkoo dinagdeesani fooyyessuuf raawwatte haafudhannu.

Fkn 4: Fiqir otobusii geejjibaa guddaa tokko kampanii FIAT 124 irraa bittee Waariyoof kennite. Ashkoofis konkolaataa kaampaniidhuma kanarraa bittee taaksii akka ittiin hojjetuuf laatteef. Siintolinnaa wajjinis mana adaadaashee keessatti hoteela bante. Ashkoon hojii taaksii hojjetee ofdanda'ee jireenya mataasaa akka jiraatuuf konkolaataan bitamee waan isaaf kennameef loitummaadhaan itti fufuu hinbarbaanne (fuula 89-90).

Walumaagalatti, hariiroo hawaasummaa uummanni Oromoo waliisaatiifi alagaa wajjin qabuuf agarsiistuu ta'uu kan danda'an jireenya Siintolinnaa, Waariyoo, Sandaabaa, Fiqir, Alkumaa, Alkitil, Obsinaa, Obsineerraa, Eliyaas, Shaambal Kadduufi Firoomsiiirraa barachuun nidanda'ama.

4.5.1.1.2. Aadaafi Duudhaa Oromoo

Asoosamichi aadaa uummata Oromoo kallattii adda addaatiin ibsa. Aadaan kunis aadaa fudhatamaafi gaarii ta'uusaa alagaanillee sirreessee beeka.

Fkn 1: Oromoon saba aadaa gaarii qabu, saba gara laafessaafi saba jireenya hawaasummaa gaarii qabu ta'uusaa Raas biyya Oromoo keessatti dhalatani Oromoo wajjin guddatanii waan arganiif waa'ee Oromoo Harargee ragaa gara biraa hinbarbaada (fuula 23).

Waraabbiin armaan olii haala jiruufi jireenyaa, akkasumas, hariiroo hawaasummaa uummata Oromoo gidduutti calaqqisu agarsiisa. Yaadni kun yaada dogoggoraa yeroo hedduu uummata Oromorratti dhiyaatu sirreessuuf waan dhiyaate fakkaata. Alagaan afaanii baasee dubbachuu yoo baatellee dhugaa Oromoo nibeeka. Dhugaa kana utuu beekuu Oromoo hammeessaa jiraachuun alagaadhaaf aadaadha. Oromoon saboota ollaasaafi isa keessa jiraatan waliin hariiroo hawaasummaa shira hinqabne akka qabu ibsa. Aadaa Oromoon qabu gaarii akka ta'e Oromorrayyuu darbee alagaan dhugaa beeku nidubbata. Aadaan kunis osoo fudhatamee biyya kana keessatti akka barbaachisummaa isaatti ittiin jiraatamee biyya kana caalaatti fayyada malee miidhaa geessisu tokkollee hinqabu. Alagaan garuu Oromoon kansaaniitti dirqamaan madaqee akka jiraatu malee aadaa jiruufi jireenya uummata Oromoo calaqqisiisu fudhatanii itti jiraacuufi ittiin jiraachuuf fedha hinqaban.

Fkn 2: Waariyoon Oromoon qaroominaanis aadaadhaanis bulchiinsa sirna Nafxanyaa gadi akka hintaane Raasitti hime (fuula 32).

Yaadni armaan olii kunis ilaalcha dogoggoraa Raasfaa qabaniif deebii kennuu kan xiyyeefateedha. Akkasaaniitti aadaan, afaan, qaroominaafi kanneen kana fakkaataniin kan sanyiisaanii dursu hinjiru. Kanaafis barruu kana keessaa ragaa kan ta'u ilaalchuma Raasfaa qabaniidha.

Fkn 3: ...Amaariffi Oromiffa caala kan jedhu ilaalcha dogoggoraa abbaasaaniirraa dhaalan qabu (fuula 23).

Egaa Waariyoonis ilaalcha oftuummaa dhimma Oromorratti jiru beekke akka of sirreessuuf kallattii waan kenne fakkaata. Waanuma kamiinuu Oromoon saba kamiinuu gadi akka hintaane dubbii amansiisaa ta'een dhiyeesse. Sabboonummaasaa qabatamaan itti agarsiise. Oromoon jaarraawwan darban kana keessatti sodaa tokko malee mirgasaaf falmachaa akkasus gaafachaa as gahe. Oromoon dhugaasaa hindhoksine waan jaallatuufi jibbu, waan isa miidhuufi fayyadu ija jabinaan diinatti dubbachaa as gahuusaa

agarsiisa. Warri Nafxanyaa aadaa Oromoon jiruufi jireenyasaa ittiin geggeeffatu hunda akka waan ofii barsiisaniitti laalaa turan.

Fkn 4: Raasis kan Waariyoon haasa'e liqimfamuufii hindandeenye. Ammas olaantummaa sabasaanii mul'isuuf, "Akkam akkam haasoftaa Waariyoo? Uffata uffachuuyyuu nutu isiniitti agarsiise malee utuu nuti isin hinqaroomsin akkasitti hinuffattan turtanii" jedhan. Waariyoonis deebisee, "Yaa gooftaa haasaadhaan hinmo'amu jettaniiti malee, kanas nibeektu. Nuti utuu Atsee Minilik nun gabroomsin qullaa hindeemnu turre. Fo'aa jirbiirraa, qomee, bullukkoo, biddiiqqoo, kalleefi gogaarraammo jandee, dakkuu, makaddaa yookaan boraatii, itillee, mukarraammoo siree, barcumaa miilla sadii, meexxii irraa dibaabee, gasaa, handaqii, qeeddiroo irra ciisan, dabbasaa mataa ittiin filachuuf faaqqee mukarraa soofnee itti fayyadamna. Uffata ittiin miichuuf handoodee, qodaa ittiin dhiquuf heebicha....egaa yaa gooftaa isin haasaa gaarii jalqabnaan kana hunda haasa'uu danda'e (fuula 33-35).

Akkuma waraabbii armaan olii keessatti dhiyaachuuf yaalame Nafxanyooti qaroomina yookaan akkaataa jiruufi jireenyaa akka waan Oromoo barsiisaa turaniitti ofilaalu. Oromoon akka waan wallaalaafi gadaanaa ta'eetti yaadu. Dhugaa jiru haalanii waan hundumaan dura akka ta'anitti ofibsu. Kanarraa kan ka'eedha Raas uffata uffachuullee akka waan Oromoo barsiisaniitti kan dubbataniif. Waariyoon garuu ifatti qaroominaafi qabeenya Oromoon qabu qabatamaan itti agarsiise. Dhugaa kanas utuu beekani dhoksa akka jiran ifatti himeef. Akka dubbii Waariyooti erga Minilik Oromoo gabroomsee qaroominas haata'u qabeenya isa qabu dhabe yookaan nihiyyoome malee waan haaraa argate hinqabu. Garuu dhugaa Oromoo utuu beekani dhoksuun dogoggora akka ta'e hubachiisuuf yaale. Kunis Oromoon meeshaa waraanaatiin osoo hintaane dhgaasaatiin injifatee akka as gahe agarsiisa. Diinni yeroo mara dhugaa Oromoo kansaa godhata. Beekumsaafi qaroomina Oromoo hedduu kansaa godhatee ittiin beekamuuf kufee ka'a. Haata'u malee, Oromoon dhugaasaa dhugaadhumaan falmatee as gahe malee humnaan kan alagaa kansaa godhachuuf yaalinni godhe seenaa dhugaan ibsu hinjiru. Yaadni waraabbii armaan oliitiin dhiyaates kanuma ifoomsa. Oromoon dhugaatu na injifachiisa jedhee amana.

Aadaan kunis dhiibbaa garboomfataa dandamatee bifasaa utuu hinjjjiirratin as gaheera. Kanas yaada Waariyoon Raas Geetawuuf ibsurraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 5: Waariyoon yaadaan biyyasaa dhaqe. Aadaa jala jaaltoo yaadate. Booranitti dhirsi sanyoo hanga fedhe qabaachuuf mirga qaba. Haati warraasaas sanyolee qabatte abbaa warraasheetti himuu qabdi. Abbaan warraashees kanisheen sanyummaadhaan qabatte fudhachuu qaba malee

mormuu hinqabu. Haati warraa yoo sanyooshee abbaa warraasheetti himuu baatte abbaan warraashee reebbe manaa ishee ari'uu danda'a. Dhiirri Booranaa aadaa jala jaltoodhaan sanyoolee isaaf loon akka kennaatti kenna. Dubartootis kenna loonii akka fidaniif dhiirri Booranaa niitoliisaanii jala jaltoodhaan sanyoo akka qabataniif ayyama. Ijoolleen durbaa heerumuushee dura saalquunnamtii yoo raawwatte mana haadhaafi abbaasheetii ari'amtee baati. Sababii kanaanis utuu hineerumin hafti. Dhiirri garuu utuu hinfuudhin dubartii wajjin saalquunnamtii raawwachuun isaaf ni ayyamama (fuula 46).

Yaada armaan oliitiin aadaa Oromoo Booranaatu ibsame. Oromoon aadaa garaagaraa qabaachuusaa agarsiise. Isa keessaas aadaan jala jaltoo Booranaa isa tokko. Aadaa kana keessatti wanti qajeelaa nutti hinfakkaanne yoo jiraatellee qajeelaafi rakkoo kan qabu ta'uusaa kan murteessu hawaasa aadichatti gargaaramuudha. Hanga hawaasichi aadaa sanaan naa ta'eera jedhee itti jiraatuufi ittiin jiraatutti aadaa fudhatamaadha.

Aadaa Booranaa keessatti yeroo mucaan dhalattu yookaan dhalaturraa jalqabee hanga moggaasaatti sirna mataasaa danda'e qaba. Aadaan sirna kanaa amantii garaagaraatiin utuu bifasaa hinjijjiiratin jira. Aadaa Oromoo keessatti daa'imaaf maqaa moggaasuunis sirnaafi gosa qaba. Mee gosa maqaa moggaasuu laman kan Waariyoon Raas Geetawuuf ibse haalaallu.

Fkn 6: Maqaa moggaasuun gosa lamatti qoodama. Isaanis moggaatiifi gubbisa. Moggaatiin sirna qabbanaa'aadhaan maqaa moggaasaniidha. Sirni kun kan raawwatamu hangafatti aananii ijoollee dhalataniif kan raawwatamu si'a ta'u, durbi hangafa taatee yoo dhalattellee sirna qabbanaa'aa kanatu raawwatamaaf. Gubbisi sirna ho'aadhaan maqaa moggaafamuudha. Kunis dhiirri yeroo hangafa ta'ee dhalatu sirna ittiin moggaasaniidha. Maqaan mucaaf kan moggaafamu irra guddeessaan yammuu mucaan dhalatu sun ganna lama ta'uudha. Yeroo kana warri mucaa moggaafatan ji'a lamaafi sadii dursanii ollaasaaniifi Boorana fagoo jiranillee deemanii waamicha waamu. Namni gubbisa malee hafe matikaana jedhama. Booranni waamaman hundi gaafa gubbisaa sana yeroo horiin galtu galgala dhaqu. Booranni dhufan sunis sirba adda addaa sirbu (fuula 27).

Oromoon daa'imman isaaf akkasumaan maqaa hinbaasuuf. Maqaan daa'imman Oromoo haala daa'imni sun keessatti dhalatte irratti hundaa'ee moggaafama jechuudha. Kunis yaada armaan gadii kanaan agarsiifame.

Fkn 7: Kan ganama dhalate yoo ta'e Ganamoo, kan guyyaa dhalate yoo ta'e Guyyoo, kan waaree dhalate Waariyoo....yoo afaan bal'aa ta'e Haroo, yoo amala dansaa qaba ate Maallichaa,.....jedhanii moggaasu (fuula 27).

Nyaati haati deesse nyaattullee maqaa ittiin waamamu qaba.

Fkn 8: *Haati deesse sunis torban torbaaf nyaata gaggaarii erga nyaachaa turtee booda kaati. Nyaati gaggaariin isheen nyaattu kunis okkotee ulmaa jedhama. Okkotee obbaatiinimmoo yeroo niitiin deesse da'uunshee mirkanaa'e dubartooti gofti dhufanii kan dhuganiidha (fuula 26).*

Sirna maqbaasii kanarratti abbaafi haatillee uffata aadaa uffatu. Abbaan kanarratti hororoofi lichoo qabata; haatimmoo kalloo kaawwatti; ruufa bareedaa marata. Waariyoon dhimma kana yaada armaan gadiitiin Raas Geetawuuf ibsa.

Fkn 9: Horooroon ulee gara meetira lamaa dheeratuudha. Uleen kun muka mudhee, hororessa, waddeessaafi kanneen kana fakkaatanirraa murama. Lichoonimmoo gogaa loonii, arbaa, sattawwaarraa, qophaa'a. Kalloonimmoo gogaa re'eefi hoolaa yoo ta'u, akkuma kittaatti uffatama. Ruufi mataatti wayyaa maramuudha. Bifti wayyaa kanaa barricha (gurraachaafi magaala). Abbaan ilmaa sun ruufa kana mataatti marata. Haatimmoo sirna kanarratti kalloo kaawwatti. Siiqqee kan jedhamu ulee qalloo dheeraa qabatti. Saagaas harkatti keeyyatti. Saagaan kun kan hojjetamu gogaa horiirraati (fuula 28).

Sirna nyaata aadaa garaagaraatu dhiyaata. Namoonni gubbisarratti afeeramanis, maatiin daa'ima maqaa moggaafatanis nyaata aadaa ittiin walkeessummeessan qabu. kanas Waariyoon dabalee yaada kanaa gadiitiin ifoomsa.

Fkn 10: Booranni sirna gubbisaaf waamaman yeroo waamicha deeman harka duwwaa hindeeman. Gumaata geessu. Gumaatisaan geessan kunis aannan horii, kan re'ee, hoolaa ta'uu danda'a. Warri ijoollee (warri mucaa gubbifata) immoo keessummoota waamaniif horii qalu. Aannan keessummooti fidan erga harkaa fuudhanii booda aannan keessaa galalagalchaniis godaa duwwaa itti hindeebisan. Foon gumaata muranii godaa aannanii keessa kaa'anii deebisuuf. Horiin keessummootaaf qalamu sunis korma jilaa jedhama. Gogaa korma qalamee kanas warri waamicha waaman sun keessummoota isaaniif hirame kana yeroo sa'a elman luka sa'aa ittiin hidhuuf tajaajilamu. Sirna kanarratti bunni qalaan ni qophaa'a. Kunis buna duudaa dhadhaadhaan akaa'amee nyaatamuudha. Kana malees, sirna kanarratti kochee kan jedhamus ninyaatama. Kocheen qamadii akaa'amee dhadhaadhaan sukkuumameedha. Kana ijoollee dargaggootu nyaata. Kocheen kun sirbaa bulanii yeroo lafti bari'uu jala gahu nyaatama (fuula 30).

Sirnoonni Nafxanyaa Dargii dura turan hundinuu aadaa Oromoo balleessuurratti duulaa turan. Dargiin garuu hanga tokko Oromoon aadaasaa akka guddifatuuf ayyama kennee ture. Ayyamnisa kun garuu bu'aa siyaasaa argachuubu'uura kan godhateedha.

Fkn 11: Dargiin deggersa sabaafi sablammootaa argachuufi diimokiraatawaa of fakkeessuuf uummanni bal'aan aadaasaa akka guddifatuuf warraaqsi mirga isaaf kennee jira kan jedhurraa ka'uun gareewwan hawwisoo godinaalee Oromiyaa baay'ee keessatti

hundeeffaman. Finfinnee keessatti koree aadaa tokko hundeesuuf seera ittiin bulmaataa baafatanii turan. Seera ittiin bulmaataa kana garuu Dargiin mirkaneesseefii ture...tuuti hawwisoo kun haahundeeffamuyyuu malee to'annoo mootummaa Dargii jalaa ba'ee of danda'ee socho'aa hinturre (fuula 115).

Akkuma waraabbii armaan olii keessatti mul'atu Dargiin Oromoon aadaasaa akka guddifatuuf waan yaadeef fakkeessee deggersa uummatichaa argachuu karoorse. Uummanni Oromoos mirga argate kana osoo hintuffatin sanatti fayyadamee aadaafi duudhaasaa guddifachuuf carraaqaa ture. Yaaliin hawwisoo godinaalee Oromiyaas kanuma ture. Magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinnee keessattis yaaliinkun tureera. Dargiin garuu waadaa gale fiixaan baasuu hindandeenye. Akkuma aangoo siyaasaa barbaadu argateen cunqursaa duraan ture caalaatti jabeessee itti fufe.

Fkn 12: Sirni Gadaa Innaangoo dhaaba Sandaabaan qophaa'e kun uummati Oromoo mirga dhugaa argatee osoo hintaane sirni sooshaaliizimii sabaafi sablammoonni aadaasaanii isa gaarii dagaagfachuuf mirga sababii jedhuuf sirni buttaa Innaangoo kun waggaa dheeraa booda qophaa'uu danda'e. Gadaan tokko waggaa saddeet qaba. Waggaa saddeettaffaarratti sirni raawwatamu buttaadha. Sirni kun sirna aangoo walharkaa fuudhuufi dabarsuuti (fuula 150).

Oromoon haaxiqqaatu malee carraa argatetti fayyadamee aadaasaa guddifachuuf carraaquusaa agarsiisa waraabbiin armaan olii.

4.5.1.1.3. Dhimma Afaan Oromoo

ummanni Oromoo akkuma saboota biroo saba aadaafi afaan mataasaa qabuudha. Afaan Oromoos baroota dheeraadhaaf dhiibbaa mootummoonni biyya keenya bulchaa turan irraan gahaa turanirraa kan ka'e carraa barreeffamuu argachaa hinturre. Carraa afaan barreeffamaa ta'uu dhabuu qofa osoo hintaane uummatichi carraa afaanichaan aadaa, duudhaa, amantaafi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsachuuf daangeffamaa ture. Qabata kanaatiin guddinni afaanichaa duubatti harkifachaa tureera. Akka namoota ilaalcha badaa qabaniittis afaanicha beekuufi dubbachuun akka gadaantummaatti fudhatamaa ture. Nafxanyoonni afaansaaniif akka afaan addaatti iddoo olaanaa kennaniifii Afaan Oromoo garuu sabichumaa wajjin salphisaa turan.

Fkn 1: "Amaariffan dubbachaa jiraam. Siif hingaluu? Gaallinyaa mitiim" jedhe. Sandaabaanis "Gaallinyaa hinjedhinaa. Afaan Oromoo jedhaa. Namichis deebisee "Gaallinyaadhaan Orominyaa jettanii maqaa yoo geeddartan gaallaa ta'uunsaa nihafaa? Gaallaan gallaadha" jedhe (fuula 103).

Akkuma waraabbii armaan oliirraa hubachuun danda'amutti Nafxanyoti Afaan Amaaraa humnaan ilmaan Oromoorratti fe'aa turan. Akkasaaniitti namni kamuu Afaan Amaaraa dubbachuufi dhagahuu qaba. Isaan garuu, Afaan Oromoo beekuu hinqaban. Keessumattuu xiinsammuu ilmaan Oromoorratti hojjetanii Oromoon afaansaa jibbee kansanii akka fudhatu dirqaa turuusaanii agarsiisa. Akka ilaalcha Nafxanyaa duriitti Afaan Oromoo akka afaan warra qaroomina hinqabneetti, akka afaan duubatti hafaatti, akka afaan hawaasa dinagdee hinqabneetti laalamaa ture. Afaan Oromoo akka Afaan hawaasa qonnaan bulaatti fudhatan. Afaansaaniimmoo akka afaan warra mootummaafi waajjiraalee mootummaatti, akkasumas akka afaan daldaalaatti yookaan akka afaan qaroominaatti bakka kennaniif. Kanas qabatamaan gorsa abbaan Raas Geetawu ilmaaan ittiin gorsanirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 2: Abbaansanii Fituwuraarii Mindaasil kan isaan akeekkachiisan yaadatan. "Ilaa ijoollee qottuu wajjin akka hintaphanne. Amaariffa malee afaan qottuu hindubbatinaa qottuu taatanii haftuu. Amaariffa wal'aaltuu!..." (fuula 23).

Sirna mootummoota darbanii keessatti namoonni uummata Oromoof ilaalcha gaarii hinqabne ilmaan Oromoo afaaniifi eenyummaasaanii akka hinbeekne gochuuf kallattii garaagaraatiin daba hamaa dalagaa turan. Kanamalees, hariiroon hawaasummaa akka addaan fagaatu dhaloonni haaraan biyyattii akka walhinquunnamne, akka wal wal'aalu hariiroo akka waliin hin uummanne gochuun ilmaan sabaafi sablammoota biyyattii akka waliin hinjiraanne gochuun summii facaasaa turan. Daa'imman Oromoo afaan abbaasaanii dhiisanii kan alagaa akka barataniif dirqisiifamaa turaniiru. Kunis asoosamichaan akka armaan gadiitti agarsiifame.

Fkn2: Dur bara Sandaabaan daa'ima ture Siintolinnaan Sandaabaatti Afaan Oromoo akka hindubbanne ishee akeekkachiisanii turan (fuula 66).

4.5.1.1.4. Falaasama Oromoo

Oromoon falaasama mataasaa qaba. Falaasama kana keessaa tokko maqaa ayyaana guyyootii ji'a tokko keessa jiran qabaniidha.

Fkn 1: Booranni ayyaanarratti hundaa'a. Ayyaanni kun kan dhaloota daa'immaniifi kan maqaa baasanillee tokkuma. Sirbi yeroo daa'imni dhalattu sirbamu guyyaa ayyaanaarratti hundaa'a. Ayyaanni Booranaa 27. Guyyootii ji'a tokko keessa jiran hundinuu ayyaana matamataatti qabaatu. Fakkeenyaaf, akkuma amanti kiristaanaa ortodoksii guyyaa Maaramii, Garbeelii, Joorgiziifi kanneen kana fakkaatan jedhamu natti fakkaata. Nutimmoo ayyaana loonii, ayyaana waraabessaa, ayyaana leencaafi kan

kana fakkaatan qabna. Ayyaanni kunneen maqbaasaaf malee, bifa amantii hingaban. Barri haaraan akka Oromootti Amajjiidha. Innis ayyaana tokkoodha. Ayyaana Garbaa jedhama. Egaa akkuma kanaan ayyaana waraabessaa kan dhalate halkan hindeemu. Yoo horiin duraa bade barbaachaaf halkan hindeemu. Waraabessatu loonsaa jalaa nyaata jedhamee amama (fuula 26-27). Akka ilaalchaafi haala jireenya Oromootti yeroo lakkoofsa baraafi guyyaaf xiyyeeffannaan kennamu olaanaadha. Lakkoofsi yeroo Oromoo mallattoo sirna baldheensa waaqaarratti kan bu'uureffame si'a ta'u kunis ji'aafi urjiilee 7-8 tahan dabalatee kan raawwatamuudha. Kunis urjii dhahaa jedhama. Sirna lakkoofsa yeroo kana keessatti ji'a tokko keessatti ji'oota kudha lamatu jira. Guyyaa jalqabaa jedhee kan fudhatamu guyyaa ji'i jalqaba itti mul'atuudha. Guyyaan tokko yookaan sa'atiin 24 kan jalqabamuufi kan xumuramu guyyaattaanu yeroo biiftuun baatuudha. Akka falaasama Oromootti guyyooti tokkoon tokkoo waggaa maqoota mataasaanii qabu. Guyyoota digdamii saglan yookaan guyyooti soddoman ji'a hunda isaaniif maqoota mataasaanii qabu. Haata'u malee, herrega kanaan maqootiin jiran 27 qofaadha. Guyyooti digdamii torban kunniin ji'oota kudhalamaan keessatti walitti siquudhaan tokkoon tokkoo ji'aa keessatti hir'inni mul'atu ji'a guyyaa 27fi ji'a guyyaa soddoma gidduu garaagarummaa mul'atuudha. Ji'a keessa kan jiru tokkoon tokkoon guyyaa maqaa mataasaa waan qabuuf Oromoon aadaasaa duriitiin maqoota guyyoota torbanii tajaajilarra hinoolchine. Tibba ammaa kanarratti maqaan guyyoota torbanii godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti garaagara ta'uunsaa sababii kana hinta'in hinhafu (fuula 31-32).

Dhahi teessuma urjiifi ji'aa laaluun moggaasa guyyoota saniif kenname 'Astironoomii' Oromduriiti. Guyyoonni kunneenis lakkoofsaan 27. Guyyaan sadan hafan hangafa ayyaanichaa 'Hinikkaa'n uwwifamu. Guyyoonni 27 dhahaa hundinuu hiika aadaa kan mataasaanii qabu. Kanas kan beekan namoota dhimma kanarratti kennaafi dandeettii addaa qaban qofa. Yeroon dhahaa kana arganis galgala naannoo sa'a 1-3 yookaan obboroo sa'a 9-11 keessa ta'a. Guyyoonni dhahaa martinuu hiika mataasaaniifi kan walfakkaatan qaban. Guyyoota dhahaa digdamii torban keessaa kan sirni adda addaa keessatti godhamuuf filatamu yookaan hinfilatamne jiru. Akka aadaa uummatichaatti sirna tokko raawwachuuf ayyaana kamirra akka oole adda baafachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, nama dhalateef, heerumaaf, godaansaaf, yaa'a dubbiitiifi kanneen kana fakkaatan. Guyyaan digdamii torbanuu waan tolaniifi hintolleef qabu. Akka amantaa uummataatti guyyaa Waaqni sirna tokko yoo isa keessatti raawwatan waan sana milkeessuufu jira. Garuu, kan tokkoof ta'u kan biraatiifis akka hintaane nihimama (Boonsomoo, 2016:162-164, Dafaa, 1983:121-125). Yaaduma kana gabaabsee aadaa Oromoo Booranaan walqabsiisee barreessaan asoosamichaa akka armaan oliitti gabaabsee kaa'e. Kunis Oromoon akka saba addunyaa kanarra jiraatu tokkootti falaasamoota

mataasaa dhimmoota garaagaraa isa ilaallatan akka qabu fuulcha kennuuf malee falaasamni Oromoo ishee kana qofa jechuuf miti.

Fkn 2: Eeyyee gooftaa! Utuu Atsee Minilik Oromiyaa hingabroomsin nuti Oromooti sirna ofiin ittiin ofbulchinu qabna turre (fuula 32). Mootummooti Ameerikaa Kaabaa fedhiisaaniitiin waliigalanii mootummoota Ameerikaa gamtoomanii (USA) hundeeffatanillee sirna diimokiraasii nurraa baratan jechuu nandanda'a. Mootummooti Oromoo mootummaa konfedereeshinii Oromiyaa turan. Kunis kan ta'uu danda'e lafa biyya bal'aa kanarratti uummata baay'ee kana hoogganaa tokkoon bulchuuf sabquunnamtiin gahaa ta'e waan hinturreef giddugala gadaa isaanitti dhiyaatu jalatti walitti dhufanii seera mootummaa naannoleesaanii ittiin bulchan tumatanii fudhatanii naannoosaaniiti-deebi'u turan (fuula 33).

Akkuma yaada armaan olii keessatti mul'atu bu'uura falaasama diimokiraasii har'a addunyaan ittiin dhaadattu kana jalqaba Sirna Gadaa jedhee bu'uura kan ka'e Oromoo akka ta'e addunyaanuu dhugaa kana hinhaaltu. Kanaafuu, Oromoon falasama kanaan jaarraa aangoon mootummaa humnaan qaama tokkorraa gara isa kaaniitti darbu keessatti sirna ittiin karaa nagaa baallii ittiin waggaa saddeet saddeetiin itti walitti dabarsan uummatee ittiin ofiisaafi waliisaa bulchaa ture.

4.5.1.1.5. Sabboonummaa Oromummaa

Asoosamni Yoomi Laataa ilmaan Oromoo eenyummaasaanii beekanii sabboonummaa akka qabaatan gorsa cimaa kenna. Namni eenyummaasaa hinbeekne mirgasaa gaafachuu hindanda'u. Mirga sabasaa kabajuufi kabachiisuuf nirakkata. Oromoondi eenyummaasaanii wal'aalanii alagaan dhaadatan akkuma jiran, kanimmoo eenyummaasaanii utuma beekanii alagaa jala deemuun qaroomina itti fakkaatus akka jiran asoosamichi adda adda baasee mul'isa. Oromoo eenyummaasaa, afaansaa, aadaasaafi sanyiisaa beekke ofitti boonuun beekamu keessaa tokko Waariyoodha. Waariyoon aadaafi eenyummaa sabasaatti osoo hinsaalfatin ilaalcha dogoggoraa alagaan dhimma sabasaarratti qabu sirreessuuf ija jabinaan nama dubbatuudha. Kanas waliin dubbii Raas Geetawuufi Waariyoorraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 1: *Raas Geetawu: Waariyo ati afaan qottuu kana nibeekta mitii?*

Waariyoo: Ninbeeka yaa gooftaa

Raas Geetawu: Eessatti baratte; biyyikee eessa?

Waariyoo: Ani Oromoo Booranaadha.

Raas Geetawu: Afaan qottuu nibeektaaree?

Waariyoo: Afaan qottuu kan jedhamu hinjiru. Garuu sirna Nafxanyaatu oftuulum maarraa ka'uudhaan akkas jedhee ittii waama malee AfaanOromoodha. Harargeen hojiinsaa qotee bulaa haa ta'u malee, sanyiinsaa Oromoodha.

Raas Geetawu: Lakkii Waariyo kan Oromoo qottuudhaa. Kankee waliin tokko miti.

Waariyoo: Lakkii gooftaa Afaan Oromoo lama sadii hinjiruu. Nuti Oromooti sanyiin keenya tokkuma. Nuti Oromoo jedhamna malee maqaa gara biraa hinqabnu. Maqaa alagaan nuu moggaasu gara biraa hinfudhannu (fuula 25).

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amu alagaan isa tokko maqaa tolchee, isa kaanimmoo maqaa xureessee sabboonummaafi tokkummaa Oromoo balleessuu barbaada. Oromoon faayidaa xiqqoodhaan gowwoomfamee garee alagaa ta'ee tokkummaafi sabboonummaa Oromoo laaffisus hindhabamu. Waariyoorrattis shira kanatu dalagamuuf yaalame. Akkanni sabasaatti saalfatu taassisuuf akeekame. Raas, Waariyoo akka waaninni qaromeetti dhiyeesse. Sabasaammoo gadi xiqqeessee laale. Haata'u malee, shirri kun Waariyoo biratti fudhatama hinarganne. Namichi ilaalcha dogoggoraa qabu sirreeffachuu akka qabu ija jabinaan itti dubbate. Maqaa alagaan ittiin isaafi sabasaa waamu daba akka qabu sodaa malee dubbate. Ilaalcha tuffii alagaa biraa dhufe fudhatee ofittis sabasaattis utuu hinqaana'in eenyummaasaa ifatti dubbate. Sabboonummaasaa caalaatti yaada kanaa gadiitiin dabalee agarsiisa.

Fkn 2: Ani egaa yaa gooftaa Oromoo ergan ta'ee aadaa sabakoo beekuun qaba. Dhiibbaa garaagaraatiin yeroo ammaa itti hinfayyadamnu yoo taanellee aadaa kana keessatti sababan dhaladhee guddadheef hinirraanfadhun (fuula 36).

Waraabbii kanarraa Waariyoon hagam sabasaatiin akka boonu hubachuun nama hindhibu. Darbanii darbanii ilmaan Oromoo tokko tokko afaan, aadaa, duudhaa walumaagalatti eenyummaasaaniitti qaana'anii of dhoksuun alagaa fakkaatanii jiraachuuf garbummaa sammuu jala oolani kan bulan garuu hindhabaman. Oromoonni akkasiis ilaalcha Waariyoon ofiisaafi sabasaaf qabu kanarraa barachuun nidanda'ama. Sandaabaanis maqaa abbaansaa isaaf baasetti boonee akka armaan gadiitti ibsa.

Fkn 3: Maqaan abbaankoo naaf moggaase gaariidha. Mallattoo eenyummaakoo dhiisee kan ormaan waamamuu hinfedhu. Oromoorraa dhalachuunkoo na boonsa malee nanqaanessu (fuula 66-67).

Namoonni tokko tokkos dhiibbaa alagaatiinis haata'u fakkaatanii jiraachuuf maqaa ganamaa maatiinshee /saa baasaniif dhiisanii maqaa alagaatiin kan waamamaniifi sanaan

waamamuus akka qaroominaatti fudhatan jiru. Sandaabaan maqaa ganamaa abbaansaa baaseefiidha. Warri guddifate Raasfaa garuu maqaa kiristinnaa Hayila Joorgis jedhu baasaniif. Waariyoon garuu Sandaabaan maqaa abbaansaa baaseefiin malee kan alagaatiin mana barumsaa keessatti akka hin waamamne barsiisaa guddise. Innis erga eenyummaasaa baree maqaasaa kana akka kabajaatti laale malee of hintuffanne. Yaada kanarraa ilmaan Oromoo waa'ee eenyummaa-saaniwaan hedduu barachuu danda'u jechuudha. Ormoon eenyummaasaa ilmaansaa gadi fageenyaan sabboonummaa akka barsiisuu qabu, akkasumas eenyummaasaa beekaa akka guddatu gochuu qaba yaada jedhu dabarsa waraabbiin armaan olii.

Gama biraatiin, Fiqir mana alagaatti waan guddatteef eenyummaashee hinbeektu. Yeroo mara akka waan kan Raas Geetawu taateetti dhaadatti. Isaanitti of waamti. Isaaniin boonti. Namoonni akkasii eenyummaasaanii yoo wal'aalan hinkomataman. Sababnisaa mana alagaatti waan guddataniif hinbarsiisaman taanaan of wal'aalanii hafuu danda'u. Namoonni eenyummaasaanii hinbeeknes rakkoo hawaasasaanii beekaniif furuu hinyaalan. Kanaaf, Siintolinnaafi Waariyoon Fiqir of wal'aaltee akka itti fuftu waan hinbarbaanneef, akkasumas ofhinbeektu taanaanis mirga sabashee gaafachuu waan hindandeenyeef eenyummaashee barsiisuu fedhan.

Fkn 4: Ati eenyummaakee, hidda sanyiikee, beekuu qabda. Ati eenyummaakee yoo beekte siif wayya. Sabi atirraa dhalatte eenyu akka ta'e yoo beekte malee rakkoon sabakeerra gahu sitti hindhagahamu. Haalliifi miirri kun sikeessa yoo jiraate qofaadha kan rakkoo keessaa isaan baasuu f qabsoo godhamu keessatti qooda fudhattee dirqama lammummaakee kan raawwattu. Kana yoo ta'e malee nama eenyummaasaa osoo hin beekin jiraatu taata. Ati eenyummaakee (Oromummaakee) utuu hinbeekin gara biraadhaan daadachaa jirta (fuula 79).

Yaada kanarraa kan hubannu ilmaan Oromoo sababa adda addaatiin eenyummaasaanii wal'aalanii harka alagaa jala jiraataniif isaaniin boonan haala dhiyeenyaa gaariin itti dhiyaannee eenyummaasaanii akka beekaniif gorsuu qabna. Namni eenyummaasaa hinbeekne mirga sabasaa gaafachuu hindanda'u. Akka bishaan gabateerraa achi oofamee as oofama. Namni eenyummaasaa isa dhugaa hinbeeknes biliisummaa isa dhugaa qabaachuu hindanda'u. Kanaaf, wanti Waariyoofi Siintolinnaan Fiqir akka eenyummaasee beektuuf raawwatan uummanni Oromoos gochuu akka qabu kalleettii kennuudha yaadni waraabbii armaan oliis. Ta'ullee, namoonni eenyummaasaanii utuu beekaniif bu'aa dhuunfaasaanii argachuuf jecha sabasaanii rakkoof saaxilanis hindhabaman. Kanneen keessaa Bareechaan isa tokko.

Fkn 5:Maqaan Alkitil maqaa Oromoo ta'uusaa erga baree booddee Bareechaan Afaan Oromootiin isa haasofsiise. Bareechaan Dargii biratti amanamummaa argadhee jireenyakoo fooyyeffadhee naa darbaa

laata? jechuudhaan Dargiitti maxxane. Kanaafiidha Alkitilirratti qorannoo cimaa ka raawwateef. Bareechaa malee, kaadirootiifi miseensoti Dargii Goobanoota ta'anii bu'aa dhuunfaasaanii argachuuf, jireenya dhuunfaasaanii mijeeffachuuf jecha yeroo nafxanyooti kaayyoosaanii fiixaan baasuuf Oromoota cunqursan isaanis wajjin cunqursu. Ittiin buluuf jecha hanga yoomiitti uummataasaanii miidhuu? jedhamanii komatamu (fuula 199).

Namoonni tokko tokko alagaa biratti fudhatama argatanii yeroodhaaf waan ittiin jiraatan argachuuf jecha Oromoo akkasaanii cunqursaniifi dararan lakkoofsa hinqaban. Yaadni kunis namoonni akkasii yeroo rakkootti sabasaanii bira dhaabachuu malee gama diinaa dhaabatanii sabasaaniif bakka dhaban of sirreessuu akka qaban akeekkachiisuu fakkaata. Namoonni alagaa biratti eenyummaasaanii dhoksanii rakkoo hawaasasaanii furuurratti fuuleffatan kanneen akka Shaambal Kadduummoo hawaasa keessaa muraansis hindhabaman.

Fkn 6: Shaambal Kadduun Wallooyyee ta'uusaa malee, Oromoo ta'uusaa eenyullee hinbeeku. Innis mana hidhaatti bilbilee ajajaa waardiyoota mana hidhaa Harar Baashaa Zallaqaatti hime. "Firooti hidhamtuu Siintolinnaa jedhamtuu yeroo ishee dubbisuu dhufan walquunnamsiisi. Hindhorkinaa" jedhee ajajee gara Eliyaasitti gara galee, "Eliyaas! Kan biraa gochuu yoo baannellee...." jedhee rarraasee dhiise.

Shaambal Kadduun kana qofas godhee hindhiisne. Namoota mana hidhaa keessatti dararama hamaa Siintolinnaarraan gahaa jiranirratti Firoomsii waliin mari'achuun dhoksaatti tarkaanfii fudhatanii Siintolinnaammoo gara manasheetti akka galto taassisaniiru.

Fkn 7: Yeroo kana Siintolinnaan harkashee lamaan kaatenaadhaan hidhamaniin fuulashee dhoksatte. Akka waan rasaasa isheerraa dhorkuu dunuunfattee du'ashee eeggatte. Ajajaan kudhanii Firoomsiin shugguxii luqqifate sanaan loltoota lamaan Andaargeefi Indaayilaalluu mataa mataasaanii bubburuksee lafarratti isaan diriirse. Yeroo kana argu konkolaachisaan loltuu Luuleen gara laandiroveriitti fiige. Garuu, ajajaan kudhanii Firoomsiin isas duukaa fiigee duddasaa rasaasaan dhahee lafatti diriirse. Siintolinnaan naasuudhaan lafatti kufte. Haala ta'aa jiru kana amanuu hindandeenye. Lafa kuftee jirtutti ijashee haxaa'atte. "Kanan argaa jiru dhugaadhaa?" jetti turte. Aja-jaan kudhanii Firoomsiin loltooti sadan erga du'uusaanii mirkaneeffatee booda kaateenaa harkaafi wadaroo sibiilaa miilli Siintolinnaa ittiin hidhamte irraa hiike. Reeffa loltoota sadanii lafarra harkisee konkolaataa keessa galche. Konkolaatattiimmoo dhiibee hallayyaa keessatti gadhiise. Laandirooverittiin hallayyaa qilee keessatti walitti da-chaate. Ajajaan kudhanii Firoomsiifi Siintolinnaan karaa guddaa Harar geessutti bahanii konkolaataa fe'umsaa tokko dhaabsisee magaalaa Harar halkan keessaa sa'a-tii afurirratti galan. Dukkana keessa lo'aa manasheetti galche. Firootishee akka icciitii kana

hinbaasne Waariyoo akeekkachiise. Sana booda wanti qindeessan hunduu rawwii akka argate bilbilaan Shaambal Kadduutti hime (fuula 243).

Waraabbiin kunis kan agarsiisu ilmaan Oromoo carraa argatanitti dhimma bahanii alagaa gidduu utuma jirani waan sabasaaniif gochuu danda'an gochuurratti fuuleffatan akka jiran ibsa. Ilmaan Oromoo utuu diinasaanii gidduu jirani quuqamni sabasaanii itti dhagamuufi sabasaanii gargaaruuf halkaniif guyyaa aarsaa barbaachisu kaffalan hedduun akka jiran barruun kun nutti hima.

4.5.1.2.Dhimma Dinagdee

4.5.1.2.1. Saamicha Lafa Oromoorratti Raawwatame

Dhimma dinagdee Oromoo dhimma lafasaattii adda baasanii laaluun hindanda'amu. Sababnisaa dinagdee Oromoo lafasaatiin alatti yaaduun waan hindanda'amneef. Oromoodhaaf bu'uurri dinagdeesaa lafasaati. Jiruufi jireenyi uummata Oromoo lafaan walqabata. Lafa qabaachuufi dhabuutu jireenyasaa yookaan dinagdeesaa murteessa. Qotee jiraachuufis ta'e horsiisee buluuf lafatu isa barbaachisa. Lafti hinjiru taanaan hojiileen kunneen milkaa'uuf carraa hinqaban. Hojiin dinagdee fooyyessu kamillee lafarratti hojjetama. Alagaanis kana dursee waan hubateef yeroo adda addaatti lafa Oromoo weeraruu kan xiyyeeffatu. Dhimma lafasaa kanaaf ilmaan Oromoo hedduun dararama hamaaf saaxilamaa turan. Nafxanyoonni lafa Oromootti maqaa garaagaraa moggaasanii waliif hira turan. Oromoota kanaan miidhama hamaa keessa turan keessaa aadde Taliileen (haati Jaarraa) ishee tokko.

Fkn 1: Lafti Oromoo lola Calanqoo booda maqaa afuriin moggaafamee nafxanyootaaf qoodame. Yemedaariyaa mareet lafti jedhamu nafxanyoota hoogganaa waraanaa ta'aniif, akkasumas nafxanyoota biyya Minilik gabroomfate tasgabbeessuuf tajaajila guddaa raawwataniif akka miindaatti kennamuudha. Yesamoon mareet kan jedhamu lafa waldaa Kiristaanaa ortodoksiif kennameedha. Lafti yemangisti mareet jedhamu lafa harka zawudii (maatii mootichaa) jala jiru yoo ta'u, yesiisoo mareet kan jedhamummoo lammii Oromoo ta'anii bu'aa dhuunfaaf jedhanii qawwee hidhatanii Minilik dura bu'anii karaa agarsiisuudhaan lammiisaanii waraananiif, hidhaniifi hiissisan, akkasumas ajjeesaniif ajjeessisan walumaagalatti Oromiyaa gabroomsuudhaan qooda olaanaa raawwataniif lafa kennamuudha (fuula 10).

Lola Calanqoo dura lafti Oromoo qalaadiidhaan hiramee gibirri itti kaffalamaa hinturre. Oromoon horiisaa bakka barbaade tikfachaa, bakka barbaademmo qotee itti fayyadamaa ture. Tokkummaansaas cimaa ture. Laftisaas isa waan gahuuf lafasaarratti walloluun

hinturre. Erga alagaan dhufee lafasaa bakka garaagaraatti cicciiree booda garuu, lafumasaarratti gatii baasaa cunqursaan itti jabaatee miidhamaa jiraachuu jalqabe. Kunis yaada armaan gadiitiin asoosamicha keessatti mul'ata.

Fkn 2: Lafti jaarraafi kan ollaashee loowwan isaanii wajjin irra jiraachaa turan Giraazmaachi Abarraa kan jedhamuuf kenname. Harargee keessatti qalaadiin haala kanaan kan bu'e yookaan lafti qalaadiidhaan hiramee kan kennameefi gibirri kan jalqabame lola calanqoo booda ture. Isa dura garuu Oromoon loowwansaa kaloo barbaaderra dheechifachaa bakka barbaade qotee jiraachaa ture. Lafti gami kun, lafti gama sanaa, tulluufi tullubbeen sun kan abaluuti utuu waliin hinjedhin utuu waa'ee lafaafi kaloorratti walqoodanii walhinlolin lafasaanii gamtaadhaan itti fayyadamaa ofiin of bulchaa jiraachaa kan turan Girna Gadaatiin ture (fuula 11).

Dhimmalafaa kanaaf aadde Taliileen umuriishee guutuu cunqurfamaa turte. Utuu aara galfii hinargin dulloomte. Gaddashee kanas yaada armaan gadiirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 3: Nuti cubbuu malii hojjennee harka alagaarratti kufnee? Nuti abaarsa akkamii qabnaa?" jetti aadde Taliileen yeroo aartu. Jireenya durii gara boodaatti deebitee yaaduudhaan. Ilmishee Jaarraan lafasaanii Giraazmaachiif kenname kanarratti guddate. Haatisaa Taliileenis utuu isheef hindarbin waggaa dheeraa jiraattee dulloomtee duute. Jaarraanis garbummaa Giraazmaachi kana jala utuu jiruu niitii sadii fuudhee dhala utuu hinargatin turee niitii afraffaa fuudherra waggaa 45ffaa isaatti ilma tokko godhate (fuula 11).

Akkuma yaadi armaan olii mul'isu aadde Taliileef dhimmi lafaa dhimma jireenyashee murteesseedha. Namaa darbuufi dhiisuun dinagdeerratti hundaa'a. Umuriishee guutuu rakkinaan akka dabarsituuf wanti qabata ta'e laftishee saamamee waan irratti hojjettee jireenyashee fooyyessitu dhabuudha. Utumasheen irra jirtuu alagaan lafashee irraa fudhatee waliisaatiif hire. Jaarraanis lafa haadhaafi abbaasaarratti akka ormaatti guddate. Sababa kanaaf haatisaa gadda cimaa qabdi. Qabeenyasheetti guyyaa tokkoofillee osoo aara hingalfatin darbite. Waan-joon garbummaasheen baachaa turte darbee ilmasheerras kaa'ame. Innis ba'aa garbummaa haadhasaarra ture itti fufee baachuu itti fufe. Cunqursaan kunis Jaarraa qofarratti kan dhaabate osoo hintaane ilmasaa Yaadannoottis nidarbe. Yaadannoo jalaa kan fudhatame lafasaa qofa miti. Qanyaazmaachi Gizaachoon haadhamanaasaallee itti dabalate. Bakka Yaadannoon hinjirretti saalquunnamtiif Siintolinnaa bira dhaqa. Gaddasaa kana Yaadannoon yaada armaan gadiitiin ibsa.

Fkn 4:Lafa abbaa, akaakayyuufi akaakilii kiyyaa dhaaluunsanii itti xiqqaannaan haadha warraa kiyya utuu ijikoo laaluu na dhaalaa! Kanaa mannaa du'a naaf wayya (fuula 14).

Yaadni kun Oromoon si'a tokkollee cunqursaa alagaan isarratti raawwatamu tole jedhee akka hinfudhanne agarsiisa. karaa isaaniiif danda'ame hundumaan falmachaa turan. Dhimmuma kana kan fakkaatu Sandaabaan Nafxanyaa tokkotti dubbii kanaa gadii dubbata.

Fkn 5:Biyyi qabattanii gooftaa abbaa lafaa itti taatan kun kan Oromoodha. Isintu itti dhufe malee inni isinitti hindhufne (fuula 103).

Walumaagalatti, jiruufi jireenyi uummata Oromoo lafaan kan walqabatu waan ta'eef qorqalbiinsaaniis kanaan walhidhataadha. Alagaan is faayidaa lafti dinagdee keessatti qabu waan hubateef xiyyeeffatee saamicha lafa Oromoorratti raawwata. Ilmaan Oromoos waggoota heedduudhaaf lafasaaf jecha aarsaa hagana hinjedhamne kaffalaa as gahe. Hanga har'aattis aarsaa Oromoon dhimma lafasaaf baasaa jiru daangamaleessa.

4.5.1.2.2. Faayidaa Dinagdee

Kabajamuu yookaan tuffatamuu, cunqursuu yookaan cunqurfamuu, guddachuu yookaan xiqqaachuu garee hawaasa tokkoo kan murteessu dinagdeesaati. Gareen hawaasaa Raas Geetawufaa garee dinagdee ofharkaa qabu waan ta'eef sadarkaan hawaasdinagdeesaanii olaanaa waan ta'eef hawaasicha keessaa addatti ba'anii dinagdeen mul'atu.

Fkn 1: Manni Raas Geetawu naannoo Yuunivarsitii Qadimaawwii Haayile Sillaasee Siddisti Kiiloodha. Kellaansaa baay'ee guddaadha. Margi kella keessaa afata biyya Faarii fakkaata. Gaattiraansaaniis akka dabbasaa mataa yeroo yerootti hojjetoota kanaaf ramadamaniin mummuramee walqixxaata. Habaaboon halluu garaagaraa qaban akka lubbuu namaatti kunuunfamuu. Walumaagalatti, kellaan keessi jannata fakkaata. Manneetiin viillaa xixiqqaan sadii tokkoon tokkoonsaanii kan kutaa ciisichaa tokko, goorduuba tokko, mana fincaanii tokko, akkasumas mana dhiqannaa tokko qaban kallattii garaagaraa sadiin walirraa faffagaatanii jiru. Manneetiin sadeen kunis keessummaaf akka tajaajilaniif kan ijaaramaniidha. Manneetiin hojjetooti keessa jiraatanillee, ammayyaawaadha. Kan hojjetootaa haahafuu manni sareellee qulqullinnisaa kan biraadha (fuula 37).

Waraabbii kana keessatti sadarkaan hawaasdinagdee maatii kanaa hagam olaanaa akka ta'e qabxiilee garaagaraatiin agarsiifaman. Bakka dinagdeen hinjirretti biqiltuun hafee lubbuu namaayyuu kunuunsuun hindanda'amu. Mannisaanii jannata fakkaata jechuun waan hundumaan guutuudha jechuudha. Akka tilmaamamutti jannata jechuun bakka waan hundumaan guutuu, bakka hir'inni tokko itti hinmul'anne, bakka rakkinni tokko

hinjirre, bakka namni kamuu bashannanee jiraatuufi kanneen kana fakkaatan jechuudha. Mana Raas kanas jannataan walqabsiisanii ibsuun jireenyi manasaanii hanga barbaadamuu olitti mijataa ta'uusaa agarsiisuufi. Caalaattimmoo eegumsi qulqullina mana sareesaanii sadarkaan dinagdeesaanii hagam akka ta'e ifoomsa. Dinagdeesaanii isaanirra darbee habaaboofi sareesaaniillee hamma barbaadamuu olitti tajaajila olaanaa kennaa jira jechuudha. Kana qofas miti. Ijoolleesaanii mana barumsaa kaffaltii olaanaa qabutti barsiifachuufillee dinagdeesaanii isaaniif ayyameera. Haayile Joorgis barataa carraa akkasii argate keessaa tokko.

Fkn 2: Haayila Joorgis mana barumsaa Ingilizii Saandifoordi jedhamu gale. Haayile Joorgis Geetawuu jedhama. Ilma mootii, ilma gooftaa jedhamee konkolaataa reenjirooveriidhaan mana barumsaa dhaqee gala. Ijoolleen mana barumsaa Saandifoordi keessatti baratan ijoollee qondaaltota olaanaa, dureessotaafi faranjootadha (fuula 48).

Yaada armaan olii keessatti manni barumsaa Hayileen itti baratu, barataa ta'ee konkolaataan mana barumsaa dhaqee galuufi ijoolleenni wajjin baratu salphaadhumatti sadarkaa dinagdee maatii kanaa agarsiisa. Namni dinagdee hinqabne ulaagaa kana hunda guutuu hindanda'u. Akkuma biyyaattuu maatii meeqatu ulaagaa akkasii guuta yoo jedhame deebiinsaa salphaadha. Gareen kun dinagdee qabanirraa kan ka'e ijoolleesaanii biyya alaatti barsiifachuufillee humna qabu. Haayile Joorgiziinillee carraadhuma kanatu eeggata ture. Biyya Ingilizii deemee akka baratuuf karoorri qophaa'eeraaf.

Fkn 3: Hayileen hanga kutaa jaha xumurutti malee barumsaa ijoollee moototaa wajjin biyya Ingilizii dhaqa. Amma kutaa sadiitu isa hafa. Hayileen barumsasaatti jabaadha. Hanga ammaatti tokkoffaa baha. Barsisotasaa Hindootaafi Ingilizoota biratti jaal'atamaadha (fuula 49).

Qabxii biraan yaada kana keessaa hubatamu ijoolleen maatii dinagdee olaanaa qabu keessatti guddatan miidhaa qorqalbii hiyyummaan namatti fidurraa bilisa waan ta'aniif hedduunsaanii barumsasaaniitti ciccimoo ta'u. Fiqiris mana Raas Geetawutti waan guddatteef carraa kana argatteetti. Qorqalbiin daa'imman maatii hiyyeessaa keessatti guddataniifi kan maatii dinagdee qabu keessatti guddatanii garaagarummaa cimaa qaba. Kunis hariiroo hawaasummaa keessatti gama eyyentaanis haa ta'u hi'entaan dhiibbaa niiqabaata. Kanas yaada kanaa gadiirraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 4: Fiqir tattaphattuudha. Bashannanuu jaallatti. Ija jabeettii, walabummaan kanitti dhagamu, tooftaa tokko uumtee walitti qindeessuuf sammuu cimaa qabdi. Barumsattis cimtuudha. Daree keessatti tokkoffaa ba'uudhan daree ittaanutti dabarti. Kan barattus ijoollee ministeerotaa,

ambaasaaddarootaa, dippiloomaatotaa, baalabbaatotaa, moototaa, jeneraalota waraanaafi ijoollee dureessotaadha (fuula52).

Ijoolleen maatii dinagdee qaban keessatti guddatan bilchina xiinsammuu cimaa qabaachuu akka danda'an haala Fiqir irraa barachuun nidanda'ama. Dinagdee yookaan qabeenya barbaaduun ilaalcha itti amannee fudhannee jirru tokkollee haala salphaan akka jijjiirruuf dhiibbaa godha. Mee yaada kanaa gadii fudhannee haalaallu.

Fkn 5: Yoon ishee ajjeese maalan argadhaa? Warraaqsi ofiifuu nitarkaanfata. Intala bareedduu kana qabeenyashee waliin yoon dhaale warraaqsi hingalagalu. Ibiddi warraaqsa boba'uu jalqabe kanaaf jedhee hindhaamu. Namni narratti baru hinjiru. Loltooti ana waliin jiranis icciitii kana yoo baasan farreen warraaqsaati jedheen isaan rukuchiisa (fuula 97).

Akka yaada kanarraa agarrutti qoondaalli kun maqaa warraaqsaatiin haasocho'u malee, kaninni barbaadaa jiru sanaan qabatee dinagdee dhuunfaasaa guddisuudha. Akeekasaa kana fiixaan baafachuuf maqaa siyaasaa qabsaa'aafiin jira jedhutti dhimma bahee namoota kaayyoosaa dura dhaabatan maqaasaanii xureessee du'aaf isaan saaxiluuf murtoorra gaheera. Sirnoota darban keessatti dinagdee dhuunfaasaanii guddisuuf dhiiga ilmaan Oromoo haala kanaan dhangalaasaa kan turan lakkoofsaan hedduu akka ta'an yaada barruu kanaarraa tilmaamuun namatti hinulfaatu. Sirni Dargii akka sirnaatti sirna saba bal'aaf dhaabate jedhee of waamaa ture. Namni tokkos qabeenya humnaa olii horachuu akka hinqabne akeekkachiisaa ture. Haata'u malee, namoonni aangoo siyaasaa argatanitti hirkatanii qabeenya uummataa saamaa turan. Namfakkiin yaada armaan olii dhiyeessu kunis sirna Dargii keessatti bakka bu'ooa namoota akkasii ture. Dabalatuma yaada kanaatiin wanni qondaalli Dargii tokko filannoo Fiqir isaaf dhiyeessiterratti hundaa'ee murteesse haafudhan-nu. Diinashee ajjeesuuf qophaa'e tooftaa ittiin qolattu malatte.

Fkn 6: "Maalif na ajjeestaa? Kanati barbaaddu hunda sirka galchuu nandanda'a. Birriis barbaannaan miliyoonaan lakkaa'ee maqaa keetiin yookaan maqaa firakeetiin baankii siigalchuu nandanda'a. Yoo na ajjeeste kana hunda dhabda. Filadhu! Warraaqsaakeemoo qabeenyakoo siif wayyaa?" ittiin jette. Shaambal Sabsibeen yeroo kana dhagahu garaansaa bishaan ta'e. Habaaboo tsigereedaa osoo hincabsin fuunfachuuf tamboo xuuxu osoo hinfixin 'Ashtiree' irratti dhaamsee hidhiisaa tamboon gurraachessee hudduu eele fakkaatu harkaan haaxa'atee ilkaansaa kan jimaa, dhugaatiifi tamboon tortorse hidhiirraa saaqee ishee dhungachuuf kursiirraa ka'ee itti siqe (fuula 125).

Shaambal nama yakka hinqabne warraaqsaatiin ajjeesa. Kanuma keessaayyuu qabeenya argannaan warraaqsasaa nigurgurata. Warraaqsasaa duubaa dinagdee barbaada jechuudha. Jaalala dinagdee malee jaalala warraaqsa akka hinqabne yaadasarraa hubachuun salphaadha. Fiqir dursitee waan garaan qondaala Dargii kun itti hidhamee jiru hubatte. Warraaqsa maqaa dhahatuufi qabeenya keessaa dursa qabeenyaaf akkanni kennu adda baaste. Kanaaf, qabeenyaan qabdee diinashee injifachuu karoorsite. Namni waan dinagdeesaa jijjiiru argannaan qabatasanaatiin miidhama isarrallee gahu yeroo hedduu duubatti deebi'ee hinyaadu. Namichi kun akkuma waa'ee qarshii dhagaheen miirrisaa jijjiirame. Tarii sababa kanaatiin balaa maaliitu narra gaha jedhee hinyaadne. Kalattiidhaan tarsiiimoo ittiin qarshii kana harkatti galfatu qopheessuutti seene. Waraabbii kana keessatti gaaleen *'habaaboo tsigereedaa osoo hincabsin fuunfachuuuf'* jedhus maqaa warraaqsaatiin da'atee qabeenya itti hindadhabin harkatti galfatee dinagdeesaa sadarkaa olaanaatti ceessisuuf dheebuu hamaadhaan qabamuusaa agarsiisa. Haata'u malee, waan karoorfate utuu harkatti hingalfatin lubbuudhaanuu darbe. Kanarraa kan hubannus namni waa'ee qabeenyaa dhageenyaan waa'ee lubbuusaallee kanirraanfatu ta'uudha. Kanarraas kan hubannu Sammuun ilmoo namaa dinagdeef bakka guddaa qabaachuusaati. Mee yaada Siintolinnaan Difaabbachoof dhiyeessitu kana haalaallu.

Fkn 7: Dhiifama jaallee Difaabbaachoo maalloo sanyii keenyatu hojja dhedheeroo waan taaneef malee, intallikoo kanaaf hingeenye. Bakkashee birriin sii kenna. Birrii 10,000 jette. Yeroo Siintolinnaan kana jettu Difaabbaachoon waa'ee birrii dhageenyaan yaadasaa jijjiiruu barbaade. Birriin jireenyasaatiif faayidaa guddaa akka qabu yaade. Dhimma kanarratti xiqqoo erga itti yaadee booda yaada tokko fudhatee murtiirra gahe. Birricha harkaan gahadhee intalattiimmoo booda fudhachuu nandanda'a jedhee yaadasaa keessatti erga murteesse booda sagaleesaa ciccirachaa, "Akkati jettes utuu hinta'in birrii 50,000 fidda. Isas har'a sa'atii 12tti harkakoo galchuu qabda," jedhe. Siintolinnaan "Tole gooftakoo" jettee lafa dhungatte. Innis deebisee akkas jechuu hinqabdu. Nuti warraaqtoti akka sirna fiwudaalii gooftaa hin jedhamnu. Jaallee utuu naan jetteellee sirriidha" jedhe (fuula 253-254).

Namichi kun qarshii waa'eesaa dhagahe kana dhabuu hinbarbaanne. Kanaaf, shira ittiin dursa qarshicha harkatti galfatu qopheeffate. Duraan kaninni barbaadaa ture intala Siintolinnaa ture. Amma waa'ee qarshii dhageenyaan qalbiinsaa butamee filannoosaa jalqabaa gara lammaffaatti dabarse. Fedhiisaa kana lamaan guuttachuufis maqaa warraaqsaatti rarra'ee deema. Kanaaf, dinagdee ofii fooyyessuun sammuu ilma namaa keessatti dursa qabata jechuudha. Namoonni tokko tokko illanyaa siyaasaa ta'e tokko duuba dhokataniin dinagdee dhuunfaasaanii ijaaruu barbaadu. Qabeenya uummataa

saamu. Dinagdee qabaniinis badii hedduu dalagu. Akeekasaanii fiixaan baasuufis akkasuma. Kunis yaada armaan gadiitiin agarsiifame.

Fkn 8: Amma egaa qaawwa argateen horii kuufachuuf karoora qaba. “Tarkaanfataa (kan guddina biyyaafi uummataaf yaadu, qabsaa’aa dhugaa), fakkaachuuf maqaa uummata bal’aa alkudhan waama. Akka waan uummata baldhaa Itiyoophiyaaf yaaduutti ofagarsiisa. Uummata baldhaa Itiyoophiyaaf kan yaadu fakkaatee dhiiga qulqulloota baay’ee dhangalaaseera. Qabeenya namoota baay’ee saamee jira .Haadha manaa namoota baay’eerratti gocha qaanessaa raawwateera (fuula 99).

Illanyaa siyaasaa tokko duuba bu’aa dinagdeetu jira. Bu’aan sun garuu kara haqa qabeessaan yookaan saamichaan argamuu mala. Qondaaltonni Dargiillee kanuma raawwachaa turan. Waan dafqaan bulootaaf falman fakkaatanii qabeenya uummata biyyattii saamanii bu’aa dhuunfaasaaniif oolfachaa turan. Akeekasaanii galmaan gahachuufis maqaa sirnaa yookaan qabsootiin deemaa turan.

Fkn 9: Ammas intala bareedduu qabeenyashee wajjin dhaaluuf haalli akka isaaf mijaa’e arge. Hiriyootisaa utuu isa hinargin qofumasaa birrii kuma baay’eetti lakkaa’amu dhuunfachuuf halkan keessaa sa’atii afuritti konkolaataa peejoo moodela 404 kan namarraa dhaale ooffachaa mana Fiqirfaa dhaqe (fuula 99).

Namicha kana halkan dukkanaa adeemsisaa kan jiru qabeenya barbaaduudha. Qofumasaa namoota biroottii adda bahee badhaadhina gonfachuuf kufee ka’aa jira jechuudha. Kana duras fiwudaalonni human dafqaan bulootaatiin qabeenya horatanii ofijaaraa akka turan yaada armaan gadiirraa hubachuun nidanda’ama.

Sirnoota siyaasaa darban keessatti sirni inni tokko kufee sirni kan biraan yammuu dhufu sirna isa duraan ture sana balaaleffatee ofiisaa gaarii of fakkeessee hawaasatti dhiyaachuun fudhatama argachuuf carraaqa. Qondaaltonni Dargiis maqaa uummata bal’aatiin da’atanii sirnoota duraa balaaleffachuun saamicha duraan uummatarratti raawwatamaa ture balaaleffachaa ofiisaaniitiimmoo sanarra kan caalu saamicha suukanneessaa uummata bal’aarratti geggeessaa turan. Humnaafi aangoo qabanitti gargaaramanii qabeenya namootaa humnaan kansaanii godhachaa turan. Yaadni armaan gadiis kanuma ifoomsa.

Fkn 10: Qabeenya uummata Itiyoophiyaa saamuudhaan mana ijaarame waan ta’eef tajaajila uummataaf ooleera. Amma dafii ba’iitii bakka deemtutti deemi ittiin jedhe (fuula 144).

Dinagdee qabaachuun yookaan dhabuun jaalala ijoolleen maatiisaaniif qaban nidabala yookaan nixiqqeessa. Kanas jireenya Sandaabaa yookaan Haayile Joorgizirraa hubachuun nidanda'ama. Inni maatii warra qabeenya guddaa qabanii keessatti waan guddateef isaan waliin malee haadhasaa wajjin hariiroonni qabu laafaadha. Isaanis haatiifi abbaankee nuyi waan jedhaniiniif Siintolinnafaa hagas mara hinho'isu.

Fkn 11: Haayila Joorgis haadhasaarra Raasiifi Liidiyaatti siqa. Sababnisaas haatiifi abbaankee nuyi malee Siintolinnaa miti waan ittiin jedhaniifiidha (fuula 48).

Gareen dinagdee qabu isa dinagdee hinqabne kallattii barbaadetti hoogganuuf humna guutuu qaba. Eenyummaasaallee wal'aalchisuuf human guddaa qaba. Nafxanyootis qabeenya qabanitti fayyadamani Oromoodhuma Oromoodhaan rukutaa turan. Aangoofi qarshiidhaan gowwoomsanii uummatasaanii akka miidhaniif shira hamaa xaxaa turan.

Fkn 12: Sirnoota nafxanyaa lamaan (Minilikiifi Haayila Sillaasee) Oromoota aangoofi horiidhaan gowwoomsanii kaayyoosaanii galmaan gahataniiru. Sirna nafxanyaa kan ta'e Dargiinis tooftaa jijjiirrachuudhaan maqaa sooshaaliizimiitiin sirnuma darbe sana itti fufeera (fuula 153).

Namni dinagdee qabu filannoo caalus qaba. Waariyoon dhiibbaa siyaasni biyyattii yeroo sanaa maatiisaarraan gahaa ture waan jibbeef bakka jireenyasaa magaalaa Hararirraa gara Finfinneetti jijjiirrachuu barbaade. Kunis yeroo ittihin fudhanne.

Fkn 13: Haaluma kanaan Waariyoon magaalaa Finfinnee keessaa manaa jireenyaa viillaa ammayyaa kellaa guddaa qabu birrii 100,000n argatee bitate. Qabeenyasaanii magaalaa Harar keessa jiru hunda gurguranii magaalaa Finfinneetti galan (fuula 252).

Raas Geetawullee fedha dhuunfaasaa Siintolinnarratti raawwachaa kan ture aangoofi qabeenya qabu dawoo godhateeti. Isheenis aangoofi dinagdee waan hinqabneef dhiibbaa tokkollee gochuu akka hindandeenye hubatte. Qabata kanaatiin hojii salphinaa akka ulfinaatti fudhattee yeroonni fedhetti isa keessummeessaa oolti.

Fkn 14: Siintolinnaan baay'ee naate. Gooftaan kana yaadu jettee hineegne. Yoo giiftiinshee dhufan salphina taha jettee yaaddofte malee gooftaan biyya bitan dhimma kanaaf ishee hawwuusaanii akka kabajaatti laalte. Siintolinnaan jaallattes jibbites Raas ishee barbaadani jiru. Kanisaan jedhan tole jechuun dirqamasheeti (fuula 40).

Akkuma waraabii armaan oliirraa hubatamu nami dinagdeefi aango qabu nibarbaadama. Yaadni 'Gooftaan kana yaadu jettee hineegne' jedhu oftuffachaa jiraachuu Siintolinnaa agarsiisa. Sadarkaa dinagdeeshee ilaaltee waan kanaaf isaan ishee barbaadan itti hinfakkaanne. Nama qabeenyaafi aangoon beekamu kanaan barbaadamuushee akka

badhaasa addaatti ilaalte malee qaamashee sagaagalummaaf saaxilamaa jiruuf bakka hinlaanne. Akkuma yaadasaanii isheedhaaf ibsaniin miirrishee tuqame. Rakkoon Waariyoo mudates kanumaan walfakkaata. Hiyyeessi yeroo mara of tuffata. Waariyoon dhoksaatti Siintolinnaa waliin hariiroo jaalalaa jalqabeera. Akkasheen Raas Geetawu waliin hariiroo uummatte inni hinbeeku. Waan Raas ishee wajjin raawwatanis erga dhimmichi xumuramee dhagahe. Garuu, homaa tokko gochuuf humnasaa hinqabu. Dirqamaan tole jedhee utuu hinbarbaadin liqimsuu qaba. Humna ittiin falmatu hinqabu. Bakkinni jiraatu, wantinni ittiin jiraatu, akkasumas qajeelfamninni ittiin hoogganamu isaan harkaa waan dhufuuf dhimma Siintolinnaa mudate kanarratti tarkaanfii fudhachuu hindanda’u. Isa dinagdee hinqabne isa dinagdee qabutu gara barbaadetti isa oofa jechuudha. Haadaadhuma jireenyasaa itti fufe. Dafqaan bulaan aangoo ittiin carraasaa murteessu waan hinqabneef aadaadhuma jireenyasaa geggeessa. Kunis akka kanaa gadiitti asoosamichaan ibsame.

Fkn 15: Garuu, himtes dhiistes, Waariyoon dhagahes dhagahuu baates kan jijjiiramu hinjiru. Eenyullee murtiifi fedhii Raas fashaleessuuf aangoo kan qabu hinjiru. Garaasaa keessatti gubatee yoo aade malee qabsaa’ee mo’achuu hindanda’u. Yoo morme yookaan akkanni ishee bira dhaqu Raas yoo baran isa ajjeessisanii awwaalchisuu yookaan lubbuunsaa utuu keessa jirtuu awwaalchisuu nidanda’u. Siintolinnaanis waan kana beektuuf calluma jette (fuula 44).

4.5.1.2.3. Dhiibbaa Dinagdee Dhabuun Fidu

Dinagdee dhabuun garee hawaasaas ta’e namoota dhuunfaarratti dhiibbaa cimaa qaba. Cunqursaa raawwatamu kamiifillee kanumatu qabata ta’a. Garee dinagdee hinqabnetti mirgasaa kabachiifachuunillee ittulfaata. Kan dinagdee qabu isa hinqabne biratti tuffatamaadha. Dubbateellee amansiisuu hindanda’u. Kanas waraabbii kanaan gadiirraa hubachuun nidanda’ama.

Fkn 1: Raas hojjetootasaanii keessaa eenyuunillee harka qabani hinbeekan. Garbooleesaa harka qabuun kabajasaanii salphisuutti lakkaa’u (fuula 42).

Tuffiin Raas kun dinagdee dhabuu namoota kanaarraa dhufe. Gareen dinagdee hinqabne karaa kamiinuu kabajamuu hindanda’u. Kan dinagdee qabutu kabaja qaba. Kan dinagdee hinqabne tuffii tuffatamuufillee falmachuu hindanda’u. “*Kan nuuf kennan nyaannee kan nuun jedhan baanna*” ta’a dubbichi. Faallaa kanaatiin isa dinagdee qabuun fokkisaadha yookaan bareedaadha hinjedhamuun. Kan dinagdee qabu fokkisaanillee bareedaadha.

Haata'u malee, kan dinagdee hinqabne hagamillee yoo miidhage xiyyeeffannoo hinqabu. Kanas arrabsoo giiftii Liidiyaan abbaa Fiqir ittiin arrabsanirraa arguun salphaadha.

Fkn 2: Giiftii Liidiyaan ammas irra deebi'anii, "Maqaan abbaakee eenyuu? Innis Bultum Odaa jedhee deebiseef. Miillaa kaasanii hanga rifeensa mataatti isa laalan. Waa'ee dhaabbata qaamasaafi bifasaa waan tuffatan hinqaban. Baay'ee nama marara. Durbi yoo jaallattee itti gaggabuudhaan maraatte dhugaa qabdi kan jechisiisuudha. Garuu, gurbaan sanyii hiyyeessaa keessaa waan dhalateef akka isaan salphisetti lakkaa'an. Ati warrikeellee waan nyaatan kan hinqabne obboleettiikoo ulfeessuunkee yakka guddaadha. Isheen giiftii keeti. Ati ashkara miillashee dhiqxu malee kanishee wajjin sireetti olbaatu hinturre. Silaas sanyiin xinnoo xinnoo waan ta'eef kabaja warra sanyii guddaa maalitti beeka? Xinnootu nama xinneessa. Ati garbichasheellee hintaatu (fuula 82).

Giiftii Liidiyaan Gadaa Bultumiin walqabsiisanii waa'ee sanyii guddaafi sanyii xiqqaallee kaasaniiru. Guddummaafi xiqqummaan kunis akka haasaasaniirraa hubatamutti dinagdee bu'uura godhata. Ofiisaanii akka sanyii guddaatti ofilaalanii, sanyii Gadaa Bultum Odaammoo akka sanyii xiqqaatti itti mammaakan. Kan dinagdee qabu akka guddaatti, kan dinagdee hinqabne akka xiqqaatti laalama jechuudha. Akka yaaxxina Maarkisitti dinagdeen ilmoo namaa galii inni qabu qofaan osoo hintaane jireenyanni jiraatuun walqabsiifamee safarama. Akka yaaxxina kanaatti namoonni lama galii walfakkaataa qabaatanii sadarkaan hawaasdinagdeesani addadda ta'uu mala. Fakkeenyaaf, namoota galii walfakkaataa qaban lama keessaa inni tokko konkolaataa manaa qaba yoo ta'e sadarkaa hawaasdinagdeetiin isa konkolaataa hinqabne nicaala jechuudha. Biyya keenya keessatti gareen hawaasaa carraa cunqursuu argate hedduunsaa qabeenya uummataa saamaa waan tureef sadarkaa hawaasdinagdee olaanaa qaba ture. Gareen dinagdee hinqabne yookaan garee cunqurfamaan kan akka uummata Oromoommoo rakkoo hawaasummaa dinagdeen walqabatee uumamaa tureen hedduu miidhamaa turuusaa yaada armaan gaditti dhiyaaterra hubachuun nidanda'ama.

Fkn 3: Ilmi aadde Taliilee Jaarraan lafasaanii Giraazmaachiif kenname kanarratti guddate. Isheedhaafis utuu hindarbin waggaa dheeraa jiraattee duute (fuula 11).

Gaaleen, "Utuu isheef hindarbin" jedhu kun yaadrimee dinagdee qaba. Osoo jireenya gaarii hinjiraatin, jireenyaaf waan barbaachisu hinargatin, qorqalbiidhaan hingammadin hafuu jechuudha. Kunis gadaantummaa dinagdeerraa kan maddeedha. Sirnoota darban keessatti kan dinagdee qabu gabroomfataa, kan dinagdee hinqabnemmo garba yookaan hojjetaa manasaanii ta'ee jiraachaa ture.

Fkn 4: *Dubartiin Oromoo Nafxanyaaf nyaata qopheessiti; qoraan cabsiti. Midhaan daakti. Inni dhiiraa niqotaaf; gombisaa midhaan nafxanyichaa keessatti kuufamu hojjetaaf. Horii tiksaaf. Hojii nafxanyichi isa ajaju hunda hojjeta. Nafxanyaantokkolafa fudhate sanarra Oromoota jiraatan yoo barbaade gurguruu, hidhuu, reebuu, ajjeesuufi lafa sanarraa ari'uuf mirgi kennameeraaf (fuula 10).*

Magaalota Oromiyaan qabdu keessaa magaalaa Naqamtee magaalaa rakkoo hawaasdinagdeetiin miidhama hamaa keessa turte keessaa tokko.

Fkn 5: *Naqamteen akka Finfinneefi Adaamaa itti miidhagu didde. Mana ijasheetti miidhagu barbaadde dhabde. Daandiin konkolaataa magaalaa keessaa dhoqqee waan ta'eef miillaan keessa deemuun ishee rakkise. Qorqorroon manneeti magaalaa ligidaa'anii gurraacha'aniiru. Manneetii jireenyaa viillaa tokkollee ijaan barbaadde dhabde. Magaalaa guddaa kutaa biyya wallaggaa taatee kana fakkaachuusheetti baay'ee gadditeef. Magaalaa guddinaan duubatti haft ta'uushee hubatte. Moototi, baalabbaatoti, sirna mootummaa zawudii kutaa biyya sanaa bitaa turan hundi akkashee miidhan hubatte. Finfinnee teessee waa'ee magaalaa Naqamtee yeroo dhageessu magaalaa bareedduu akka Adaamaa itti fakkaatti turte. Wallaggi biyya warqee, biyya bunaa, biyya daldaaltota gurguddaafi biyya hayyootaa jedhamtee yeroo odeeffamtu dhagahaa waan turteef amma yeroo ijaan ilaaltu magaalaa baadiyaa ta'uusheetti baay'ee ajaa'ibamte. Barsiisaan Hindii tokko kan Shaarmaa jedhamu bara jalqaba biyyasaarraa magaalaa Naqamtee mana barumsa sadarkaa lammaffaa Qadimaawwii Haayila Sillaaseetti ramadamee magaalaa sana gahu otobusiirraa buhuu dide. Konkolaachisaafi gargaaraan konkolaachisaa Misteer Shaarmaaniin, "Bu'i magaalaa Naqamtee geesseettaa "ittiin jennaan, "Lakk ani magaalaa guddaa kutaa biyya Wallaggaa Naqamteen dhaqa. Hinbu'u" jedhee erga baay'ee nama rakkisaa turee booda otobusii sanarraa buhuu danda'e (fuula 135).*

Akkuma armaan olitti ibsame magaalaa Naqamtee miidhagina hinqabdu; daandiin konkolaataa magaalaa keessaa dhoqqeen guutuudha; manneen jireenyaa magaalattii keessa jiran akkasuma dulloomaniiru. Maddi rakkoo kanaa hundi rakkoo dinagdeeti. Qabeenyi madda dinagdee ta'uu danda'u garuu naannoo kana keessa guutuudha. Garuu, gareen ishee saamu waan jiruuf qabeenyasheetti ofii fayyadamuu hindandeenye. Alagaaf iftee ofii dukkana keessa jiraatti jechuudha. Haalli akkasiis kan magaalattii qofa mudate osoo hintaane rakkoon hawaasdinagdee rakkoo Oromiyaa maraa ta'uusaa asoosamichi yaada armaan gadiitiin agarsiisa.

Rakkoon hawaasdinagdee magaalaa Naqamtee keessatti mul'atu kana qofa miti. Rakkoon bishaan dhugaatii, rakkoon odeeffannoo dhabuu, bakka hojiilee aartii itti daawwataniifi dirreen taphaallee rakkoolee biroo akka turan yaadni armaan gadii nimul'isa.

Fkn 6: Bishaan ujummoo magaalaa kana keessa sababii hinjirreef jiraattoti magaalaa hundi mooraa mana jireenyaasaanii fuula duratti boolla bishaanii qotatanii itti fayyadamu. Yeroo Fiqir qaama dhiqattu Sandaabaan bira dhaabatee bishaan joogiidhaan budduksee qaamasheetti naqeeffii ishee dhiqachiisa. Tamsaasi sagantaa televiiziyoonii Itiyoophiyaa magaalaa Finfinneerraa darbu magaalaa Naqamte hingahu. Manni siniimaa, galmi tiyaatiraa, istaadiyeemiin , walumaagalatti bakki itti bashannan hinjiru (fuula 136).

Rakkoon magaalaa Gimbiifi naannooshee mudachaa jirus kanumaan walfakkaadha.

Fkn 7: Daandii konkolaataa Finfinneerraa ka'ee Naqamte keessa darbee magaalaa Gimbi ga'u malee, daandiin konkolaataa bonaafi gannaa konyaalee, aanotaafi magaalota kutaa biyya Wallaggaa walquunnamsiisu hinjiru. Magaalota Wallaggaa keessaa magaalaa bishaan dhugaatii qulqulluu qabdu hinjirtu. Keessumaa humni ibsaa fincaa'aarraa burqee magaalota kutaa biyyaa sanaaf ifa kennuu itti waakkatee ormaaf tajaajila kennuun isaa nama gaddisiisa. Ofii dukkana keessa teessee ormaaf ifa kanlaattu Wallagga qofaadha (fuula 144).

Waraabbiiwwan lamaan armaan olii keessatti hanqina bishaan qulqulluu, ibsaa, daandii, bakka bashannanaafi teekinoolojii odeeffannoon ittiin dafee hawaasa qaqqabu dhibuutu ibsame. Wantoonni kunneen hawaasichaaf barbaachisoodha. Haata'u malee, dinagdee dhabuurraa kan ka'e magaalaa kanatti hanqina guddaatu gama kanaan mul'ata jechuudha. Magaalonna kunneen lamaan utuu ofii beela'anii jiranii alagaa quubsanii jiraatu. Hawaasni Harargees sirnoota darban keessa kanumaaf saaxila bahaa turan.

Fkn 8: Nafxanyooti lafa irraa fudhatanii ofii abbaa lafaa ta'anii Oromoon Harargee garuu nafxanyootaaf lafa qotuun akka jiraatan dirqaman. Kunis Oromoon qabeenya waan dhabeef osoo hintaane, qabeenyasaa nafxanyootaan waan saamameefiidha (fuula 12).

Oromiyaan burqaa dinagdee biyya kanaa taatee utuu jirtuu uummatashee jireenya gadaanaa jiraachisaa, alagaammoo duroomsaa akka turte asoosamichi yaada kanaa gadiitiin mul'isa.

Fkn 9: Nuti Oromootiifi biyyi keenya Oromiyaan eenyuun caalaa dinagdee Itiyoophiyaatiif deggersa guddaa kennaa jirra. Oromiyaan utubaa dinagdee Itiyoophiyaati. Itiyoophiyaa keessatti qofa osoo hinta'in Afiriikaa keessattillee uummati Oromoo baay'inaan sadaffaadha. Garuu, Itiyoophiyaa keessattuu iddoo nuuf malu hinarganne. Nuti mirgi keenya nuuf haakabajamu jenna. Oromiyaan qabeenyaan duroomuudha. Burqaan humna haaydiroo elektirikii Itiyoophiyaa kan Oromiyaa keessaa burquudha. Albuudaan kan akka warqee, dhagaa adii, buniifi horiin gaanfaafi bushaayeen biyya keessaafi alatti gurguraman harki caalu kan Oromiyaati. Egaa qabeenyi kunneen hundi Oromiyaa keessaa utuu madduu misooma Oromiyaatiif hinoolu. Mootummaan karoora Oromiyaaf hinqabu. Oromiyaan warqee oomishaa

daandii konkolaataa, yuuniversitii, manneetii wal'aansa fayyaa, tajaajila human ibsaa hinqabdu Qabeenyi Oromiyaa misoomasheef hinoolu. Misooma ormaaf tajaajila. Afaaniin qabeenyashee faarsuun maal fayyadaa? Oromiyaan dukkana keessa teessee ormaaf ifa laatti. Ofii daandii dhooqqeerra deema ormaaf asfaaltii hojjechiisti. Mootummoota darbaniif kan amma aangoorra jiru Dargiin sochii Oromoo dammaqinaan kan to'ataniif ijoollee Oromoo mirgasaanii gaafatan farra tokkummaa Itiyooophiyaa ittiin jedhanii kan hidhaniifi ajjeesan qabeenyashee kana olaantummaan itti ajajuuf jedhaniiti (fuula 149).

Yaada armaan oliitiin kan ibsame Oromiyaan utuu qabeenya qabduu alagaan saamamaa waan turteef waggoota hedduuf hiyyummaa jalatti kuftee jiraachuusheeti. Biyya kana keessatti

naannoo kamiyyuu caalaa dinagdeen utubee kan jiru Oromiyaadha. Haata'u malee, Oromiyaan maqaan faarsamuu malee qabatamaan qabeenyasheetti hinfayyadamne. Alagaan Oromiyaan biyya badhaatuudha jechaa qabeenyasheen qabdu shira garaagaraatiin guurrachaa oola. Qabata kanaatiin miidhama dinagdeerra darbee dhiibbaa siyaasaa jalatti kufee waggoota hedduuf alagaan dhiitameera. Asoosamni kunis kanuma ibsa. Walumaagalatti, utuu Minilikfaa Oromiyaa garbummaa jalatti hinkuffisin jiruufi jireenyi uummata Oromoo maal akka fakkaachaa tureefi wanti jireenya uummatichaaf barbaachisuus guutuu akka ture yaada armaan gadiitiin goalaba.

Fkn 10: Yaagooftaa haasaadhaan hinmo'amu jettaniiti malee kanas nibeektu. Nuti utuu Atsee Minilik nun gabroomsin qullaa hindeemnu turre. Fo'aa jirbiirraa: qomee, bullukoo, biddiiqqoo; kalleefi gogaarraa: jandee, dakkuu, makaddaa (boraatii), itillee, siree teephaa; mukarraa: siree, marcuma miilla sadii, faaqqee, ilkaan keenyaaf rigaa; meexxiirraa: dibaabee, gasaa, handaqii, gonfee, qeeddiroo; uffata ittiin miicuuf handoodee, qodaa ittiin dhiquuf heebicha, kusaayee, qodaa aannanii ittiin dhiquudhaaf, foolii gaarii akka qabaatuuf ejersaan qoraasna. Qodaa aannanii kan akka qabee, habuubbii, ro'oo, quluu, willee, coocoofi gingilchaa. Kana malees gundoo, gombisaa (gootaraa, gumbii), guuboo, quunnaa, qanqalloo, kanneen kana fakkaatan. Meeshoti nyaata itti bilcheessuuf itti tajaajilamnu: boojjitoo, xebbee, xuwwee, eelee, supheefi kanneen kana fakkaatan. Midhaan keenya itti daakuufis majii, meeshaan qotisaa: babattee, gindii, maarashaa, qaccee, loloosoo, hordaa, harkistuu, waanjoo; meeshota midhaan ittiin dhahanii qulleessanis: qorbii, habacararaa, harata, darbaa, hafarsaa, si'a ta'an midhaan kanirratti dhahan oobdii sirriitti qopheessina. Geejjibaaf harree, gaangee, fardaafi gaalaan tajaajilamna. Mana jireenyaas taanaan holqaafi muka jala hinbullu. Mana citaa ijaarrannee keessa jiraanna. Horii keenyaafillee dallaa ijaarra. Qonnaas beekna. Lafa qonnee, midhaan irratti facaasnee aramaa keessaa aramnee, haamnee, tumnee, qulleessinee, gootaraatti kuufachuu yookaan naqachuus beekna. Midhaanis kan akka qamadii, boqqolloo, garbuu, xaafii, bisingaa, daaguzzaa, misira, shumburaa, atara, baaqilaa, guwaayaafi kanneen kana fakkaatan. Midhaan zayitaa, saliixa, nuugii, qobboofi ija raafuu

ni'oomishna. Mi'eessituu, kusaayee, abasuuda, sunqoo, ogiyoo, qullubbii adiifi diimaa, jijinbila, kefoo, baqarii, insilaala, dinbilaala, gurraattii, urgooftuu, dafqa mordhee zibaadii (xirinyii), qoddoo, marga citaafi kanneen kana fakkaatan. Keessumaa yaa gooftaa kan isinillee hinhaalle bunni inni biyya lafaarratti babal'atee jaal'atamaa tahe jalqaba dura biqilee kan argame ardii Oromiyaa kan taate godina Jimmaa keessattiidha. Nyaatas taanaan nuti Oromooti waan ilbiisa hinyaannu. Horii qe'ee keessaa kan kotteensaani duudaa ta'e hinyaannu. Bineensota daggalaa keessaa karkarroot, booyyee, bosonuu, gafarsa, kuruphee, warabboo, sanyii allaattii keessaa gogorrii, sololiyaaa, ninyaanna. Hanqaaquusaaniis ninyaanna. Kana malees, bishaan keessaa qurxummii ninyaanna. Buna qalaa, satatoo, boxola, cumboo, caccabsaa, maxinoo, maroo qorsoofi qoriin nyaata keenya. Akkasumas dhugaatii balbala dammaa, daadhii (booka), bordee, biqiltoonni hundeesaanii affeellee nyaannummo mosee Oromoo, hancootee, qoccoo, booyinaa (elboo, camcamee, mixaaxisii). Keessumaa lafee cabeeff hancooteen qoricha. Karaa wal'aansa fayyaas yoo deemnes aadaa gaarii qabna. Dhukkuboota garaagaraaf ija hiddaafi baala mukaa garaagaraa irraa qoricha qopheessinee kan dhukkubsate itti waldhaanna. Galaanarra deemuuf doonii, bidiruu, yabala hojjennee itti tajaajilamna. Qurxummii ittiin qabuufillee kanittiin kiyyeessinu xaxoo (marabii) dhoofne itti tajaajilamna. Mee shaa waraanaa kanilaaluunis xiyya, eeboo, hankaassee, haaduu, haalbee, mancaa, midhaan, ittiin haamuuf haamtuu, caakkaa, itti ciruudhaaf, gajamoo, carabaa, uffata ittiin hodhuuf mutaafi limmoo, waan adda addaa ittiin hidhuuf wadaroo, haadaafi funyoofaadha.

Waraabbii fudhatame kana keessatti Waariyoon, “*Utuu Minilik nungabroomsin qullaa hindeemnu turre*” yaada jedhu kaase. Kanarraa kan hubannu Oromoon erga Minilikiin gabroomee nihiyyoome jechuudha. Akka ibsa kanaatti uummanni Oromoo jiruufi jireenyasaaf kan barbaachisu, akkasumas dinagdee jireenyasaaf gahu qaba ture. Erga garbummaa Minilikiin jalatti kufee garuu waan qabu hunda saamamee akka saba qabeenyaafi mala jireenyaa hinqabneetti, akkasumas akka waan qarroominaan baay'ee duubatti hafeetti ilaalamuu eegale. Bu'uurri miidhama kana hundaa cunqursaa dinagdee uummata Oromoorratti raawwatamaa tureedha. Dhiibbaan kun hanga tokko fooyyee qabaates har'aallee hindhaabanne. Bifasaa jijjiirratee yaaliin gama kanaan godhamu hanga har'aattillee hindhaabanne.

4.5.1.3. Dhimma Siyaasaa

Waa'een uummata Oromoo yoo ka'u dursee kan sammuu namaatti dhufu waa'ee sirna Gadaa akka ta'e nama hinshakkisiisu. Jiruufi jireenya uummata Oromoo roga hundaan kan calaqqisiisu sirna Gadaati. Sirna Gadaa jechuun seera siyaasaa, dinagdee, seera wajjin jireenyaafi seera aadaa Oromoo kan Oromoon guutummaatti ittiin buluufi ittiin walbulchu yoo ta'u, madda seera Oromoon gaafa dur qananiifi gammaachuun ittiin ofijaaraa ture.

Sirni Gadaa kan Oromoon ittiin of bulchuufii duulee roorroo ittiin ofirraa ittisu, akkasumas kan dinagdeesaa ittiin tikfatuufi dagaagfatuudha (Muhaammad, 2014:60).

Uummanni Oromoo utuu Nafxanyooti Oromiyaa hingabroomsin kanaan of bulchaa ture. Akka nafxanyoonniifi hayyoonni yaada Nafxanyaa calaqqisiisan tokko tokko soba odeessanii sadarkaa Gadaa gadi xiqqeessuufi cabsuu yaalan osoo hintaane sirni Gadaa bu'ura diimokiraasiifi hundee walqixxummaa akka ta'e hayyoonni haqaa kan sirna Gadaa qoratan nimirkanessu. Erga garboomees gama hundaanuu sirnasaa kana dhiisee kan alagaan buluuf dirqame. Dhiimma kana yaada Waariyoon Raas Geetawuuf ibsurraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 1: Yaa gooftaa utuu Atsee Minilik Oromiyaa hingabroomsin dura sirna bulchiinsa Gadaajedhamu qabna turre. Sirna bulchiinsaa kana keessatti pirisidaantiin keenya_ Abbaa Bokkuu, ittaanaan Abbaa Bokkuu 2^{ffaa}, dura taa'aan paarlaamaa Abbaa Caffee, murtii caffee kan himu_ Abbaa Dubbii, itti gaafatamaan abbaa seeraafi murtii gumii kan gamaggamu_ Abbaa seeraa, kan murtii seeraa murteessu _Abbaa Alangee, itti gaafatamaan dinagdee _ Abbaa sa'aa jedhamu. Haala kanaan pirisidaantiin miseensota sagaliin caaseffama. Kunis salgan yaa'ii Booranaa jedhamee waamama. Barri aangoo miseensotaafi itti gaafatamtooti caffee Oromoo salgan yaa'ii Booranaa sirna bulchiinsa Gadaa waggaa saddeet saddeet qofaadha. Sana booda miseensota caffee haaraa filatamaniif aangoo gadhiisu (fuula 31-32).

Sirni Gadaa sirna bulchiinsaa sirna diimokiraasii addunyaaf fakkeenya ta'u akka ta'e barruun kun nibsa.

Fkn 2: Gadaa Oromoo keessatti sirni buttaa utuu dhiigi hindhangalahin sirna nagaadhaan aangoo mootummaa walitti dabarsaniidha. Sirni Gadaa kun Afirika keessatti qofa utuu hinta'in addunyaa irrattillee biyyoota diimokiraasii dhugaa qabu jedhaman birattillee akka fakkeenyaatti kan fudhatamuudha. Bara uummatooti addunyaa bay'een sirna bulchiinsa diimokiraasii hinqabneetti Oromoon sirna diimokiraatawaa kan ta'e sirna Gadaatiin ofiin of bulchaa turuunsaa isa boonsa (fuula 150).

Yaada kanarraa akkuma hubatamu uummanni Oromoo utuu cunqursaa alagaan hindhaanamin sirna bulchiinsaa ofii uummateen of bulchaa ture. Alagaan garuu sirna kana tuffatee humnaan erga diigee booda dhiiga ilmaan Oromoo hedduu dhangalaasee aangoo qabatee qabeenya uummatichaa saamuu xiyyeeffate. Sirnisaan tuffatanii diiguuf fuuleffatan kun utuu itti gargaaramanii isaaniifillee bu'aa kan qabu ta'uusaa Waariyoon Raas Geetawuu fa'iif yaada kanaa gadiitiin ibsaaf.

Fkn 3: *Biyya Abiisiiniyaa kana keessattiifi biyyooti addunyaa baay'een aangoo mootummaa kan walharkaa fuudhan humnaan lola waraanaatiin, dhiiga walii dhangalaasuudhaan. Nuti Oromooti garuu utuu dhiiga walii hindhangalaasin nagaadhaan sirna buttaadhaan bokkuu bulchiinsaa walitti daddabarsaa ofiin ofbulchaa turre. Moototi addunyaafi Abiisiiniyaa utuu nurraa barumsa fudhatanii gaariidha yaada jedhun qaba jedhe Waariyoon kabaja guddaadhaan (fuula 32).*

Egaa Oromoon cunqursaafi hacuuccaa alagaatiin sirnasaa dhabee bulchiinsa alagaatiin asiifi achi oofamaa as gahe. Kan aangoo of harkaa qabu waan fedhe raawwachuufis humna qaba. Mee yaada kana kan fakkaatu asoosamichaan kan ibsame haafudhannu.

Fkn 4: *Isheen intala warra sanyii mootii ta'uushee waan beekuuf baay'ee sodaate. Isa tumsiisuu mitii lubbuusaa wajjin isa awwaalchisuullee akka dandeessu waan beekuuf reebicha isarratti raawwachiiftee osoo nama tokkotti hindubbatin dhoksee ukkaamsee qabate. Lammatas qoosaashee hindhaqne (fuula 55).*

Yaada kanaan kan agarsiifame kan aangoo qabu isa hinqabe irratti tarkaanfii barbaade fudhachuu danda'uusaati. Warri aangoo qaban isa aangoo hinqabnerratti waan fedhan yoo raawwatanillee warri aangoo hinqabe tarkaanfii ittaanu waan sodaataniif miidhamaafi cunqursaa isaanirratti raawwatamu ukkaamsataniidhuma callisu malee falmachuufi yakka isaanirratti garee hawaasaa aangoo siyaasaa of harkaa qabuun isaanirratti raawwatamu saaxiluu hinbarbaadan. Nafxanyooti bu'aa siyaasaa argachuuf eenyummaa Oromummaa tooftaa adda addaatiin bal'eessanii olaantummaasaanii mirkaneessuuf kufanii ka'aa turan. Garuu, gonkumaa milkaa'uu hindandeenye. Akka aadaa Oromooti maqaa kan moggaasu dubartoota osoo hintaane dhiirota. Haata'u malee, aadaa kana cabsanii moggaasa Waariyoon ijoolleesaa kenne harkatti salphisanii isa ofii barbaadanimmoo arbeessanii anatu siif beekaadhaan maqaa ofii filataniin ijoollee Waariyoo moggaasuu yaalan. Waariyoonis murtiisaanii sana yeroo sanatti mormuuf humna waan hinqabneef waanumasaan jedhan tole jedhee liqimse.

Fkn 5: *Maqaa ijoollee eenyuufi eenyuun jettanii? Waariyoonis "Alkumaafi Alkitil jedhee moggaaseera" jedhe. Liidiyaanis, "Ayii! taaxiboo ciqaa! Ati ammallee hinqaroomnee! Ijoollee babbareedoo kana fakkaatan maqaa fokkisaa akkasiitti moggaastaa? Lakkii maqaansanii kana hinta'u. kaffaaleefi Dubbaalee yookaan Caarewuufi Shaarewu yookaan Naadewuufi Naaxewuu yookaan Laxxaargeefi Tsaxxaargee yookaan Andargeefi Addaafiree yookaan Fallaqaafi Zallaqaa yookaan Asmaareefi Amaaree yookaan Ashaabbiriifi Ambeerbir.... jechuudhaan maqoota tarreessan. Ani gamakootiin Amaareefi Asmaaree jedheera jechuun moggaasan. Maqaa giiftii Liidiyaan moggaasan fudhachuusaanii mirkaneessuuf keessummooti sirna kanarratti argaman harka walitti*

rukutuudhaan ibsan. Garuu, akka aadaa Booranaatti kan maqaa moggaasu dhiira malee dubartii miti. Sirni raawwatamaa jiru aadaa Oromootii ala waan ta'eef Waariyoofi Siintolinnaan akkuma garbittiin "Iddoo na dhukkubu utuu hinta'in iddoo gooftaanfaa jedhan nakoobaa" jette ta'an. Kanumaan murtii giiftii Liidiyaa fudhachuuf dirqaman (fuula 66).

Akka giiftii Liidiyaatti qaroominni eenyummaa ofii gatani kan gareesani fudhachuudha. Sanyiinsaani sanyii filatamaa waan ta'eef Oromoon eenyummaasaa dagatee isaan fakkaatee jiraachuudha. Kunis duubasaatii bu'aa siyaasaa karoorfame qaba. Dhaloota eenyummaasaa wal'aale uumuun waan akeekan fiixaan baasuu yaadu. Bara dhufaa darbaa uummanni Oromoo waanjoo garbummaa alagaan isarra kaa'e yeroo tokkollee tole jedhee fudhatee hinbeeku. Falmachaa, mormachaa, mirga argachuu qabu gaafachaa as gahe. Dhiibbaa uummaticharratti raawwatamaa tureef garuu sababni guddaan aangoo ittiin sana jijjiiru dhabuusaati. Utuu aangoo siyaasaa barbaadamu ofarkaa qabaatee silaa cunqursaan haganaa isarratti hinraawwatamu ture. Kanas yaada Sandaabaarraa haala salphaan hubachuun nidanda'ama.

Fkn 6: Barri hidhaa garbummaa nuti ittiin hidhamne kun nurraa citee lafa bu'u, bara ilmaan Oromoo bu'aa dhuunfaasaaniitiif fiiguu dhiisanii mirga sabasaaniif akka saba tokkootti qabsaa'uu jalqabaniidha. Bara Oromummaa jechuun maal jechuu akka ta'e hubataniidha. Bara walitti duuluu dhiisnee kan harkaafi miilla nuhidhetti tokkummaan duuluu jalqabneedha (fuula 67).

Akkuma yaada armaan oliitiin ibsame alagaan bu'aa siyaasaa barbaadan argachuuf jecha Oromoodhuma

Oromoon rukuuf aggaammii taassisaa turan. Oromoodhumatu Oromoo akka saa diinaaf dabarsee kennaa ture. Kunis bu'aa dhuunfaasaa sabichattii adda bahee argachuufi. Kan aangoo ofharkaa qabu illanyaa siyaasaa ofii barbaadu nama fudhachiisuuf humna guddaa qaba. Bu'aa itti agarsiisee icciitiin saba cunqurfamaa alagaaf akka saaxilaman gochuun dhiibbaa geessisa jechuudha.

Fkn 7: Goolii diimaadhaan kan ajjeefaman farreen warraaqsa, booddeetti harkistoota, cunqursitoota, anaarkistoota, walumaagalatti maqoota garaagaraa itti moggaasuudhaan (maxxansuudhaan) qabeenyasaanii irraa fudhata. Mana jireenyaasaanii irraa fudhatee waajjiira bulchiinsa gandaafi olaanaa godhatu. Kana malees, konkolaataafi qabeenya garaagaraa irraa fudhatanii tajaajila dhuunfaasaaniif oolfatu (fuula 123).

Waraabbii kanaa oliirraa kan hubatamu gareen siyaasaa aangoo ofharkaa qabu maqaa garaagaraa namatti maxxansuunsaa sabichi tokkummaa dhabe yaadaan akka gargar bahu gochuudhaafi. Kunis namni tokkummaa uummatee akka isaanirratti hinqabsoofne

gochuun kara haqa hintaaneen qabeenya nama dhuunfaafi kan biyyaa saamuuf carraa bal'aa qaba. Kanas qondaaltoti Dargii waanisaan raawwachaa turanirraa barachuun nidanda'ama.

Oromoon lafumasaarra lubbuun jiraachuullee qarshiisaatiin bitachaa ture. Kanas gocha Fiqiriin walqabatee raawwatamerra ilaaluu dandeenya.

Fkn 8: Fiqir iddoo teessuu olkaatee, “Birriin siif kennu cheekiidhaanimoo kaashiidhaanii?” jettee gaafatte. Innis cheekiidhaan hinwayyu. Yeroon mana baankiitii baasu namni na arga. Kaashiidhaan naaf qopheessi. Isheenis boorsaa (korojoo) guddaa birrii miliyoona tokko siif qabuu danda’u qopheeffadhuu kottu. Yoo dhabdes ana bira jira jetteen. Innis deebisee, “O!O!O! Birrii miliyoona tokko qofaamoo? Lubbuun tokko birrii miliyoona tokko caala. Kana hinbeektuu ati? Haata’u egaa birrii miliyoona kudhan qopheessi” jedhe (fuula127).

Warri aangoo qaban lubbuu namaafillee bakka hinqaban jechuudha. Mirga lubbuun jiraachuu ilmoo namaa sarbanii qabeenya namaa humnaan harkatti galfatu. Warra aangoo qabanitti du’i ilmoo namaa du’a sareeti. Cuunqursaan akkasii uummaticha qofarrattillee osoo hintaane afaansaa Afaan Oromoorrallee akka ture asoosamichi ni’agarsiisa.

Fkn 9: Dhimma afaan ilaaluunis Oromoon Itiyoophiyaa kana keessa sabaafi sablammoota akkasumas uummattoota jiran keessaa %40 ta’a. Afaan saba guddaa ta’ee utuu jiruu afaan biyyoolessaa ta’uuf mirga hinarganne. Garuu, Oromootti aanee baay’ina uummataan lammaffaa kan ta’e Afaan Amaaraatu afaan biyyoolessaa ta’ee akka tajaajilu godhameeitti hojjetamaa jira. Haalli kun hojimaata diimokiraatawaa miti. Afaan Oromoos Afaan Amaaraas kan dubbatan uummata baay’ee waan ta’aniif lamaanuu afaan hojii biyyaalessaa ta’uu qabu (fuula 146).

Warri aangoo qaban afaansaaniifi aadaasaanii bal’ifachuuf humna guutuu akka qaban waraabbii kanarraa hubanna. Biyya kana keessatti baay’ina uummataatiifi bal’ina lafaatiin wanti Oromoo dursu hinjiru. Afaansaas akkasuma dubbattoota hedduu qaba. Haata’u malee, uummanni Oromoo aangoo siyaasaa gahaa ofarkaa waan hinqabneef eenyummaasaallee guddifachuu hindandeenye. Warri aangoo qaban jaarraa hedduuf aadaafi afaansaanii humnaan irratti fe’aa turan. Kanarraa kan ka’e Oromoon hanga har’aattillee bu’aa isa madaalu afaansaatiin biyya kanarraa argachuu hindanda’in jira. Afaan Oromoo qabata afaan waliigalaa biyya kanaa ta’uu dhabeef ilmaan Oromoo Afaan Amaaraa dubbachuu hindandeenye sadarkaa sanatti hojjetanii bu’aa barbaadamu ofiifis biyyaafis buusuu hindanda’an.

Fkn 10: Tarkaanfii kana Eliyaas hindhageenye. Erga waajjirasaa galee booda dhagahe. Ajajaan dhibbaa Nuguseen dirree masqalaarratti (iddoo amma manni siniimaa Naqamtee irratti ijaarame) irratti walgahiin sababa jiruuf achirratti argamtee oduu akka dabarsitu. Humnoota Itiyoophiyaa diiguuf socho'an farreen warraaqsaarratti har'a tarkaanfii fudhanneerra" jedhee bilbilee itti hime. Haaluma kanaan Eliyaas sirna walgahii sanarratti argame. Garuu, oduunsaa utuu garaa isa quuquu akka Nuguseen barbaadetti dabarse. Haalli kun yeroo baay'ee akka isa mudatu Eliyaas beeka. Eliyaas qofa osoo hintaane gaazexeessoti akka Eliyaas baay'een kan itti amanan utuu hinta'in kan sirna mootummaa abbaa irree kun akka himamu barbaadu qofa gabaasu. Eliyaas ogummaasaa kana osoo jaallatuu dhiibbaa qondaaltoti Dargiifi kaadirootisaa isarratti uuman kana jibba (fuula 188-189).

Gaazexeessonni Oromoo hedduunsaaniillee cunqursaa siyaasaa sabasaaniirratti raawwatu utuu ijaan arganii fedhasaanii malee dirqamaan waan hawwii alagaa ta'e sabaa himaalee garaagaraatiin dabarsaa turan. Warri aangoo qaban waan fedhan namarratti fe'uuf dhorkaa hinqaban jechuudha. Cunqursaan akkasii gaazexeessitoota Oromoo hedduurratti raawwata-maa tureera.

4.5.2. Garee Hawaasaa Namfakkiileen Bakka Bu'an

Akka yaaxxina Maarkisitti gareen hawaasaa kan uumamu dinagdeerratti hundaa'eeti. Sirni fiwuudaaliizimii qaama sirna kaappitaaliizimiiti. Sirna kaappitaaliizimii keessattimmoo hawaasni garee lamatti qoodama. Isaanis garee abbootii qabeenyaafi garee dafqaan bulootaati. Haala kanaan Itiyoophiyaan jaarraa hedduudhaaf hanga Dargiin aangoo qabatutti sirna fiwudaaliizimiitiin bulaa turte. Sirna kana keessatti akka garee abbootii qabeenyaatti kanneen laalaman nafxanyoota abbootii lafaa ta'an yoo ta'an gareen hawaasaa akka dafqaan bulootaatti ilaalamanimmoo kanneen akka uummata Oromoo warra cunqursaasaanii jala turaniidha.

Bara Dargii keessa gareen hawaasaa dinagdeerratti hundaa'ee ijaaramu diigameera. Haata'u malee, qondaaltoti Dargii maqaa warraaqsa da'oo godhatanii carraa argataniin qabeenya namoota dhuunfaafi uummataa saamaa turan. Sirna Dargii keessatti warraaqsa kan hoogganu abbootii qabeenyaa osoo hintaane dafqaan buloota jedhama. Qabata kanaatiin namni tokko qabeenya miliyoona walakkaa ol qabaachuu hindanda'u. Sirnichi ofii dalagateellee namni qabeenya horachuu akka hindandeenye daangesse jechuudha. Haata'u malee, warri aangoo siyaasaa harkaa qaban maqaa warraaqsa jala dhokatanii qabeenya nama dhuunfaafi biyyaa saamanii bu'aa dhuunfaasaaniif oolfachaa turan. Saamichi qabeenyaa isa durii caalaa bifa jijjiirratee itti fufe. Kanaafuu, sirna kana keessatti waa'ee garee hawaasaa dinagdee bu'uureffatuu dubbachuu hindandeenyu.

Gareen hawaasaa sirriitti ifatti ba'ee Itiyoophiyaa keessatti mul'achaa kan ture sirnoota Dargii fuuldura turan keessatti. Egaa sirna kana keessatti garee hawaasaa fakkaattonni bakka bu'an asoosamicha keessaa sakatta'amanii akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

4.5.2.1. Garee Abbootii Qabeenyaa/Afkalaa

Garee kana jalatti kanneen haammataman fiwudaalota abbootii lafaa ta'aniidha. Namfakkiileen garee kana bakka bu'anii asoosamicha keessatti dhiyaatanis kanneen armaan gaditti tarreeffamaniidha.

1. Raas Geetawuu: Raas Geetawu waggaatti altokko qalaadii isaanii to'achuuf Harargee dhaqu. Bakka bu'ooti qalaadiisaanii Oromoota qalaadicharra jiraatanii qabeenya qaban erga sirriitti qulqulleeffatanii booda kan horatan irraa akka fidan dirqisiisu. Kun kan ta'u Raas utuu hindhufin ji'a tokko dura. Haaluma kanaan qonnaan bultooti qalaadiisaanii tumaaleessa re'ee, korma, hanqaaquu, damma, indaaqqoo, dhadhaafi midhaan garaagaraa geessu. Kunis yaada armaan gadiitiin ibsame.

Fkn 1: Magaalaa Funyaanbiraas haata'u konyaa Gursum lola Calanqoo booda Raas Mokonnon waliin gabroomsanii kan qabatan abbaasaanii Fitaawuraarii Mindasiyil turan. Raas Geetawu konyaa Gursum keessaa qalaadii baay'ee qabu. Dhibbentaa 80 kan ta'u kansaaniiti jedhama. Qalaadiiwwansaanii kanarraa lawuzii toonii baay'ee gara biyya alaatti gurguru. Aangoo mootummaatiinis kutaa biyyaa giddugaleessa bitu. Raas Geetawu mootii moototaa Itiyoophiyaaf qondaaltota olaanaa baay'ee itti dhiyaataniifi jaallatan keessaa tokko. Haati manaa Raasis mootii moototaa waliin firummaa dhiigaa walkeessaa qabu jedhama. Hunda qabu. Jireenya gammachuufi mijaawaa jiraatu (fuula 20-21).

Sadarkaan jireenya hawaasdinagdeesaaniis kanumaan walgita. Jireenyi manasaanii mijaa waadha. Mana sadarkaasaa eeggateefi konkolaataa hedduu qabu. Ijoolleesaanii mana barumsaa kaffaltiinsaaniiqaalii ta'etti barsiisu. Guutummaa yaada kanaa waraabbi kanaa gadii keessatti argachuun nidanda'ama.

Fkn 2: Manni Raas Geetawu naannoo Yuunivarsitii Qadimaawwii Hayile Sillaasee Siddisti kiiloodha. Kellaansaa baay'ee guddaadha. Margi kella keessaa afata biyya Faarii fakkaata. Gaattiraanis akka dabbasaa mataatti yeroo yerootti hojjetoota kanaaf ramadamaniin mummuramee walqixxaata. Habaaboon haalluu garaagaraa qaban akka lubbuu namaatti kunuunfamuu. Kellaan keessi jannata fakkaata. Manneetii viillaa xixiqqaan sadii tokkoon tokkoosaanii kan kutaa ciisichaa tokko, goorduuba tokko, mana fincaanii tokko, akkasumas mana dhiqannaa tokko, qaban kallattii garaagaraatiin walirraa faffagaatanii jiru. Manneetiin sadan kunneenis keessummaaf akka tajaajilaniif kan ijaaramaniidha. Manneetiin hojjetooti keessa jiraatanillee

ammayyaawaadha. Kan hojjetootaa haahafuu manni sareellee qulqullinnisaa kan biraadha (fuula 37).

Siree Raas Geetawufaa irra ciisanillee hedduu mijaawaa ta'uurra darbee kan maatii biroorraallee adda.

Fkn 3: Sirichi baay'ee mijaawaadha. Biyya alaatii kan fichisiisaniidha. Biyya keessaa kan bitame kan Siintolinnaa qofaadha. Innillee siree moozvooldiin hojjetuudha. Afati sireesheellee isa abbaa ispiiringii irriba nama fudhachiisuudha (fuula 44).

Gama biraatiinis, Raas Geetawu Sandaabaafi Fiqiriin mana barumsaa kaffaltiinsaa qaalii ta'etti barsiisu. Barattoonni lamaanuu konkolaataadhaan mana barumsaa dhaqanii galu. Kunis yaada armaan gadiitiin ibsameera.

Fkn 4: Haayile Joorgis waggaa afuritti mana barumsaa Ingilizii Saandifoordi jedhamu gale. Hayile Joorgis Geetawu jedhama. Ilma mootii, ilma gooftaa jedhamee konkolaataa reenjirooveriidhaan mana barumsaa dhaqee gala. Ijoolleen mana barumsaa saandifoordi keessatti baratan ijoollee qondaaltota olaano, dureessotaafi faranjootadha (fuula 48). Hayileen hanga kutaa ja'a fixutti malee barumsaaf ijoollee moototaa wajjin biyya Ingilizii dhaqa (fuula 49). Fiqiris akkasuma mana barumsaa kanaa baratti (fuula 52).

2.Abbaa Habii (Afandii): namicha kanas yaada armaan gaditti ibsamerra kaanee miseensa garee hawaasaa dinagdee olaanaa qabani keessatti ramaduu dandeenya.

Fkn 5: Abbaan Habii sooressadha. Kampanii guddaa qabu. Afandii jedhamu. Itiyoophiyaa keessaa buna toonii kuma baay'ee biyya alaatti erguudhaan kanisaaniin qixxaatu hinjiru. Qabeenya guddaa waan qabaniif ilmaani Habiiin baay'ee qanansiifatu. Baay'ees isa jaallatu. Sababii konkolaataa mana barumsaa ittiin deddeebi'u voolsi waagaanii haaraa kubbaaniyaa Saferiyaan jedhamu bitanii kennaniif. Konkolaataa kanaan bashannana. Ilma sooressaa waan ta'eef baay'ee baaca. Baay'eesoftuula. Humna horiitiin barattoota shamarran mana barumsaa baay'ee daguun gorse itti taphata (fuula 55).

3.Raas Masfiin: Namichi kunis wayinii oomishee gabaa biyya keessaatiif dhiyeessuun hedduu beekama. Kunis akka armaan gadiitiin asoosamichaan ibsame.

Fkn 6: Abbootiin lafaa nafxanyooti bara Minilik konyaa Jibaatiifi Maccaa garboomfatani lafa qabatan baay'eedha. Keessumaa nafxanyooti Raas Masfiin baay'eedha. Lafti qalaadiin konyaa sanaa %70 ol ta'an kan isaaniiti yoo jedhame dhugaarraa hinfagaatu. Raas Masfiin Silashiin kan guutummaa Shawaa bitan qalaadii qonna wayinii bal'aa naannoo magaalaa Gudar keessaa qabu. Qonnaan wayinii Gudar Itiyoophiyaa keessatti beekamaadha. Daadhiin wayinii magaalaa Finfinnee keessatti naqamee gabaa biyya keessaatti kan gurguramu baay'een wayinii naannoo kanaa oomishameedha (fuula 108-109).

4.5.2.2. Garee Dafqaan Bulootaa

Asoosamicha keessatti akka garee hawaasaa dafqaan bulootaatti kan dhiyaatan ilmaan Oromooti. Kunis yaada waliigalaatiin akka kanaa gadiitti barruu kanaan ibsameera. Ilmaan Oromoo lafasaanii waan dhabaniif nafxanyootaaf gabbaarii (qottuu) akka ta'an dirqaman. Dubartiin Oromoo nafxanyaaf nyaata qopheessiti. Qoraan cabsiti. Midhaan daakti. Inni dhiiraa niqotaaf; gombisaa midhaan nafxanyootaa keessatti kuufamu hojjetaaf. Horii tiksaaf. Walumaagalatti, hojii nafxanyichi isa ajaju hojjetaaf (fuula 10).

1.Siintolinnaa: Asoosama kana keessatti namfakkiilee asoosamicha keessatti qooda fudhatan keessaa Siintolinnaan hayyudureedha. Seenaa asoosamichaa keessatti jalqabaa hanga xumuraatti kan argamtuufi seenaan asoosamichaa kanirratti ijaarameedha. Garee hawaasaa dinagdeen gadaanaa ta'e keessaa kan dhalatte taatee sanyummaanshee Oromoodha. Mana Raas Geetawu keessaa hojjettuu mana keessaa akka turte waraabbiin armaan gadii ni' agarsiisa.

Fkn 1: Ramaddii hojiitinis isheen mucaashee kunuunsaa mana guddaa keessaa akka tajaajiltu barbaadan. Qooda hojiishee kanarrattis siree Raasfaa irra rafaan hafuu, afata siree, uffata giiftii Liidiyaafi Raas miicuu, mana qulqulleessuufi nyaata mana nyaataatti hojjetoonni qopheessanii fidan dhiyeessuudha (fuula 38). Hojiinshee kana boodaa miillasaanii dhiquu waan ta'eef gara mana ciisichaasaanii seentee miillasaanii dhixxee kaalsiisaanii miicamu fuutee olkaate (fuula 43).

2.Waariyoo: Sanyiinsaa Oromoodha. Dafqaan bulaadha. Sadarkaa jireenya namfakkii kanaas asoosamichi waraabbi kanaa gadiitiin ibsa.

Fkn 2: Hojjetaa mootummaa ture. Kana malees, konkolaata Raas Geetawu konkolaachisa. Kufaatii sirna fiwudaaliizimii booda garuu Fiqir haala mijeessiteefii otobusii uummata deddeebisu bitteefii sanaan jireenyasaa itti fufe (fuula 89).

3.Ashkoo: Innis sanyiinsaa Oromoodha. Hojjetee bulaadha.

Fkn 3: Mana Raas Geetawuuf waardiyaadha. Erga sirni fiwudaaliizimii kufee booda garuu Fiqir haala mijeessiteefii akkanni hojii taaksii hojjetee of jiraachisu taassiste" (fuula 89).

4.Aadde Taliilee/ Haadha Jaarraa: Sanyiinshee Oromoodha. Dafqaan bultuu jireenya gadaanaa jiraachaa turteedha.

Fkn 4: Laftishee nafxanyaan waanirraa fudhatameef utuu isheef hindarbin duute. Ilmishee Jaarraanis haalumashee kanaan garbummaan itti fufe (fuula 11).

5. Maatii Gadaa/Bultum Odaafi Haadha Gadaa: Sanyiinsaani Oromoodha. Gadaanis sadarkaa hawaasdinagdee maatiisaa akka kanaa gadiitti ibsa.

Fkn 1: Abbaankoo dafqaan bulaa warshaa kophee Askoodha. Haatikoommoo mana namaa keessaa buddeen tolchiti/ hojjettuu mana namaati” jedha (fuula 81).

6.Gabbaarota Raas Geetawuuf Gibira Kaffaluu Dadhaban:Sanyiinsaani Oromoodha. Isaanis rakkoosaanii yaada armaan gadiitiin ibsu.

Fkn 6: Yaa gooftaa nurra darbaa waan kaffallu dhabnee” jechuun kadhachaa ibsatu turan (fuula 11).

4.6. Bu’aa tokkummaa Qabaachuun Dafqaan Bultootaaf Qabu

Akka Maarkisitti dafqaan bultoonni cunqursaa abbootiin qabeenyaa isaanirratti raawwatan ofirraa qolachuuf tokkummaa uummachuu qabu. Asoosamni Yoomi Laataas uummanni Oromoo cunqursaa isarra tuulame ofirraa darbachuuf daandii tokkichi filannoo biroo hinqabne tokkummaa akka ta’e kallattii kenna. Dhimma kana ilaalchisees Sandaabaan yaada armaan gadii dhiyeessa.

Fkn 1: Egaa, kaayyoo kana bira gahuun kan danda’amu gaafa Oromooti hundi utuu humnisaanii hiniramin akka nama tokkootti socho’aniidha. Godinaan, konyaadhaan, aanaadhaan, lagaan walqooduu dhiisnee gaafa Oromoon tokko, Oromiyaan biyya tokko jechuu dandeenyuudha. Kanas kan waltaassisu gurmuu cimaa nu barbaachisa. Tokkummaan qabsoo keenya cimsachuu qabna malee, walitti duullee walfixuufi walficcisiisuu hinqabnu (fuula 67, 149).

Sandaabaa qofas osoo hintaane namoonni hedduun tokkummaan ilmaan Oromoof faayidaa cimaa akka qabu dubbachaas barreessaas turaniiru. Oromoon tokkummaasaa jabeeffachuu akka qabu gaazexeessaan Eliyaas jedhamu yaada kanaan gadiitiin gorsa.

Fkn 2: Akka nuti tokkummaa hingodhanne yaadaan, ilaalchaan, akkasumas humnaan hinjabaanne nu godhu. Shira diinota keenyaa kanatti dammaquu qabna. Qaawwaan nu gidduutti hinuumamin. Nuti walii keenya diinatti dabarsinee kennuu hinqabnu. Walirratti duuna (fuula 152).

4.7.Xiinxala Asoosama Yoomi Laataa? Ija Yaaxxina Feemiiniizimiitiin

4.7.1. Dhimmoota Koorniyaan Walqabatani Asoosamicha Keessatti Ka'an

4.7.1.1. Loogii Koorniyaa Aadaa Hawaasaa Keessatti Mul'atu

Akka aadaa Oromootti yammuu daa'imni dhalattu sirni raawwatamu jira. Waa'ee sirna kanaa Waariyoon Raas Geetawuuf yaada armaan gadiitiin ibsaaf.

Fkn 1: *Yoo dhiirri dhalate bultii sadii sirbama. Yoo durbi dhalatte garuu hinsirbamu (fuula 26).*

Yaada Waariyoon ibse kana keessaa loogii koorniyaatu gama aadaatiin calaqqisa. Dhiirri dhalannaan yeroo sadii sirbamaaf. Dubri dhalannaan garuu sirbi sirbamu hinjiru. Sababnisaa garuu maalif akka ta'e wanti ibsame hinjiru. Haala kanaan ta'e jedhamee itti yaadamuun loogiin koorniyaa waan dalagame fakkaata. Akka aadaa Oromootti sirni maqaa ittiin moggaasan lamatu jira. Isaanis: moggaatiifi gubbisa jedhamu. Isaan keessaa moggaatii ilaalchisee ibsa Waariyoon kennu kana haalaallu.

Fkn 2: Moggaatiin sirna qabbanaa'aadhaan maqaa moggaasaniidha. Sirni kun kan raawwatamu hangafatti aananii ijoollee dhalataniif kan raawwatamu si'a ta'u, durbi hangafa taatee yo dhalattellee sirna qabbanaa'aa kanatu raawwatamaaf. Durbi hangafa taatee yoo dhalatteyyuu sirni gubbisaa isheef hinqophaa'u, garuu nimoggaafamti (fuula 27).

Akkuma yaada armaan oliirraa argamutti sirnumti maqbaasaallee saalaratti hundaa'ee garaagara ta'a jechuudha. Daa'imni tokko dhiira hangafa ta'ee dhalachuusaatiin sirna ho'aadhaan maqaa moggaafama. Durbi hangafa taatee yoo dhalattellee moggaasasheerratti sirni qophaa'u qabbanaa'aadha. Kunis garmaleessa loogii koorniyaa ifatti agarsiisa. Sirna daa'imaaf maqaa baasuu kanarratti mirga moggaasuu kan qaban dhiirota yookaan jaarroleedha. Dubartiin maqaa moggaasuu hindandeessu. Kunis asoosamichaan akka armaan gadiitti agarsiifame.

Fkn 3: Maqaa mucaa sirna qophaa'erratti kan moggaasu dhiira. Namoota gurguddoo, jaarrolee (jaarsolii) malee nadheen hinmoggaastu. Haati daa'imaammoo mucaa baatee teessee jaarroleen kan jedhan irra deebitee jetti (fuula 27).

Akka waraabii kanaatti haati daa'ima, maqaa daa'imasheef ba'u jaallattus jibbitus fudhachuu malee mormitee kan ofii barbaaddutti moggaasuu hindandeessu. Daa'imashee baatee teessee waan jaarroleen sirna sanarratti jedhan irra deebitee jechuuf dirqamti. Kunis loogii koorniyaa aadaa hawaasaan walqabatee raawwatu agarsiisa. Aadaa jala

jaltoo Booranaa keessattis loogiin koorniyaa nimul'ata. Kanas yaada Waariyoon dhiyeessurraa hubachuun nidanda'ama.

Fkn 4: Booranatti dhiirri sanyoo hanga fedhe qabaachuuf mirga qaba. Haati warraasaas sanyolee qabatte abbaa warraasheetti himuu qabdi. Yoo kana gochuu baatte abbaa warraasheettiin reebamtee manaa ari'amuu dandeessi (fuula 46).

Aadaan kun dhiirri sanyoo hanga fedhe akka qabaatuuf mirga kenna. Sanyoo qabu garuu haadha warraasaatti himuuf dirqama hinqabu. Haata'u malee, isheen sanyoo abbaan warraashee hinbeekne qabachuu hindandeessu. Yoo kana goote abbaa warraasheettiin dhaananti. Asitti mirgi shamarranii waan bakka dhabe fakkaata. Kana qofa osoo hintaane akka aadaa Oromootti shamarran utuu hineerumin walquunnamtii saalaa dhiira waliin raawwachu hindandeessu. Yoo kana kan raawwattu ta'es utuu hineerumin hafuurra darbatee mirga matiishee waliin jiraachuullee nidhabdi. Dhiirri garuu dhorkaa akkasii hinqabu. Utuu hinfuudhin walquunnamtii saalaa yoo raawwate kan isa gaafatu hinjiru. Dhimma kanarratti garuu shamarran maalif akka dhorkamte, dhiiraafimmoo maalif akka ayyamame wanti asoosama kanaan ifatti kaa'ame hinjiru. Kanas yaada kanaan gadii keessatti argachuun nidanda'ama.

Fkn 5: Ijoolleen durbaa heerumuushee dura saalquunnamtii yoo raawwate mana haadhaafi abbaashe keessaa ari'amtee baati. Sababii kanaanis utuu hineerumin hafti. Dhiirri garuu utuu hinfuudhin dubartii wajjin walquunnamtii raawwachuun isaaf ayyamama (fuula 46).

Dubartoonni hawaasa keessatti akka waan baay'ee gara laafeyyii ta'aniitti laalamu. Rakkoo mudate tokkoof dafanii gaddasaanii imimmaaniin ibsu. Kunis barruu kanaan akka kanaa gadiitti ibsame.

Fkn 6: Fiqir qoma abbaa manaasheerratti imimmaanshee dhangalaasuu jalqabde. Innillee hinboonye malee isheefi ijoolleesarraa gargar ba'uusaatti garaansaa baay'ee gadde (fuula 162).

Lamaanuu walittii gargar bahuusaaniitti hedduu gaddaniiru. Gadda kanaan isheen baay'ee boosse. Inni garuu gaddullee gaddasaa boo'ichaan hinibsine. Kunis iddoo baay'eetti ilaalcha hawaasa keessatti mul'atuun walfakkaata. Dhiirri rakkoo isa mudate tokkoof yoo boo'e akka waan amala dubartii wayii qabuutti laalama. "Maali ati dhiira mitii maalif akkas boossa" jedhamaan.

Akka ilaalcha miseensota hawaasa tokko tokkootti dubartoonni hojii mana keessaa qofaaf karoorfamanii akka waan dhalataniitti yaadamu. Kunis yaada kanaa gadiitiin agarsiifameera.

Fkn 7: Ramaddii hojiitiinis isheen mucaashee kunuunsaa mana guddaa keessaa akka tajaajiltu barbaadan. Qooda hojiishee kanarrattis siree Raasfaa irra ciisan afuu, afata siree, uffata giiftii Liidiyaafi Raas miicuu, mana qulqulleessuufi nyaata dhiyeessuudha (fuula 38).

4.7.1.2. Walqixxummaa Koorniyaa

Akka aadaa yookaan safuu hawaasa keenyaatti durbi dhiira jaallatteef gaaffii jaalalaa yoo dhiyeessite akka waan safuu cabsiteetti laalama. Fiqir garuu ilaalcha akkasii kanarra waan darbite fakkaatti. Durbi dhiira jaallatte tokkoof dhoksa tokko malee yaadashee ibsuufii akka qabdu barreessaan waraabbi armaan gadiitiin agarsiisuu yaaleera.

Fkn 1: Gaafa guyyaa Sanbataduraa tokko Fiqir murtii tokkorra geesse. “Inni kanaaf nan yaadu. Fiqir jaalalaaf nabarbaaddi hinse’u. Anumti itti himuun qaba. Sinjaalladha yoon ittiin jedhes qaani maalii qaba?” jettee murteessitee gardaafoo manashee jala teessee eegde. Garuu, mana barumsaa gara biraa keessaa kan baratu gurbaa garaanshee jaal’ate tokkotu jira. Inni garuu kana qaba hinqabu. Isheenis itti hinimtu. Garuu, isa saalfattee osoo hinta’in yeroo itti himtu haala mijaawaa eeggachaa jirti (fuula 52, 56).

Barruun asoosamaa kun shamarraniifi dhiironni walqixa barnootatti ciccimoo yookaan laafoo ta’uu akka danda’an ni’agarsiisa. Dhiirota waan ta’aniif barumsatti jaboo, dubartoota waan ta’aniifimmoo barnootatti laafoo jedhamee uumamaan addatti wanti kenname hinjiru. Ilaalchi akkasii hawaasa keessa yoo jiraate dogoggora sirrachuu qabu akka ta’e jireenya Fiqiriifi Sandaabaarraa barachuun salphaadha.

Fkn 2: Fiqir barumsatti cimtuudha. Daree keessatti tokkoffaa ba’uudhaan daree ittaanutti dabarti. Karaa barumsaatiin Sandaabaanis akkasuma jabaadha (fuula 52).

Ciminnisheen gama barnootaatiin qabdu kunis gahumsasheen agarsiiftuun mul’ata. Mee yaada kanaan gadii dabalataan haalaallu.

Fkn 3: Fiqir barumsashee itti fufuuf carraa gaarii argatte. Finfinnee bara turte mana barumsaa Saandifoordi jedhamuu kutaa kudha tokkorraa gara kutaa kudhalammaffaatti dabartee waan turteef mana barumsaa kompirehensiivii Naqamteetti kutaa kudha lama galte. Ganama konkolaataasheetiin dura ijoolleshee erga geggeessitee booda gara kompirehensiivii dhaqxi. Barumsasheetti cimtuudha. Ingiliffi osoo afaan ishee hinqabin rakkoo tokko malee akka Ingiliziitti dubbatti. Barsiisoti Hindii baay’ee ishee dinqisiifatu. Keessumaa barsiisaan Ingiliffaa Mr. Jaaqoob, barsiisaan Herregaa Mr. Filiippiifi isaan kaanis baay’ee ishee dinqisiifatu.

Daree 11ffaa fi 12ffaa Afaan Amaaraa kan barsiisan barsiisaa Bayyanaa Geetawuu “Kan akka Fiqir Afaan Amaaraa dubbachuufi barreessuu danda’u hinjiru” jechuudhaan ishee faarsu. Fiqiriin akka fakkeenyaatti daree seenan hunda keessatti maqaashee kaasu. Isheenis barumsa hundumaan %90 oli malee gadi argattee hinbeektu. Fiqir digirii jalqabaa Kolleejjii Qonnaa Haromaayaatti baratte. Yeroo eebbifamtus qabxii afur waan argatteef medaa liyaa badhaafamtee barsiiftuu taatee achumatt ramadamte. Kunis carraa gaarii waan isheef uumeef digirii lammaffaa barattee xumurte. Achiis turtii yeroo muraasaa booda PhD biyya Awustiraaliyaatti argattee achiis eebbifamte (fuula 143, 226).

Akka ilaalcha namoota tokko tokkootti dubartoonni barnoota Herregaatiin baay’ee laafoo akka ta’antu ka’a. Waraabbiin armaan olii garuu faallaa yaada kanaa agarsiisa. xiyyeeffannoo argatanii xiinsammuunsanii eegamaadha taanaan barnoota cimoodha jedhamanillee sirriitti barachuu akka danda’antu ibsame.

Dubartiin, dubartii waan taateef qofa dubbattee amansiisuu akka hindandeenye uumamaan wanti kenname hinjiru. Dubartii waan taateef akka waan bilchina yaadaa hinqabneetti yaaduun dogoggora. Kanaafis Fiqir fakkeenya gaarii taati.

Fkn 4: Fiqir akkuma sammuunshee barumsaaf cimaa ta’e, dubbattee nama amansiisuuf dandeettii cimaa qabdi. Gaaffii namni tokko ishee gaafatuuf yookaan dubbii namni tokko itti dubbatuuf deebii deebisuuf yeroo gabaabduu gidduutti mala namni yaaduu hindandeenye yaadde deebii kennuudhaan eenyullee ishee hincaalu (fuula 53).

Hawaasa keessatti hojiin saalaan qoodamee uumamaan kenname hinjiru. Dubartoonni hojii dhiironni hojjetan hunda hojjechuu danda’u. Jaarraadhuma kana keessallee biyyoota tokko tokko keessatti dubartiin akka konkolaataa hinkonkolaachisne nidhorkama. Wantoonni akkasii dogoggora akka ta’aniifi dubartiin hojii dhiirri hojjetu akka hinhojjenneef wanti ishee dhorku akka hinjirre yaada kanaa gaditti dhiyaaterraa hubachuun nidanda’ama.

Fkn 5: Isaan dura mootora erga kaasan booda balbala boodaa nuu banan. Anii fi Ashkoon seennee teenye. Kana booda giiftiinfaa konkolaaticha akka xiyyaaraa kaachisaa mana wal’aansa fayyaa Li’iilti Tsahaayi H/Sillaasee geenye (fuula 80). Siintolinnaafi Obsineenis ayyama konkolaachisummaa qabu (fuula 143).

Giiftiin Liidiyaan akkuma dhiiraatti ogummaa konkolaachisummaa qabu jechuudha. Siintolinnaafi Obsineenis akkasuma. Kunis dubartoonni hojii dhiirri hojjetu kamillee hojjechuu akka danda’an ifoomsa.

4.7.1.3. Naamusa Dubartoota Oromoo

Fkn 1: ...booda garuu haadha manaa Sandaabaa ta'uushee dhagahee baay'ee qaana'ee dhiifama ishee gaafatee ture. Isheen garuu kana hunda Sandaabaatti hinhimne. Isaan taajjabdee itti dhiisti. Walumaagalatti, kabajashee eeggatee abbaa manaashees kabachiistee jiraatti. Ijoolleenshees naamusa haadhasaanii kana baay'ee jaal'atu (fuula 200).

Dhiibbaa dhiironni alaa irratti raawwatan Fiqir daftee abbaa warraasheetti hinhimne. Tasgabbiin ilaaltee suuta suuta akka ishee baranii ofumasaaniitiin dhiisan goote malee dubbicha ukukkubsitee dubbii biraan akka ka'uuf haala hinmijeessine. Ogummaadhaan namoota ishee qoccolan suuta suuta eenyummaashee barsiiste.

Fkn 2: Fiqir kabajashee eegdee sababii barattuuf barattootiifi barsiisotishee ishee kabaju. Barattuun konkolaataa qabdu ishee qofa waan ta'eef hundi ishee dinqisiifatu. Uffannaafi kopheenshees gatii guddaadhaan kan bitaman waan ta'aniif ijoollee durbaa kampasii sana keessa jiran irraa adda ishee godha. Hundi dinqisiifannaadhaan ishee laalu. Kanarrattimmoo baay'ee bareedduufi barumsaanis baay'ee cimtuu waan taateefis iji barattootaafi barsiisota dhiiraa irraa hinbuqqa'u (fuula 211).

Waraabbii armaan olii keessatti naamusa, dinagdeefi barumsaan fakkeenya ta'uu Fiqir argina.

Fkn 2: Obsinee dhiirri jaalalaaf ishee hinhawwine hinjiru. Hiriya dhiiraa qabdi. Haata'u malee, innillee saalquunnamtiif ishee bira hingenye. Durba duudaadha. Kaayyoonsee kudha lama raawwattee qabxii gaariidhan darbitee yuunivarsitii seentee digirii PhD dhaan eebbifamtee saayinsistii addunyaarratti beekamte ta'uudha. Haallishees akkuma bifishee bareedaadha. Namoota ollaa, barsiisotashee, haatiifi abbaanshee kan eebbisaniiifi kan jaal'atamte intala naamusa gaariidhaan gorsamtee guddatteedha. Dubbiidhaaf injarjartu. Dura nama dhaggeeffatti. Suuta tasgabbooftee yaaddee dhimma sirriitti yaaddee itti amantee murteessite fiixaan baasti. Jarjartee murtii hintaanerra hingenye. Rabbi yeroo ishee uumu gamna (abshaala)fi toofta beekettii godhee ogummaa guddaa kenneeraaf (fuula 259).

Akka Oromootti durbi utuu hinheerumin durbummaashee gatte akka waan safuu hawaasaa cabsiteetti ilaalamti. Obsineenis safuu kana keessatti waan guddatteef kabaja guddaa qabdiif. Ofiisheettiis kabajatti of eegdee jirti. Nama kaayyoo qabduufi dubbii tasgabbiidhaan laaltuudha. Yaaadni kun walumaagalatti naamusa gaarii shamarran Oromoo qaban bakka bu'a.

4.7.1.4.. Miidhaa Miseensonni Hawaasaa Tokko Tokko Dubartootarraan Gahan

Miseensonni hawaasaa tokko tokko akka waan dubartoonni ijoollee dawuu qofaaf tajaajilaniitti yaadu. Mee waan Raas Geetawu Siintolinnaa ilaalchisanii yaadan haafudhannu.

Fkn 1: Raas mucaa Siintolinnaa qofa guddifachuu osoo hintahin dubartii deessuu ta'uushee hubataniiru. Yoo dhokatanii bira dhaqan mucaa naa da'uu dandeessi jedhanii yaadasaanii wajjin mari'ataniiru (fuula 38).

Akka yaadasaanii kanarraa hubatamutti tajaajilli dubartootaa inni guddaan dursee sammuusaaniitti dhufe ijoollee da'uusheeti. Bu'aa gara biraa Siintolinnaan buusuu dandeessu wantisaan tilmaama keessa galchan hinjiru. Kunis ilaalcha dhokataa isaan dubartootarratti qaban agarsiisa. Dhiironni tokko tokko aangoo qabanitti hirkatanii mirga dubartootaa dhiibanillee nijiru.

Fkn 2: Siintolinnaan baay'ee naate. Gooftaan kana yaadu jettee hineegne. "Yaa gooftaa yoo giiftiinfaa dhufan salphina ta'a" jettee yaaddofte malee, gooftaan biyya bitan dhimma kanaaf ishee hawwuusaanii akka kabajaatti ilaalte. Siintolinnaan jaallattes jibbites Raas ishee barbaadani jiru. Kanisaan jedhan 'tole' jettee fudhachuun dirqamaisheeti (fuula 40).

Dubartoonni tokko tokko dhiibbaa miseensota hawaasaan isaanirra gahurraa kan ka'e ofitti amananii dhimma isaan laalurratti murteessuuf nirakkatu. Kanas barruun kun yaada kanaan gadiitiin agarsiisa.

Fkn 3: Siintolinnaanillee fallisheen faltu hinjiru. Kana gochuufis humna hinqabdu. Calluma jettee fala Raas falan eeggachaa fedhiisaanii raawwatti (fuula 50).

Namoonni tokko tokko fedhii dhuunfaasaanii dubartootarratti fe'uu barbaadu. Dubartoonni yaada isaan miidhu mormuuf yoo yaalanillee bakka hinkennaniif.

Fkn4: Fiqir :Habiib, ani garuu dura gaaffii tokkon siif dhiyeessa.

Habiib: Gaaffii akkamii?

Fiqir: Yaadakee maalif hinjijjiirtuu? Ani kaadhimaa qaba. Kanaaf ilaalcha anaaf qabdu dhiisi.

Habiib: Hindhiisu jechaa fedhiisaa humnaan raawwachuuf ishee qabate (fuula 59).

Ulfi yeroo malee kaayyoo dubartootaa karaatti hambisuu akka danda'u barruun kun ni' agarsiisa.

Fkn 5: Fiqir uffata ulfashee dhoksu uffattee mana barumsaatti deddeebitee barachuu sababii hindandeenyeef barumsashee gidduutti dhiisuuf dirqamte (fuula 59).

4.7.1.5. Miidhaa Sirnoonni Siyaasaa Darban Dubartoota Oromoorraan Gahaa

Turan

Sirnoota darban keessatti dubartoonni gama qorqalbiitiin, saamicha qabeenyaatiin, hidhaafi reebicha isaanirratti raawwatamuun dararamaa turan. Miidhaan dubartootarratti raawwatamaa ture kunis asoosamichaan akka armaan gadiitti agarsiifame.

4.7.1.5.1. Gama Qorqalbiitiin/ Xiinsammuutiin

Nafxanyooti aangoofi humna qabanitti hirkatanii fedhiisaaniin alatti dubartoota Oromoorratti gocha sagaagalummaa raawwachaa turan. Gocha akkasii keessaa gochi Qanyaazmaachi Gizaachoon Siintolnnaanirratti raawwate isa tokko.

Fkn 1: Qanyaazmaachi intala bareedduu kana qalaadiisaarratti argachuusaa akka carraa guddaatti lakkaa'a. Siintolnnaan fedhiishee malee dirqiidhaan wajjin ciisti. Yoo diddes miidhaan isheefi abbaa manasheerra gahu suukanneessaa ta'uu akka danda'u beekti. Sababii kanaan akka qanyaazmaachi ishee ajajutti ajajamti. Fedhii sagagalummaasaa dirqiidhaan dhandhamatti. Itti hadhaawa garuu maal haa gootu. Filannoo biroo hinqabdu. Gocha dirqamaan isaa wajjin raawwattu kana isa jaal'atee kan raawwattu itti fakkaata (fuula 13).

Waraabbii kana keessatti dubartoonni sabichumaa wajjin garbummaa jala waan turaniif waan fedhii isaanii hintaane diduuf mirga hinqaban. Nafxanyoonni aangoosaaniitti fayyadamanii tarkaanfii barbaadan irratti fudhachuu danda'u. Tarkaanfiin kun abbaa warraasaaniirrattillee fudhatamuu waan danda'uuf gamtokkoonis abbaa warraasaanii oolchuuf gocha sagaagalummaa qaamasaanii miidhu warra aangoo qaban waliin dirqiin raawwachaa oolu. Namiichi Habii jedhamus qabeenya qabu dawoo godhachuun osoo isheen isa hinjaallatin humnaan Fiqiriin gudeeduuf karoorse.

Fkn 2: Habii karaa hiriyooshee jaarsummaa itti ergateera. Qofaatti ishee eegee akka ishee jaallatu itti himeera. Isa didnaanis, "Si ajjeeseen of ajjeesa" jedhee ishee doorsiseera (fuula 53).

Fiqir garuu tarkaanfii ofirraa ittisuu waan fudhatteef karoorrisaa fiixaan osoo hinbahin hafe. Innis haaloo qabatee yeroo dheeraa erga turee booda akka tasaa guyyaa tokko dirree bashannanaatti ishee arge. Akkuma ishee argeen waanisheen kanaan dura isa goote yaadatee garaan waan isa boora'eef aangoo yeroo sanatti qaburratti hundaa'ee tarkaanfii isheerratti fudhachuu akka danda'u yaade.

Fkn 3: *“Qaama bareedaa kana argachuuf saalonii mana keessanii keessatti dhiigan dhangalaase hinirraanfadh. Ati nirraanfattaa?” jedhe. Isheenis sagalee ciccitaadhaan deebistee “Hinirraanfadh” jette. “Deemi amma gara sireekeetti”. “Gara seeraamoo gara sireetti”. “Tole tole ega” (fuula 204).*

Habiib kanaan dura gocha sagaagalummaa manuma maatiisheetii keessatti Fiqirarratti rawwachuuf yaalee ture. Yaaliisaa kanaan garuu akka tasaa ni injifatame. Sirna fiwudaalaa yeroo sanaa keessatti matiin Fiqir keessatti guddatte warra aangoo harkaa qaban turan. Innis kana waan beekuuf tarkaanfii biraatti cehuu sodaatee dhiise. Sirni sun kufee Dargiin aangoo qabannaan Habiiib aangoo argatee qondaala sirnichaa ta'eera. Ammagaa aangoo qabu kanatti dhimma bahee miidhama isa bara aangoo hinqabne miidhame ijaa bahuuf karoorse. Aangoon siyaasaa yeroo nama harka jirtu kan nama fayyaddu, yeroo nama harkaa baatus kan nama miitu ta'ushee yaada kanarraa barannna.

Qondaalli Dargii Difaabbaachewu jedhamus gochuma walfakkaataa intala Siintolinnaa Obsineerratti raawwachuuf yaalii godhe.

Fkn 4: *Difaabbaachawu gaaf tokko Siintolinnaa waajjirasaatti waamsisee, “Yoo intalakee ishee bareedduu sana harka qabdee eebbistee naa kennite malee ilmakee Obsinaa Waariyoo adda waraanaatti akkan ergu beeki!” jedhee akeekkachiisaa ture (fuula 253).*

Namichi kun aangoo qabutti hirkatee miidhaa qorqalbii cimaa Siintolinnarratti raawwachaa jira. Ilmasheetiin qabatee gocha sagaagalummaa intalasheerratti raawwachuurratti fuuleffateera. Isheenis dirqama ilmahee adda waraanaatti erguu jalaa oolchuuf intalashaa bineensa kanaaf dabarsitee laachuu qabdi. Kunis muddama siyaasaa guddaa sirni darbe dubartoota Oromorraan gahaa ture calaqqisiisa.

Qondaaltoti sirnoota nafxanyaa hedduunsaanii carraa argatanitti aangoo qaban dabalaniidubartoota Oromoo salphisaa turan. Keessumaa qondaaltoti Dargii maqaa warraaqaatiin dubartoota gochoota qaanessaaf saaxilaa turan. Yaalii akkasii keessaa tokko kan Fiqirirratti raawwatameedha.

Fkn 5: *Miseensi Dargii kun yeroo qaama uffati irra hinjirre argu waan baay'ee yaade. Garuu, isa waliin loltooti waan jiraniif mijaa'uufii waan dideef shugguxiisa ittagaamee ittisiqe. Shugguxii mataasheetti qabe. Fiqir ijashee dunuunfatte. “Gara jabeessa nana na ajjeesuufi? jette sagalee abdi kuteen. Dargichis, “Ani sin ajjeesu. Sijaalladheera. Garuu natti heerumtaa?”. Isheenis “Eeyyee” jette deebiste. Innis, “Har'a galgala sa'atii afurirratti mana ciisichaakee keessatti qofaakee na eegi” (fuula 96).*

Gama biraatiin sirnoota Nafxanyaa keessatti dubartoonni Oromoo ilaalcha siyaasaa barbaadan tarkaanfachiisuu keessatti mirga hinqaban. Illanyaa siyaasaa ofii hordofaniin alatti dubartoonni deemanii yoo argaman tarkaanfii reebichaa, hidhaa, ajjeechaafi wantoota kana fakkaatantu irratti raawwatamaa ture. Dubartoota akkasii keessaa Fiqir ishee tokko.

Fkn 6: *“Amantes dhiistes ati amma akka ajjeefamtu murtaa’eera. Namoota farreen warraaqsa akka ajjeesaniif itti murtaa’ee barbaadaman keessaa ati tokkoodha” jedhee kutaa cufame tokko bane namoota simmintoorratti kufanii aadan itti agarsiise. Fiqir namoota simmintoorratti kufanii haala nama gaddisiisuun dhiigisaanii simmintoorratti lola’aa boo’an argitee baay’ee naate (fuula 125).*

Dubartoonni murtoo isaanirratti darbu kamillee fudhachuuf dirqama qabu. Fudhachuu kan didan yoo ta’e tarkaanfii garaagaraatu isaanirratti fudhatamaa ture.

Fkn 7: *...hidhiisaa tamboon gurraachessee hudduu eelee fakkaatu harkaan haxaa’atee ilkaansaa kan jimaan dhugaatiifi tamboon tortorse hidhiirra saaqee ishee dhungachuuf kursiirraa ka’ee itti siqe. Fooliin afaan Shaambal ishee jeeqnaan fuulasee irraa garagalchite. Waan jettu dhabdee, “Asitti miti jaallee Shaambal. Ati itti gaafatamaa olaanaadha ”jette. Shaambal garuu sababii isheen fuularraa garagalfatteef aaree takkaa kaballaadhaan yerooshee rukutu lafatti kufte (fuula 125).*

Sirnoota darban keessatti tarkaanfiin ajjeechaallee dubartoota Oromoo irratti fudhatamaa ture. Kunis akka armaan gadiitti asoosamichaan agarsiifame.

Fkn 8: *Dubartittiin addarra waan rukutamteef fuullishee hinbeekamu. Mataanshee gartokkoon irraa foxxoqera. Waraqaa eenyummaashe baasee dubbise. Kaadiree misoma magaalaa Finfinneedha.” Jaallee Masarat Olqabaa” jedha waraqaan eenyummaa isheeshee (fuula 133).*

Fiqir irrattis haalli kun akka raawwatuuf Dargiin karoora baafatee ture.

Fkn 9: *Haallisheen keessa jirtu lubbuusheetiif sodaachisaa ture. Yaalii ajjeechaatu isheerratti raawwatamaa jira. Galmee gurraacha Dargii keessa galtee jirti. Fiqir haala kana keessa tasgabbootee jiraachuu hindandeenye (fuula 134).*

Sirnoonni darban akka waliigaalli dubartoota Oromoorratti dhiibbaa havana hinjedhamne raawwataa turuusaanii yaadota armaan oliirraa hubachuun salphaadha.

Sirnoota Nafxanyootaa darban keessatti maatiinillee tasgabbaa’ee waliin jiraachuuf carraa dhabaa ture. Abbaan, haatiifi ijoolleen bakka garagaraatti faca’anii jiraachaa turani. Qaabata kanaatiin xiinsammuun dubartootaa hedduu miidhamaa ture. Dubartoota akkasii keessaa Fiqir ishee tokko.

Fkn 10:*Fiqir yeroo kana dhageessu harkashee irraa sassaabbachaa olirraa kaatee afaan qabattee sireerratti gadi jettee caljettee isa laalaa turte. Sandaabaanis utuu waa hindubbatin hafuura dheeraa baafate. Harkashee qabee harkisee lapheesheerra ishee ciibsee aammatee akka tasgabbooftu gochuu yaale. Isheen garuu tasgabbaa'uu hindandeenye (fuula 158).*

Sandaabaan maatiisaa dhiisee dirree qabsoo deeme. Sababa kanaan Fiqir gadda guddaa keessa seente.

Fkn 11: *“Dirree qabsootti namni bobba’e yoo Waaqayy jedhe injifannoodhaan deebi’a. Yoo Waaqayyo hinjennemmoo utuu hindeebi’in dirree qabsoorratti wareegamee hafa. Sandaabaanis carraansaa kanuma”jette. Konkolaataashee duubaan naannoftee boosse. Akka ijoolleenshee irratti hinbarreef fuulashee haxaa’attee ‘manatsarii’ aduutiin ijashee golgitee isaanitti deebite. Garuu, ijoolleensaani haala haadhaafi abbaasaanii kana shakkuudhaan caalaatti jeeqaman. Fiqiris “Anoo akka dubartoota kaani abbaa manaa wajjin jiraachuuf carraa argachuu hindandeenye. Yoomi laata kanan tasgabbaa’ee jiraadhu jetti (fuula 160-161).*

Yaaddoon Fiqir dhimma maatiisheetiif qabdus yeroodhaa yerootti dabalaa dhufe. Sandaabaanis utuu maatiisaa jaal’atuu sababa qabsootiin maatiisaattii adda bahuuf murteesse. Isheenis utuu hinfedhin hiriyaashee dhugaa dhabaa jirtuuf deebii laattu dhabde.

Fkn 12:*Sandaaba anaan eessatti dhiistee deemaa jirtaa? Ijoollekeetti maal jedheen deebi’aa? Ijoolleenkee maal naan jedhuu? Abbaa keenya eessatti dhiistee dhufte yoo naan jedhanoo? Ati abbaa manaakoo qofa miti. Ati hiyaakoo wajjin guddanne. Waan baay’ee wajjin dabarsine! Wayinee! Wayinee! Ani akkas hinseene! Wayinee Sandaabiyyee! Wayinee Sandaabiyyee!....” jechaa baay’ee boosse (fuula 163).*

Kana qofas osoo hintaane Fiqir hidhamuu Siintolinnaatiif gadda guddaa keessatti kufte. Siintolinnaan dhimma siyaasaatiin maqaanshee faalamee mana hidhaa seente. Fiqir waanuma dubbattu wal’aalte.

Fkn 13:*Fiqir hidhamuu Siintolinnaatti gadda guddaatu itti dhagahame. Of jajjabeessuu yoo yaaltellee jabaachuu hindandeenye. Akka haadhaatti ishee baattee kan guddiste waan taateef baay’ee ishee jaal’atti. Dirree waraanaatti akka loltuu dawoonsaa irraa rukutamee saaxilameetti of lakkoofte (fuula 215).*

Muddamniifi dhiphinni Fiqir isa darbe caalaa dabalamaa deeme.

Fkn 14: *Har’ammoo ijoolleeshee Alkumaafi Alkitil mana barumsaati qabamanii leenjiidhaaf gara buufata loltummaa deeman. Fiqir mataashee harka lamaan qabattee ofirra gadi teesse. Wayyoo! Wayyoo ijoolleekoo!*

Wayyoo ijoolleekoo! Biyya tokkoo biyya biraatti isaan fudhadhee utuun jooruu as Hararitti na harkaa baasanii? Wayyoo! Wayyoo! Wayinee! Wayinee! Qofaattin hafe. Harka qullaan hafee? jettee boo'aa turte (fuula 223).

Siintolinnas dhimma intalashee ilaalchisee miidhaa qorqalbii cimaatu isheerratti raawwatame.

Fkn 15: Kana booda Siintolinnas osoo yeroo hinballeessin birrii jedhame fuutee deemtee itti kennite. Jaallee Difawu garuu birrii 50,000 erga fudhatee booda “Sii nidhageessaa? Kun qofti hingahu. Intalakee ishee bareeddu sana anaaf hinfiddu taanaan ilmakee gara dirree waraanaatti erguukooti ittiin jedhe. Siintolinnas yeroo kana dhageessu duddishee iddoo lamatti gargar cite. Duddashee harka lamaan qabatee ofirra gadi quphante. Dubbachuu dadhabde. Utuu of hinbarin daqiiqaa muraasa turtee weerarteemmoo kaate. ‘Maaloo gooftaakoo maalif akkas na gootuu?’ jette (fuula 254-255).

Walumaagalatti namfakkiileen armaan oliidubartoota Oromoo dararamni hamaan sirnoota siyaasaa darban keessatti irra gahaa ture bakka bu’u. dubartoonni Oromoo sirnoota darban keessatti miidhama xiinsammuu hamaadhaan gidirfamaa turusaanii agarsiisa barruun asoosamaa kun.

4.7.1.5.2. Miidhama Qaamaa

Sirnoota Nafxanyaa keessa dararama qaamaa hamaatu dubartoota Oromoorra gahaa ture. Kaan gudeedamaa, reebamaafi ajjeefamaa turan. Dubartoota akkasii keessaa tokko Siintolinnadha.

Fkn 1: Siintolinnas rifeensi mataashee irraa haadamee, huuqqatteefi gurraachoftee nama gara biraa fakkaatee jirti. Reebichi kan itti baay’ate fakkaatti. Yeroo miilla fuutu ni okkolti. Konkolaataa laandirooverii gabaabduu tokkoon torban keessaa guyyaa afur waajjira poolisii kutaa biyyichaa iddoo itti yakkamtoota cimoodha jedhaman qoratan keessatti reebamti. Shiftooti ergamtooti badii biyya diiguuf socho’an Yaadannoo Jaarraafaa eessa jiruu? jedhamtee reebamuudhaan gidiraa guddaa argaa jirti. Sibiilli miillashee hidhee ishee takaaluudhaan akka guddistee hintarkaanfanne ishee dhorka. Suuta ‘karshal karshal’ godhaa miilla fuuti. Sibiillisheen ittiin hidhamte miillaishee madeessee dhiigaa jira. Harkashees akkasuma kaateenaa sibiilaan hidhameera (fuula 219).

Siintolinnarrattillee murtiin du’aallee darbee ture.

Fkn 2: Har’a ganama kana hidhamtoota siyaasaa keessaa tokko kan taate Siintolinnas kan jedhamtu irrattitarkaanfii warraaqaati irratti fudhatama (ni’ajjeefamti) konkolaataa laandirooveriin qophaa’eera (fuula 241).

Sirnoota darban keessatti du'i dubartoota Oromoo akka waan miidhama ta'eetti ilaalamaa hinturre. Qondaaltoti mootummaa du'a dubartootaa caalaa konkolaataasaaniif bakka olaanaa qabu turan.

Fkn 3: *Reeffa jaallewwan keenyaatu nama gaddisiisa malee kan dubartoottittii waanbaddee farra warraaqsa sanaallee namatti hinlakkaa'amu. Kan na gaddisiisu jaallewwan keenya sadaniifi konkolaataa keenyaa qofaadha*" (fuula 244).

Akka namicha yaada kana dhiyeessuutti dubartoota caalaa isaaf kan barbaachisu konkolaataadha. Lubbuun dubartoota Oromoo hanga meeshaa namtolchee tokkoollee kabaja hinqabu jechuudha.

Walumaagalatti, cunqursaafi hacuuccaa sirnoota darban keessatti dubartootarratti raawwatamaa turaniin dubartoonni Oromoo garmaleessa miidhamaa akka turan barruun kun ni'agarsiisa.

4.8.Asoosami Yoomi Laataa? Yaada Dubartoota Hacuucumoo Jajjabeessurratti Fuuleffate?

Barreessaan asoosama kanaa saalaan dhiira. Haata'u malee, sabseenaan asoosamasaatii irra jireessaan dubartootarratti ijaarame. Namfakkiileen gurguddoon keessumaa hayyudureen dubartootadha. Seenaa qabsoo Oromoo keessatti dubartoonni bakka guddaa akka qaban ibsuurratti xiyyeeffate. Dubartoonni bu'aa ba'ii qabsoo Oromoo mudachaa ture furuu keessatti qoodisaanii guddaa akka ture seenesse. Fakkeenyaaf, cunqursaan mootummoonni darban aadde Taliilee/ Haadha Jaarraa, Siintolinnaa, Fiqiriifi Obsineerratti raawwachaa turaniifi cunqursaa kana mo'achuufis wal'aansoo isaan qabaa turan dhugaa kana qabatamaan agarsiisa. Sirnoota nafxanyaa darban keessatti dubartoonni gama xiinsamuun, hidhaan, saamicha qabeenyaan, gudeeddiin, reebichaan, tarkaanfii ajjeechaan, matiisaaanii waliin tasgabbiin jiraachuu dadhabuufi kanneen kana fakkaatan baay'eesaanii ifoomseera. Kana malees, aadaafi barmatiilee hawaasaa, akkasumas ilaalchota dogoggoraa hawaasni dubartootarratti qabu hanga tokko saaxilee sirreeffamuu akka qaban kallattii kenna. Loogii koorniyaa hawaasa keessatti ta'e jedhamee bifa adda addaatiin mul'atu ifatti kaasa. Dubartoonni dhiirumaan walqixa hawaasasaaniif gama siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan waa gumaachuu akka danda'an yaada amansiisaa waliin dhiyeessuu yaala. Dubartiin akkuma dhiiraatti dubbattee amansiisuu akka dandeessu, murtii dubartiin kennitu tuffatanii fudhachuu dhiisuun gama hundaanuu nama dhuunfaa, maatii yookaan hawaasicharratti balaa hamaa fiduu akka danda'u hubachiisa.

Dubartoonni akkuma dhiirotaa baratani sadarkaa olaanaarraa gahuufi hawaasasaanii tajaajiluu keessatti warra dhiirotaa gadi akka hintaane haala Fiqir irraa barachuun salphaadha. Amalootaafi gochoota dogoggoraa akkuma namoota kaanii dubartoota tokko tokko biratti mul'atu kan waliigalaa godhanii dubartoota hunda balaaleffachuun sirrii akka hintaan ni'akeekkachiisa. Namuusni badaan dubartoonni tokko tokko agarsiisan dhiirota tokko tokko birattis akkasuma mul'ata. Dubartoota hundumaa iyyituufi kan naamusa hinqabne, kan gootummaa hinqabne, sodaattuu, kan humna hinqabne, kan qabeenya horachuu hindandeenye, kan miira ofii to'achuu hindanyeeffi kanneen kana fakkaatan goonee fudhchuun ilaalchota hamaa dubartoota hakuucan ta'uusaanii ifatti mul'isa. Keessumaa dubartoonni Oromoo dhimma naamusaafi gootummaatiin akka hinhamatamne barruun kun ifatti kaa'a.

4.9. Gahee Dubartoonni Guddina Hawaasa Tokkoo Keessatti Qaban

4.9.1. Gama Siyaasaatiin

Cunqursaa uummata Oromoorratti raawwatamaa ture ofirraa fonqolchuuf yaalii taassifamaa ture keessatti dubartoonni shoora olaanaa qabu. Warreen kaan dirree qabsootti bobba 'uun, kaanimmoo warra dirree qabsootti bobba'aniif deggersa barbaachisaa gochuufi kkf raawwa-taa turan.

Fkn 1: *Obbo Walabummaan lola kanarratti du'e. Haati manaasaa aadde Taliileen ilmais hee Jaarraa ulfa ji'a afurii turte malee silaa isheenis wajjin duuluuf turte* (fuula 8).

Akkuma waraabbii armaan olii keessatti ibsame dubartoonni Oromoo ilmaanuma Oromoo warra dhiiraa wajjin sodaa tokko malee qabsaa'aa turan. Oromiyaan biliisummaashee akka gonfattuuf dhiirumaan walqixa shoorasaanii bahachaa turan jechuudha.

Fkn 2: *"Abbaankee maqaa kana akkamitti siif moggaase jedhee gaafate". Hacuuccaan itti hammaatee barri toluufii dinnaan barri dhufu siintolinnaa hacuuccaafi roorroon nafxanyootaan nurratti rawwatamaa jiru kun dabree barri nuuf tolu nuuf dhufaa laata? Siin toluu danda'a taha. Lafti nurraa fudhatame nuuf deebi'a ta'a jechuusaa akka tahe yeroo dubbatu nan dhagahan ture* (fuula 24).

Oromoon akkuma dhiiraatti birmadummaa biyyasaa ilaalchisee dubartootarras abdiisaa ka'uutu yaada kanaan ibsame. Oromiyaa biliisomsuu keessatti shamarran Oromoos itti gaafatamummaa akka qabantu waraabbii kanaan ifoome.

Fkn 3: *Yaadannoon sababii dhiphummaa jedhamuun waggaa lamaaf hidhamee bahe. Yeroo mana hidhaatii ba'u Siintolinnaan deggersa horii isa barbaachisu hunda gooteef. Uffannaafi waan nyaatan hunda yaadannoofi guutummaa maatiisaaf kennuudhaan isa jajjabeessiti turte (fuula 181). Hirribi osoo isa hinfudhatin asiifi achi garagaggalaa waan baay'ee osoo yaaduu sa'atiin 10:30 taanaan utaalee ka'e. siintolinnanis sagaleesaa dhageessee kaatee, "Galaa siif taha" jettee birrii 5,000 kenniteef. Birriin kan si barbaachisu yoo ta'e nama natti ergi. Anis karaa barbaachisaa ta'e hundumaan isin cinan jira. Iccitiidhaan walhaaquunnamnu (fuula 183).*

Waraabbii kana keessatti akkuma argamu Yaadannoon sababa Oromummaasaatiif mana hidhaatti darbatamee achi turee bahe. Namni mana hidhaa turemmoo hojii isa jiraachisu hojjetaa waan hinturreef dinagdeensaa kufaadha waan ta'eef deggersa barbaada. Kanaaf, Siintolinnanis rakkoosaa kana hubatee deggersa barbaachisaa gooteef. Gara fuula duraattis dirree qabsoo inni itti deemaa jirutti qarshiinni ittiin gargaaramuu danda'u laatteefii gara fuula duraattis akka isa bira dhaabachuu dandeessu waadaa galteefii isa geggeessite.

Fkn 4: *Joorgis hiriya qabsoo jaallee Sandaabaati. Fiqir Sandaabaa geggeessitee erga deebitee booda, Joorgis hanga tokko ishee geggeesse. Sana booda debi'uuf ture. "Ani egaa amma nan deebi'a. Sandaabaafaatti makamuun qaba. Kanaaf, as dhaabadheen konkolaataa eeggadha" jedhe. Isheenis, xiyyaaraan Mandiidhaa hanga Begiitti balali'uun meeqa akka ta'e gaafatte. Innis birrii 30 akka ta'e ibseef. Kana booda isheenis birrii 500 laatteefii gara dirree qabsootti isa deebiste (fuula 165).*

Wanti Fiqir Joorgisiif raawwate kunis deggersa dubartoonni Oromoo qabsoo biliisummaa Oromootiif gochaa turan agarsiisa. Dubartoonni Oromoo gama hundaanuu qabsoo Oromoon biliisummaasaatiif godhu utubaa jiruusaanii ibsa. Sirnoota darban keessatti gootummaan dubartoota Oromoo bakka garaagaraatti mul'achaa ture. Asoosamni Yoomi Laataas gootummaa shamarran Oromoo sirnoota nafxanyaa darban keessatti mul'ataa turan kallattiidhaan agarsiisa.

Fkn 5: *Fiqir Dargichi du'uusaa erga hubatee booda gadi baatee Siintolinnaa waamte. Mudhii Dargicharraa shugguxii kooltii 38 jedhamu irraa hiikte (fuula 100). Ati dhiifama naaf gootee miti kan na gadhiiste. Birrii miliyoona kudhan fudhattee ana waliin ciisuuf na gadhiiste. Ani akka dubartoota magaalaa Finfinnee maqaa adda addaa itti moggaastanii qabdani hiitanii itti taphattan miti. Anaani natti taphachuuf fiigaa dhufte malee dhiifama naa gootee nan gadhiisne. Ati bineensa dhiiga dhuguudha (fuula 130).*

Qondaalli Dargii kun nama aangoosaatti fayyadamee gocha sagaagalummaa raawwachuuf deemu ta'uurrallee darbee qabeenya dubartootaallee saamuuf

kandeemuudha. Isheen garuu mala mataashee gargaaramtee namicha yakkasheerratti dalaguuf turerratti tarkaanfii gootummaa fudhatte.

Fkn 6: *Habiib balbala kutaa ciisichashee sana banee dursee yeroo seenu, Fiqir duddasa duubaan balbalarra dhaabatee battalaan shugguxiishee luqqifatee, “Harka ol kaasi. Nan socho’a akka hin jenne. Yeroon ammaa kun dhiignikee al lammaffaaf sagaagalummaaf yeroo itti dhangalastuudha. Dur bara ijoollee turre dhiigikee inni dhangala’e sunis sagaagalummaaf ture. Yeroo lamaanuu dhiigikee kaayyoo bu’aa hinqabneef dhangala’uusaati. Atillee dubartiidha humna hinqabdu jettee natti taphachuuf as na fiduukeeti mitii? Yaa gowwaa siduubaan bowwaa yeroo jedhan hindhageenyee? Ati nama dadhabaa Itiyoophiyaafis, abbaafi haadhakeetiifis nama bu’aa hinqabneedha” jettee rasaasa tokkoon mataasaa dhoostee lafarratti diriirsite (fuula 204).*

Namichi kun maqaa qabsootiin da’atee gocha sagaagalummaa Fiqirirratti raawwachuuf deema jira. Kana raawwachuufis humna siyaasaa harkasaarraa qabutti fayyadama. Silaallee aangoon kan namaaf kennameef gocha qaanessaa akkasii akka ittiin raawwataniif miti. Namichi kun garuu aango harkarraa qabu hojii sagaagalummaatiif oolchaa jira. Dubartoonni Oromoo qabata kanaatiin sirnoota nafxanyaa darban keessatti darararamaa turanis seenaan haalakka’u. Ta’ullee, dubartoonni Oromoo cunqursaa diinaan isaanirratti raawwatamu kana tole jedhanii kan hinfudhanne jiru. Fiqiris namfakkii dubartoota kana bakka buutee asoosama kana keessatti dhiyaatteedha.

Fkn 7: *Siintolinnaan cimina intalashee kana kan beektu yoo taatellee dhimma akkasiirratti ishee laaltee hinbeektu. Baay’istee sodaatteef. Obsineen garuu lubbuu haadhaafi obboleessashee baraaruuf filannoon qabdu kabaja durbummaashee naamusaan eegdee turte jawwee dhiiga dheebote kanaaf wareegama kennuuf murtiirra geese. Yoo kana goote malee, jaallee Difaawu sanyisaanii hunda lafarraa fixuu danda’a. Harme hinyaadda’in ani waan tokko hinta’u. Bineensa dhiiga namaa dhugu kana mo’achuun nan dhibuu (fuula 259).*

Akkuma waraabbii armaan olii keessatti mul’ate Obsineen cunqursaa maatiisheerratti rawwatamaa jiru callistee laaluu hindandeenye. Haadhasheefi obboleessashee oolchuuf dabarsitee eenyummaashee diinatti laatte. Kunis hagam gootummaa akka qabdu agarsiisa. Miiidhamni maatiisherratti raawwachuuf deemu isheerratti akka raawwatu dabarsitee of laatte. Kunis haala dubartota Oromoo sirnoota Nafxanyaa darban keessatti hawaasasaaniitiif jedhanii wareegama gurguddaa kaffalaa turan bakka kan bu’uudha.

4.9.2. Gama Hawaasummaatiin

Fkn 1: *Amsoolaa, uffata qorraafi uffata boraatii jijjiiruun qaba. Maalifii? Giiftiin nibaru. Akkamittiin? Urgooftuu ani dibadhu waan beekaniif. Kana malees, haala kanaanis dubartiin gara biraa asirra akka bulte haala ittiin beekan qabu. Sirrii! Sirrii! Sirrii yaadde. Ani habadan haala kana hunda hinyaadne. Hubannoo Siintolinnaa kanas Raas baay'ee dinqisiifatan (fuula 45).*

Yaadni armaan olii dubartoonni mala rakkoo maatii yookaan hawaasa tokkoo ittiin furan qabaachuusaanii agarsiisa. Raas Geetawu waan raawwataniin walqabatee rakkoo isarratti yookaan isheerratti yookaan lamaanuusaaniirratti dhufuu danda'u hinyaanne. Isheen garuu dursitee waan ta'uu danda'u tilmaamtee battalatti waan rakkoo fiduu danda'uuf furmaata laatte. Kunis kan agarsiisu dubartoonni dhiira caalaa mala rakkoo nama dhuunfaa yookaan hawaasaanii furuu keessatti akka qaban hubanna.

Fkn 2: *Isin arguukootti garuu baay'een gammade. Kana booda rakkoon isin hinargatu. Ani akka abbaafi haadha keessaniittin isin gargaara. Magaalaa Kaartumittin isin fudhee deema achittis mana barumsaattan isin galcha (fuula 235).*

Dubartoonni rakkoo hawaasasaanii furuu keessatti gahee olaanaa akka qaban agarsiisa waraabbiin armaan olii kun. Nama deggersa barbaaduuf deggersa gaarii gochuu keessatti dubartoonni cimina akka qaban mul'isa.

Fkn 3: *Haay! Gurbaa nimaraattee? Anii fi ati walfudhannee bannee waliin jiraachuu utuu dandeenyuu kana yaaddaa Anii fi ati dargaggootaadha. Amma reefuu jireenya biyya lafaa kana jalqabne. Maalif of balleessuu yaaddaa?(fuula 47).*

Yaadni dubartoonni dhiiraaf dhiyeessan jajjabeessuu bira darbee jireenyasaanii gara fuula duraattifuullaasuu keessattillee humna guddaa qaba. Yaada armaan olii kanaan Siintolinnaatu Waariyoo jajjabeessa. Haalli Waariyoon yeroo sanatti keessa ture haala yaaddessaa lubbuusaa balleessuuf tureedha. Isheen garuu, gorsitee of balleessuu jalaa isa oolchite. Kana boodas Waariyoon jireenyasaa keessatti milkaa'ina hedduu gonfateera. Ammatuu yeroodhuma rakkoon isa mudate sana ofballeesseera ta'ee waan hedduu dhaba ture. Gorsasheetiin garuu bu'aa bahii hedduu keessa erga darbee booda milkaa'ina gaarii argate.

4.9.3. Gama Dinagdeetiin

Dubartoonni dinagdee keessatti qooda fudhatanii of gargaaruurra darbanii dinagdee biyyaa keessatti bu'aa guddaa buusu. Bu'aa bahii hedduu keessa erga darbanii booda Siintolinnaafi Fiqir dinagdeesaanii hedduu fooyya'e. Fiqiris ofiisheerra darbitee Waariyoofi Ashkoodhaaf konkolaataasaan hojii ittiin hojjetanii of jiraachisan bitteef.

Fkn 1: *Fiqir konkolaataa geejjibaa guddaa tokko kampanii FIAT 2 irraa bittee Waariyoofi kennite. Ashkoofis akkasuma taaksii akka hojjetuuf bittee laatteef* (fuula 89-90).

Wanti Fiqir raawwatte kunis rakkoo dinagdee hawaasaa furuu keessatti bakka guddaa qaba.

4.10. Hariiroo Asoosamoota Qorannoo Kanaaf Filataman Lamaanii

Asoosamoonni xiinxalaaf dhiyaatan lamaanuu asoosaa Isaayyaas Hordofaa Miijanaatiin akka barreeffaman armaan olitti ibsuun yaalameera. Barreessichi asoosamoota kanneen seenaa dhugaarratti hundaa'ee akka barreesses kitaabumasaa keessatti agarsiiseera. Sirnoota darban keessatti uummanni Oromoo gama hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan cunqursaa akkamii jala akka ture bifa yaaduumeesaatiin qindeessee ibsuu danda'eera.

Sirnoota siyaasaa Dargiin dura turan keessatti uummati biyya kanaa garee hawaasaa lamatti qoodamaa ture. Isaanis garee abbootii lafaafi garee qonnaan bultootaa warreen 'Gabbarii' jedhamanii waamamaniidha. Gabbaronni wantoota jireenyasaaniif barbaachisu argachuuf abbootii lafaa jalatti ajajamanii hojjechuu qabu. Haaluma kanaan uummanni Oromoos lafumaafi qabeenyasaarratti alagaadhaan gabroomfamee gabbarii ta'ee alagaa sooraa ofii agabuu bulaa ture. Kunis ifatti sirnaan hinlabsamin malee sirna dinagdee kappitaaliizimii biyya kana keessatti babal'isuuf ka'umsa cimaa ture. Sababnisaa gareen hawaasaa 'Abbootii lafaa fi gabbarii' jedhamanii addaan hiramun bu'uura sirna kaappitaaliizimii akka qaban deggertoonni sirna sooshaaliizimii ni ifoomsu. Dargiin sirna akkasii diigee sirna sooshaaliizimii hundeessuuf yaalaa ture. Maqaadhaan waan uummataaf dhaabatan fakkaatanii qondaaltonni sirnicha keessaa humna qawwee gargaaramanii maqaa garee hawaasaa kan durii dhoksuun qabeenya namoota dhuunfaafi biyyaa akka malee saamaa turan.

Sirnoonni kunneen carraa argatan hundatti gargaaramanii lafaafi qabeenya uummata Oromoo saamuun ofii duroomaa uummatichammoo waggoota 150 oliif kufaatii dinagdee,

siyaasaafi hawaasummaa hamaa keessatti gataa turan. Bara dhufaa darbaa sirnoota siyaasaa biyya kana keessatti waljijjiiraa turan keessatti uummatichi hakuucamaafi saamamaa as gaheera.

Saamicha dinagdee uummata kanarratti gama hundaan raawwatamaa ture kana barreessaan asoosamoota lamaanuu keessatti mul'iseera. Gareen dinagdee qabu maal akka argateefi gareen dinagdee dhabemmoo maal akka miidhame asoosamaata kanneeniin ifa ta'eera.

Kana malees, hakuuccaafi cunqursaa sirnoota darban keessatti dubartoota Oromoorratti raawwatamaa turan gama hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan walqabsiisanii ibsuu xiyyeeffatan. Kanaafuu, akka xiinxala raawwatameetti xiyyeeffannoon ergaa asoosamoota lamaanii yaaduma walfakkaataarratti waan fuuleffate fakkaata. Addaddummaansaanii garuu, asoosamni Yoomi Laataa, Hawwiirra wantinni ittiin adda ta'u bal'inaan seenaa dhugaan jiru dhiyeessuusaati.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

QORANNICHAA

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa? ija yaaxxina 'Maarkiisiizimiifi Feemiiniizimii'* tiin xiinxaluu xiyyeeffate. Yaaxxinni Maarkistii hojiilee ogbarruu akka calaqqee jaarmiyaalee hawaasaatti laala. Ilaalcha kanaanis ogbarruun caasaa hawaasaa olaanaafi gadaanaa kan dinagdeedhaan murtaa'e tokko galmeessee ol kaa'a. Akka yaaxxina kanaatti barruuleen ogbarruu jaarmiyaalee hawaasaa yookaan hariiroo hawaasummaa ilmoo namaa caalaa dinagdee hawaasichaa fuuleffatu hawaasdinagdeerratti hundaa'ee amala ilmoo namaa xiinxala jechuudha. Kunis dhimmoonni hawaasa kamiyyuu sadarkaa dinagdee hawaasichaatiin murtaa'uusaa garsiisa (Eagleton, 1976).

Kana malees, yaaxxinni Maarkistii kallattii siyaasaa hawaasni tokko irra jiruufi kan gara fuulduraa hojii ogbarruu tokkoon agarsiifame madaaluus nilaallata. Seenaa dinagdeefi seenaa waldhabdee garee hawaasaa hojii ogbarruu tokkoon dhiyaate qorata. Barruun sun illanyaa garee biyya bulchuu hordofamoo illanyaa sana dadhabsiisuu xiyyeeffata yookaan illanyaa yeroo sanatti jiran keessaa isa kamtu mo'ataadha? Kan jedhu laala.

Yaaxxinni kunis sirna 'sooshaaliizimii' ykn 'koomuunistiif' bu'uura. Galmisaas hawaasni warraaqsa hojii taassisuun abbummaa qabeenyummaafi mala oomishaa to'achuun hawaasa dinagdeerratti hundaa'ee gareetti hinqoodamne uumuudha. Hawaasa akkasii keessatti qabeenyummaan mala oomishaa kan miseensa hawaasa hundaati malee kan namoota murtaawoo yookaan kan garee biyya bulchuu qofa miti (Bowens et al, 2013:VIII).

Yaaxxina kanaan hojii ogbarruu tokko yammuu qeeqnuufi xiinxallu garaagarummaa garee hawaasaa tokko gidduu jiruufi sadarkaa hawaasdinagdeesaarratti xiyyeeffanna. Dhimmoota hawaasa tokko laalan duuba dhiibbaa dinagdeetu jira. Jabinaafi laafina, cunqursuufi cunqurfamuu, hawaasichaatiif sababni jalqaba sadarkaa dinagdee hawaasni sunirra jiruudha (Tyson, 2006:53).

Yaaxxinni kunis yeroo duraatiif akka illanyaa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa addunyaa kana jijjiiruutti hordoftootasaatiin bu'uureffame malee ogbarruu ittiin xiinxaluuf yookaan qeequuf miti. Haata'u malee, gaaffii dubbistoonniifi qeeqoxni

hedduun jaarraa sanaa kaasaa turanirraa kan ka'e akka yaaxxina ogbarruun ittiin qeeqamuu danda'u keessaa tokkootti fudhatame (Edward, 1989:91). Walumaagalatti ija yaaxxina Maarkistiin hojii ogbarruu tokko yammuu xiinxallu yookaan qeeqnu dhimmoonni ijoon xiyyeeffatamuu qaban: dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa; haala seenaafi qabeenyaa; diyaaleektiksii, mateeriyaaliizimiifi diyaaleektikaal mateeriyaaliizimii' waldiddaa garee hawaasaa, akkasumas waan qabatamaa ta'e qofarratti xiyyeeffachuudha.

Gama biraatiin, yaaxxinni 'feemiiniizimii' illanyaa walqixxummaa koorniyaatti amanu ta'ee ogeessota ogummaa garaagaraarraa walitti dhufanii cunqursaafi hacuuccaa dubartootarratti raawwatamu balaaleffataniin kan hordofamuudha. Ogeessonni kunneenis yeroo hedduu dirree qorannoosanii 'feeminizimoota' jedhanii of waamu. Kunis ilaalchota hedduu yaaxxina kana keessa jiran to'achuuf yookaan yaaxxina kanaan hojii ogbarruu tokko karaa garaagaraa laaluun akka danda'amu agarsisuuf yookaan ilaalcha duubatti hafaa karaa tokkichaafi filatamaa jedhamu daangessuuf kan yaadameedha. Haata'u malee, yaaxxinni 'feemiinistii' akka waliigalaatti karaalee hojiileen ogbarruu yookaan aadaan hawaasa tokko dinagdee, siyaasa, hawaasummaafi qorqalbii dubartootaa itti cunqursan yookaan jajjabeessan kan xiinxalu ykn qoratuudha (Tyson,2006:83).

Yaaxxinaalee lamaan kanaan asoosamoota filataman kanneen xiinxaluuf wanti qorataa kakaases yaaxxinaalee ogbarruuwwan sadarkaa addunyaatti ittiin xiinxalaman keessaa yaaxxinaalee filataman kanaan sadarkaan guddina ogbarruu Oromoo irra gahe laaluudha. Sababnisaa hojiileen ogbarruu saba tokkoo saayinsii ogbarruu sadarkaa addunyaatti jiran bu'uura godhatee hinqoratamne gulantaa guddina ogbarruu sabichaa akkaataa barbaadamuun agarsiisuu hindanda'u.

Akka Oromoottis jaarraa kana keessa qorannoowwan yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatanii xiinxalamaniifi qeeqaman bal'inaan hinmul'atan. Ka'umsi rakkoo kanaas hubannoo barreessitoonniifi qorattoonni ogbarruu Oromoo dhimma ogbarruufi yaaxxinasarratti qaban gadaanaa ta'uusaarraa kan madde ta'uu mala. Rakkoo hubannoo kanas barruulee ogbarruu qabatamaan lafarra jiraniifi qorannoowwan dhaabbilee barnoota olaanoon dhimma kanarratti barattootaan hojjetamanirraa qabatamaan arguun nidanda'ama. Kanaaf, qorataanis qaamonni dhimmi laalu hanga tokko hojii kanaan hubannoo argatanii hojii caaluuf akka of qopheessaniif daandii saaquudha.

Kanamalees, akkuma waliigalaattuu yaaxxina bu'uureffatanii ogbarruu Oromoo xiinxaluun hedduu kan hafu yoo ta'ellee keessumaa yaaxxinaalee lamaan qorataan filataman kana giddugaleessa godhatanii xiinxala adeemsisuunis nihafa jechuurra hintuqamne jechuutu salphata. Kunis qorannoon kun akka adeemsifamuuf qabata ta'eera.

Egaa, kaayyoo goeroon qorannoo kanaa asoosamoota lamaan filataman ija yaaxxina 'Maarkiisiizimiifi Feemiiniizimii'tiin xiinxaluu yoo ta'u, kaayyowwan goorees gaaffilee bu'uura qorannichaafi qajeeltoowwan yaaxxinaalee lamaanii bu'uura godhatanii qophaa'aniiru. Haaluma kanaan kaayyowwan gooree qorannoo kanaas asoosamoonni kunneen: dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa akka calaqqisiisan addabaasuu; namfakkiileen barruwwan kanneen keessa jiran garee hawaasaa kamiin akka bakka bu'an ibsuu; dhimmoota koorniyaan walqabataniis asoosamoota kanneen keessatti ka'an tarreessuu; barruwwan kunneen kan dubartoota jajjabeessan yookaan hachuucan ta'uusaanii adda baasuun ibsuu; akkasumas gahee dubartoonni gama guddina hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan qaban kan barruulee kanneen keessatti mul'ate agarsiisuudha.

Kaayyoo qabatee ka'e kana galmaan gahuufis qorataan dhimmoota xiyyeeffannoo qorannoosaatii adda baasee erga qindeeffatee booda gara odeeffannoo qorannoosaatiif barbaachisan funaanuutti cehee jira. Odeeffannoowwan funaanamanis gaaffilee bu'uura qorannoofi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhatanii duraaduubaan qindaa'anii xiinxalamani. Xiinxala taassifameenis asoosamoota lamaanuu keessatti kaayyowwan qorannichaa galma barbaadamurra gahaniiru. Gabaabaadhumatti, haala waliigalaatiin yoo laalaman asoosamoonni kunneen ija yaaxxinaalee ittiin xiinxalamaniin guutumaan guutuutti ulaagaa barbaadame guutaniiru yoo jechuu baannes hojiilee ogbarruu sadarkaasaanii eegani qophaa'aniidha.

5.2. Argannoo

Asoosamoonni *Hawwiifi Yoomi Laataa? ija yaaxxina Maarkiisiizimiifi Feemiiniizimiitiin xiinxalamani* argannoo tokkorra gahamee jira. Haaluma kanaan argannoowwan qorannoo kanaa haala armaan gadiitiin tarreeffamaniiru.

- Asoosamoota filataman keessatti dhimmoonni hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa Oromoo bal'inaan calaqqisu. Dhimmoonni hawaasummaa kanneenis kanneen akka hariiroo hawaasaa (hariiroo dalgeefi olee), afaan, aadaa, amantaa, duudhaa,

sabboonummaafi falaasama Oromoo bal'inaan agarsiifameera. Gama dinagdeetiinis cunqursaafi hacuuccaa sirnoota darban keessa uummata Oromoorratti raawwatamaa turan hojiileen ogbarruu kunneen ifatti mul'isu. Kana malees, bu'aa yookaan miidhaa dinagdee qabaachuun yookaan dhabuun garee hawaasaa tokkoof qabu yookaan garee hawaasaa tokkorratti qabu gadifageenyaan laalameera. Gareen hawaasaa dinagdee qabu maal akka argate, gareen dinagdee hinqabnemmo maal akka dhabe jiruufi jireenya uummata Oromoo wajjin walqabsiisee asoosichi balballoomsuu yaaleera. Bu'aa dinagdee qabaachuun qabuufi miidhaa dinagdee dhabuun fidu hojiilee ogbarruu kanaan ifoomaniiru. Haaluma cunqursaa dinagdee bu'uura godhateen siyaasni uummata Oromoos gaaga'ama hamaa keessa akka ture asoosamoonni kunneen ibsaniiru. Qabati kanaas akka yaaxxina Maarkisitti hawaasni dinagdee hinqabne kallattii kamiinuu milkaa'ina qabaachuu waan hindandeenyeef. Siyaasaan olaantummaa qabaachuu yookaan dhabuun faayidaa yookaan miidhaanni garee hawaasaa tokkoof qabus agarsiisuun danda'ameera.

- Barruulee lamaanuu keessatti garee olaanaafi gadaanaan hawaasaa dinagdeerratti hundaa'anii nimul'atu. Eenyufaatu warra qabeenya qabaniidha? Eenyufaatummo dafqaan buloota? kanneen jedhan namfakkiilee asoosamicha keessa jiraniin bakka buufamanii agarsiifamaniiru. Haata'u malee, barruulee asoosamaa kanneen keessatti darbee darbee eenyutu miseensa garee hawaasa kamiiti kan jedhu wanti agarsiisu hinjiru. Kana jechuunis bakka tokko tokkotti namfakkii kamtu abbaa qabeenyaa eenyuun bakka bu'e? yookaan eenyutu garee hawaasaa dafqaan bulootaa keessaa garee dinagdeen giddugaleessa yookaan gadaanaa yookaan hiyyeessa hiyyeessaa gadii akka ta'e adda baasanii eenyummaasaanii hubachuun nama dhiba. Kunis sadarkaa dinagdeetiin gareesaanii yoo beeknellee sabummaasaanii adda baasanii miseensa hawaasa akkasiiti jechuun ulfaadha. Yaada kana caalaatti ifa gochuuf asoosamoota lamaanuu keessatti hayyudureewwan mul'atan kallattiin uummata Oromoo bakka bu'anii sadarkaa dinagdee uummata Oromoo, cunqursaafi saamicha isarratti raawwatamaa ture, akkasumas cunqursaafi saamicha dinagdee uummata Oromoorratti raawwachaa kanneen turanis garee warra sirnoota darban keessa aangoo bulchiinsaa qabataniin turan akka ta'e ifatti namfakkiileen bakka bu'amanii dhiyaatanii jiru. Ta'us, namfakkiilee tokko tokko abbootii qabeenyaa yookaan dafqaan buloota ta'uusaanii malee eenyummaa yookaan qomoosaanii adda baafachuun ulfaateera.

Kunimmoo akeeka barruun sun ittiin dhiyaaterraa waan kaate fakkaata. Sababnisaa barruulee kanneen dhimma dinagdeetiin walqabsiifnee yammuu xiinxallu barreessaan kaninni agarsiisuu barbaade sirnoota darban keessatti eenyutu dinagdee qabatee cunqursaa akka tureefi eenyutu dinagdeen saamamee cunqurfamaa ture kan jedhu namfakkiileen bakka buusee agarsiisuu waan fedhe fakkaata. Namfakkiileen tokko tokko garuu faallaa yaada kanaa deemu. Tokko tokko abbootii qabeenyaa yookaan dafqaan buloota ta'anii qomoo yookaan eenyummaasaaniitiin maal akka ta'aniifi maddi dinagdeesaanii maal akka ta'e wanti namatti himu hinjiru.

- Asoosamoota kanneen keessatti dhimmoonni koorniyaan walqabatan kanneen akka loogii koorniyaa jiruufi jireenya uummataa keessatti mul'atu, rakkoo dinagdee dubartootaa, miidhaa gama aadaa yookaan barmatiilee hawaasaatiin dubartootarra gahu, miidhaa qorqalbiifi gocha qabataamaan qaamoleen hawaasaa garaagaraa dubartootarratti raawwatan, dubartoota ilaalchisee yaadota dhugaa hintaane garuu akka dhugaatti fudhaman bal'inaan nimul'atu. Haata'u malee, barreessaan asoosamoota kanneenii dhiibbaa gama hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan dubartootarra gahu itti yaadees haata'u osoo itti hinyaadin agarsiisuu malee, dhimma kana ilaalchisee dubbistoonni dhimma koorniyaarratti ilaalcha akkamii qabaachuu akka qaban kallattiin wantinni dubbistoota qabsiisuuf yaale bal'inaan hin mul'atu.
- Akka waliigalaatti yammuu laalamu barruuleen kunneen dhiibbaa gama koorniyaan walqabatee jiruufi jireenya uummataa keessatti mul'atan agarsiisuurratti waan fuuleffataniif karaa alkallattiin qaamoleen hawaasaa miidhaa hawaasa keessatti dubartootarratti raawwatamu ifa baasuun cunqursaafi hacuuccaan isaanirratti raawwatamu daangaa godhachuu akka qabu kallatti kenna. Keessumaa akka qorannoowwan gama ogbarruun taassifaman tokko tokko agarsiisanitti hayyuduroonni asaasamoota hedduu keessatti warra dhiirotaati. Faallaa kanaatiin asoosamoota xiinxalaaf dhiyaatan kana keessatti bakka lamaanittuu hayyuduroonni dubartootadha. Kanaanis dubartoonni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti bu'aa bahii isaan keessa darbaniifi rakkoo isaan mudatu kallattiin mul'iseera. Bakkaafi haala kamillee keessatti mirgi dubartootaa kabajamuu akka qabu, dubartoonni dhimma ofiisaaniirratti murteessuu akka qaban, dhiibbaa maatiifi hawaasaatiin murtii fedhiisaaniitiin alaa fudhachuu akka hinqabne bifa alkallattiin gorsa kenna.

Walumaagalatti, asoosamoonni kunneen mirgi dubartootaa gama kamiinuu dhiibamuu akka hinqabne falmu. Kana malees, loogii koorniyaa itti yaadamee yookaan osoo itti hinyaadamin hawaasa keessatti raawwatamu ibsuurratti fuuleffatame. Dubartoonni mirgasaaniif falmachuu akka qaban, qaamoleen hawaasaa kamillee mirga dubartootaa kabachiisuuf gaheesaa bahachuu akka qabu eeru. Haata'u malee, koorniyaa ilaalchisee fayyadamni afaan barreessaa bakka tokko tokkotti loogii koorniyaa qaba. Dabalataanis, seenessaan asoosamichaa dhimma koorniyaa ilaalchisee kallattiinni irra dhaabatee seenessu hubachuun namatti ulfaata. Sababnisaa, barruulee xiinxalaaf dhiyaatan keessatti dhimmoonni dubartoota miidhan dhiyaachuusaanii malee, deggeramanii yookaan mormamanii wanti agarsiifaman hinjiru. Kunimmoo tarii barreessaan osoo itti hinyaadin ilaalcha dhimma koorniyaarratti hawaasa keessaa calaqqisu kallattiidhaan waraqaarra kaa'uu ta'uu danda'a. Kana miti taanaanimmoo ilaalcha dogoggoraa sana balaaleffachuusaa barruusaa keessatti agarsiisuutu irra ture. Kun garuu barruu kanaan osoo hinmul'atin hafeera. Haala waliigalaatiin garuu rakkooleen hawaasa keessatti dubartoota mudaachuu danda'an maal maalfaa ta'uu akka danda'an ifatti saaxiluun dubartootuma dabalatee qaamoleen hawaasaa hundinuu miidhama gama kanaan qaqqabu akka balaaleffataniif yaada nikenna. Haala kanaan barruuleen kunneen dubartoonni jajjabeeffamuu yookaan tumsamuu akka qaban kan deggeraniidha jedhanii fudhachuun nidanda'ama.

- Xumurarratti, asoosamoonni kunneen gahee dubartoonni akkuma dhiirotaa gama hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan hawaasasaaniif buusuu danda'an kanneen asoosamicha keessatti calaqqisan qorannoo kanaan bira gahuun danda'ameera.

5.3. Yaboo

Argannoo qorannichaa bu'uura godhachuun yaboo qorannoo tokkoo kaa'uunis qorattuu yookaan qorataa tokkoof filannoo osoo hintaane dirqama. Haaluma kanaan qorataanis argannoowwan armaan oliirratti hundaa'ee yaboo qorannoo kanaa akka kanaa gadiitti dhiyeessuu yaaleera.

- ❖ Barreessitoonni ogbarruu hojii ogbarruu tokko barreessanii gabaaf dhiyeessuu fuula dura ija yaaxxina ogbarruu isa kamiin akka inni ilaalamuu danda'u adda baasuun qajeeltoowwansaa sirriitti erga hubatanii booda haala sanaan osoo dhiyeessanii caalaa filatamaadha. Dhimma kana laalchisee Doble

(2002:96) barreessitoonni hojii ogbarruu tokko barreessanii gabaaf dhiyeessuu fuula dura qabxiilee gurguddoo afur kanisaan hordofuu qaban yaada kennaaf.(1) yaaxxina yookaan illanyaa ittiin dhiyaatu filachuufi yaaxxina yookaan illanyaa sanarratti hubannoo gahaa qabaachuu mirkaneeffachuu; (2) dhimmoonni barruu ogbarruu sana keessatti ka'uuf jedhan qajeeltoowwan yaaxxina yookaan illanyaa filataman sanaa hordofuu yookaan dhiisuusaanii dursanii adda baasuu; (3) akkaataa dubbistoota itti amansiisan murteessuu; (4)qajeeltoowwan yaaxxina filatamanii ergaa nuti hojii ogbarruu sanaan dabarfachuu barbaanne waliin kan deeman miti yoo ta'e yaaxxina kaayyoo keenya milkeessuu danda'u kanbirootti darbanii laaluudha. Dabalata yaada kanaatiin Tyson (2006:66) barreessitoonni hojii ogbarruu tokko gabaaf dhiyeessuu fuula dura dhimmoota gurguddoo lamarratti fuuleffachuu akka qaban kallattii kenna. (1) dubbistoonni illanyaa barruu sana keessatti calaqqise akka kunuunsan yookaan jajjabeessan yookaan balaaleffatan godhanii dhiyeessuu qabu; (2) illanyaa ogbarruu sanaan agarsiifame qabatamaan akka hubatamuu danda'anitti dubbistootaaf dhiyeessuudha. Egaa, barreessitoonni ogbarruu Oromoos hojii ogbarruu tokko dubbistootaaf dhiyeessuu fuula dura qabxiilee kanneen xiyyeeffannoo keessa osoo galchanii gaariidha.

- ❖ Caacculee asoosamootaa garmalee bal'isuufi irra deddeebii hinbarbaachifne uumuun burjaajii uumuurra darbee ergaan barbaadame dubbisaan akka hinhubatamne gochuu waan danda'uuf barreessitoonni hanga danda'ametti dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannoo kennanii hojii kallattii hundaan madaalliisaa eeggate osoo dhiyeessanii gaariidha. Haata'u malee, hayyoonni yaaxxinaalee ogbarruu garaagaraa dhimma kanarratti yaada garaagaraa qabu. Fakkeenyaaf, akka yaaxxina Maarkistiitti hojii ogbarruu tokko yammuu xiinxallu bifiyyeesaa caalaa qabiyyeesaatu xiyyeeffatama (Klages,2006:29). Ta'ullee, qeeqoon Maarkistii kaayyoosaa kana bifiyyee barruu sanaattii adda bahee fiixaan baafachuun itti ulfaachuu mala. Sababnisaa xiinxalli bifiyyeesaarratti taassifamu galma guddaa qeeqa Maarkistiin bira gahuuf kaa'ame biraan nama gahuuf gahee mataasaa waan qabuuf (Eagleton, 1976:35). Kanaafuu, akka Oromoottis hojii ogbarruu tokko bifa ittiin gabaaf dhiyeessinu hubannee bifa barbaadamuun dhiyeessuun gama eyyentaanis

haata'u hi'entaan dhiibbaa gochuu waan danda'uuf dursamee osoo itti yaadamee dhiyaatee filatamaadha.

- ❖ Barreessitoonniifi qeeqoxni hojiilee ogbarruu hanga danda'amaa ta'etti hojiinsaanii qaamolee hawaasaa hunda akka afeeruu danda'utti utuu dhiyeessanii hojiinsaanii caalaatti bu'a qabeessa ta'uu mala. Dhimma kana ilaalchisee Moi (1997:104) barreessitootaafi qeeqoxa yaaxxina ija feemiinistiif yaada yammuu kennu kallattii waliigalaa barruuleen sunneen bifa walfakkaataan barsiifamuu yookaan dubbifamuu danda'anitti dhiyeessuun fuuleffatamuu akka qaban gorsa. Kana gochuufis barreessitoonniifi xiinxaltoonni hojiilee ogbarruu akkaataa namfakkiileen dubartootaafi dhiirotaa hojii ogbarruu sana keessatti itti ibsaman, fayyadama afaanii barruu sana keessatti calaqqisan, hariiroo namfakkiilee gidduu jiruufi kanneen kana fakkaatantu laalamuu qaba (Green et al, 1991:19). Kanaafuu, hojii ogbarruu tokko yammuu dhiyeessan akka waliigalaatti dhimmoota koorniyaaf xiyyeeffannoo kennuun murteessaadha.
- ❖ Barreessitoonni Ogbarruu Oromoo kanneen fedhiifi kaka'umsa qabaniin hojii ogbarruu tokko qopheessanii gabaaf dhiyeessuuf yaalan kamuu dursanii hojiisaanii ogeessota hojii ogbarruu keessatti bilchina ykn hubannaa gahaa qaban osoo sirriitti gulaalchisanii caalaatti hojii bu'a qabeessa hojjechuun nidanda'ama.
- ❖ Barreessaan hojii ogbarruu tokko waan jiruufi jireenya hawaasasaan ala ta'e kalaqee uummatichaaf dhiyeessuu waan hindandeenyeef, yoo dhiyeesses hawaasicha biratti fudhatama waan hinqabneef haala hawaasichi gama hundaan keessa jiru sakatta'anii hojii ogbarruutiin mul'isuuf osoo yaalanii gaariidha.

Wabii

- Araarsaa Qana'aa. (2018). "Xiinxala Asoosama Madaa Ciqilee Kallattii Yaaxxina Maarkiisizimiitiin Digirii Iffaa Ittiin Guuttachuuf". Yuuniversity Addis Ababaa: Kan Hinmaxxanfamme.
- Asafaa Tafarraa .(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading PLC.
- Baldick Chris.(2001). *The Concise Oxford Dictionary of Literary Terms*. USA: Oxford University Press.
- Barret, Michile .(1980). *Women's Oppression Today. Problems in Marxist Feminist Analysis*
- Barry, P .(2002). *Beginning Theory (2nd.)*. Manchester: Manchester University Press.
- Bell Peter and Cleaver Harry. (2002). *Marx's Theory of Class Struggle*. German: Santa Monica.
- Bertens, H. (2001). *Literary Theory: The Basics*. Abingdon: Routledge.
- _____. (2008). *Literary Theory: The Basics (2nd.)*. London and NewYork. Tylor and Francicis Group.
- Birhanu Mathews. (2013). *Fundamentals of literature (3rd ed.)*. Addis Ababa: Alpha Printers PLC
- Bobo, Jacqueline .(2001). *Black Feminist Cultural Criticism*. Malden, Mass: Blackwell.
- Boonsomoo Mi'eessoo .(2016). *Madaala Sammuu: Falaasama Oromoo*. Finfinnee: Key Line.
- Bowens,Tyneisha, Carrol Ben, Dowell Leilani, Everett Elena, Fry Julie, Hales Larry, Hokins David, Maupin Caleb and Strobino Dante (2013). *What is Marxism all about? A street guide for revolutionaries* .NewYork: World View Forum.
- Butter, Judith .(1999). *Gender Trouble. Feminism and Subversion of Identity*. New York: Routledge.
- Bwalya .(2006). *Oral Literature: Study Material: UNZA*
- Carter ,D .(2006). *Litrary Theory*. British: Pocket Essentials.
- Childs Peter and Fowler .(2006). *The Routledge Dictionary of Literary Terms*. London and New York: Taylor and Fransis Group.
- Christina Crosby .(2016). *A Body, Undone: Living on After Great Pain*. England:UYU Press.
- Culler, J. (1975). *Structuralist Poetics*. New York: Cornel Unversity Press.

- Dassaalenyi Hayiluu .(2016). "Xiinxala Asoosama Yoomi Laataafi Kadir Wadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo Ija Yaaxxina Dhugummaatiin Digirii 2ffaa Ittiin Guuttachuuf". Yuunivesitii Addis Ababaa: Kan Hinmaxxanfamne.
- Doble B. Ann .(2002). *Theory into Practice: An Introduction to Literary Criticism*. United Kingdom: Thomson heinle.
- Dutton , Richard .(1984). *An Introduction to Literary Criticism*. England: Longman.
- Eagleton, Terry .(1976). *Marxism and Literary Criticism*. Berkeley: University of California Press.
- _____.(2003). *Literary Theory: An Introduction (2nd.)*. Great Britain: Blackwell Publishers.
- _____.(2011). *Why Marx Was Right*. New Haven: Yale UP.
- Edward Ahean .(1989). *Marx and Modern Fiction*. New Haven: Yale University Press.
- Ellis M. J .(1974). *The Theory of Literary Criticism*: USA: University of California Press.
- Fedhasaa Taaddasaa .(2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: IIsabaa Publishing.
- Figaaduu Qana'aa. (2012). 'Qaaccessa Waldiddaafi Fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa'. Yuunivesitii Addis Ababaa: Kan Hinmaxxanfamne.
- Frow John .(1996). *Marxism and Literary History*. Cambridge: Massachusetts.
- Fry, Marlyn .(1992). *Willfull Virgin. Essays in Feminism*. Freedom: Calif Crossing.
- Fitzgerald, F. Scott. (1992). *The Great Gatsby*. New York: Macmillan.
- Gilbert, Sandra M, and Susan Guban .(2000). *Madwoman in the Attic: The Writer and the 19th Imagination 2nd*. New Haven, Conn: Yale university Press.
- Golban Petru and Ciobanu Antoaneta Estella .(2008). *A Short History of Literary Criticism*. Turkey: Mart Press .
- Goel Shilp, Phil.A.M .(2010). *Feminist Literary Criticism*. India WWW. Language in India. Com.
- Green, Gayle, and Coppelia Kahn .(1991).*Making a Difference. Feminist Literary Criticism*. New York: Meridian.
- Habib . R. A. M .(2011).*Literary Criticism From Plato the Present: An Introduction*. United Kingdom: Wiley-Blackwell.
- Haslett, Moyra .(2000). *Marxist Literary and Cultural theories*. New York: St. Martins.
- Isaak Olaofe. (2008). *Introduction to literature and literary criticism*. Nigeria
- Isaayyaas Hordofaa. (1995). *Hawwii (max. 4ffaa)*. Finfinnee: Bole Printing
- _____. (2002). *Yoomi Laata?*. Finfinnee: Artistic

- Khairi Agus .(2017). *The Importance of Literary Criticism in Literary Studies*. NDL: Istitute Atom
- Klages, M .(2006). *Literary Theory. A Guide for the Perplexed*. Great Britain: Cromwell.
- Klarer, M. (1999). *An Introduction to Literary Studies*. USA and Canada: Tylor and Fransis Group.
- Lodge, D .(1988). *Modern Criticism and Theory*. London: Longman.
- Mario, Klarar. (2005). *An introduction to Literary Studies*. London and NewYork: Routledge.
- Mastaawot Tasfaayee. (2008). "Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin. Yuuniversitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa: Kan Hinmaxxfanfamme.
- Marx Karl and Friendrich .(2013). *The communist Manifesto*. New York: Norton.
- Meese, Elizabeth .(1986). *Crossing the Double. The Practice of Feminist Criticism*. Champel Hill: University of North Carolina Press.
- Moi, Toril . (2000). *Sexual/ Texual Politics. Feminist Literary Theory (2nd.)*. New York: Routledge.
- Mokonniin Gabbisaa. (2006). "Qaaccessa Asoosamoota Suuraa Abdiifi Miilla Hinsokoksinee Ija Yaaxxina Dhugummaatiin Digirii 2ffaa Afaan Oromoo Ittiin Guuttachuuf". Yuuniversitii Finfinnee: Kan Hinmaxxfamne.
- Muhaammad Sayid . (2014). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*. Finfinnee: HY International Printers.
- Murli, Desai .(2014). *Feminism and Policy Approaches for Gender aware Development*. New York: Routledge
- Plain, Gill, Sellers, Susan .(2007). *A History of Feminist Literary Criticism*. Caaambridge:Cambridge University Press.
- Qananii Baayisaa .(2008). "Xiinxala Asoosamoota Burreen Bifa Tokko mitiifi Dibaa Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin" Digirii 2ffaa Afaan Oromoo Ittiin Guuttachuuf. Yuuniversitii Addis Ababaa : Kan Hinmaxxfanfamin.
- Rivers Wilga. (1983). *Essays in Foreign Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Siegal, K, "Intoduction to Modern Literary Theory; Viewed 15 March 20 //, [http: WWW. Kirissiegal. Com/ theory htm](http://WWW.Kirissiegal.Com/theory.htm).
- Siifan Angechaa. (2008). "Xiinxala Qabiyyeefi Bifiyyee Asoosamoota Aarsaafi Miilla Hinsokoksinee Ija Yaaxxinaalee Qeeqoo Bifiyyeefi Maarkiisistiitiin Digirii 2ffaa

Afaan Oromoo Ittiin Guuttachuuf'. Yuuniversitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo
Digirii Lammafaa: Kan hinmaxxanffamne

Slaughter, Cliff .(1980). *Marxism, Ideology, and Literature*. London: Macmillan.

Smith Nancy .(1997). *The Fiction Writers' Handbook*. London: Judy Piatkus Ltd.

Tyson Lois. (2006). *Critical Theory to Day (2nd ed.)*. New York: Routledge.

Williams, Raymond .(1977). *Marxism and Literature*. Oxford: Oxford University Press.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaankoofi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakoo ta'uusaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniversitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaafi yaadan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uukoo mallattookootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa Abdiisaa Shinoo Guutamaa

Mallattoo_____

Guyyaaa_____